

## SEERA ADEEMSA FALMII HARIIROO HAWAASAA



### KAN HIIKAME: FALMATAA DABOO BARAATIN

- SEERAN DIGRII JALQABAA, SEERAN DIGRII 2FFAA)  
PIREEZIDAANTII MANA MURTII AANAA

**Gulaalee Kan Maxxansee: Hasen Muhammedhusen**

Abukaatoo fii Gorsaa Seeraa Hasen Muhammedhusen

Sadarkaa Barumsaa Digrii Jalqabaa Seeraan (LL.B)  
Digrii Mastersii Seeraa Daldalaatiin (LL.M)

Marsariitii Lawyer Hasen Mh Irrattii Mnxfamee

**Fulbaana, 2017**

**Finfinnee, OROMIYAA**

Lawyer Hasen Mh Firm  
SEERA ADEEMSA FALMII HARIIROO HAWAASAA

**© MIRGI MAXXANSAA SEERAN KAN EEGAMEEDHA.**

**KITAABA SEERAAD HIIKKAME KANA EEYYAMA NAMA HIIKEEN  
ALA MAXXANSUU FI RAABSUUN SEERAN NI GAAFACHIISA.**

**HIIKKOO AFAAN OROMOO SEERA ADEEMSA FALMII  
HARIROO HAWAASAA**

**KAN HIIKAME: FALMATAA DABOO BARAATIN**

**Yaada keessaniif: Email-felminet11@gmail.com**

**Lakk.Bilb.0911884013**

**GURAANDHALA,  
2015 AMBOO  
OROMIYAA**

**MOOTUMMAA ITOOPHIYAATTI SEERA ADEEMSA FALMII  
HARIIROO HAWAASAA, BARA 1958 GAAZEXAA NAGAARITAAN-  
ADDATTI BARA 1958 KAN BAHE**

**ADDIS ABABAA,1958**

**IMPAAYERA MOOTUMMAA ITOOPHIYAA**

<b>WAGGAA <sup>25FFAA</sup> LAKK.3</b>	<b>ADDIS ABABAA, FULBAANA 20 1958</b>
--	---------------------------------------

**GAAZEXAA NAGGAARITAAN- ADDATTI KAN BAHE**

<b>GATII</b>	<b>MOOTUMMAA ITOOPHIYAATTI MINISTEERA QALAMAATIN KAN DHAABBATE</b>	<b>YOO XIQQAATE JI'ATTI YEROO TOKKO NI MAXXANFAMA LAKK. SAANDUQA POOSTAA 13</b>
--------------	--	---

**LABSII LAKK.52 BARA 1958 TIN SEERA ADEEMSA HARIIROO HAWAASAA  
TUMAME**

**Kitaabni kun bara mootummaa mootii Hayila Sillaasee 1ffaa Itoophiyaa waggaa 36ffaatti maxxanfame.**

**Mana maxxansaa Biraaninnaa salaamitti Hayila Sillaasee 1ffaan kan maxxanfame.**

**LABSII LAKK.52 BARA 1958 TIN SEERA ADEEMSA HARIIROO HAWAASAA  
TUMAME**

**MOOTII LEENCAA SANYII HIYUUDAA HAYILA SILLAASEE 1FFAA,  
KAN WAAQAN MUUDAME MOOTUMMAA ITOOPHIYAA**

Aangoo mootummaa keenyatiin falmiin hariiroo hawaasaa kan ittiin gaggeeffamuu fi hojii abbaa seerummaa gaggeessuuf haala fooyya‘aa ta‘een itti dhaabbatu seera adeemsa hariiroo hawaasaa baasuun barbaachisaa ta‘ee waan argameef;

Heera keenya fooyya‘e akkaataa keewwata 92 tin waan barreeffame hordofnee manni maree ministeerota keenyaa kan irratti wal mari‘atan ilaallee tumaa kanatti aanee jiru labsineera.

- 1) Tumaan kun —seera adeemsa hariiroo hawaasaa bara 1958 tumame|| jedhamee tuqamuu ni danda‘a.
- 2) Seerri adeemsa falmii hariiroo hawaasaa bara 1958 bahe kitaaba addaa ta‘ee lakkofsa 3 gaazexaa nagaaritaan maxxanfamee guyyaa bahe irraa eegalee kan ragga‘u ta‘a.
- 3) Tumaan faallaa ifaa ta‘e hin jiru yoo ta‘e malee, seera adeemsa falmii hariiroo hawaasaa keessatti dhimmoonni ilaalamani muuxannoodhan yookan dambiiwwan barreeffamanii ittiin hojjatamaa turan hundi seera adeemsa falmii hariiroo hawaasaa kanaan waan bakka bu‘aniif guutummaan haqamaniiru.

**TSAHAAFI TEAZAZ AKILILUU HABTEWALD MUUMMICHA  
MINISTEERAA FI MINISTEERA QALAMAA**

**FULBAANA 20, BARA 1958, ADDIS  
ABABAA**

**Seensa**

**1 -- Daangaa Raawwatiinsaa**

- 1) Tumaaleen seera adeemsaa kana keessatti tumaman guyyaa seerichi hojiirra oolu dhimmoota ilaalamaa jiranii fi fuula duratti dhiyaatan irratti raawwatiinsa qaba.
- 2) Himanni kamiiyyuu yeroo seerri kun hojiirra oolutti mana murtii seera kanaan beekkamtii hin qabnetti ilaalamaa jiran manuma murtii aangoo qabu seera kanaan haqameen ilaalamee xumuramuu qaba.

**2 -- Daangaa Yeroo**

- 1) Tumaaleen seeera kanaa osoo hojiirra hin oolin dura darbiinsa yeroon dhimmoonni dhorkaman seera kana bu'uura godhachuun sochoosuun hin danda'amu.
- 2) Seera kanaan darbiinsi yeroo tumamu kan lakkaa'amu seerichi hojiirra akka oolu guyyaa labsame irraa eegaleeti.
- 3) Darbiinsi yeroo seera kanaan yoo dheerate,yeroo seera kanaan tumameen raawwatamaa ta'a. Kunis yoo ta'e darbiinsi yeroo hojiirra oolmaa seera kanaa dura ture irraa hir'ifamuu qaba.
- 4) Seerri kun darbiinsa yeroo kan gabaabse yoo ta'e,yeroon seera haqameen teessifame seera hojiirra oole kanaanis itti fufa.

**3 – Hiika Jechootaa**

Akkaataan fayyadama jechichaa hiika biraa kan kennisiisuf yoo ta'e malee,seera

kana keessatti jechoonni fi ibsawan itti aananii jiran akka armaan gaditti ilaalamaniin hiikamu.

**“Kakuu”** jechuun jecha dhugummaan isaa kakuudhan mirkanaa‘ee barreeffamaan kennamu jechuudha.

**“Mana murtii”** jechuun mana murtii seeran hundaa‘e jechuudha.

**“Murtoo”** jechuun yaada manni murtii himanna fi deebii gareewwan walfalmitootni dhiyeffatan irratti falmisiisuun akkasumas ragaa isaaniis qoratee haala nama amansiisuun wanta walfalmitootni irratti waldhaban hundarratti yookan kamiyyuu irratti sadarkaa duraatti yookan dhumarratti kennu jechuudha.

**“Murtii abbaa mirgaa/maallaqaa/”** jechuun gareewwan walfalmitootaa keessaa garee murtoon murtaa‘eef yookan ajajni raawwatamuu danda‘u murtaa‘ef jechuudha. Hiikkoon kun nama mirgi murtiin argame dabarfameefis kan hammatuudha.

—**Raawwachiisaa murtii** ||jechuun abbaa murtii ykn ofisara mana murtii kamiyyuu yookan abbaa aangoo Ministeerri Haqaa dhimma kanaaf muude yookan ajaje jechuudha.

**“Mana murtii biyya alaa”** jechuun Itoophiyaan alatti kan argamu, bu‘ura seera biyyichaatin kan hundeffame mana murtii biyya kamaatu jechuudha.

**“Murtii biyya alaa”** jechuun mana murtii mootummaa biyya alaatti murtii kenname jechuudha.

—**Dubbi fixaa mootummaa”** jechi jedhu kanatti aananii kan ibsaman walitti qabee of jalatti hammata.

- a) Bu‘ura tumaalee seera kanaatin maqaa mootummaatin mana murtiitti kan falmuu fi
- b) Mana hojii dubbi fixaa mootummaan bakka bu‘ee dhimma mootummaaf kan falmu

—**Murtii** ||jechuun yaada ajajaaf yookan murtoof yookan jala murtiif bu‘ura ta‘ee mana murtiin kennamu jechuudha.

**“Murtii abbaa idaal** jechuun nama murtoon irratti kennname yookan ajajni raawwatamuu danda‘u irratti kennname jechuudha.

—**Seera** jechuun labsiwwan,tumaalee fi ajajoota seerota hordofanii bahan kan hammateedha.

—**Bulchaa qabeenyaa yookan guddistuu** jechuun nama dandeettii seeraa hin qabne yookan du‘aa bakka bu‘ee nama kamiyyuu qabeenya bulchu jechuudha.

—**Faayidaa qabeenyaa hin malle** jechuun qabeenya namni ifaajjee fi dadhabpii isaa malee karaa seeran ala ta‘een qabate yookan qabatu jechuudha. Kunis dhala kan dabalatu ta‘a. Haa ta‘u malee,karaa seeran ala hin taaneen qabeenya qabate yookan mala fooyya‘aan qabeenya misoomsee bu‘aa argate hin dabalatu.

—**Ajaja**” jechuun murtoo irraa kan adda ta‘ee fi seera qabeessan ibsamee mana murtiin waan murtaa‘e jechuudha.

—**Nama dandeettii hin qabne** jechuun bu‘ura seeratiin nama dandeettii hin qabne jechuudha.

—**Falmaa** jechuun Abukaatoo yookan nama biroo bakka bu‘ee mana murtiitti akka falmii gaggeessuuf nama eeyyamameef jechuudha.

—**Darbiinsa yeroon dhorkame** jechuun seera kanaan yeroon murtaa‘e kan irra darbe jechuudha.

—**Reejistiraara**” jechuun muudamaa mana gal mee fi gargaaraa isaa yookan hojjattoota mana gal mee keessa hojjatan jechuudha.

—**Qooddataa waldaa Aksiyonaa** jechuun abbummaa aksiyonaa,walamansiisa idaa yookan sanadoota daldalaa biroo kan hammate jechuudha.

### **AANGOO MANNEEN MURTII**

#### **BOQONNAA 1. TUMAALEE WALIIGALAA**

**Kwt.4 – Seeran yoo dhorkame malee himanna fuudhuuf aangoo kan qabu mana murtii qofa ta‘uu isaa**

Tumaaleen keewwatoota kanatti aananii jiran akkuma eegamanitti ta‘ee,manneen

murtii seerri ifaan yoo dhorke malee himannaawan hariiroo hawaasaa hunda fuudhanii ilaaluuf aangoo qabu.

**Kwt.5. Dhimma murtii dhuma argate**

- 1) Manni murtii kamiiyyuu himanna firii dubbii fi hundeen dubbii akaakuu tokko ta‘e,gareewwan walfalmitootaa walfakkaatan gidduutti dhiyaate fuudhee murtii dhuma erga irratti kenneen booda gareewwan falmicharra turan yookan walfalmitoota keessaa gareen tokko dhimma sana irratti himanna yookan falmii akaakuu biraa kamiiyyuu irra deebiin yoo dhiyeesse ilaaluu hin danda‘an.
- 2) Falmii duraa irratti wanti ragaa yookan ittisa ta‘uun isarra ture yookan ta‘uu danda‘a ture jedhamu hundinuu ijoo falmichaaf bu‘uura ta‘uun akka dhumatetti kan lakkaawwamuudha.
- 3) Himanna fi falmii duraa irratti seerummaan ifaan irratti gaafatamee fudhatama osoo hin argatin irra darbame yoo ta‘e,galuumsa keewwata kanaatin seerummaan gaafatame akka dhoowwatameetti lakkaawwama.
- 4) Mirga hawaasa bal‘aa yookan namoota dhuunfaa bu‘uura godhachuun bakka tokkotti ofii isaanii fi kan biroof namoonni laphee qulqulluun himanna dhiyeessanii kan falman yoo ta‘e, namoonni mirga qaban falmichatti hirmaachuuus yoo baatan galuumsa keewwata kanaatin namoota falmichatti seenan irraa mirga akka argatanitti lakkaawwamu.

**Kwt.6 --Murtii irra deebiin ilaaluu**

- 1) Tumaaleen kwt.5 jala jiran akkuma eegamanitti ta‘ee,namni kamiiyyuu murtii yookan jala murtii yookan ajaja ol‘iyyanni irratti dhiyaachuu danda‘u irratti komii isaa dhiyeeffatee osoo hin dhageessifatin dura yookan murtii yookan jala murtii yookan ajaja ol‘iyyannoo irratti dhiyeessuun hin danda‘amne itti kennamee,sababoota kanatti aananii ilaalamana qofaaf mana

murtii murticha yookan jala murticha yookan ajajicha kennetti kaffaltii abbaa seerummaa kaffaluudhan himannaa isaa dhiyeeffachuu ni danda‘a.

- a) Murtiin yookan murtoon yookan ajajni dhumaan kan kennname sanada sobaan qophaa‘ee dhiyaateen yookan jecha ragummaa sobaatin yookan loogiidhaan yookan gocha yakka ta‘an bu‘uura godhachuun fi iyyataanis murtiin isarratti osoo hin kennamin dura carraaqqii barbaachisaan taasisee beekuu kan hin dandeenye ta‘uu isaa kan hubachiise yoo ta‘e
- b) Gochoonni kanaan olitti tarreeffaman raawwatamuun isaanii osoo beekameera ta‘ee murticha jijjiiruuf yookan fooyyessuuf sababa gahaa ta‘usaa hubachiisuu kan danda‘e yoo ta‘e
- 2) Keewwata kanaan bu‘uura dubbatameen miidhaan narra gaheera jedhamuun himatni dhiyaatu haaluma iyyanni ol‘iyyannoo dhiyaatun kan dhiyaatudha. Akkasumas keewwata kana cita xiqqaa **1(a)** jalatti gochoonni dabaa dubbataman raawwatamuun isaanii ragaan sirriitti mirkaneessu jecha kakuutin deeggaramuun iyyannicha waliin walqabatee dhiyaachuu qaba. Gareen dhimmichi irra deebiin akka ilaalamuuf gaafatu ragaa haaraa argamaniiru jedhu guyyaa argate yookan beeke irraa eegalee ji‘a tokko keessatti himannaa isaa dhiyeeffachuu qaba.
- 3) Manni murtii murtiin irra deebiin akka ilaalamuuf himanni itti dhiyaate yeroo fuudhutti garagalcha isaa garee faallaatiif erguudhan sababa dhimmicha irra deebiin dhaga‘uu hin dandeenyeef akka dhiyeeffatu ajaja kennun guyyaa beellamaa falmichi itti dhaga‘amu akka ta‘utti ni murteessa.
- 4) Murtiin irra deebiin ilaalamuu qaba yookan hin qabu jedhee murtoo manni murtichaa kennu irratti ol‘iyyannoo dhiyeessuun hin danda‘amu.

## **Kwt.7 – Dursitummaa**

- 1) Himannaa fi dhimmi hariiroo hawaasaa walfakkaatan tokko mana murtii tokkoo

olitti hin dhiyaatu.

- 2) Himanna hariiroo hawaasaa walfakkaataan tokko manneen murtii tokkoo olitti kan dhiyaate yoo ta‘e,manni murtii dursee himanni dhiyaateef qofaan falmisiisee murtii kennuu qaba.

**Kwt.8 -- Himannaawan mana murtii biraatti beellama irra jiran**

- 1) Dhimmi falmichaaf ka‘umsa ta‘e akaakuu tokko yookan walfakkeenyä kan qabu ta‘ee ijoon murtoof dhiyaate hundee dubbii tokko yoo ta‘e,akkasumas gareewwan walfalmitootaa tokko yookan walfakkaatoo yoo ta‘anii fi himannis mana murtii aangoo qabuuf dhiyaatee dhaga‘a irra osoo jiruu falmii hariiroo hawaasaa beellamarra jiru manni murtii biraatii fuudhee falmisiisuu hin danda‘u. Akkasumas,gareewwan biroo walfalmitootaa dursaa irraa mirga qabna jedhanii falmii kana irratti wanta dhiyaate tokko mana murtii biraatti himanna dhiyeessuu hin danda‘an.
- 2) Mana murtii biyya alaatti himannaan dhiyaatee dhimmichi beellama irra kan jiru yoo ta‘elée,manneen murtii Itoophiyaa dhimma kana fuudhanii ilaaluu irraa hin dhorku.
- 3) Falmiwwan murtoof dhiyaatan hundee dubbiinis ta‘ee ijoodhan akaakuu tokkoo fi walfakkaatoo ta‘anii manneen murtii adda addaatti dhiyaatanii ilaalamuu kan eegalan ta‘ullee,falmiwwan adda babaasuun hojii abbaa seerummaa adeemsisuuf yookan murtoo sirrii kennisiisuuf kan hin mijanne yoo ta‘e,bu‘uura kwt.11 ykn 244 fi 245 tin,akka galuumsa dhimmichaatti murtiin isaan irratti kennama.

**Kwt.9 -- Manni murtii aangoo hundee dubbii dhaga‘uu kan hin qabne ennaa  
ta‘etti adeemsa raawwatamu**

- 1) Mana murtii aangoo hundee dubbii ilaaluu hin qabnetti himannaan dhiyaate yoo ta‘e,seera kana bu‘ura tumaa kwt.**231** tin iyyannichi fudhatama hin qabu jedhee deebisuu qaba.
- 2) Himanna dhiyaatee fuudhee ilaaluuf aangoo hundee dubbii kan hin qabne ta‘uu isaa manni murtii yoo hubate seera kana bu‘ura kwt.**244** tin gareen falmii kamiyyuu mormii dhiyeessuus yoo baate,bu‘ura tumaa kwt.**245** tin iyyanni himanna fudhatama hin qabu jedhee matuma isaatin ajajuu qaba.

**Kwt.10.-- Manni murtii aangoo tooraa kan hin qabne ennaa ta‘etti adeemsa raawwatamu**

- 1) Mana murtii aangoo tooraa iddo falmiin itti ka‘ee hin qabneetti iyyanni dhiyaate yoo ta‘e,manni murtii aangoo toorichaa hin qabne bu‘ura tumaa kwt.**231** tin iyyannichi fudhatama hin qabu jedhee deebisuu qaba. Ta‘ees,bu‘ura kwt.**19-30** tti dubbatameen manni murtii himanni dhiyaateef dhimmicha ilaaluuf aangoo kan qabu yoo ta‘e,manni murtii biroo aangoo tooraa qabu jiraachuu qofa sababa godhachuun himanna dhiyaateef hin fuudhu jechuu hin danda‘u.
- 2) Seera kana bu‘ura kwt.**244** jalatti dubbatameen manni murtii aangoo tooraa hin qabu jechuun mormii dhiyaateef kan murteessu mana murtii himanni itti dhiyaateedha. Murtoo kanas haqa kan jallis u yoo ta‘e malee,ol‘iyyanni irratti dhiyaachuu hin danda‘u.

**Kwt.11 -- Himannaawwan walqabsiisu**

- 1) Himannaawwan yookan ol‘iyyannoowwan lama yookan lamaa ol ta‘an garee walfalmitootaa tokko giddutti mana murtii walfakkaatutti dhiyaatanii dhaga‘a irra yeroo jiranittii fi falmiin seeraa dhiyaates yookan ijoon dubbii walfakkaataa fi akaakuu tokko yoo ta‘e,abbootii dhimmaa keessaa gareen inni tokko yeroo iyyatetti yookan manni murtii barbaachisummaa isaa kan tilmaame yoo ta‘e,himannaawwan walqabsiifamanii iddo tokkotti akka ilaalam an ajaja barbaachisu kennuu ni danda‘a.

- 2) Akkasumas,gareewwan walfalmitootaa walfakkaatan gidduutti himannaawwan yookan ol‘iyyannoowwan lamaa fi isaa ol ta‘an kan dhiyaatan yoo ta‘ee fi gaaffiin seeraa dhiyeessanii fi ka‘uumsi firii dubbii akaakuu walfakkaataa ta‘e manneen murtii garaa garaatti kan dhiyaate yoo ta‘e,himannaawwan kana adda adda baasanii ilaaluun kan hin danda‘amne yoo ta‘e,manneen murtii himannicha fuudhan keessaa inni tokko ragaa fuudhoo fi falmisiisuu osoo hin eegalin himannaawwan walitti qabamanii bakka tokkotti akka ilaalamani ajajni naaf haa kennamu jechuun walfalmitoota keessaa gareen kamiiyuu iyyachuu ni danda‘a.
- 3) Himannaawwan adda addaan dhaga‘aman manneen murtii aangoo mana murtii ol‘aanaan gadi ta‘anitti yeroo ta‘etti,iyyatni keewwata kana cita xiqqaa (2) jalatti kan dhiyaatu mana murtii ol‘aanaattidha. Akkasumas,himannaawwan dhiyaatanii ilaalamaa jiran ramaddii manneen murtii ol‘aanaatti yoo ta‘e,iyyanni kan dhiyaatu mana murtii waliigalaatif ta‘a.
- 4) Manni murtichaa iyyannicha dhiyaatef kan fudhate yoo ta‘e,ennaan eeyyamicha kenu himannaawwan walitti qabamanii manneen murtii itti ilaalamuu qaba adda baasee ibsuu qaba.
- 5) Falmiiwan adda addaan dhiyaatanii sadarkaa ol‘iyyannootti ilaalamaa kan jiran ta‘anii gaaffileen seeraa fi firii dubbichaa akaakuu tokko yeroo ta‘anitti,akkasumas gareewwan walfalmitootaa siiqgee tokkoon kan ramadaman yoo ta‘an adeemsi raawwii isaanii bu‘uura tumaa keewwata kana cita xiqqaa (2)-(4)tin gaggeeffama.

### **BOQONNAA 2 AANGOO MANNEEN MURTII**

Kwt.12 -- Qajeeltoo

- 1) Himanni kamiyyuu tumaalee boqonnaa kanaan manneen murtii aangoo qabaniin fuudhamuu fi ilaalamuu qabu. Tumaan faallaa yoo jiraate malee himannis kan dhiyaatu mana murtii sadarkaa jalaa himannicha ilaaluuf aangoo qabuttiidha.
- 2) Ol‘iyyannoон kan dhaga‘amu seera kana bu‘uura tumaa keewwata **321** tin manneen murtii dhimmicha ilaaluuf aangoo qabaninidha.

**Kwt.13 -- Aangoo Manneen murtii Waradaa Gizaatii**

Tumaaleen kwt.**15(2)** fi **(3)** fi kwt.**18** akkuma eegamanitti ta‘ee,aangoon abbaa seerummaa manneen murtii waradaa Gizaatii haala kanatti aanee ilaalameen qoodameera:-

- a) Himanna qabeenya socho‘aaf maallaqa Itoophiyaa hanga qarshii 500 hin caalle fi
- b) Himanna qabeenya hin sochoonef ilaallatu maallaqaa Itoophiyaa hanga qarshii 1000 hin caalle

**Kwt.14 -- Aangoo Manneen murtii Awuraajja**

Tumaa kwt.**15(2)** fi **(3)** fi kwt.**18** tin osoo walitti hin bu‘in,manneen murtii Awuraajja aangoon abbaa seerummaa haala kanatti aanee ilaalameen qoodameera:-

- a) Himanna qabeenya socho‘aaf maallaqa Itoophiyaa hanga qarshii 5000 hin caalle fi
- b) Himanna qabeenya hin sochoonef maallaqaa Itoophiyaa hanga qarshii 10,000 hin caalle

**Kwt.15 -- Aangoo Mana Murtii Ol‘aanaa**

- 1) Manni murtii ol‘aanaa aangoon abbaa seerummaa haala kanatti aanee ilaalameen qoodameera:-
  - a) Himanna qabeenya socho‘aaf hanga maallaqa Itoophiyaa qarshii 5000 hin caalle fi
  - b) himanna qabeenya hin sochoonef hanga maallaqaa Itoophiyaa qarshii

10,000 hin caalle

3) Kana malees,murtii fi ajaja biyya alaatti kennname raawwachiisuuf iyyannoo dhiyaatu fuudhuu fi ajaja barbaachisaa kenuuf aangoo addatti kan qabu mana murtii ol'aanaati.

**Kwt.16 -- Aangoo Abbaa seerummaa hanga maallaqaan murtaa'an**

- 1) Hangi maallaqaa himannaan irratti dhiyaate boqonnaa kanaan mana murtiif aangoo abbaa seerummaa qoodameen ol yoo ta'e malee,himanna fuudhee falmisiisuun kan danda'amu hanga maallaqaatin abbaa seerummaa ilaaluuf mana murtii aangoo qabuudha.
- 2) Seera kana bu'uura kwt.**231**tin himanna maallaqaa dhiyaate fuudhuuf aangoo abbaa seerummaa qabaachuu isaa manni murtii kan murteessu tumaa kwt.**226-228** hordofuunii fi iyyannicha irratti kan ibsame bu'uura godhachuunidha.
- 3) Himannaan dhiyaatee ragaa dhaga'uun osoo hin eegalin dura gareen inni tokko himanna isarratti dhiyaatee gartokkeen sababa amanuu isaatiin hangi maallaqaa himannicha irratti ilaalamet kan hir'ate yoo ta'e,manni murtii kan adeemsisu ta'ee yoo arge hanga hir'ateen mana murtii aangoo qabuuf ni dabarsa,yookan matuma isaatin ragaa fuudhee murtoo itti kenuu ni danda'a.
- 4) Bu'uura irraa himannaan kan dhiyaate mana murtii aangoon eeyyamuufitti ta'ee,hangi maallaqaa falmichaaf ka'uumsa ta'e sababa jijiirama diinagdee yerichaatin kan hir'ate yookan dabale yoo ta'e,jijiiramni akkasii mana murtichaa aangoo hin dhabsiisu.

**Kwt.17 -- Himannaawan walqabsiifamanii dhiyaatan**

- 1) Himattooni tokkoo fi tokkoo ol ta'an waliin ta'uun himatamtoota tokkoo fi tokkoo ol ta'an irratti himannaawan addaa addaa kan dhiyeessan yoo ta'e,himannichi walitti qabamee akka ilaalamu yoo godhame malee,aangoon

mana murtii ida‘ama tilmaama waliigalaa himannaawwan dhiyaatanii irratti hundaa‘a.

- 2) Himannaa tokko keessatti seerummaan hedduun dhiyaatanii kanneen keessaa gariin himannaa haadhoo kan ilaallatanii fi gariin immoo himannaa haadhoo ka‘umsa godhatanii isarratti kan rarra‘an yeroo ta‘etti yookan filannoodhan abbaan seerummaa kan gaafatame yoo ta‘e,aangoon mana murtii seerummaa isa tilmaama ol‘aanaa qabu irratti hundaa‘a.
- 3) Akkasumas,himannaa himataan dhiyeesse irratti himatamaan gama isaatiin himannaa yoo dhiyeesse,aangoon mana murtii tilmaama qabeenyaa isa ol‘aanaa gareen inni tokko dhiyeesse irratti hundaa‘a.

**Kwt.18 -- Qabeenyaa tilmaama maallaqaatin murteessuun hin danda‘amne**

Tumaa kwt.**15(2) fi(3)** akkuma eegametti ta‘ee,himannaan qabeenyaa maallaqaan tilmaamuun hin danda‘amne kan dhiyaatu mana murtii Awuraajjaa aangoo tooraa qabuuttidha.

**BOQONNAA 3 AANGOO TOORAA**

**Kwt.19 -- Qajeeltoo**

- 1) Tumaaleen keewwatoota kanatti aananii jiraniin tumaman akkuma eegamanitti ta‘ee,yookan manneen murtii biroo himannicha akka fuudhaniif seera biraatin aangoon yoo kennameef malee,himanni kamiiyyuu dhiyaachuu kan qabu bakka himatamaan jiraatutti ykn daldala isaa

gaggeeffatutti ykn faayidaa dhuunfaa isaa argachuuf itti hojjatutti mana murtii aangoo tooraa qabuttiidha.

- 2) Himatamtoota lakkofsi isaanii tokkoo ol ta'an irratti himannaan dhiyaatu himatamtoota keessaa inni tokko bakka jiraatutti ykn daldala isaa gaggeeffatutti ykn faayidaa dhuunfaa isaa itti argachuuf hojjatutti mana murtii aangoo tooraa qabuttiidha.

#### Kwt.20 -- Himatamaa daangaa Itoophiyaan ala jiraatu irratti himannaan dhiyaatu

- 1) Himatamaan bakki jiraatu,daldala isaa gaggeessu,ykn faayidaa dhuunfaa isaa argachuuf itti hojjatu daangaa Itoophiyaatin ala yoo ta'e,himataan mana murtii Itoophiyaa keessaa bakka filatetti himanna dhiyeffachuu ni danda'a. Ta'ees,himannichaaf ka'uumsa kan ta'e qabeenya himatamaa kan hin sochoone fi qabeenyichis Itoophiyaa keessatti kan argamu yoo ta'e,himannaan kan dhiyaatu iddo qabeenyichi argamutti mana murtii aangoo qabuttiidha.
- 2) Himatamaan lammii biyya alaa ta'ee Itoophiyaa keessa kan hin jiraanne, hojii isaa gaggeeffatus daangaa Itoophiyaan ala ta'ee,biyya keessaa qabeenya hin sochoone fi socho'aa kan qabu ta'uun isaa kan mirkanaa'e yoo ta'e, himannaan kan dhiyaatu bakka qabeenyichi argamutti mana murtii aangoo tooraa qabuttiidha.

#### Kwt.21 -- Himannaan Mootummaa irratti dhiyaatu

Himannaan mootummaa irratti ykn kutaa mana hojii mootummaa irratti yookan dame mana hojii mootummaa irratti dhiyaatu filannoo himataatin kanatti aananii manneen murtii ilaalaman keessaa tokkoo isaaniitti dhiyaachuu ni danda'a :-

- a) Mana murtii iddo himataan jiraatu,daldala isaa gaggeeffatu ykn faayidaa dhuunfaa itti argachuuf hojjatutti aangoo qabuuf.
- b) Mana murtii iddo waliigalteen falmichaaf sababa ta'e itti

mallattaa‘etti ykn raawwatamuuf karoorfametti aangoo qabuuf

- c) Mana murtii iddo gochi itti gaafatatummaa hordofsiisu yookan gochi himannaaf ka‘uumsa ta‘e itti raawwatametti aangoo qabuttiidha.

**Kwt.22 -- Himannaa dhaabbilee seeran hundaa‘an irratti dhiyaatu**

- 1) Himanni dhaabbata daldalaan tokko irratti dhiyaatu mana murtii iddo waajjira muummee dhaabbatichaa ykn dameen dhaabbatichaa argamutti aangoo qabuuf dhiyaata.
- 2) Himanni waldaa yookan koree yookan bulchituu qabeenyaa yookan dhaabbata qabeenya imaanaa (adaraa)dhaan eegu irratti dhiyaatu mana murtii iddo koreen,bulchituun qabeenyaa ykn imaanaan (adaraa) sun itti hundaa‘etti,yookan bakka koreen,bulchituun qabeenyaa ykn Imaanaan (adaraa) dhaabbatichaa akka galmaa‘uuf seeran murtaa‘etti aangoo qabuuf dhiyaata.
- 3) Himanni itti gaafatatummaa abbaa aangoo waldaalee daldalaan yookan kubbaaniyyaa ilaallatu bu‘uura tumaa keewwata kanaatin ykn bu‘uura kwt.**27(1)**tin dhiyaachuu ni danda‘a.

**Kwt.23 -- Himannaa sababa dhaaltummaan dhiyaatu**

Himanni dhaala qulqullaa‘ee adda bahee mana murtii iddo dhaalli

saaqametti dhiyaata. **Kwt.24 -- Himannaa sababa waliigalteen dhiyaatu**

- 1) Himanni waliigaltee ilaallatu kan dhiyaatu filannoo himataatin, akkaataa biraatin akka raawwatamu yoo waliigaltee keessatti iddoon biraa ibsame malee, mana murtii iddo waliigalteen itti taasifametti ykn itti raawwatamutti argamutti dhiyeeffachuu ni danda'a.
- 2) Falmiin waliigaltee geejibsiisaa ilaallatu kan dhiyaatu akka haala dhimmichaatti, bu'uura tumaa seera galaanarraa kwt.**208** tin ykn seera daldala kwt.**647**tin tumameen ta'a.
- 3) Himanni waliigaltee Inshuraansii raawwachuu ilaallatu kan dhiyaatu iddo waajjira muummeen Kubbaaniyyaa Inshuraansichaa argamutti ykn iddo Kubbaaniyyichi Itoophiyaa keessatti galmaa'eetti ykn iddo qabeenya waliigaltichi irratti godhame argamutti mana murtii aangoo qabutti dhiyaachuu danda'a.
- 4) Himanni qabeenya wabummaan qabame yookan qabeenya imaanaa (adaraa)dhaan kenname ilaallatu kan dhiyaatu iddo qabeenyi wabummaan qabame yookan imaanaa (adaraa)dhaan kenname itti argamutti mana murtii aangoo qabuttiidha.

**Kwt.25 -- Himanna sababa qabeenya hin sochoonen dhiyaatu**

- 1) Seera kana tumaan kwt.**31** akkuma eegametti ta'ee, tumaan faallaa yoo jiraate iyyuu sababa qabeenya hin sochooneen falmiin yeroo ka'etti, himannaan haala kanatti aanun kan dhiyaatu:-
  - a) Dhimmi falmiif sababa ta'e qabeenya hin sochoone ykn bu'aa kira isaa irraa argamu ykn kira malee ykn waan seeran ala fudhatame bu'aa waliin ykn bu'aa malee deebisiisuf
  - b) Qoodpii qabeenya hin sochooneef
  - c) Mirga ykn faayidaa kamiyyuu qabeenya hin sochoone irratti murteessifachuuf
  - d) Miidhaa qabeenya irra gaheef beenyaa gaafachuuf yoo ta'e, himannaan

kan dhiyaatu mana murtii iddo qabeenyi hin sochoone sun argamuttiidha.

- 2) Qabeenya dhaabbataa himatamaadhan qabame ykn maqaa himatamaatin qabame irra miidhaan qaqqabeera jechuun beenyaa gaafachuuf himanni dhiyaate yoo ta‘e,qabeenyicha irra miidhaa gaheef seerummaan gaafatame ,himatamaa ajajuudhan kaffalchiisuun kan danda‘amu ta‘ee,himanni kan dhiyaatu mana murtii iddo qabeenyichi argamutti ykn seera kana bu‘uura tumaa kwt.**19** tin dubbatameen ta‘a.

**Kwt.26 -- Himanna qabeenya dhaabbataa aangoo manneen murtii garaa garaa keessatti argamu irratti dhiyaatu**

- 1) Argamni qabeenyaa dhaabbataa aangoo manneen murtii garaa garaa keessa yoo ta‘e,himanni qabeenyichi gariin iddo argamutti mana murtii aangoo qabutti dhiyaata.
- 2) Daangaan aangoo iddo qabeenyichi argamuu kan hin beekkamne yommuu ta‘etti,manni murtii himannaan itti dhiyaates aangoo isaa ta‘uu kan shakkisiisu ta‘uu kan hubate yoo ta‘e,haaluma kana tarreessee gal mee isaa irra erga teessiseen booda himannicha fuudhee murtoo itti kennuu ni danda‘a. Murtoon haala kanaan kennamus aangoo mana murtichaa keessatti qabeenya argamu irratti akka kennameetti lakkaawwama.
- 3) Tumaan keewwata kanaa raawwatamuu kan danda‘u manni murtii falmicha fuudhee dhaga‘uuf hanga seerummaa guutummaan gaafatame ilaaluuf aangoo kan qabu ta‘uu isaa yoo beekame qofaadha.

**Kwt.27 -- Himanna sababa miidhaan namarra ykn qabeenya socha‘aa irra gaheen dhiyaatu**

- 1) Nama yookan qabeenya socho‘aa irra sababa miidhaan qaqqabeef falmiin beenyaa gaafachuu kan ka‘e yoo ta‘e,himannichi iddo miidhaan qaqqabetti mana murtii argamutti yookan bu‘uura tumaa kwt.**19** tin dhiyaachuu ni danda‘a.
- 2) Galaana irratti sababa wal kiphiinsa/walitti bu‘iinsa/dooniitiin miidhaa qaqqabeef himannaan falmiiwwan ka‘anii kan dhiyaatu bu‘uura tumaa kwt.**237** seera galaanatiin ta‘a.

#### Kwt.28 -- Himanna sababa Kasaaruutin dhiyaatu

Himannaan kasaaruu ilaallatu kan dhiyaatu mana murtii ol‘aanaa iddo namni kasaare ykn dhaabbanni daldala isaa itti argamuttiidha.

#### Kwt.29 -- Sababoota himanna tokkoo ol ta‘an

Himannaan sababoota himannoo adda addaa qabu sababa iddoowwan adda addaatti uumameen falmii ka‘e yoo ta‘e, sababootni himanna iddo uumaman kamiittuu mana murtii aangoo qabutti himannaan dhiyaachuu ni danda‘a.

#### Kwt.30 -- Seerummaa seerummaa haadhoo irratti rarra‘uu fi seerummaa himata himatarraa

- 1) Seerummaan seerummaa haadhoo irratti rarra‘u ykn seerummaan himata himatarraa himatamaan dhiyeessu seerummaa haadhoo ilaaluuf mana murtii aangoo qabuuf dhiyaata. Seerummaa kanas ilaaluu kan danda‘u manni murtii seerummaa haadhoo ilaaluuf aangoo qabu seerummaa haadhoo irratti rarra‘u yookan seerummaa himata himatarraa ilaaluuf aangoo kan qabu yoo ta‘eedha.
- 2) Seerummaa haadhoon yoo ka‘e yookan cufame ykn haqame seerummaa himata himatarraa dhiyaate manni murtii fuudhee akka ilaalu hin dhorku.

**Kwt.31 – Himannaa bakka biraatti jijiiruu**

- 1) Murtiin osoo hin kennamin dura gareewwan walfalmitootaa keessaa inni tokko sababoota kanatti aananii ilaalamani bu‘uura godhachuun mana murtii ol‘aanaaf iyyata yoo dhiyeessee fi manni murtichaas barbaachisummaa iyyannichaa mirkanoeffachuun kan simate yoo ta‘e :-
  - a) Manni murtii jalaa dhimmicha dhaga‘uu eegale falmicha karaa sirriidhan loogii tokko malee murteessuu kan hin dandeenye ta‘uu isaa ragaa amansiisu yoo dhiyeesse yookan;
  - b) Gaaffiin seeraa falmichaaf rakkisaa ta‘ee ka‘u jiraachuu hubachiisuu yoo danda‘e yookan ;
  - c) Bu‘uura keewwata kanaan ajajni yoo kenname,walfalmitoota fi ragoolee isaaniif mijataa ta‘uu isaa kan hubate yoo ta‘e,yookan ajajni kun kennamuun yeroo gabaabaa keessatti murtii sirrii kennuuf kan dandeessisu ta‘uu isaa kan tilmaame yoo ta‘e, manni murtii ol‘aanaa ajaja kanatti aananii jiran ol‘iyyanni irratti fudhatamuu hin dandeenye kennuu danda‘a:-
    - i. Tumaa boqonnaa kanaa keessatti bu‘uura dubbatameen mana murtii aangoo hin qabne garuu aangoo hundee dubbiin falmisiisuu danda‘uu himannicha akka fuudhu ajajuu
    - ii. Manni murtii ol‘aanaa gara ofiisaatti akka darbu ajajuudhan ofuma isaatin ilaaluu danda‘a.

2) Murteen osoo hin kennamin dura gareewwan walfalmitootaa keessaa inni tokko mana murtii Waliigalaatti iyyateera yoo ta‘e,dhaddachi dhimmicha ilaaluu jalqabe gara dhaddacha biraatti akka dabarsu ajajuu ni danda‘a. Ta‘ees, ajajicha kenuun kan danda‘amu iyyataan dhimmichi gara dhaddacha biraatti akka jijiiramuuf kan iyyate ragaadhan kan deeggarame sababa gahaa dhiyeeffachuu yoo danda‘e qofaadha.

## **KITAABA- 2 HIMACHUUN YOOKAN HIMATAMUUN GAREE FALMII TA’UU**

### **Kwt.32 --Daangaa raawwatiinsaa**

- 1) Tumaaleen kitaaba kanaa adeemsa dhaga‘aa seera kana jalaa hundaaf raawwatamoo ta‘u.
- 2) Tumaalee kitaaba kanaa yeroo fayyadamnu falmiiwwan ol‘iyyannoodhan dhiyaatanis akka galuumsa isaanitti kan hammatu ta‘ee,jechi *himataa* jedhu ol‘iyyataa‘,jechi himatamaa jedhu deebii kennaa‘,jechi *himannaa* jedhu ol‘iyyannoos kan hammatu ta‘a.

## **BOQONNAA -1 TUMAALEE WALIIGALAA**

### **Kwt.33. -- Dandeettii**

- 1) Namni seeran dandeettii qabu kamiyyuu himannaa dhiyeessuu ni danda‘a.
- 2) Himannaaf wanta ka‘uumsa ta‘e irraa mirga yookan dantaa yoo qabaate malee namni kamiyyuu himannaa dhiyeeffachuu hin danda‘u.
- 3) Namni kamiyyuu himataan dantaa yookan mirga isaa yoo irratti gaafate malee himatamaa ta‘uu hin danda‘u.

### **Kwt.34. -- Bakka bu‘iinsa**

- 1) Namoonni seeraan dandeettii hin qaban jedhaman karaa bakka bu‘aa isaanii himachuu ni danda‘u.
- 2) Namni seeraan dandeettii hin qabu jedhamee bakka bu‘aan hin muudamneef yoo ta‘e,bu‘uura tumaa seera hariiroo hawaasaatiin tumameen hanga muudamuufitti falmichi yookan himannichi dhorkamee tura.
- 3) Keewwattootni kanaa gaditti ilaalam anakkuma eegamanitti ta‘ee,dhaabbileen daldalaan bu‘uura seera hariiroo hawaasatiin yookan seera daldalaatin tumameen himachuu yookan himatamuu ni danda‘u.
- 4) Dhimma galaanaa wanta ilaallatuuf bakka bu‘iinsi kennamu bu‘uura tumaa seera galaanaan tumameen ta‘a.
- 5) Qabeenya bulchituu qabeenyaa,raawwachiistuu dhaamoo, eegduu qabeenyaa imaanaa (adaraa) tin bulu irratti fayyadamtoota fi qaama sadaffaa gidduutti falmiin yoo ta‘e, bulchituun qabeenyaa,raawwachiistuuun dhaamoo,eegduun qabeenyaa imaanaa (adaraa) fayyadamtoota haadhoo bakka bu‘anii falmuu ni danda‘u. Kunis yoo ta‘u manni murtii haala addaatin yoo ajaje malee,fayyadamtoota haadhoo garee falmichaa akka ta‘an gochuun barbaachisaa miti.

**Kwt.35 -- Himattoonni haala waliin ta‘uun himanna itti dhiyeeffatan**

Namoonni baay‘een sababa gaaffii mirgaa tokkoon yookan sababoota gaaffii mirgaa akaakuun isaanii tokko ta‘een himannaa hundaa‘e yoo dhiyeessanii fi sababichis tokkoon tokkoo himataa kan ilaallatu yommuu ta‘etti,himattoonis mata mataadhan himannaa isaanii dhiyeffachuu kan danda‘an yoo ta‘an,qabeenyi yookan mirgi himannaaf sababa ka‘uumsaa ta‘e kan waliinii yookan kan waliinii fi qeenxee yookan filannoodhan gocha yookan taatee tokko irraa yookan kan walitti rarra‘an irraa kan madde yoo ta‘e iyyuu,himannaa dhiyaateef gaaffiin ijoo seera fi firii dubbii walfakkaataa yoo ta‘e,himattonni waliin ta‘uun himannaa tokko qofa dhiyeffachuu ni danda‘u.

#### Kwt.36 -- Himatamtoota walitti qabuun himachuu

- 1) Sababni himannaa tokko himatamtoota baay‘ee kan ilaallatu yommuu ta‘utti walitti qabuun yookan mata mataadhan himachuun kan danda‘amu yommuu ta‘etti,akkasumas walitti qabaadhan yookan adda addaan yoo himataman gaaffiin ijoo falmii fi seeraa murtiin itti kennamu tokko ta‘uu kan danda‘u yeroo ta‘utti himatamtoota walitti qabanii himachuun ni danda‘ama.
- 2) Waliigaltee yookan sanada daldalaan daddabarfamu bu‘uureffachuu himannaa dhiyaatu yommuu ta‘ettii fi himataanis himatamtoota mata mataadhan yookan walitti qabaan fi mataa mataadhan himachuun kan danda‘amu yommuu ta‘etti himatamtoota baay‘ee bakka tokkotti walitti qabee himachuun ni danda‘a.
- 3) Dhimmi himannaadhaf sababa ta‘e qabeenya bulchitooni qabeenya,raawwachiistonni dhaamoo,eegdonni qabeenya imaanaa, bulchan kan ilaallatu yeroo ta‘etti,kanneen keessaa isa tokko yookan tokkoo ol irratti himanni yommuu dhiyaatu warri hafanis falmiitti makamuu qabu. Kun akkuma jirutti ta‘ee,bulchituun qabeenya,raawwachiistun dhaamoo,eegduun qabeenya imaanaa,Itoophiyaa ala jiraatan akkaataa kwt.**43** tin iyyatanii manni murtii yoo ajaje malee falmiitti makamuu hin danda‘an.

- 4) Himataan qabeenya hin sochoone gadi lakkisiisuu fi deebisiisuuuf himannaa yommuu dhiyeessutti,haala fi sababa kamiinuu namoota qabeenyichaa irra qubatanii jiran hunda waliin walitti qabee himachuu qaba.
- 5) Himataan mirgasaa argachuu kan qabu himatamaa isa kam irraa akka ta‘e adda baasee beekuuf haalli isa rakkisu mudate yoo ta‘e,himatamtoota lamaa fi isaa ol ta‘an walitti qabaan himachuun kan itti gaafatamu eenu akka ta‘ee fi hangi itti gaafatamu hammam akka ta‘e adda bahee akka murtaa‘uf himachuu ni danda‘a.
- 6) Keewwata kanaan bu‘uura dubbatameen sababni himannaa dhiyaatu himatamtoota baay‘ee keessaa tokko yookan tokkoo ol kan ta‘an, himannaa irratti mirgi gaafatame guutummaan nu hin ilaallatu jechuudhan himannicha irraa bilisa ta‘uu hin danda‘an.

Kwt.37 – Murtii garee tokko yookan tokkoo ol irratti murtaa‘u yookan garee tokko yookan tokkoo oliif murtaa‘u

Murteen haala asiin gadiit kennamu ni danda‘a.

- a) Himattoota tokko yookan tokkoo oliif murtii kennuudhan
- b) Himatamtoota tokko yookan tokkoo ol hanguma balleessa isaa akka itti gaafatamu gochuu Kwt.38 -- Karaa dubbi fixaatin yookan bakka bu‘aatin falmachuu

- 1) Namootni baay‘een himannaa keessatti dantaa yookan mirga walfakkaatu yoo qabaatan tokkoo fi tokkoo ol ta‘anii himachuu yookan himatamuu yookan ofirraa ittisuu ni danda‘u yookan namoonni dantaa qaban hundinuu mana murtii eeyyamsiisanii bakka bu‘aa isaaniin himatamuu yookan ofirraa ittisuu ni danda‘u.
- 2) Keewwata kana cita xiqqaa **(1)** jalatti haala ibsameen karaa dubbi fixaan yookan bakka bu‘aatin kan himate yookan kan himatame, ofii isaatinis falmiitti seenee falmachuuf manni murtii akka eeyyamuuf gaafachuu ni danda‘a.

**Kwt.39 -- Nama himatamuu hin qabne himachuu fi nama himatamuu qabu himachuu dhiisuu**

- 1) Himannaa tokko keessatti nama himatamuu qabu himannaa keessa hambisuu yookan nama himatamuu hin qabne himachuun himannicha kufaa hin godhu. Manni murtii dhimma himatamtoota dhiyaatan irratti himannaa dhiyaate qoratee murtoo kennuu ni danda‘a.
- 2) Himannaa keessa namoonni galuu qaban osoo hin galin hafan jechuudhan yookan namoonni falmichi hin ilaallanne immoo falmiitti makamaniiru jechuudhan mormiin dhiyaatu hundi dhiyaachuu kan qabu falmiin osoo hin eegalin dura ta‘uu qaba. Falmiin erga eegaleen booda bifaa kanaan mormiin dhiyaatu fudhatama hin qabu.

**Kwt.40 -- Gareewan walfalmitoottaa falmiitti dabaluu yookan bakka buusuu**

- 1) Laphee qulqulluudhaan yookan sababa dogoggora raawwatameen maqaan nama himataa ta‘uu hin qabneen himannaan tokko dhiyaate yoo ta‘e, yookan maqaan

nama himatamaa ta‘uu qabuu shakkisiisaa ta‘ee yommuu argamutti, dhiyeessi himannichaa dabaan/gowwoomsaan/ kan hin raawwatamne ta‘uu manni murtii yoo hubate,maqaa nama dogoggoraan dhiyaatee maqaa nama sirriin bakka bu‘ee akka dhiyaatu yookan namni biraa akka bakka bu‘u ajajuu fi dhimma kanas raawwachuuf barbaachisaa ta‘ee yoo isatti mul‘ates ajaja dabalataa kennuu ni danda‘a.

- 2) Manni murtii kaka‘uumsa mataa isaatiin yookan falmii walfalmitoota keessaa dhiyaatuf ilaaludhaan himanna keessatti maqaan nama himataa yookan himatamaa ta‘uu hin qabne caqasamee yoo argame,maqaan nama barreffamuu hin qabnee akka haqamuu fi bakka isaa namni dhimmichi ilaallatu akka bakka bu‘u ajajuu danda‘a. Akkasumas, murtee kennuuf barbaachisaa fi mijataa ta‘uu isaa yoo mirkaneesse namni dhimmichi ilaallatu kamiyyuu akka bakka bu‘u yookan miiltoo ta‘ee dhimmichatti akka seenu ajajuu ni danda‘a. Ta‘ees namni kamiyyuu fedhii isaa malee himataatti akka dabalamuuf hin dirqisiifamu.
- 3) Manni murtii, dhimmichi haala biraatin akka adeemsifamu yoo qajeelche malee, himatamaan yeroo dabalame yookan bakka buufametti himataan himanna isaa fooyessee garagalcha isaa akka qaqqabsiisu gochuu qaba. Akkasumas, mana murtiitti fakkaatee yoo mu‘ate himannaan fooyya‘e garagalchi isaa warra duraas akka qaqqabu ajajuu ni danda‘a.
- 4) Seera kana bu‘uura kwt.**33** tin gareen sadaffaan himachuuf mirga qabu kamiyyuu akkuma haala isaatti murtiidhan dura miila himataa yookan himatamaa jalatti bakka bu‘ee falmuu ni danda‘a. Ta‘ees, mirga kanaan fayyadamuun kan danda‘amu himataan yookan himatamaan duraa kan eeyyameef yoo ta‘eedha.
- 5) Murtii mana murtii jalaa ol‘iyyanni irraa fudhatame keessatti garee falmichaa namni ture kamiyyuu falmii ol‘iyyannoo irratti falmii keessa osoo hin galin yoo hafe ta‘e,bu‘aan

ol‘iyyannichaa kan isa ilaallatu ta‘uu manni murtii ol‘iyyannoo dhaga‘u yoo hubate,dhaga‘a ol‘iyyannoo guyyaa beellama itti aanutti dabarsuudhan falmii keessa nama hin galin miiltoo deebii kennaa ta‘ee akka dhiyaatu ajaja kennuu qaba.

**Kwt.41 -- Giddu lixummaa gareewwan sadaffaa**

- 1) Himanna tokkoratti walfalmitoonni osoo falmiirra jiranii gareen sadaffaan kameeyuu dhimmichi na ilaallata jedhu murtiidhan dura giddulixaa ta‘ee falmachuu ni danda‘a.
- 2) Iyyanni giddulixummaa himanna keessatti na galcha sababii jechisiisu kan tarreessu fi addatti haala mirgasaa sanii kan addeessu yookan ibsu ta‘uu qaba.
- 3) Mirgi giddu lixummaa murtaa‘ee giddulixaan akka gidduu lixuuf kan eeyyamameef yoo ta‘e,iyyanni giddu lixummaa garee walfalmitootaa hanga qaqqabutti falmiin ni dhaabbata.
- 4) Giddu lixaan hanqina mataa isaatin iyyannoo isaa garee walfalmitootaa osoo hin qaqqabsiisin yoo hafe, giddu lixaan dhimmicha ta‘e jedhee akka dhiisetti lakkaawwamee mirgi isaa ni haqama.
- 5) Keewwata kanaan tumaan ilaalamalee **kwt.293-299** jalatti ilaalamaniin walitti hin bu‘u. **Kwt.42 -- Giddu lixummaa Abbaa Alangaa**

Akka gidduu lixu seerri yeroo barbaadu kamittuu Abbaan Alangaa giddu lixaan ta‘ee dhimma tokko falmuu ni danda‘a. Addatti dhimmoota kanatti aananii jiran keessatti giddu lixummaadhan falmuu qaba.

- a)Mirga namummaa/ (Seera hariiroo hawaasaa kwt.116,122,fi 156)
- b)Dandeettii dhabuu (Seera hariiroo hawaasaa kwt.234,354 fi 377)
- c)Fuudha fi Heeruma (Seera hariiroo hawaasaa kwt.592,608,609, fi 612)

d) Kasaaraa (Seera Daldalaan kwt.975,978,980,998,1004

fi 1017) Kwt.43 -- Garee sadaffaa falmiitti makuu

- 1) Namni himatamaa ta‘e dhimma irratti himatame keessatti hirmaataa namni hin ta‘in gareen sadaffaan ana wajjin gahee isaa gumaachuu yookan beenyaa kaffaluu qaba kan jedhu yoo ta‘e,himanna keessatti sababa isaa ibsuudhan garee sadaffaan himanna keessa akka galuu fi hanga gumaacha yookan beenyaa gahee isaa ta‘e ibsuudhan falmii keessa akka galuuf iyyannoo mana murtiitti dhiyeffachuu ni danda‘a.
- 2) Gareen sadaffaan himanna keessa akka galuuf manni murtii kan eeyyame yoo ta‘e,garagalchi himanna fi deebiin kenneme akka qaqqabuuf ni ajaja. Manni murtiis guyyaa waamicha taasiseef irraa eegalee falmii keessa akka galeetti lakkaawwama.
- 3) Garee sadaffaa fi himatamaa gidduu seerummaa jiru manni murtii akka isatti fakkaatetti murteessuu ni danda‘a.
- 4) Himatamaan tokko himatamaa biraatu gahee isaa kaffaluu qaba jedhee yeroo iyyatutti raawwiin isaa bu‘uura tumaa armaan olitti tumameen ta‘a. Ta‘ees, cita xiqaan kanaan mirga himataan himatamaa kamiyyuu irraa qabu miidhuu hin qabu.

Kwt.44 -- Shaarikoota daldalaan maqaa daldalaan isaaniin himachuu

Namoonni lama yookan lamaa ol ta'an daangaa Itoophiyaa keessatti hojii daldala hundeessanii waldaadhan yommuu hojjatanitti maqaa shaarika daldala hundaa'een himatamuu ni danda'u. Maqaa kanaan himachuu yookan himatamuu kan danda'an himannichaaf wanti ka'uumsa ta'e yeroo shaarikichi hojiirra jirutti yoo ta'eedha. Gareen falmichaa kamiyyuu maqaa fi teessoo miseensota shaarikichaa akka kennamuuf yoo gaafate manni murtii dhimmichi qulqullaa'ee mirkanaa'uun akka kennamuuf ajajuufii ni danda'a.

**Kwt.45 -- Maqaa shaarikoota daldala Ibsuu**

- 1) Maqaa waldaa daldala shaarikaan hundaa'en himannaan yoo dhiyaate,himattooni ykn dubbi fixaan,himatamtooni fi shaarikoonni daldala dhaabbatichaa eenu fa'aa akka ta'an barreffamaan akka ibsamuuf yeroo gaafatamanitti maqaa shaarikootaa fi teessoo isaanii tokko tokkoon ibsuun kennuu qabu.
- 2) Bu'uura cita xiqqaa (1)jalatti gaafatameen himattooni ykn dubbi fixaan isaanii gaaffii gaafataman deebisu dhabuudhan falmichi akka dhaabbatu iyyatni yeroo dhiyaatetti manni murtii hanga yeroo gahaadha jedhee itti fakkaatef dhimmicha beellamaan tursiisuu danda'a.
- 3) Maqaa fi teessoon miseensa shaarikoota gaafatamee haala barbaadameen ibsamee himatamtootaf yoo kenname maqaan isaanii himanna duraa keessatti akka barreffametti lakkaawwamee bu'uura himanna duratin himannichi itti fufa. Ta'eet, himannichi kan qoratamuu fi raawwiin isaas maqaa dhaabbaticha daldala qofaan ta'a.

**Kwt.46 -- Maqaa isaatin osoo hin taane maqaa nama biraatin nama daldalu irratti himanna dhiyaatu**

Maqaa isaatin osoo hin taane maqaa nama biraatin hojii daldala namni hojjatu kamiyyuu maqaa dhaabbatni daldala inni hojjatu ittiin waamamuun himatamuu

ni danda'a. Seera kanaan tumaaleen waa'ee dhaabbilee daldalaaf dubbataman hundi akka barbaachisummaa isaatti maqaa isaaniin osoo hin taane maqaa nama biraatin namoota daldalan irratti raawwatiinsa ni qabaatu.

**Kwt.47 -- Shaarikoota daldalaa gidduutti himanna dhiyaatu**

Boqonnaa kana keessatti maqaa isaanitiin osoo hin taane maqaa nama biraatin hojii daldalaa namoota hojjataniif kan dubbatamee fi dhaabbileen daldalaa kan ittiin himatanii fi himataman kan tumame,falmiiwwan shaarikoota gidduutti ka'een himanna wal walii isaanii irratti dhiyaatu yookan shaarikoota keessaa fottoqanii dhaabbilee daldalaa shaarika ta'an irratti himanna dhiyaatu hundaaf raawwatamaa ta'a.

**BOQONNAA 2 DU'UU FI KASAARUU GAREEWAN WALFALMITOOTAA**

**Kwt.48 -- Gareen walfalmitootaa du'uu fi mirgi jiraachuu**

- 1) Falmiin akka itti fufu mirgi dandeessisu yoo jiraate,du'uun himataa yookan himatamaa falmichi akka dhaabbatu hin godhu.
- 2) Lakkoofsi himattootaa yookan himatamtootaa dhimmicha keessa jiranii tokkoo ol ta'anii isaan keessaa tokko yoo du'ee fi himataan yookan himattooni lubbuun jiran mirga himanna itti fufuu kan qaban yoo ta'e, yookan himatamtoota keessaa du'uun isa tokkoo himatamaa yookan himatamtoota lubbuun jiran himatamuu irraa kan hin hambisne yoo ta'e,manni murtii dhimma kana galmeessudhaan himataa yookan himattoota lubbuun jiraniif yookan himatamaa yookan himatamtoota lubbuun jiran irratti akka itti fufu ajaja ni kenna.

Kwt.49 -- Himattoota keessaa tokko yookan tokkoo ol du‘uu

- 1) Himattoota lakkofsi isaanii tokko ol ta‘an keessaa himattooni tokko yookan tokkoo ol ta‘an kan du‘an yoo ta‘ee fi mirgi isaanii isa hafeef yookan isaan hafaniif kan darbu yoo ta‘e, yookan himataan tokko du‘ee mirgi isaa kan biroof kan darbu yoo ta‘e, akkasumas himattooni lubbuun jiran yoo iyyatan, bulchituun qabeenyaa du‘aa bakka bu‘ee himannichi akka itti fufu manni murtii ajajuu ni danda‘a.
- 2) Keewwata kana cita xiqqaa (1) jalatti himannicha itti fufsiisuuf mirga qabna gareewan jedhan himataan yookan himattooni du‘anii waggaa 1(tokko) keessatti iyyachuu yoo dhiisan falmiin eegalame hafaa ta‘a. Himatamaan sababa himanna sanaaf maallaqa baase fi kisaaraa isarra qaqqabe kamiiyyuu akka kaffalamuuf yoo iyyate, baasii kaffalamuuffi qaba jedhee tilmaame hunda qabeenya du‘aa keessaa akka kaffalamuuf manni murtii ajajuu ni danda‘a.
- 3) Keewwata kana cita xiqqaa gara olii jalatti kan dubbatame dhimma raawwii murtii keessa jiraniif raawwatiinsa hin qabu.

Kwt.50 -- Himatamtoota keessaa tokko yookan tokkoo ol du‘uu

- 1) Himatamtootni lakkofsi isaanii tokko yookan tokkoo ol ta‘an yoo du‘anii itti gaafatamummaan himatamaa yookan himatamtoota lubbuun jiranitti kan hin darbine yoo ta‘e, yookan himatamaan tokko qofa ta‘ee innumti kan du‘e ta‘ee, itti gaafatamummaan himannichaa kan hin hafne yoo ta‘e, gareen na galcha jedhu yoo iyyate, bulchaan qabeenya du‘aa bakka bu‘ee falmicha akka fufu manni murtii ajaja kennuu ni danda‘a.
- 2) Miila himatamaa du‘ee bakka bu‘ee namni himatamaa ta‘e seera qabeessan himanna dhiyaatef deebii ittisaa dhiyeessuu qaba.
- 3) Keewwata kana cita xiqqaa(1) jalatti himatamaan du‘ee waggaa 1(tokko) keessatti gareen na galcha jedhu yoo iyyachuu hafe falmiin himatamaa du‘e

ilaallatu hafaa ta‘a.

- 4) Keewwata kana jalatti tumaan tumame wantoota raawwii murtii keessa jiran hin ilaallatu. Kwt.51 -- Shaarikoota daldala keessaa inni tokko du‘etti mirga himachuu jiraatu
  - 1) Shaarikootni lama yookan lakkofsi isaanii baay\*ee ta‘an maqaa dhaabbilee daldala shaarikummaan hundaa‘aniin yommuu himatanitti yookan himatamanitti,shaarikoota keessaa tokko yookan tokkoo ol kan ta‘an himannicha osso hin dhiyeessin dura yookan dhimmichi jalqabamee beellamarra osso jiruu yoo du‘e yookan yoo du‘an ,bulchaan qabeenyaa du‘aa bakka bu‘ee falmiitti akka seenu gochuun barbaachisaa hin ta‘u.
  - 2) Tumaa keewwata kana cita xiqqaa (1)jalatti kan tumame,bulchaan qabeenyaa du‘aa dhimmoota kanatti aananiif falmiitti seenuu mirga isaa hin daangessu.  
Isaanis:-
    - a) Falmiitti akka makamu akka eeyyamamuuf mirga iyyachuu
    - b) Shaarika lubbuun jiru yookan lubbuun jiran irraa mirga du‘aan qabu gaafachuu yookan kabachiisuu

#### Kwt.52 -- Waa‘ee bulchitoota qabeenyaa du‘aa

Bulchituu qabeenyaa himataa yookan himatamaa du‘eeti jechuun nama dhiyaate irratti gaaffiin bulchitummaa qabeenyaa yoo ka‘e,manni murtii falmii dhimma kanaa dursee murteessuu qaba. Barbaachisaa ta‘ee yoo isatti mul‘ates tumaa keewwatoota darbanii akkuma eegamanitti ta‘anii,dhimma dhiyaate qofaaf du‘aa bakka bu‘ee nama falmu filatee muuduu ni danda‘a.

**Kwt.53 -- Dhaga'a booda gareewwan walfalmitootaa keessaa baay'inni isaanii tokko yookan tokkoo ol kan ta'an du'uu**

Tumaaleen boqonnaa olitti jiraniin ilaalamanakkuma eegamanitti ta'anii,gareewwan walfalmitootaa keessaa baay'inni isaanii tokko yookan tokkoo ol ta'an du'un mirga himachuu yookan itti gaafatamummaa himatamuu kan hambisu ta'u iyyuu falmichi xumuramee murtii qofaaf kan bule yoo ta'e,gareewwan walfalmitootaa keessaa tokko yookan baay'een isaanii kan du'an yoo ta'e, manni murtichaaakkuma walfalmitoonni hunduu jiraniitti lakkaawudhaan murtii kennuu qaba. Murtichisakkuma murtii idilee kamiittuu raawwatamaa ta'a.

**Kwt.54 -- Himataa kasaare**

- 1) Himataan himannaadhiyeessee falmiirra ossoo jiruu kan kasaare yoo ta'e,kisaaricha irraa qabeenya hafe dabarsee gaafattoota maallaqaatif akka qooduf namni ajajame bakka nama kasaaree bu'ee dhimmicha itti fufsiisuu yoo danda'e kasaaruun himataa himannicha akka addaan kutu. Ta'ees,bulchitoonni qabeenyaanama kasaareefalmichi kisaaraahordofsiisuf maallaqa gahaa lafagochuuyookandhimmicha itti fufsiisuf yoo eeyyamuu baatan himannichi dhaabbachuu qaba.
- 2) Bulchaan qabeenyaanama kasaareeyeroomurtaa'e keessatti wabii qabeenyaakka qabsiisu yookan wabii akka waamu ajajamee,ajajicha osso hin raawwatin yookan maal na dhibdeedhan falmicha hordofuu dhiiseeyoo hafe, himatamaankanuma ibsee iyyachuudhan himannichi akka haqamuuf gaafachuu ni danda'a. Mannimurtiis kisaaraani malaaf jedhu tilmaamee muruudhan himannicha haqee kisaaraamurame qabeenyanama kasaaree keessaaakkakaffalamuu

ajajuu ni danda'a.

- 3) Keewwata kana jalatti tumaan dubbatame wantoota adeemsa raawwii murtii keessa jiran hin ilaallatu.

**Kwt.55 -- Himannaan hafuu yookan haqamuun bu'aa hordofsiisu**

- 1) Boqonnaa kana keessatti bu'uura tumaalee tumamaniin himanni kan hafe yookan yoo haqame yoo ta'e,himanna hafe yookan haqame bu'uureffachuun himanna biraa dhiyeessuun yookan himanna haqame irra deebi'uun sochoosuun hin danda'amu.
- 2) Himataan mataan isaa yookan ani bulchaa qabeenya himataa du'eeti namni ofiin jedhu yookan namni bulchaa qabeenya himataa kasaaree ta'e yookan mirgi himataa duraa naaf darbeera namni jedhu himannichi hafee yookan haqamee ji'a 6(jaha) keessatti himanni hafe akka itti fufuuf yookan himanni haqame akka ka'uuf iyyachuu ni danda'a.
- 3) Himannaan hafaa kan ta'e yookan kan haqame hanqina himataatin akka hin taane manni murtii yoo hubate sababa kanaaf kisaaraa qaqqabe ni mala kan jedhu muree himanna hafe yookan haqame akka itti fufu ajajuu ni danda'a.

**Kwt.56 -- Murteen osoo hin kennamin dura mirgaa falmiirra jiru dabarsuu**

Falmiin tokko adeemsifamaa osoo jiruu falmichaaf qabeenyi ka'uumsa ta'e yookan mirgi kennaadhan,dhaalan,bittaadhan yookan sababa biraa kamiiniyyuu naaf darbeera namni jedhu waan mirga isaa ilaallatu irratti falmii keessa akka seenuuf gaaffiin dhiyeesse manni murtii yoo fudhate,himataa ta'ee yookan himatamaa ta'ee falmichatti makamuu ni danda'a.

### BOQONNAA 3 ABBAANOTAA FI FALMITOOTA

#### Kwt.57 -- Qajeeltoo

Seera kanaa tumaan keewwata (65) akkuma eegametti ta‘ee,dhaddacha mana murtiitti himannaa dhiyeessuuf yookan addatti abbaan dhimmaa haadhoon matuma isaatiin dhiyaatee akka falmatuuf manni murtii yoo ajajuu baate yookan matuma isaatiin akka dhiyaatu seerri dirqisiisu yoo jiraachuu baate yookan matuma isaatin dhiyaachuu      kan      hin      dandeenye      yoo      ta‘e,      dhimmicha hubachiisuuf,falmuudhaf,waan gaafate hundaaf deebii gahaa kennuu nama danda‘u abbaa dhimmaa haadhoo bakka bu‘ee dubbi fixxummaadhan,abbaanummaadhan yookan abukaattummaadhaan akka falmuuf gochuu ni danda‘a.

#### Kwt.58 -- Waa‘ee Abbaanotaa fi Dubbi fixxootaa waliigalaan

Tumaaleen kanatti aananii jiran akkuma eegamanitti ta‘ee,nama biraatif abbaanummaadhan yookan dubbi fixxummaadhan himannaa dhiyeessuu,falmuu fi dhimmicha hordofuu kan danda‘an kanatti aananii kan jiraniidha:-

- a) Haadha manaa yookan abbaa manaa ,obboleessa isaa,obboleettii isaa,ilmasaa yookan intalasaa,abbaa isaa,akkawoo isaa yookan akaakayyuu abbaa dhimmichaa namoonni ta‘an abbaanummaadhan yookan dubbi fixxummaadhan osoo dургоон isaаниif hin kaffalamin ;
- b) Maqaa namoota daangaa aangoo mana murtii keessatti hin argamneetin hojii daldalaa yookan dhaabbilee biroo namootni gaggeessan maqaa abbaa dhimmichaatin himannaa yookan falmii akka gaggeessan abbaanadhaan yookan dubbi fixxummaadhan aangoon yoo kennameef falmii taasisuu ni danda‘u. Ta‘ees,kana gochuu kan danda‘an abbaan dhimmichaa maqaa isaatiin dubbi fixaa yookan abbaana addatti bakka hin buufanne yoo ta‘eedha.

Kwt.59 -- Namoota dubbi fixaa mootummaa ta'anii akka falmaniif eeyyamameef

Dubbi fixaa mana hojii mootummaa yookan mootummaa bakka bu'ee falmii mana murtii kamiiyuu akka dhiyeessu namni eeyyamameef bu'uura tumaa seera kanaatin dhaddacha mana murtii kamiittuu dhiyaatee akka falmuuf,dhimmicha akka hordofuu fi deebii akka kennuuf akka abbaana bakka bu'eetti lakkaawwama.

Kwt.60 -- Adeemsa himanna muudamaa yookan hojjataa mootummaa irratti dhiyaatuu

- 1) Hojjataa mootummaan qacare yookan muude irratti himanna dhiyaate irraa akka ittisuuf kan eeyyameef yoo ta'e,dubbi fixaan himatamaa bakka bu'ee akka irraa ittisuuf ajajame dhiyaate deebii kennuuf bakka bu'uu isaa mana murtii yoo beeksise manni murtii ragaa bakka bu'iinsa isaa fuudhee akka galmaa'u godha.
- 2) Keewwata kana cita xiqqaa **(1)** jalatti akka tumametti dubbi fixaan mootummaa himatamaa bakka bu'uu isaa guyyaa beellama himatamaan akka dhiyaatu qabame dursee hin ibsine yoo ta'e,muudamaa yookan hojjataa mootummaa irratti himanna dhiyaate himattoota dhuunfaa gidduutti akka dhiyatetti lakkaawwamee dhimmichi itti fufa.

Kwt.61 --Dubbi fixxoota yookan abbaanota miseensota humna waraanaa bakka bu'an

- 1) Namni miseensa loltuu humna waraanaa ta‘e tajaajilli loltummaasaa mana murtii akka dhufu kan isa hin dandeessifne yeroo ta‘etti,mataa isaatiin himannaa dhiyeessuu yookan himannaa dhiyaate itti fufuu yookan himannaa isarratti dhiyaate ofirraa ittisuu kan hin dandeenye yoo ta‘e , nama bakka buusee karaa dubbi fixaa isaa falmachuu ni danda‘a.
- 2) Aangoon bakka bu‘iinsaa kun kan kennamu barreeffamaan ta‘ee ajajoota qondaalaa kanatti aananii jiran fuulduratti mirkanaa‘uu qaba.
  - a) Ajajaa qondaalaa isaa fuulduratti yookan abbaan dhimmichaa ajajaa qondaalaa yoo ta‘e itti aanaa ajajaa qondaalaa fuulduratti
  - b) Abbaan dhimmichaa kutaa qajeelcha/bobbaasaa/ humna waraanaa keessatti hojii bulchiinsaan kan tajaajilu yoo ta‘e,hojii gaggeessaa olaanaa kutaa hojichaa fuulduratti
- 3) Mallattoon abbaa dhimmaa haadhoo fi mallattoon dabalataan abbaan aangoo kutaa hojichaa mallatteessu sirrummaa aangoo bakka bu‘iinsichaatif ragaa gahaa ta‘a. Akkasumas,miseensi humna waraanaa aangoo bakka bu‘iinsaa kenne mataa isaatiin dhiyaatee himachuu yookan himannaa isarratti dhiyaate ofirraa ittisuu kan hin dandeenye ta‘uu hubachiisuuf aangoon bakka bu‘iinsaa qofti gahaadha.
- 4) Keewwata kana cita xiqqaa (1)tin bu‘uura ilaalameen namni aangoon abbaanaa yookan dubbi fixxummaa kennameef akka abbaa dhimmaa haadhootti himachuu yookan deebii kennuu yookan nama himatu yookan irraa ittsu bakka buusuu ni danda‘a.

**Kwt.62 -- Dubbi fixxoota yookan abbaanota mana sirreessaa jiran bakka bu‘an**

- 1) Namni falmiin hariiroo hawaasaa qabu mana hidhaa kan jiruu fi sababa hidhameef ofiisaatin dhiyaatee falmachuu yeroo hin dandeenyetti dhimma himateenis ta‘ee himatameen abbaana yookan dubbii fixaa ta‘ee nama isaaf

falmu bakka buusuu ni danda‘a.

- 2) Abbaanummaan yookan dubbi fixxummaan kennamus barreeffamaan ta‘ee hidhamaadhan erga mallattaa‘ee booda muudamaan mana sirreessaa sanaan mallattaa‘ee mana murtiitin ni galmaa‘a.
- 3) Dhimoota kanafafakaatan hundaaf seera kanaan tumaan kwt.**61(3) fi(4)** haaluma walfakkaataadhaan raawwatamoo ta‘u.

**Kwt.63 – Bakka bu‘aa falmii gaggeessuu dhaabbachuu**

- 1) Namni kamiyyuu himataan yookan himatamaan yookan abbaanni isaa yeroo fi dhimma murtaa‘e irratti akka bakka bu‘u barreeffamaan yoo kennuu baate yookan dubbi fixaa qacaruudhaf yookan bakka bu‘aa muuduuf namni aangoo fudhate bakka bu‘iinsa barreeffamaa yoo kenneef malee mana murtiitti dhiyaatee dhimma nama bira falmuu hin danda‘u.
- 2) Dhimma kanaaf aangoon bakka bu‘iinsaa yookan dubbi fixxummaa kennamu barreeffamaan ta‘ee bakka buusaan erga irratti mallatteesee booda bakka bu‘iinsichi himanna yookan deebii waliin walqabatee galmee mana murtii dhimmichi itti baname keessa taa‘a. Bakka bu‘iinsichi cimee kan turus gareewan lamaan keessaa inni tokko aangoon bakka bu‘iinsaa kan addaan cite ta‘uu isaa hanga barreeffamaan beeksisuttii fi kanumas manni murtii eeyyamee hanga raggaasisutti yookan gareewan keessaa tokko yoo du‘e yookan dhimmi aangoon bakka bu‘iinsaa irratti kennname hanga murtoo argatttiidha.
- 3) Keewwata kana cita xiqa (2) jalatti dhimmi tumame,iyyannoowwan seera kana kwt.**6, 208** yookan ol‘iyyannoo **kwt.349** bu‘ura godhachuun dhiyaatan yookan ajaja jala murtii kennameen ol‘iyyannoowwan dhiyaatan yookan garagalcha sanadootaa fi ragaawan fudhachuuf yookan garagalcha barreeffamoota falmiirratti dhiyaatanii argachuuf yookan

murtii mana murtii raawwachiisuuf maallaqa qabame deebisiisuuf himannaa fi falmiin dhiyaatu hunduu ka‘umsa falmii jalaa waliin kan walqabatu ta‘ee lakkaawwama.

**Kwt.64 -- Haala abbaanonni yookan dubbi fixxoonni waamicha itti fudhatan**

- 1) Keewwattoota kanaan ol jiraniin dhimmoota ilaalamaniif aangoo bakka bu‘iinsaa yookan dubbi fixxummaa kennamaniin ala ajaja waamichaa mana murtiin kamiiniyyuu ergame fuudhuu qofaaf bakka bu‘aa yookan abbaana muuduun ni danda‘ama.
- 2) Aangoon bakka bu‘iinsaa akka kanaas barreffamaan ta‘ee bakka buusaan erga irratti mallatteessee booda mana galmee mana murtii taa‘a.

**BOQONNAA 4 MANA MURTIITTI DHIYAACHUU FI HAFIINSA ABBAA DHIMMAA**

**Kwt.65 -- Abbaan dhimmaa haadhoon matuma isaatin akka dhiyaatu barbaadamuu**

- 1) Himannaa yookan falmii mana murtiitti dhiyaatu kamiinyuu dhiyeessuuf abbaan dhimmaa mataan isaatiin dhiyaachuun barbaachisaa osoo hin ta‘in bu‘ura keewwattoota armaan olitti ilaalamaniin abbaanummaadhan yookan dubbifixxummaadhan namni aangeffame bakka isaa bu‘ee falmii taasisuu ni danda‘a. Ta‘ees, yeroo kamiinyuu yoo ta‘e abbaan dhimmaa matuma isaatiin akka dhiyaatu manni murtii ajajuu ni danda‘a. Ajajni kunis kan kennamu falmicha murteessuuf sababni gahaan abbaan dhimmaa haadhoon dhiyaachuun barbaachiseef yoo mudate qofaadha.
- 2) Dhimmoota tokko tokko naannoo isaa deemuun qulqulleessuuf,qorachuuf,jecha ragoolee fuudhuu kan danda‘u bakka bu‘aan yookan abbaanni mana murtii

yookan beekaan addaa(eksipartii),bakka buusan itti gaafatamaa yookan nama biraajajuuun barbaachisaa ta'ee manni murtii ajaje yoo ta'e,namni aangoon yookan ajajni kun itti kennname naannoo sanatti argamee hojiisaa yeroo gaggeessutti abbaan dhimmaa haadhoo yookan dubbi fixaan isaa naannoo sanatti argamuu dhabuun hojii namni mana murtiin bakka buufame dalage gatii dhabsiisuu hin danda'u.

**Kwt.66 -- Himattoota yookan himatamoota baay‘ee keessaa tokko dhiyaachuu**

- 1) Himattoonni yookan himatamooni dhimma waliin himatan yookan ittiin himataman irratti nama bakka isaanii bu‘ee falmuuf bakka buufachuu danda'u.
- 2) Bakka bu‘iinsichi barreeffamaan ta'ee erga mallatteessanii booda galmeedhimmichi ilaallatu waliin walqabatee taa'a.

**Kwt.67 -- Waamicha shaarikootaa**

- 1) Namootni maqaa shaarika dhaabbata daldalaanisaanitiin yoo himataman dursa maqaa dhuunfaa isaaniitiin dhiyaatu. Garuu,falmii itti aananiif maqaa dhaabbata daldalaatin itti fufa.
- 2) Seera kana bu‘uura kwt.**98** tin waamichi kan ergameef nama shaarikummaadhan hojii daldalaagaggeessuuf yoo ta'e, dhaabbata daldalaahimatame keessatti shaarikummaa keessaa yoo qooda qabaate maleedhiyaachuu hin qabu.
- 3) Keewwata kanaa olitti jiraniin akka ilaalametti namni waamichi itti kennname shaarika akka hin taane hubachiisuuf mormuudhan dhiyaachuu ni danda'a. Ta‘ees,namni morme erga dhiyaateen booda himataan maqaa dhaabbata daldalaatin waamichaa fuudhee erga

qaqqabsiiseen booda shaarikoonni dhiyaachuu dhabuun bakka isaan hin jirretti dhaabbaticha irratti murteessuu irraa hambisuu hin danda‘u.

**Kwt.68 -- Abbootiin dhimmaa tokko tokko matuma isaaniin akka dhiyaatan ajajuuf aangoo manni murtii qabu**

- 1) Sadarkaa adeemsa falmii kamiyyuu irratti dhaabbata daldalaa dhimmichi ilaallatuuf hojii gaggeessaa,barreessaa yookan miseensa dhaabbatichaa wanticha hubachiisuu ni danda‘a jedhee tilmaame dhaddacharratti akka dhiyaatu manni murtii ajajuu ni danda‘a.
- 2) Dhimmichi kan ilaallatu mana hojii mootummaa yeroo ta‘etti dubbifixaan mootummaa **bakka** bu‘ee falmu yookan hojjataan yookan abbaan aangoo dhimmicha hubachiisuu danda‘u kan hin dhiyaanne yoo ta‘e, hojjataa yookan abbaa aangoo dhimmicha haala barbaadamuun hubachiisuu ni danda‘a jedhee tilmaame dhaddacharratti dhufee akka hubachiisu manni murtii ajajuu ni danda‘a.

**Kwt.69 – Dhaga‘a irratti dhiyaachuu gareewwanii**

- 1) Dhimmicha dhaga‘uuf guyyaa beellamametti himataa fi himatamaan yookan bakka bu‘onni/abbaanni yookan falmitoontiisaanii guutamanii dhiyaachuu qabu. Gareewan walfalmitootaa dhiyaachuun isaanii erga mirkanaa‘een booda falmii dhaga‘uun ni eegalama.
- 2) Gareewan walfalmitootaa bitaa mirgaan guyyaa beellamaatti osoo hin dhiyaatin kan hafan yoo ta‘e, manni murtii galmicha ni cufa. Akkasumas falmichi kan dhiyaate ol‘iyyannoodhan yoo ta‘e gal mee ol‘iyyanno ni haqa.
- 3) Falmicha irratti abbaan dhimmaa matuma isaan akka dhiyaatu manni murtii kan hin ajajnee fi bakka bu‘aan yookan dubbi fixaan isaa guyyaa beellamaatti yoo dhiyaate tumaan keewwata kana cita xiqqaa **(2)** raawwatamaa hin ta‘u.

**Kwt.70 --Hafiinsa himatamaa**

Falmii dhaga‘uuf guyyaa beellamametti himataan dhiyaatee himatamaan kan hin dhiyaanne yoo ta‘e, dhimmicha irratti murtoon kennamu adeemsa kanatti aanee jiruun ta‘a.

- a) Himatamaa waamichi isa qaqqabuun mirkanaa‘e yoo ta‘e,bakka inni hin jirretti falmiin dhaga‘amuu itti fufa.
- b) Waamichi sirnaan himatamaa qaqqabuun kan hin mirkanoofne yoo ta‘e, manni murtii waamichi lammafaan akka ergamu ajaja kenna.
- c) Waamichi sirnaan qaqqabuu isaa kan mirkaneeffate ta‘u iyyuu guyyaan waamichi himatamaa qaqqabe deebii qopheeffachuuq gahaa ta‘ee kan hin tilmaamamne yeroo gabaabaa ta‘uu isaa manni murtii kan hubate yoo ta‘e, falmii dhaga‘uu beellama biraatti ni dabarsa.
- d) Himatamaa tokko yookan tokkoo ol ta‘aniif waamichi ergamee himatamaa yookan himatamtoota kamiyyuu kan hin qaqqabne maal na dhibdeedhan yookan hanqina himataatin ta‘uu isaa manni murtii yoo hubate, himatamaa yookan himatamtoota waamichi hin qaqqabne irratti himanna dhiyaate cufuudhan gaggeessuu yookan barbaachisaa ta‘ee yoo itti mul‘ates guyyaa dhaga‘a falmii beellama biraatti ni jijiira. Dhimmichi ol‘iyyannoo yoo ta‘e ol‘iyyannicha haquu ni danda‘a. Ta‘us,osoo waamichi hin qaqqabin himatamaan yookan deebii kennaan matuma isaatiin yookan bakka bu‘aan isaa guyyaa dhimmichi dhaga‘amutti mana murtiitti yoo argame dhaddacharratti

dhiyaatee akka falmii taasisu ajajamuu ni danda'a. Kuni yoo ta'e waamichi kennamuu dhabuudhan galmeen hin cufamu yookan hin haqamu.

**Kwt.71 -- Bu'aa galmee cufuun hordofsiisu**

- 1) Seera kana bu'uura kwt.**69(2)** yookan **70(d)** jalatti tumameen,himannaan tokko cufameera yoo ta'e,himataan kaffaltii abbaa seerummaa kaffaluudhan galmee deebisee bansiisuun dhimmicha akka itti fufu gochuu irraa isa hin dhorku.
- 2) Himataan guyyaa beellama qabametti osoo hin dhiyaatin kan hafe sababa gahaa ta'een ta'uu isaa kan hubachiise yoo ta'e,manni murtiis kanuma fudhachuun kaffaltii abbaa seerummaa osoo hin kaffalchiisin galmee deebisee saaqqatee akka itti fufu eeyyamuufii ni danda'a.

**Kwt.72 -- Beellama itti aanutti dhiyaachuu**

Guyyaa beellama darbe irratti himatamaan osoo hin dhiyaatin hafee falmiin bakka inni hin jirretti akka itti fufu erga godhameen booda beellama itti aanutti dhiyaatee beellama darbe irratti dhiyaachuu kan dadhabeef sababa gahaa ta'ee tilmaamamuun akka ta'e yoo hubachiise,manni murtiis sababni dhiyaate gahaadha jedhee yoo fudhate guyyuma dhiyaate kanatti deebii ittisaa isaa dhiyeeffatee akka falmatuuf ni eeyyamaaf. Kuni yoo ta'e guyyaa beellamaa akka dhiyaatuuf waamametti akka dhiyaatetti lakkawwamee deebii kenna.

**Kwt.73 -- Hafiinsa himataa**

Dhimma tokkoon namni himanna dhiyeesse tokko falmii dhaga'uuf guyyaa beellamametti osoo hin dhiyaatin yoo hafe,himatamaan dhiyaatee dhimma ittiin himatame hunduma isaa yookan gariin isaa kan amane yoo ta'e,himataan bakka hin jirrettis yoo ta'emanni murtichaa guutummaan yookan gariin himatamaan waan

amanе irratti murtii kennuu ni danda'a. Himatamaan yoo haale yookan amanuu baate garuu galmee haquudhan ni gaggeessa.

**Kwt.74 -- Himannaa cufuun bu'aa hordofsiisu**

- 1) Seera kana bu'uura kwt.**73**tin himannaan guutummaatti yookan gartokkeen haqamee yookan bu'uura kwt.**69(2),70(d)** yookan kwt.**73**tin galmeen ol'iyyannoo erga haqameen booda himataan himannaa duraaf yookan ol'iyyataan ol'iyyannoof dhimma ka'uumsa ta'e bu'uura godhachuudhan himannaa haaraa dhiyeessuu hin danda'u.
- 2) Keewwata kana cita xiqqaa **(1)** jalatti tumaan tumame galmeen cufamee yeroo ji'a 1(tokko) keessatti banamee dhimmichi akka ilaalamuuf himataan mirga gaafachuu jalaan hin hambisu. Himataan beellama darbetti osoo hin dhiyaatin kan hafe sababa gahaa ta'ee tilmaamamuun ta'uusaa manni murtii yoo hubate kisaaraa fi baasii kamiiyuu kaffaluu qaba jedhee itti mul'ate erga itti mureen booda galmeen cufamee ture deebi'ee saaqamee dhimmichi akka itti fufu ajaja kennee beellama dhaga'aa murteessa.
- 3) Keewwata kana cita xiqqaa **(1)** jalatti bu'uura dubbatameen ajajni kan kennamu iyyatni himataan dhiyeesse deebii kennaa erga qaqqabeen booda ta'a.

**Kwt.75 – Hafiinsa gareewwan walfalmitootaa baay'ee**

- 1) Himattoota baay‘ee keessaa tokko yookan tokkoo ol kan ta‘an osoo hin dhiyaatin kan hafan yoo ta‘e, himattootni dhiyaatan qofaan falmiin akka itti fufu yoo iyyatan, manni murtii ajaja barbaachisaadha jedhee itti mul‘ate kenuudhan hunduu akka dhiyaataniitti lakkaawudhaan falmiin akka dhaga‘amu gochuu yookan ajaja biraajennuu ni danda‘a.
- 2) Himatamaan tokko yookan himatamtoota baay‘ee waamichi qaqqabsiifamee osoo hin dhiyaatin kan hafan yoo ta‘e, himatamaan yookan himatamtootni dhiyaatan bakka jiranitti falmiin akka itti fufu gochuu ni danda‘ama. Murteen yeroo kennamutti garuu himatamaa yookan himatamtoota hin dhiyaanne irratti ajaja ni ta‘a jedhee isatti mul‘ate kennuu qaba.

**Kwt.76 – Hafiinsa qaamolee sadaffaa**

- 1) Seera kana bu‘ura tumaa kwt.**43(2)** jalatti tumameen himataan himannaam himatamaarratti dhiyeesse qaama sadaffaan itti gaafatamuun qaba jechuudhan bu‘ura himatamaan iyyateen qaamni sadaffaan kun dhiyaatee falmii keessa seenudhaan deebii akka kennuuf manni murtii ajajee waamichi erga qaqqabeen booda dhiyaatee deebii osoo hin kennis yookan sababa itti hin gaafatamneef hubachiisuun osoo hin falmanne kan hafe yoo ta‘e, himatamaa duraa irratti murtii murtaa‘e akka fudhateetti lakkaawwamee hanga himataan iyyate keessaa kan gaafatamu gahee isaa akka kaffalu ni dirqisiifama.
- 2) Himatamaan dhimmichaan mo‘amee kan isatti murtaa‘e yoo ta‘e, murtichatti waliigalee erga fudhateen booda osoo murtichi hin raawwatamin yookan akka murtaa‘etti erga raawwateen booda qaamni sadaffaan gahee isaa kaffaluu qabu akka kaffaluuf naaf haa ajajamu jedhee iyyannoo yoo dhiyeesse, qaamni sadaffaan kun gahee isaa himatamaadhaf akka kaffalu manni murtii ajaja ni kenna.

**Kwt.77 -- Hafiinsa nama matuma isaatiin akka dhiyaatu ajajamee**

Himataan yookan himatamaan matuma isaatiin akka dhiyaatuf manni murtii erga ajajeen booda sababa gahaa hin taanen osoo hin dhiyaatin kan hafe yoo ta‘e,tumaa boqonnaa kanaan hafiinsa himataa yookan himatamaa keewwattoonni ilaallatan irratti raawwatamu.

**Kwt.78 -- Himatamaan bakka hin jirretti murtoo kenname kaasuu**

- 1) Himatamaan tokko falmiirratti dhiyaatee deebii osoo hin kennin yookan falmii gochuu qabu osoo hin taasisin hafuudhan bakka inni hin jirretti murtoon yookan ajajni kan kenname yoo ta‘e,yeroo murtoo yookan ajajichi kennamuu hubatee irraa kaasee ji‘a 1(tokko) keessatti dhiyaatee ajajichi yookan murtoon kenname akka ka‘uuf iyyachuu ni danda‘a.
- 2) Himatamaan iyyannoo kana yeroo dhiyeessutti ajajni waamichaa sirnaan kan hin qaqqabne ta‘uu yookan falmii dhaga‘uuf guyyaa beellamametti dhiyaatee falmii isaa kan hin dhageessifanne yookan deebii kan hin kennanne sababa gahaadhan ta‘uu isaa manni murtii yoo hubate, iyyannichi garee walfalmitootaa akka qaqqabu godhee kisaaraa yookan adabbii barbaachisaa akka kaffalu erga ajajeen booda ajaja yookan murtoo kenname kaasudhaan guyyaa beellamaa falmichi deebi‘ee itti dhaga‘amu ni kenna. Ta‘ees, dhimmicha ilaaludhaan ajaja yookan jala murtii himatamaa kana irratti kennee ture yeroo kaasu jala murtiin yookan ajajni kun akka ka‘uuf himatamtoota dhiyaatanii hin iyyanne irratti kan hin raawwatamne ta‘uu isaa yoo hubate,iyyannoo himatamaatin jala murtiin yookan ajajni ka‘e himatamtoota hin iyyanneefis akka raawwatamu ajajuu qaba.
- 3) Keewwata kana jalatti tumaalee dubbatamaniin murtiin yookan jala murtii yookan ajajni yeroo dubbifamutti hin turre gareewan jedhaniif raawwatiinsa hin qabu.

**KITAABA-III TUMAALEE WALIIGALAA IYYANNOO HARIIROO  
HAWAASAA ILAALLATAN**

Kwt.79 -- Daangaa raawwatiinsaa

- 1) Tumaaleen kitaaba kana keessatti tumaman bu‘uura seera kanaan iyyannoowwan dhiyaataniif raawwatamoo kan ta‘aniidha.
- 2) Tumaan kun dhimmoota ol‘iyyannoo irra jiraniifis kan raawwatamu ta‘ee,jechi *himataa* jedhu ol‘iyyataa‘,jechi *himatamaa* jedhu deebii kennaa‘,jechi *iyyannoo* jedhu ol‘iyyannoo‘ kan hammatu ta‘a.

**BOQONNAA-1 FALMIIWWAN BARREEFFAMAA**

Kwt.80 -- Falmiiwwan barreeffamaa irratti wantoota ibsamuu qaban

- 1) Falmii barreeffamaa jechuun himanna,deebii ittisaa,himanna himatarraa, iyyata ol‘iyyannoo yookan bifa biraatin barreeffamee iyyata mana murtiif dhiyaatu kamiyyuu jechuudha.
- 2) Falmiin barreeffamaa kamiyyuu qubeessaadhaan yookan kompitaraan kan barreeffaman yookan maashina maxxansaatin kan barreeffaman ta‘uu qabu. Kan inni barreeffamu iyyata dhiyeessudhaaf unka qophaa‘e irratti ta‘ee dhimma ijoo iyyataan mirgasaa ittiin eegsifatu gabaabinaan kan qabate yookan himatamaan waa‘ee ittisaa isaatiif deebii kennu gabaabinaan kan ibsu ta‘ee unkichis seera kana miiltoo sarara tokkoffaa ta‘uudhan barreeffama maxxanfaman waliin walfakkaataa ta‘uu qaba.
- 3) Unkicha irratti dhimmoota ilaalamaniin ala dabalataan dhimmootni biroo

ibsam an yoo jiraatan guyaa fi bara barreeffame ibsuudhan miiltoodhaan barreeffamee unkichaan walqabsiisuun dhiyeessuun ni danda‘ama.

- 4) Falmii barreeffamaan dhiyaatu irratti lakkofsa yookan hanga maallaqaa ibsuun barbaachisaa yeroo ta‘etti lakkofsi fakkii fi jechaan barreeffamuu qaba. Akkasumas, maallaqa biyya alaa dhimma ilaallatu yoo ta‘e maallaqa Itoophiyaatti hangi isaa sharafamee ibsamuu qaba.
- 5) Guyyaa fi barri akka lakkofsa Awurooppaatti barreeffame lakkofsa baraa Itoophiyaatti hiikkamee dhiyaachuu qaba.

**Kwt.81-- Dirqamoota dursa raawwatamuu qaban**

Falmii tokkoof ka‘umsa wanti ta‘e osoo hin hundaa‘in dura dirqama ofii raawwachuu fi raawwachuu dhabuun falmichaaf ka‘umsa yommuu ta‘utti himataan himannaa yookan himatamaan deebii dhiyeessu irratti gama isaatiin dirqama raawwachuu qaba jedhamu raawwachuu isaa ibsuu qaba. Ta‘ees,himannaa himataan dhiyeeffatu yookan deebii ittisaa himatamaan kenu irratti himataan yookan himatamaan mirgasaa eeggachuun iyyanni yookan deebiin dhiyeeffatu gama isaatiin dirqama isaa akka raawwateetti isa lakkofsisa.

**Kwt.82 -- Wanta haaraa dhiyeessuu dhabuu**

Himataan yookan himatamaan himannaan yookan deebii barreeffamaa irratti himannichaaf wanta bu‘uura ta‘u yeroo dhiyeeffatutti yookan himannaan himatarraa fudhatama hin qabu yookan seeran fudhatama argachuu kan hin qabneedha jechuun yookan deebiin ittisaa kennamuu hin qabne kamiiyuu yeroo kennametti, akka waan haaraan mudateetti ijoowwan jalqabaa qabaman irraa osoo hin maqin falmii bu‘uuraa hordofee dhiyaachuu qaba.

**Kwt.83 -- Dhimmi ifaan haalamuu akka qabu**

Himatamaan waan ittiin himatame haaluu kan danda‘u himataadhan wantoota dhiyaatan hunda tarreessee ifaan haaluun ta‘a. Akkasumas, himata himatarraatin himatamaa ta‘ee yeroo deebii kennutti himata himatarraa isarratti dhiyaate tarreessuun ifaan haaluu qaba. Hanga maallaqaa gaaffii beenyaa kan ilaallatu yoo ta‘e malee, himanna irratti wanta dhiyaate hundaa tarreessuun ifaa haaluu dhabuun gartokkeenis ta‘ee guutummaan wanta hin haalamne yookan hin ganamne amanuun akka fudhatameetti lakkoofsisa.

**Kwt.84 -- Waliigaltee haaluu**

Falmii waliigalteen walqabatu kamiiyuu irratti gareewwan walfalmitootaa keessaa inni tokko waliigalticha yoo haale,waliigalticha irratti wantoota tuqamuun tarreeffaman qofa akka haaletti lakkawwama. Ta‘ees,seera qabeessummaa waliigaltichaa fi fudhatamummaa inni seera fuulduratti qabaachuu danda‘u akka haaletti hin lakkoofsisu.

**Kwt.85 -- Sanadoota barreeffamaa barbaachisoodhan hubachiisuu**

Falmii barreeffamaa tokko irratti sanada barreeffamaa falmichaaf ragaa ta‘u dhiyeessuun barbaachisaa yeroo ta‘etti sanadicha irra jecha jiru hunda ibsuun osoo

hin barbaachisin firii dubbii falmichaa jechoota qabatan qofa garagalchuun dhiyeessuun gahaadha. Haa ta‘u malee,dhimmichaaf sanadni ka‘umsa ta‘e hiikkoo yookan afuurri isaa falmisiisaa yookan shakkisiisaa yoo ta‘e,kutaa falmisiisaa ta‘e qofa tuquudhan dhiyeessuu yookan afuura fi hiikkoon barreeffamichaa guutummaatti falmisiisaa yeroo ta‘etti sanadichuma mataa isaa dhiyeessuun ni danda‘ama.

**Kwt.86 -- Haalota sammuu**

Himanna dhiyaatu tokko keessa shirri,gowwoomsaan,itti yaadanii balleessuun yookan yaadni hammeenyaa yookan hir‘inni yaada sammuu jiraachuu ibsuun barbaachisaa yoo ta‘e, haalicha malee sababoota kanaaf ka‘umsa ta‘an himannicha keessatti ibsuun barbaachisaa hin ta‘u.

**Kwt.87 -- Beeksisa kennuu**

Dhimmi beeksisa qaqqabsiisuu fi qaqqabsiisuu dhiisuu kan falmisiisu yoo ta‘e malee, himataan beeksisicha kan qaqqabsiise ta‘uu isaa himanna irratti yoo ibse gahaadha.

**Kwt.88 –Waliigalteewwan akka haala dhimmichaatti beekaman fi hariiroowwan seera qabeessaa**

- 1) Falmii barreeffamaa himanna keessatti akka haala naannoo qofaatti waliigalteewwan taasifaman yookan hariiroowwan biroo jiraachuu ibsuun barbaachisaa yeroo ta‘etti waliigalteen yookan hariiroon jiraachuu duuchumatti ibsuun gahaa waan ta‘eef, naannoo

waliigaltee yookan hariiroon kun itti hundaa‘ee fi sababa isaa iyyaticha keessatti tarreessuun barbaachisaa miti.

- 2) Keewwata kana cita xiqqaa **(1)** akka tumameen ala iyyataan dhimma waliigalteen walqabatan kan biraa nan qaba jedhu isaan kanas dabaluudhan yookan filannoodhan caqasuudhan falmuu ni danda‘a.

**Kwt.89 --Tilmaamawwan seera qabeessaa**

Dursee himanna garee tokkootin ifaan kan haalame yookan ganame yoo ta‘e malee,gareen falmataan tokko tilmaama seera qabeessa ta‘een wanta deeggaramu yookan gareen biraa dhimma irratti ragaa dhiyeffachuu qabu gareen inni tokko himanna isaa keessatti caqasuu hin qabu.

**Kwt.90 --Sarara falmii firii dubbiitin ala bahuu**

Falmii barreffamaa fooyeffachuun yoo ta‘e malee, gareewan walfalmitootaa wanta falmii dursaa dhiyeessaniin ala ta‘ee fi hariiroo hin qabne haaraa dhiyeessuun hin danda‘amu.

**Kwt.91 – Falmii barreffamaa fooyyessuu**

- 1) Murtiin osoo hin kennamin dura yeroo kamiyyuu manni murtii falmii barreffamaa fooyya‘uu qaba yoo jedhe gareewan walfalmitootaa himanna isaanii akka fooyeffatanii fi falmii isaanii akka jijjiiran eeyyamuufii ni danda‘a. Ta‘ees,mirgi akka kanaan gareewan falmitootaaf kennamu wanticha caalmatti ibsuuf yookan murtii sirrii kennuudhaf kan gargaaru ta‘un isaa yeroo tilmaamametti qofaadha. Kanumas yeroo eeyyamutti manni murtii kisaaraa kaffalamuu qaba jedhu murteessuu ni danda‘a.
- 2) Falmii barreffamaa isaa akka fooyyessuuf gareen eeyyamameef yeroo murtaa‘ef keessatti kanuma yoo dhiyeessuu baate yookan manni murtichaa yoo yeroo dheeressuufii baate mirgi himanna isaa fooyeffachuu yookan falmiisaa

jijiirrachuu jalaan haqama.

- 3) Falmiin barreeffamaa fooyya‘u haala himanna yookan deebii kan addeessu yookan falmii dhiyaate bifaa fooyya‘een ibsee kan hubachiisu yookan haalicha tarreesee ibsuun kan agarsiisu ta‘ee dhiyaachuu akka qabu manni murtii yoo hubate matuma isaatin yookan abbootii dhimmaa keessaa gareen tokko yoo iyyate kisaaraa kaffalamuu qaba jedhee isatti mul‘ate ajajuudhan wanta fooyyessuun barbaachisu fooyyessuun akka dhiyeessu ajajuu ni danda‘a.
- 4) Wantoota barbaachisoo hin taane yookan adeemsa falmichaa kan gufachiisan yookan jeequmsa uuman yookan murtii sirrii kennuuf gufuu ta‘u jedhamanii wantoota tilmaamaman hunda akka fooyya‘an yookan keessaa duguugamanii akka bahan manni murtii ajajuu ni danda‘a.
- 5) Falmiin barreeffamaa fooyya‘uun dhimmicha aangoo mana murtii sadarkaa jalqabaan itti dhiyaatee ol kan taasise yoo ta‘e, manni murtii sadarkaa jalqabaas dhimma kana ilaaluuf mana murtii aangoo qabuuf dabarsa. Manni murtii ol‘aanu dhimmichi dhiyaatefis dhaga‘i dhimmichaa akka itti fufu godha.

**Kwt.92 – Falmii barreeffamaa mirkaneessuu**

- 1) Falmiin barreeffamaa dhimma kamiyyuu haala biraatin akka dhiyaatu tumaan ajaju yoo jiraate malee,falmii barreeffamee dhiyaateen wanti ibsame iyyataan yookan namni biraad dhimmicha beeku barreeffamicha miila jalatti dhugaa ta‘uu isaa mirkaneessuu qaba.

- 2) Dhaabbatni daldalaa tokko yommuu himatetti yookan himatametti falmii barreffamaa isaa irratti yaada tarreesse hunda dhugaa ta‘uu isaa kan mirkaneessu daayireektara, hojii gaggeessaan dhaabbatichaa,barreessaa duree yookan dhimmicha mirkaneessuu kan danda‘u miseensa hojii raawwachiistuu dhaabbatichaa nama ta‘eedha.
- 3) Mootummaan yommuu himatutti yookan himatamutti falmii barreffamaa irratti kan mallatteessu dhimma kanaaf addatti nama bakka bu‘e yookan aangoon addaa nama kennameefidha. Barreffamicha irra yaada jiru sirrummaa isaa kan mirkaneessu immoo dhimmicha addatti kan beeku fi kanumaaf aangoon addaa nama kennameef dursaa kutaa hojichaati.
- 4) Seera kana bu‘uura kwt.**44**tin ilaalamaniin himannaan maqaa dhaabbilee daldalaa shaarikummaan hundaa‘aniin yoo dhiyaate sirrummaa barreffamicha kan mirkaneessu addatti dhimmicha kan beekuu fi kanumaaf aangoon addaa kan kennameef shaarikoota keessaa nama tokkoonidha.

#### Kwt.93 – Falmii barreffamaa irratti mallatteessuu

Falmiin barreffamaa kamiyyuu abbaa dhimmaatin yookan abukaattoo isaatin mallattaa‘uu qaba. Abbaan dhimmaa barreffamicha sababa gahee ta‘een mallatteessuu kan hin dandeenye yoo ta‘e bakka abbaa dhimmichaa bu‘ee himachuu yookan himatamuu nama danda‘uun yookan maqaa isaatin akka mallatteessuuf namni aangoon kennameef mallatteessuu qaba.

#### **BOQONNAA 2 WAAMICHA**

##### **Kutaa 1. Waamicha mana murtii irraa fuudhuu fi himatamaa qaqqabsiisuu**

**Kwt.94 -- Waamicha mana murtii irraa baasisuu**

- 1) Himannaan tokko sirnaan qophaa‘ee mana murtiif erga dhiyaateen booda raawwiin dhimmicha haala biraatin akka deemamu kan taasisu tumaan faallaa yoo jiraate malee, seera kana bu‘uura tumaa kwt.**233 fi 238** tin ilaalamaniin dhimmicha dhaga‘uuf guyyaa beellamametti akka dhiyaatu himatamaadhaf waamichi ni ergamaaf. Ta‘ees,himannaan mana murtiitti yeroo dhiyaatetti himatamaan yerooma sana dhiyaatee waan ittiin himatame guutummaatti yoo amane waamicha jedhame erguun barbaachisaa hin ta‘u.
- 2) Bu‘uura tumaa keewwata **223** tin ilaalameetin himatamaan deebii ittisaa kennu irratti sanadoota na fayyadu jedhu hunda tarreessuun qabatee akka dhiyaatu waamicha irratti ajajni ni kennama.
- 3) Ajajni waamichaa kamiyyuu seera kana wajjin sagantaa 2ffaa jedhameen qophaa‘ee abbaan seeraa yookan reegistiraalli erga irratti mallatteessen booda chaappaa mana murtiitin rukutamee ergama.

**Kwt.95 -- Haala ajajni waamichaa itti laatamu**

- 1) Waamichi himatamaaf ergamu nama manni murtii ajaje kamiinuu kennamuu danda‘a. Namni manni murtii ajaja itti kenes qaqqabsiistuu waraqaa waamichaa jedhamee waamama.

- 2) Sirni kenniinsaa haala biraatin akka qaqqabsiifamu yoo murtaa'e malee himatamtoonni baay'ee yeroo ta'anitti waamichi tokko tokkoo isaanii akka qaqqabu ni ajajama.
- 3) Tumaalee kanatti aananii jiraniin kan ilaalamu akkuma eegametti ta'ee yoo danda'ame waamichi kamiyyuu himatamtichuma mataa isaatti kennama.

**Kwt.96 -- Waamicha dubbi fixaatti yookan abukaatootti kennuu**

- 1) Himatamaan nama waamicha akka fuudhuuf aangoo bakka bu'iinsaa kenneef yeroo qabaatetti, manni murtii ajaja biraa yoo kenne malee waamichi bakka bu'aa isaatiif kennama. Kunis yoo ta'u himatamaa akka qaqqabeetti lakkaawwama. Ta'eess, seera kana kwt.**61 fi 62** jalatti haalota ibsamaniin dubbi fixaan yookan bakka bu'aan waamicha fuudhu kan bakka hin buune yookan hin muudamne ta'ee, waamichi kan kennamu himatamaa miseensa loltuu waraanaa ta'etti yoo ta'e, dursaa ajajaa kutichaatti yookan himatamaan hidhamaa yoo ta'e immoo ajajaa mana hidhaatti ta'a.
- 2) Waamicha dubbi fixaa yookan abukaatoo himatamaa harkatti yookan biiroo isaanii kaa'uun itti kennuun ni danda'ama. Kunis yoo ta'e waamichi himatamaa matuma isaa akka qaqqabetti yookan qaqqabuu isaa akka beeketti lakkaawwama.
- 3) Himatamaan yeroo mootummaa ta'etti waamichi dubbi fixaa mootummaaf akka falmuuf bakka bu'etti yookan mana gal mee mana hojichaatti kennama.

**Kwt.97 --Waamicha dhaabbilee daldalaatti kennuu**

Himannaan dhiyaatu dhaabbilee daldalaal irratti yommuu ta'u haalli kenniinsa waamichaa akka itti aanutti ta'a :-

- a) Kan himatame dhaabbata daldalaal yommuu ta'etti waamicha barreessaa duree yookan Itti gaafatamaa dhaabbatichaa keessaa nama tokkotti yookan

muudamtoota dhaabbatichaa keessaa nama tokkotti kennuu

- b) Dhaabbatni himatame kan galmaa‘ee teessoo beekamaa qabu yommuu ta‘etti waamicha poostaadhaan erguu yookan mana hojichaatti geessanii kennuu yookan teessoo beekamaa kan hin qabne yommuu ta‘etti dhaabbatichi yeroo hunda hojii daldalaa naannoo itti gaggeessutti erguudhan yookan kennuudhan ta‘a.

**Kwt.98 – Namoota shaarika ta‘anitti waamicha kennuu**

- 1) Shaarikoonni daldalaa baay‘een maqaa dhaabbata daldalaa hundeessaniin yoo himataman waamichi:-
  - a) Shaarikoota keessaa tokko yookan tokkoo ol namoota ta‘an akka qaqqabsiifamu godhama yookan ;
  - b) Dhaabbatichi hojii bu‘uraa isaa iddo ergama. Waamicha yeroo ergutti hoji gaggeessaa daldalichaa yookan manni murtii yoo ajaje dhaabbaticha olaantummaadhan nama gaggeessuuf kennama. Bifa kanaan waamichi kennames Shaarikoota Itoophiyaa keessa jiraniifis ta‘ee kan hin jirreef akka qaqqabeetti lakkaawwama.
- 2) Himannaan osoo hin eegalin dura shaarikni dhaabbatichaa kan diigame ta‘uu isaa himataan kan beeke yoo ta‘e, waamichi shaarikoota Itoophiyaa keessatti argamanii fi itti gaafatamummaa qaban hundatti ergama.

3) Keewwata kanaan bu‘uura ilaalamdeen miseensa dhaabbata daldala tokkoof waamichi yommuu kennamu namni waamicha fuudhe miseensummaa shaarikichaatin hoji raawwachiistuu yookan hoogganaa ol‘aanaa ta‘uu isaa nama waamicha isatti kenneef barreffamaan ibsuufii barbaachisa.

**Kwt.99 -- Karaa abbaana isaatiin nama daldalutti waamicha kennamuu**

- 1) Nama daangaa aangoo mana murtichaan ala jiraatu ta‘ee,daangaa aangoo mana murtii kana keessatti kan daldalu yookan nama biraatin hojicha kan gaggeessu yommuu ta‘etti himanna isarratti dhiyaateef waamichi ergamu yeroo himannaan kun dhiyaatu aangoo mana murtii ajaja waamichaa kennee keessatti nama argamu bakka bu‘aa yookan abbaana isaa yookan hojii gaggeessaa isaa ta‘eetti yoo kenname, himatamaa matuma isaatti akka kennameetti lakkaawwama.
- 2) Keewwata kanaan tumaa ilaalamdeen namni ajajaa doonii ta‘e bakka bu‘aa abbaa doonichaa yookan kireeffataa doonichaa akka ta‘eetti lakkaawwama.

**Kwt.100 --Himanna qabeenya hin sochoone ilaallatuuf nama qabeenyicharratti bakka bu‘eef waamicha kennamu**

Himanni kan dhiyaate qabeenya hin sochoone irratti yookan qabeenya hin sochoone irra miidhaa gaheen beenyaa gaafachuuf yoo ta‘e,waamichi kan kennamu eegduu qabeenyichaa nama ta‘etti yookan qabeenya kanarra nama jiraatutti kennuun gahaadha. Bifa kanaan waamichi kenname abbaa qabeenyichaa akka qaqqabsiifameetti lakkaawwama.

**Kwt.101 -- Waamicha maatii himatamaatti kennuu**

Himanna tokkoof waamichi ergame himatamaa matuma isaatti kennuuf himatamaa argachuun kan hin danda‘amne yoo ta‘e,yookan bakka bu‘aa waamicha fuudhuuf kan hin qabne yommuu ta‘etti ga‘essa maatii isa waliin jiraatu tokkotti

kennamuu ni danda‘a.

**Kwt.102 --Namni waamicha fuudhu naga‘ee mallatteessuu kan qabu ta‘uu**

- 1) Qaqqabsiistuun waraqaa waamichaa dubbi fixaa yookan bakka bu‘aa yookan abbaana himatamaatti yookan nama waamicha fuudhuu qabutti yommuu waamicha kennutti qaqqabuu isaa qaqqabsiistuu waraqaa waamichaatif mirkaneessuudhaan haadhoo irratti mallatteessuufii qaba.
- 2) Namni waamicha fuudhe hin mallatteessu jedhee yoo dide jedhe tumaan kwt.**103** raawwatamaa ta‘a. Garuu,manni murtii sirriidha jedhee yoo yaade,himatamaa waamichi sirnaan akka qaqqabeetti lakkaa‘ee tumaan kwt.**105(2)** irratti raawwatama.

**Kwt.103 --Himatamaan waamicha fuudhuu diduu yookan dhabamuu**

Himatamaan yookan bakka bu‘aan isaa yookan abbaanni yookan namni isa bakka bu‘ee waamicha fuudhuu qabu kamiyyuu waamichi isa qaqqabuu naga‘ee mirkaneessaa mallatteessuu kan dide yoo ta‘e, yookan qaqqabsiistuun waraqaa waamichaa hanga barbaaduu qabu ifaajjee taasisee nama waamicha isa irraa fuudhu yoo dhabe yookan bakka bu‘iinsan kan fuudhu yookan namni biraa waamicha fuudhuu qabu akka hin jirre yoo beeke, mana murtii irraa waamicha ajajame abbaa dhimmaatti kennuu sababa hin dandeenyef kakuudhan deeggaree waamicha mana murtiif ni deebisa. Haalli kun yoo mudate seera kana tumaan kwt.**105(2)** raawwatamaa ta‘a.

Akkasumas waamichi ergameefii fuudhuuf eeyyamamaa ta‘uu dhabuun yookan naga‘ee kennuudhaf diduun isaa jecha kakuudhan kan mirkanaa‘e yoo ta‘e akka qaqqabsiifameetti lakkaawwamee bakka inni hin jirretti falmiin akka itti fufu ni godhama.

**Kwt.104 -- Haala fi yeroo waamichi itti kennname mirkaneessuu**

Seera kana bu‘uura tumaa kwt.**102** tin dubbatameen dhimma kamiifuu waamichi yeroo kennamu qaqqabsiistuun waraqaa waamichaa waamicha haadhoo irratti yookan kanumaan kan walqabatu waraqaa biraa irratti yeroo fi haala waamichi ittin laatame,maqaa nama waamicha fuudhee fi maqaa ragoolii arganii tarreessee barreessuun waamicha haadhoo fudhataan waamichaa irratti mallatteessen walqabsiisee mana murtiif deebisee dhiyeessuu qaba.

**Kwt.105 -- Jijiirudhaan waamicha kennuu**

- 1) Himatamaan waamichi akka isa hin qaqqabneef ta‘e jedhee kan baqate ta‘uu manni murtii yoo hubate yookan waamichi adeemsa idilee mana murtiitin akka hin qaqqabsiifamne gufuu ta‘uu isaa yoo hubate,mooraa mana murtii keessa bakka ifaa ta‘etti waamichi akka maxxanfamu yookan himatamaan iddo jireenyaa beekamaa yoo qabaate yookan yeroo dhumaaf iddoon inni jiraachaa ture yookan iddoon hojii isaa yookan daldala isaa itti gaggeessu yoo beekame, iddo inni itti hojjatu yookan hojii daldalaa itti gaggeessu bakka ifaa ta‘etti maxxansuudhan yookan seera kana bu‘uura tumaa kwt.**106** fi **107** tin dubbatameetin yookan karaa gaazexaan beeksisuun yookan manni murtii mala itti fakkaate karaa biraatin himatamaan waamamuu isaa akka beeku ni godha.
- 2) Seera kana kwt.**103** jalatti akka dubbatametti waamichi osoo hin kennamne kan deebi‘e ta‘ee,yoo himataan iyyate manni murtii waamicha haaraan akka kennamu yookan keewwata kana cita xiqqaa **(1)** jalatti bu‘uura ilaalameen akka raawwatamu ajajuu ni danda‘a. Ta‘ees, waamichi osoo hin kennamin deebi‘ee

yroo ji'a sad ikeessatti himataan osoo hin iyyatin kan hafe yoo ta'e, seera kana bu'uura kwt. **70** tin maal na dhibdeen kan dhiise ta'uun isaa kan mirkanaa'e ta'a.

- 3) Waamichi himatamaatti osoo hin ta'in ajaja mana murtichaatin bakka bu'aa himatamaatti kenname himatamaa matuma isaatti akka kennameetti lakkaawwama.
- 4) Waamichi jijiirraan akka kennamu manni murtii kan ajaje yoo ta'e, yeroo himatamaan itti dhiyaatu akkuma haala dhimmichaatti murteessee ni beeksisa.

**Kwt.106 -- Waamicha poostaadhaan ergamu**

- 1) Keewwatoota kanaan ol jiraniin bu'uura tumaa dubbatameen sirna kenniinsa waamichaa raawwatamaniin ala dabalataan manni murtii himatamaan yookan namni bakka bu'aa isaa waamicha fuudhuu qabu dhaabbiidhaan iddo jiraatutti yookan faayidaa dhuunfaa isaa itti hojjatutti karaa poostaa imaanaatiin akka ergamuuf ajajuu danda'a. Bifa kanaan waamichi ergamu waamicha duraatiif dabalata yookan waamichi isuma ta'uu danda'a.
- 2) Himatamaan yookan bakka bu'aan isaa waamichi kan qaqqabsiifame ta'uu isaa mallattoo isaanitiin mirkaneessuuf yookan fudhachuuf eeyyamamoo ta'uu dhabuu isaanii manni poostichaa barreeffamaan yoo beeksise manni murtii ajajichi akka isaan qaqqabeetti lakkaawuu ni danda'a.

**Kwt.107 -- Daangaa aangoo mana murtii bira keessa himatamaa jiraatuf waamicha ergamu**

- 1) Himatamaan kan jiraatu aangoo mana murtii ajaja waamichaa kenuutin ala yoo ta‘e, mana murtii iddo himatamaan jiraatu yookan daldala isaa gaggeessutti aangoo qabuuf poostaadhaan yookan karaa hojjataa mana murtii ajajicha kenneetin ni ergama.
- 2) Bu‘uura keewwata kana cita xiqqaa (1)tin dubbatameen manni murtii waamichi ergameef ajajni waamichaa akka qaqqabu taasisee himatamaa qaqqabsiisuu isaa mana murtii ajaja ergeef barreffamaan beeksisa. Kenniinsa waamichaaf tarkaanfii fudhate yookan jecha afaanii galmeesse yoo qabaate kanas walqabsiisee mana murtichaaf ni ergaaf.

**Kwt.108 --Daangaa Itoophiyaatin ala himatamaa jiraatuuf waamicha ergamu**

Himatamaan kan jiraatu daangaa Itoophiyaatin ala ta‘e waamicha fuudhuuf nama bakka bu‘e kan hin qabne yoo ta‘e, himatamichi bakki inni jiraatu yoo beekame waamichi maqaa fi teessoo isaatiin barreffamee biyya inni jirutti poostaadhaan ni ergama. Bakki inni jiraatu fi teessoon isaa kan hin beekamne yommuu ta‘etti immoo bu‘uura ajaja manni murtii kenuun gaazexaa maxxanfamee Itoophiyaa keessa naanna‘u irratti beeksifni bahuu ni danda‘a.

**Kwt.109 -- Mootummaaf yookan hojjattoota dhaabbataaf waamicha ergamu**

Kan himatame hojjataa mootummaa yookan hojjataa dhaabbataa yoo ta‘e waamichi mana hojji mootummaa himatamaan hojjatuutti yookan dhaabbata dhuunfaatti hojjata yoo ta‘e, waamicha erganii kenuuf kan mijatu ta‘uu manni murtii yoo tilmaame himatamaan kutaa dhaabbata hojjatuutti abbaa aangoo hoogganaa ta‘etti akka ergamu ajajuu ni danda‘a. Waamichi bifa kanaan ergamu garagalcha waamichaa himatamichas qaqqabuu qabu wajjin walqabatee ergamuu qaba.

**Kwt.110 -- Dirqamoota nama waamicha himatamaa akka qaqqabsiisu ajajame irra jiru**

- 1) Seera kana kwt.**96(1)** yookan **109** jalatti haala dubbatameen waraqaa waamichaa kamiiyyuu akka kennu namni ajajamee ergame himatamaa teessoo isaatiin argachuu hanga danda‘utti barbaadee qaqqabsiisuuf dirqama qaba. Nama waamame kanas qaqqabsiisuu isaaf naga‘ee namni waamicha fudhate irratti mallatteesse fi ofisaatinis mirkaneessee mana murtii isa ergeef yoo deebise waamichi himatamicha akka qaqqabeetti lakkawwama.
- 2) Sababa kamiinuu teessoodhan nama waamichi ergameef qaqqabsiisuu akka hin dandeenye gufuun kan isa mudate yoo ta‘e,sababuma kanaan yaalii qaqqabsiisuu godhee fi tarkaanfii fudhate barreffama ibsu waliin walqabsiisee mana murtii waamicha ergeef ni deebisa. Barreffamoonni kunniinis mana murtichaa yoo qaqqaban waamicha himatamaadhaf kennuun akka dadhabame ragaa gahaa ta‘a.

## **KUTAA 2 WAAMICHAAN FI DHIYAATINSA NAQAASHOTAA**

### Kwt.111-- Waamicha mana murtii irraa fudhachuu

Jecha ragummaa isaanii akka kennaniif yookan ragaa barreffamaa akka dhiyeessaniif namootni lakkawwaman seera kana bu‘ura kwt.**249,257** fi **345**tin tumaalee dubbatamaniin manni murtii waamichi akka isaaniitti kennamu ajajuu ni danda‘a. Ta‘ees,himanna yookan deebii ittisaa irratti naqaashota hubachiisaniidha jedhamuun namoonni maqaan isaanii ibsame ajaja mana murtii irraa osoo hin gaafatin gareen isaan lakkawwate dhiyeeffachuu ni danda‘a.

**Kwt.112 -- Baasii Naqaashiidhaaf kaffalamu**

- 1) Naqaashiin akka isaaf waamamuuf gareen mana murtiitti iyyate kamiiyuu ajaja waamichaa osoo hin fudhatin dura maallaqa geejjibaa fi baasii biraatif hanga manni murtii murteesse guyyaa tokkoof kan ta‘u kaffaluuf ni dirqama.
- 2) Ragummaadhaf namni waamamu gama ogummaa addaatin ragaa kennu yoo ta‘e,keewwata kana cita xiqqaa (1) jalatti bu‘ura dubbatameen baasii kaffalamuu qabuun alatti ragummaadhaf dhimmi dhiyaatu yeroo hojichi fudhatu,raawwiin qorannoo ogummaa addaa kun dadhabbi hojii inni gaafatu madaaludhaan durgoon dabalataan akka kaffalamuuf manni murtii ajajuu ni danda‘a.
- 3) Naqaashiidhaaf maallaqni baasii ta‘ee lafa godhame haala fi yeroo manni murtii ajajetti kaffalama.

**Kwt.113 -- Maallaqni lafa godhame hin ga‘u yommuu ta‘etti kaffaltii dabalataa ajajamu**

- 1) Maallaqni lafa godhame naqaashiidhaaf yookan beekaa addaatif kan hin geenye ta‘uu manni murtichaa yeroo tilmaamametti hanga baasii ni gaha jedhee tilmaame erga murteesseen booda maallaqni dabalataa naqaashidhaaf yookan beekaa addaatif akka kaffalamuuf ajajuu danda‘a.
- 2) Naqaashiin dhiyaate guyyaa tokkoo oliif kan tursiifamu yoo ta‘e,manni murtii yeroo ragichi turuuf baasii isaaf malu tilmaamudhaan dabalamee akka kaffalamuuf ni ajajaaf.
- 3) Gareen ragaa rageessifatu akka kaffaluuf baasii isatti murame kaffaluuf eeyyamamaa yoo ta‘uu baate, qabeenya socho‘aa isaa irraa gurguramee akka kaffalamu yookan naqaashiin waamame jechasaa osoo hin kennin akka gaggeeffamu yookan murtoo lamaanuu walitti hidhee kennuu ni danda‘a.

**Kwt.114 -- Ajaja waamichaa irratti dhimma ibsamu**

- 1) Jecha ragummaa akka kenu yookan ragaa barreffamaa harka isaatti argamu akka dhiyeessu nama waamamuuf ajajni waamichaa barreffamu sababa waamameef,guyyaa fi sa‘aatii itti dhiyaatu guutanii jecha ragummaatif yookan ragaan barreffamaa akka dhiyeessuf yookan dhimma lamaanifuu akka ta‘e adda bahee barreffamaaf.
- 2) Ragaan waamame kan dhiyeessu addatti ragaa barreffamaa yoo ta‘e,akaakuu barreffamaa barbaadamee ifaan ibsuun ni barreffamaaf.

**Kwt.115 -- Ragaa barreffamaa akka dhiyeessuuf waamicha kennamu**

Jecha ragummaa kennuudhaf osoo hin taane addatti ragaa barreffamaa akka dhiyeessuuf namni ajajame ragaa barbaadame mana murtichaa akka qaqqabu yoo godhe mataa isaatiin yoo dhiyaachuu baates waamicha kabjee akka dhiyeessetti lakkaawwama.

**Kwt.116 – Kenninsa waraqa waamichaa**

Seera kanaan kwt.**118** jalatti kan tumame akkuma eegametti ta‘ee,naqaashiidhaaf waamichi kennamu hunduu boqonnaa kana kutaa tokko jalatti tumaalee waamicha himatamtoota qaqqabsiisuuf tumamaniin raawwatamoo ta‘u. Ta‘ees,kwt.**103-105** tin yoo ta‘e malee, tumaaleen kanaan olitti ilaalaman haala kamiinuu raawwatamaa ta‘u.

**Kwt.117 -- Yeroo waamicha kennuudhaf murtaa‘e**

Waamichi naqaashidhaaf ergamu kamiiyuu guyyaa beellamametti dhiyaachuu akka danda'uuf yeroo qophii barbaachisaa gochuu fi geejjibaaf gahaa ta'ee tilmaamamu keessatti akka qaqqabu godhamuu qaba.

**Kwt.118 -- Naqaashota ajaja waamichaa hin kabajne**

- 1) Jecha ragummaa isaa akka kenu yookan ragaa barreeffamaa akka dhiyeessu ajajni waamichaa namni ergameef kamiiyuu ajajicha osoo hin raawwatin kan hafe yoo ta'e,manni murtii ajajni waamichaa ergameef qaqqabuu isaa dursa ni mirkanoeffata.
- 2) Naqaashiin akka dhiyaatuuf barbaadame yookan ragaan barreeffamaa murteessa dhimmichaatif kan fayyadu ta'uu isaa manni murtii kan hubate yoo ta'e :-
  - a) Manni murtii waamichi ergame sirnaan nama ergameef akka hin qaqqabsiifamne yoo mirkanoeffate,abbaan dhimmaa kisaaraa kaffaluu qabu kaffalchiisee waamicha biraakka fudhatu ni ajajaaf.
  - b) Waamichi qaqqabee osoo hin dhiyaatin kan hafe sababa seeran hin deeggaramne yookan sababa gahaa hin taaneen yookan akka isa hin qaqqabsiifneef ta'e jedhee kan dhokate ta'uu manni murtii yoo hubate ajaja barbaachisaadha jedhee isatti mul'ate kennuudhan ragichi hidhamee akka dhiyaatu taasisa.
- 3) Seera kanaan tumameen dubbataman seera yakkaa **kwt.442** jalatti tumaa ilaalamani kan tuqu miti.

**Kwt.119 -- Jecha ragummaa kennuu fi ragaa gaafatame dhiyeessuun dirqama ta'uu**

Jecha ragummaa akka kennuuf namni ajajni qaqqabe kamiiyuu guyyaa fi iddo ajaja waamichaa irratti beellamametti dhiyaatee jechasaa akka kenu yookan ragaa barreeffamaa akka dhiyeessu yoo ajajame ofuma isaatin ragicha qabatee dhiyaachuu yookan ragaan barbaadame mana murtichaa akka qaqqabu gochuuf

dirqama qaba.

**Kwt.120 -- Naqaashii gaggeessuu**

- 1) Manni murtii ajaja biraa yoo kenne malee ragummaadhaf waamamee namni dhiyaate kamiiyuu dhimmicha irratti murtoon hanga kennamutti beellama manni murtii kenu hundarratti dhiyaachuu qaba.
- 2) Gareewan falmitootaa keessa tokko kisaaraa fi oolmaa ragaa kaffalamuu qabu mana murtiitti qabsiisee ragummaadhaaf yookan ragaa barreeffamaa akka dhiyeessuuf namni waamame dhimmichaan hanga murtoon kennamutti akka turuuf yoo iyyate, ragichi beellama kennamu hundarratti akka dhiyaatu of eegganno kenneefii barbaachisaa ta‘ee yoo itti mul‘ates wabii gahaa irraa fuudhuun akka turu ajajuu ni danda‘a. Wabii kennuudhaf kan hin dandeenye yookan eeyyamamaa kan hin taane yoo ta‘e hidhamee akka turu ni godha.
- 3) Ajaja waamichaa isatti kennname kabajee erga dhiyaateen booda keewwata kana cita xiqqaa
  - (1) jalatti murtoo jedhame eeguu dhabuudhan naqaashiin mana murtiirraa bahee yoo deeme seera kana kwt.**118** tin kan dubbatame irratti raawwatama.

**Kwt.121 -- Jecha ragummaa kennuu yookan ragaa barreeffamaa dhiyeessuu dadhabuu**

Namni tokko jecha ragummaasaa akka kennuuf yookan ragaa barreeffamaa akka dhiyeessuuf ajajame dirqamaan hidhamee erga dhiyaateen booda gareewan walfalmitootaa yookan gareen tokko guyyaa beellamaa qabametti osso hin dhiyaatin sababa hafaniin jecha ragummaaf

barbaadame kennuu yookan ragaa dhiyeessuu kan dadhabe yoo ta‘e, manni murtii gara fuulduraatti guyyaa beellama qabametti akka dhiyaatuuf wabii waamsisee yookan qabsiisa biraa kennisiisee akka gaggeeffamu yookan barbaachisaa ta‘ee yoo isatti mul‘ate yookan wabii dhiyeessuf eeyyamamaa kan hin taane yoo ta‘e hidhamee akka turu ajajuu ni danda‘a.

### **BOQONNAA 3 MUUDAMIINSA**

#### Kwt.122 -- Tumaalee waliigalaa

Boqonnaan kanaan sababoota ibsamaniin manni murtii ofii isaatiin ragaa dhaga‘uu yookan boqonnaa kana kutaa (3) akka dubbatametti tarkaanfii fudhatamuu qaba jedhee isatti mul‘ate fudhachuuf ofiisaa kan hin dandeenye yoo ta‘e, akka mana murtiitti dhimma barbaadame bakka argama isaatti akka gaggeessu bakka ofii buusee itti gaafatamaa filatee muuduu ni danda‘a. Ragaan barbaadame yookan naqaashiin kan argamu daangaa Itoophiyaatin ala yeroo ta‘etti mana murtii aangoo qabuuf xalayaa gaaffii ni barreessa. Namni bakka bu‘ee filatame yookan manni murtii bakka buufame qofaan bu‘uura aangoo kennameefin ni hojjata.

#### Kwt.123 – Baasii Itti gaafatamaa bakka bu‘eef kaffalamu mana murtiitti kaffaluu

- 1) Boqonnaa kana tumaa kutaa (2) oliitti bu‘uura dubbatameen manni murtii itti gaafatamaa osoo hin muudin dura gareen walfalmitootaa itti gaafatamaan akka muudamuuf gaafate hojicha raawwachiisuuf baasii barbaachisu manni murtii yeroo murteesse akka lafa godhu ni ajajama.
- 2) Seera kana bu‘uura boqonnaa (3) olii jalatti kan ilaalameneen gareewwan walfalmitootaa keessaa iyyata isa tokkootin itti gaafatamaan yommuu muudamu seera kana kwt.**112**‘n kan ilaalamaneen raawwatamaa ta‘a.

Kwt.124 -- Aangoo itti gaafatamtoota bakka buufamanii

Manni murtii haala biraatin yoo ajaje malee, bakka bu'anii akka hojjataniif itti gaafatamtooni ajajaman kanatti aananii kanneen ilaalamana raawwachuuf aangoo qabu.

- a) Naqaashii gareewwan falmitootaa yookan dhimmicha ni ilaallata jedhanii nama tilmaaman kamiyyuu dhiyeessisuun jecha isaanii fuudhuu,qorachuu fi gaafachuu
- b) Dhimmicha qulqulleessuuf sanadoota barreffamaa fi ragaa gosa kamiyyuu dhimmicha waliin walitti dhufeenyaa qaban ni ta'a jedhee isatti mul'ate akka dhiyeessaniif ajajuu fi qorachuu
- c) Lafaa fi manneen ajaja keessatti akka qulqulleessaniif ibsame kamiyyuu naanna'anii ilaaluu fi keessa seenanii qorachuu

Kwt.125 – Itti gaafatamtoota bukka bu'an duratti naqaashota dhiyaatan qorachuu fi jechasaanii fuudhuu

- 1) Tumaaleen seera kanaa naqaashii waamuu,qorachuu fi jecha isaanii fuudhuu,baasii yookan kisaaraa muruu, naqaashii eeyyamamoo hin ta'in yookan naqaashii hin dhiyaatin irratti tarkaanfii fudhatamu yookan adabbii murtaa'u ilaallatu, itti gaafatamtoota bakka bu'aniin naqaashonni akka dhiyaatan yookan ragaa akka dhiyeessaniif ajajaman irrattis raawwatamoo

ta‘u. Tumaa keewwata kanaan kan ilaalam hundi yeroo raawwatamu hojiin itti gaafatamtooni bakka buufaman hojjatan abbootiin seeraa garee hariiroo hawaasaa akka hojjataniitti lakkaawwama.

- 2) Itti gaafatamaan bakka bu‘e naqaashiin yookan namni ragaa barreeffamaa qabate dhiyaachuun isaa barbaachisaa akka ta‘e yeroo hubatetti namni barbaadame karaa mana murtii iddoor itti argamuutin akka dhiyaatu akka ajajamuuf mana murtichaaf gaaffii dhiyeessuu qaba. Manni murtii gaaffiin kun dhiyaatefis itti gaafatamaan bakka bu‘e wanta isa gaafate raawwachuu akka qabu yoo hubate namni barbaadame yookan ragaan barbaadame akka dhiyaatuuf ni ajaja.

**Kwt.126 -- Gareewan walfalmitootaa itti gaafatamtoota bakka buusaman fuulduratti haala itti dhiyaatan**

Manni murtii bakka bu‘uun itti gaafatamaan yeroo muudetti gareewan walfalmitootaa mataa isaaniin yookan karaa abukaattota yookan bakka bu‘oota isaanii itti gaafatamaa bakka bu‘e duratti akka dhiyaatan ajaja ni kenna.

**KUTAA-2 NAQAASHOTA QORACHIISUUF ITTI GAAFATAMAA BAKKA BUUSUU**

**Kwt.127 -- Ennaa itti gaafatamaan bakka bu‘uun muudamu**

- 1) Kanatti aananii haalotni ilaalam yeroo mudatan kamiyyuu manni murtii bakka isaa bu‘ee jecha naqaashotaa akka fuudhuuf itti gaafatamaa bakka buusee kan muudu:-
- Namni jecha ragummaa akka kenu yookan ragaa barreeffamaa akka dhiyeessu barbaadame daangaa aangoo mana murtichaa keessatti kan

argamu ta‘ee sababa dhukkubaan yookan hir‘ina qaamatiin  
dhaddacharratti dhiyaachuu kan hin dandeenye yoo ta‘e

- b) Namni barbaadame aangoo mana murtichaatin ala kan jiraatu yoo ta‘e
  - c) Ragaa dhaga‘uuf beellamni qabame osoo hin qaqqabin dura daangaa aangoo mana murtii gadhiisee nama deemu yoo ta‘ee fi ragaan inni dhiyeessus bu‘ura seera kana kwt.**265** tin irraa fuudhuun kan hin danda‘amne yeroo ta‘ettidha.
- 2) Keewwata kana cita xiqqaa **(1)** bu‘ura ilaalameen manni murtii itti gaafatamaa kan muudu gareewwan walfalmitootaa yookan gareen tokko iyyata kakuun deeggaruun yookan iyyata dasiiban yoo dhiyeeffate yookan manni murtii matuma isaatin barbaachisaa ta‘uu isaa yoo hubateedha.
- 3) Keewwata kana bu‘ura cita xiqqaa **(1)** jalatti dhimma ilaalameef nama ni ta‘a jedhee tilmaame kamiiyyuu manni murtichaa filatee itti gaafatamaa muuduu ni danda‘a.
- 4) Keewwata kana cita xiqqaa **1(a)fi (c)** jalatti bu‘ura ilaalameen nama jecha ragummaa akka kenu yookan ragaa barreeffamaa akka dhiyeessu barbaadame iddo inni jiraatutti yookan argamutti manni murtii aangoo qabu itti gaafatamaa ta‘ee akka muudamu ajajuu ni danda‘a; yookan manni murtichaa ni ta‘a jedhee yoo isatti mul‘ate nama biraa filatee muuduu ni danda‘a.

Kwt.128 – Itti gaafatamtoonni bakka bu‘an hojji ajajaman xumuruu

- 1) Itti gaafatamtoonni bakka buufaman hojji ajajaman dalaganii erga xumuranii booda aangoo kennameefiin jecha naqaashii fuudhanii fi ragaa funaan walqabisii suun mana murtii isaan

ajajeef deebisanii dhiyeessu. Ta‘ees, ragichi fi xalayaan aangoo bakka bu‘iinsaa isaaniif kenname mana murtiitti haala biraatin akka deebi‘u yoo ajajame akka ajajichaatti ni raawwatu.

- 2) Itti gaafatamtoonni bakka buufaman aangoo bakka bu‘iinsaa fi akkaataa ajajamaniin ragaan dhiyeessan hundi galmee dhimmichi ilaallatuun walqabatee taa‘a.

Kwt.129 -- Manneen murtii biyya alaa yeroo gaafatanitti aangoo bakka bu‘iinsaa kennamu

- 1) Falmiin hariiroo hawaasaa biyya alaatti sababa dhiyaateef Itoophiyaa keessatti naqaashii argamu yookan ragaan qoratamee akka ergamuuf yeroo gaafatametti seera kana **kwt.130** jalatti kan tumameakkuma eegametti ta‘ee,manni murtii ol‘aanaa gaafficha fudhatee raawwachuu kan qabu ta‘uun yoo isatti mul‘ate waan barbaachisu matuma isaatin gochuu yookan itti gaafatamaa bakka buusee akkaataa gaafatameen akka raawwatamu gochuu ni danda‘a.
- 2) Keewwata kana cita xiqqaa (1) jalatti ragaan dubbatame kan kennamu haalota kanatti aananiin ilaalamaniin ta‘a.
  - a) Dippiloomaasi ergamaan biyya alaa Itoophiyaa keessatti argamu gaafficha irratti mallatteessee karaa Ministeera Haqaa mana murtichaaf yoo erge;
  - b) Manni murtii biyya alaa ragicha gaafatu xalayaan dhimma gaafatu ibsuudhan karaa Ministeera Haqaa mana murtichaaf yoo ergeef; yookan;
  - c) Mana murtii biyya alaa irraa xalayaan ergame abbaa dhimmaatin mana murtii ol‘aanaatiif yoo dhiyaatedha.

Kwt.130 -- Tarkaanfii manni murtii ol‘aanaa fudhatu

Haala kanatti aanee jiruun iyyanni yoo dhiyaatuf manni murtii ol‘aanaa dhimma **kwt.129** jalatti ilaalame kan raawwatu; -

- a) Abbaa dhimmaa mana murtii biyya alaatti falmii qabuun iyyanni yoo dhiyaate

b)Abbaan Alangaa Waliigalaa ajaja Ministeera Haqaaf yoo dabarseedha.

Kwt.131--Tumaaleen keewwattoota kanaan olitti ilaalamana mana murtii biyya alaa irraa dhimma gaafatamuuf raawwatiinsa qaban

Tumaaleen kwt.**123-126** fi **127(4)** jalatti dubbataman kwt.**129** jalatti akkaataa dubbatameen itti gaafatamtoota bakka bu‘aniifis haala walfakkaatuun raawwatamaa ta‘a. Akkasumas,itti gaafatamtoonni bakka buufaman hojii ajajaman erga dalaganii xumuraniin booda aangoo isaaniif kennamee fi akka ajajamaniitti ragaa walitti qaban mana murtii ol‘aanaatiif ni dhiyeessu. Manni murtichaas ragaa dhiyaatef xalayaa gaggeessituu waliin walqabsiisee mana murtii akka ergamuuf gaafatetti akka ergamu Ministeera Haqaaf ni dabarsa.

### **KUTAA 3 DHIMMA RAGAA ILAALLATU IRRATTI TARKAANFII BIROO ITTI GAAFATAMTOONNI BAKKA BU’AN FUDHATAN**

Kwt.132 -- Bakkichatti argamuun qorannoo godhamu

Dhimmicha haala barbaadamuun adda baasuu fi qorachuudhaf bakkichatti argamuun kan barbaachisu ta‘uu isaa manni murtii yoo hubatee fi akkasumas haala gatii gabaa beekuuf,hanga beenyaa mirkaneeffachuuf,qabeenya tokkoraa waggaatti bu‘aan argamu hangam akka ta‘e beekuuf,gatii qabeenya seeran ala fudhatameera jedhamee adda baasuuf bakkichatti argamuun qorannoo godhee bu‘aa isaa akka dhiyeessuuf itti gaafatamaa muuduu ni danda‘a.

**Kwt.133 -- Adeemsa itti gaafatamaan bakka bu‘e hojii isaa dalagu**

- 1) Itti gaafatamaan bakka bu‘e iddoor itti ergametti ragaa funaane gabaasa dhuunfaa isaa waliin barreeffamaan mana murtichaaf ni dhiyeessa.
- 2) Ragaa fi gabaasni dhiyaate ragaa dhimmichaa ta‘ee galmees mana murtii dhimmichaaf ka‘umsa ta‘een walqabatee taa‘a.
- 3) Manni murtichaa yookan eeyyama mana murtichaatin,gareewwan walfalmitootaa yookan gareen tokko gabaasa itti gaafatamaan bakka bu‘e gabaase irratti wantoota ibsamaniif fi qorataman hunda irratti dhaddacha ifaan kakatee jechasaa akka kenu gaafachuu ni danda‘u.

**Kwt.134 -- Qorannoo herreegaa itti gaafatamtoota bakka bu‘aniin taasifamu**

- 1) Herreega dhimma kamiiyyuu adda baasuu yookan qorachuun sirreessuun kan barbaachisu ta‘ee yoo argame manni murtichaa waan gochuu qabu hunda tarreessuun ajaja ifaa kennee itti gaafatamaan bakka bu‘e herreegaa adda baasee qorachuun akka dhiyeessu ajajuu ni danda‘a.
- 2) Itti gaafatamichi herreega akka qoratu osoo hin ajajin dura manni murtichaa herreega qulqullaa‘uu qabu yookan sanadoota fi galmeewwan herreegaa falmicha waliin walitti dhufeenyaa qabaachuu danda‘u jedhaman adda bahanii akka qulqullaa‘an ni godha.
- 3) Keewwata kana cita xiqqaa(2) jalatti akka dubbatametti sanadoota fi galmeewwan herreegaa ni ta‘u jedhame itti gaafatamaan bakka bu‘e akka dhiyeessu manni murtichaa ajaja barbaachisaa ni kenna. Akkasumas,qorannicha raawwachuuf agarsiistuu akka ta‘aniif galmees mana murtichaa keessa dhimma kanaaf ragaawan teessifaman hunda garagalchi isaanii itti gaafatamaa bakka bu‘eef akka kennaman ni godhama. Dabalataan,ajaja hojii isaa ittiin dalaguu fi agarsiistuuun ni kennamaaf. Ajaja kennames itti gaafatamaan bakka bu‘e mana murtichaaf kan dhiyeessu hojii qorannoo isaatiin bu‘aa argate qofa yookan

gabaasa yaada dhuunfaa isaa ibsu waliin ta‘uu isaa fi dhiisuu isaa ibsuudhan kan hubachiisu ta‘a.

- 4) Itti gaafatamaan bakka bu‘e hojii herreega adda baasuu haala kamiin akka taasise,sirrummaa herreegichaa kan mirkaneesse haala kamiin akka ta‘e ibsuun beeksisuu ni danda‘a. Akkasumas,ragaa bira faallaa ta‘e yoo dhiyeesse malee sanadoota fi galmeewan herreegaa fudhatee fi fudhatama qabu jedhee adda baase beeksisuu ni danda‘a. Kunis yoo ta‘e gareewan walfalmitoota mormii seera qabeessaa dhimmicha ilaallatu hunda dhiyeffachuuf mirgi isaanii eegamaadha.
- 5) Seera kana kwt.**133(2) fi (3)** jalatti kan dubbatame itti gaafatamtoota herreega adda baasuuf muudamaniifis raawwatiinsa qaba.

**Kwt.135 -- Qorannoo dabalataa**

Seera kana bu‘uura kwt.**132** yookan **134** jalatti dubbatameen itti gaafatamaan bakka bu‘e ajaja itti kennameen hojiin raawwate yookan haalli raawwii isaa quubsaa ta‘uu dhabuu isaa manni murtichaa yoo hubate qorannoon dabalataa godhamuu qaba jedhee isatti mu‘ate akka godhamu ajajuu ni danda‘a.

**Kwt.136 -- Beekaa addaa yookan ogeessa muuduu**

- 1) Dhimmicha caalatti ifa gochuuf yookan falmichaaf murtii kenuuf kan gargaaru ta‘ee yeroo isatti mul‘ate kamiiyuu manni murtii kaka‘umsa mataa isaatiin yookan gareewan walfalmitootaa yookan gareen inni tokko yoo iyyate wanticha qorachuu fi adda baasuuf

beektonni addaa yookan ogeessonni ni ta‘u jedhaman qorannoo barbaachisaa godhanii bu‘aa qorannoo isaanii yeroo murtaa‘e keessatti akka dhiyeessaniif ajajuu danda‘a.

- 2) Beektonni addaa yookan ogeessonni yoo muudaman qorannoo gochuu qaban akka ajaja kennaeetti wanta hojjatan bal‘inaan kan ibsee fi raawwatee ifatti kan beekamu ta‘uu qaba. Dhimma kanaafis seera kana tumaalee kwt.**133** fi **134** (2) **fi** (3) tin kan ilaalam an akka barbaachisummaa isaaniitti raawwatamaa ta‘u.

#### **BOQONNAA-4 SANADOOOTA DHIYEESSUU,SAAMSAMANII                   AKKA TURAN GOCHUU FI DEEBISUU**

##### Kwt.137 -- Yeroo ragaan barreeffamaa itti dhiyaatu

- 1) Gareewwan walfalmitootaa yookan bakka bu‘aan,abukaatoon yookan dubbi fixaan ragaa barreeffamaa harka isaaniitti argamu yookan ragaa dhiyeessuu danda‘an yookan ragaa falmii keenyaaf nu fayyada jechuun itti amanan manni murtii akka dhiyaatu kan gaafate yookan ragaa dursanii mana murtiitti hin dhiyeeffanne hunda dhaga‘a duraatti dhiyeeffachuu qabu.
- 2) Sanadoota kanneen manni murtii kan fuudhu tarreeffamaa fi baay‘ina isaanii barreeffama ibsu wajjiniidha.
- 3) Seera kana kwt.**256** jalatti kan dubbatame akkuma eegametti ta‘ee,himataan kamiyyuu sanadoota himanna isaan walqabsiisuun yookan guyyaa beellama dhaga‘aa duraatti yoo dhiyeesse malee ragaan koo gal mee mana murtii waliin wal naaf haa qabatu yookan nan dhiyeeffadha akka naaf eeyyamamu jedhee gaafachuu hin danda‘u.
- 4) Tumaan keewwata kanaa ragaa sanadaa himatamaan naqaashii isaa qaxxaamuraan gaafachuuf yookan naqaashii ragummaaf dhiyeeffate kamiyyuu wanticha yaadachiisuuf falmii irratti dhiyeessu hin ilaallatu.

##### Kwt.138 -- Ragaalee falmicha hin ilaallanne yookan falmicha waliin hariiroo hin

**qabne fuudhuu dhiisuu**

Manni murtii yeroo kamittuu ragaawwan barreeffamaa falmicha hin ilaallanne yookan falmichaan walitti dhufeenya hin qabne kamiiyuu akka hin dhiyaanne dhorkuu ni danda'a. Kanumas yeroo murteessu sababa isaa gal mee isaa irratti barreeffamaan ibsuu qaba.

**Kwt.139 – Ragaawwan barreeffamaa dhiyaatan irratti mallattoo gochuu**

- 1) Keewwata kana cita xiqqaa **(2)**jalatti kan dubbatame akkuma eegametti ta'ee, ragaawwan barreeffamaa ragaadhaf dhiyaatan irratti haala kanatti aanee jiruun mallatoon irratti godhamee galmicha wajjin walqabsiifamanii taa'u.
  - a) Mata duree fi lakkofsa gal mee himanna
  - b) Maqaa nama barreeffamicha dhiyeessee
  - c) Guyyaa fi bara ragichi itti dhiyaate
- 2) Barreeffamoonni akka dhiyaatan eeyyamaman gal mee baasii fi galii irratti wanta barreeffame yoo ta'e yookan gal mee biraam kameyyuu yoo ta'ee fi kunis kan dhiyaate akkaataa **kwt.140** jalatti dubbatameetin garagalchi isaa ragaa haadhoon kan bakka bu'u yoo ta'e, mallatoon kanaa olitti dubbatame garagalcha isaa irratti ni godhamu.

**Kwt.140 -- Garagalcha barreeffamootaa irratti mallattoo godhamu**

- 1) Falmicharratti barreeffamni dhiyaate gal mee hafteen xalayoota barreeffamanii irratti qabamu yookan gal mee galii fi baasii yookan gal mee herreegaa mana daldala yookan barruu herreegni guyyaa irratti qabamu yeroo ta‘etti, ragaadhaf na fayyada jedhee gareen dhiyeeffatu garagalcha isaa sirrii akka dhiyeeffatu ni eeyyamamaaf.
- 2) Ragaan barreeffamaa barbaadame gal mee mana hojji mootummaa keessatti kan argamu yookan gal mee mootummaa keessaa garagalfamee kan dhiyaatu yookan namni dhiyeeffatu harka osoo hin taane ragaa nama biraa harkatti argamu yookan barreeffamicha kan dhiyeeffatu hojjataa mootummaa yoo ta‘e, barreeffamni kanneen kutaa itti argamu keessaa garagalchee akka dhiyeessuuf manni murtichaa ajajuu ni danda‘a.
  - a. Barreeffamni barbaadame yookan galmeen herreegaa dhiyaatu garee falmitootan yoo ta‘e, matuma isaatiin akka dhiyeeffatu ni godhama.
  - b. Barreeffamichi kan dhiyaatu gaaffii fi ajaja mana murtichaatin yoo ta‘e, gareewan walfalmitootaa keessaa tokko akka dhiyeessu ni ajaja.
- 3) Keewwata kana cita xiqqa (2) jalatti akka dubbatametti barreeffamoonni fi garagalchawan mana murtiif yoo dhiyaatan seera kana kwt.230 jalatti akkaataa tumameen gal mee yookan barreeffama haadhoo waliin sirrii ta‘un isaanii dubbifamee fi adda baafamee mallattoon erga irratti godhameen booda gal mee yookan barreeffama haadhoon nama dhiyeeffateef ni deebi‘a.

**Kwt.141 -- Ragaawan barreeffamaa fudhatama hin qabne irratti mallattoo godhamu**

Gareen falmii na fayyada jedhee ragaa barreeffamaa dhiyeesse manni murtichaa fudhatama hin qabu yookan falmicha waliin kan wal hin ilaallanneedha jedhee osoo irraa hin fuudhin yoo hafe seera kana kwt.139(1)jalatti mallattoowwan dubbataman irratti godhee ragichi sababa dhorkameef ibsuudhan mallattoo guutuu abbaa seeraa yookan mallattoo gabaabduun irratti godhama.

Kwt.142 -- Ragaawwan barreeffamaa manni murtii fudhatee fi dhorke galmeessuu

- 1) Barreeffama kamiiyuu ragaadhaf dhiyaatan manni murtichaa kan fudhate yoo ta‘e yookan akkaataa seera kana kwt.**140** tin bakka haadhoon garagalcha isaa yoo fudhate haadhoon yookan garagalcha isaa sirriin galmicha waliin akka walqabatu ni godha.
- 2) Barreeffamicha osoo hin fudhatin kan hafe yoo ta‘e garuu galmicha waliin osoo wal hin qabsiisin garee dhiyeesseef ni deebisa.

Kwt.143 -- Ragaan barreeffamaa kabajamee yookan saamsamee akka taa‘u ajaja kennamu

Seera kana tumaa kwt.**140-142 fi 230** tin kan dubbatamanakkuma eegamanitti ta‘anii, manni murtii barreeffama yookan gal mee ragaadhaf dhiyaatef kamiiyuu mana murtiitti kabajamee fi saamsamee akka taa‘u barbaachisaa ta‘uu isaa yoo hubate ajaja kennamuu qabu kennuudhan yeroo murtaa‘ef reejistiraara bira olkaa‘amee akka turu ajajuu ni danda‘a.

Kwt.144 -- Ragaawwan barreeffamaa deebisuu

- 1) Namni falmicha keessa jiru yookan falmichaan ala ta‘e kamiiyuu ragaa barreeffamaa mana murtiitti dhiyeessee ture akka deebi‘uuf gaaffii yoo dhiyeesse ragaa haadhoon haala kanatti aanee jiruun ni deebi‘aaf.
  - a. Seera kana bu‘uura kwt.**140** tin ragaa haadhoon garagalcha sirriidhan yoo bakka bu‘e

- b. Namni barreeffamichi deebi‘eef ragaa haadhoon yeroo barbaadametti irra deebi‘ee dhiyeessuuf dirqama yoo seene
- 2) Barreeffamni ragaadhaf dhiyaate gatii kan hin qabne,kufaa kan ta‘e yookan dhimmuma kamiifuu kan hin fayyadne ta‘uu manni murtichaa yoo murteesse nama dhiyeesef hin deebi‘u.
- 3) Barreeffama dhiyeessee ture abbaan dhimmaa yommuu deebisee fudhatu fudhachuu isaaf naga‘ee kennuu qaba.

Kwt.145 --Manni murtii tokko manneen murtii biroo yookan kutaa biraajirraa galmee yookan sanada barreeffamaa gaafatu

- 1) Manni murtii kaka‘uumsa mataa isaatiin yookan iyyannoo gareewwan walfalmitootaan mana murtii biraatti galmee,sanada,ragaa barreeffamaa fi galmeetiin irratti kenname kamiiyyuu dhiyeessisuun qorachuu ni danda‘a.
- 2) Keewwata kana cita xiqqaa (1) jalatti barreeffamoonni dubbataman haalli itti dhiyaatan manni murtichaa ajaja biraaj yoo kenne malee, gareen ragichi akka dhiyaatuuf iyyate garagalcha ragaalee kanneenii sirrii yeroo dhiyootti dhiyeessuuf sababa hin dandeenyef yookan garagalchuudhaf baasii barbaachisu kaffaluu kan hin dandeenye ta‘uu isaatiin barreeffamni akka dhiyaatuuf gaafatame falmichaaf hangam faayidaa akka qabuu fi murtii sirrii kennuuf ragaan kun ariitiidhan akka dhufu sababa barbaadeef barreeffamaan ibsee hubachiisuu qabu.
- 3) Dambii dhiyeeffanna ragaatin dhiyaatanii barreeffamootni yookan ragaaleen fudhatama hin qaban jedhaman keewwata kanaanis fudhatama akka qabaatan kan eeyyamu miti.

Kwt.146 --Tumaan sanadoota barreeffamaatif dubbatame wantoota gurguddoo irrattis raawwatiinsa akka qabu

Waa‘ee dhiyeessa sanadoota barreeffamaa boqonnaa kana keessatti tumameen

dubbatame akka haala wantichaatti wantoota baay‘ee gurguddaa akka ragaatti dhiyaatan irrattis raawwatamaa ta‘a.

**BOQONNAA 5 DHORKAAWWANII FI FALOOTA YEROOF  
KENNAMAN KUTAA 1 AJAJA HIDHAMIINSAA MURTIIN  
DURA KENNAMU**

Kwt.147 -- Mana murtiitti dhiyaachuuf wabummaa kennamu

- 1) Himataan yookan himatamaan himataa himatarraa yeroo ta‘etti,iyyanni kakuudhan deeggarame yoo dhiyaatee fi falmichis qabeenya hin sochoone kan hin ilaallanne yoo ta‘e manni murtichaa wantoonni kanatti aananii jiran yoo adda baheef;:-
  - a. Himatamichi dhimmi himataa lafarra akka harkifatu yaadudhaan yookan haala kamiinuu adeemsi abbaa seerummaa haala barbaadamuun akka hin gaggeeffamne gufuu ta‘udhan yookan gara booddeetti baqachuudhaan yookan haala kamiinuu ajajni kennamu hundi akka irratti hin raawwatamne gochuu yaadee gufachiisuuf yaaluudhaan yookan daangaa aangoo mana murtichaatin ala bahuudhaf yaaludhaan yookan ta‘e jedhee baqachuudhan yookan qabeenya ofii qisaasessuudhaan yookan balleessudhaan yookan nama biraatif dabarsuudhaaf yookan baqachuuf kan karoorfate ta‘uu isaa yookan
  - b. Himatamichi daangaa Itoophiyaatin ala yoo bahe himataan murtii isaa raawwachiifachuuf kan hin dandeenye ta‘uu yookan maloota adda addaa umuudhaan ajajootni kennaman

akka hin raawwatamne yookan akka lafarra turan gochuudhaf yaaluu isaa manni murtichaa yoo hubate himatamaan hidhamee akka dhiyaatuu fi beellamichattis sababa qabsiisa hin dhiyeeffanneef gaafachuu ni danda'a.

- 2) Himatamichi idaa isarrraa barbaadamu nama hidhee akka isa dhiyeessu ergametti kennee qabsiisan mana murtii akka taa'u yoo godhe, falmichi murtii hanga argatutti yookan manni murtii ajaja biraa hanga kennutti himatamichi hidhamee akka turu ajaja kennname ni hambisaaf.

**Kwt.148 -- Hanga maallaqaa qabsiisaf qabamu**

- 1) Himatamaan mana murtiitti dhiyaatee qabsiisa gahaa osoo hin kennis kan hafe yoo ta'e idaa gaafatameef maallaqa gahaa ta'u yookan qabsiisa gurguddaa akka qabsiisu yookan yeroo barbaadame kamittuu akka dhiyaatuf wabii gahaa akka waamuu fi wabiin isaas himannichi hanga xumura argatutti fi wanta irratti himatameenis hanga murtiin kennname raawwatamutti cimee akka turuuf manni murtichaa ajajuu ni danda'a yookan seera kana bu'uura kwt.**147(2)**tin hanga maallaqaa qabamu qaba jedhee isatti fakkaate ajaja ni kenna.
- 2) Himatamaa dhiyeessuuf namni wabii ta'e kamiiyyuu dhiyeessuu yoo hafe maallaqa himatamichi kaffaluu qabu akka kaffalu ni dirqisiifama.

**Kwt.149 -- Wabummaa qabsiifame gadhiisifachuuf iyyannoo dhiyaatu**

- 1) Himatamaa dhiyeessudhaaf namni wabii ta'e dirqamni wabummaa isaa akka ka'uuf mana murtii wabicha fuudhetti yeroo kamiiyyuu iyyannoo dhiyeeffachuu ni danda'a.
- 2) Iyyanni haala kanaan mana murtiif yommuu dhiyaatetti himatamichi qabamee akka dhiyaatu ajajni ni kennama.
- 3) Himatamaan ajaja waamichaa fudhatee yookan dirqamee yeroo dhiyaatetti dirqama wabummaa duraa akka irraa ka'uu fi himatamichi wabii biraa akka kenu ajaja haaraa ni kenna.

- 4) Wabii haaraa dhiyeessuu kan hin dandeenye yoo ta‘e maallaqa itti murtaa‘uu danda‘u waliin maallaqa callaa walmadaalaa ta‘e yookan qabeenya guguddaa biraajakka qabsiisu ni ajajama.

**Kwt.150 -- Wabummaaf qabeenya qabsiifamu yookan wabii biraajakka kennuu diduu**

Seera kana tumaa kwt.**148** fi **149(4)** jalatti ajaja kennameen himatamaan wabii haaraa dhiyeessuuf yookan qabsiisa gahaa qabsiisuu kan dide yoo ta‘e,hanga ajaja mana murtichaa raawwatutti yookan falmichi murtii hanga argatutti fi erga murtaa‘en boodas akka murtaa‘etti hanga raawwatamutti hidhamee akka turu ajajuu ni danda‘a. Kuni ta‘ees himatamaan diduu isaatiin hidhamee yeroon itti turu ji‘a 6(ja‘a) caaluu hin qabu.

**KUTAA 2 MURTIIDHAN DURA QABEENYI AKKA KABAJAMU GOCHUU**

**Kwt.151 -- Meeshaa yookan qabeenya barbaadame dhiyeessuuf wabummaa kennamu**

- 1) Falmichi sadarkaa kamirrattuu yeroo argamutti himataan yookan himatamaan himata himatarraa himataa irratti dhiyeeffatee, himannicha gufachiisuuf kan kaayyeffate ta‘uu yookan ajajni kenname akka hin raawwatamne toofaa uumuu isaa iyyata kakuun deeggarameen yookan haala biraatin yoo hubachiise manni murtiis haalonni kanaa gadii akka jiran yoo mirkaneeffate ajaja itti aanu ni kenna.

- a) Himatamaan qabeenya isaa guutummaatti yookan gartokkee dhoksuudhaf yookan qisaasessuuf yaaduun yookan
  - b) Himatamaan qabeenya isaa guutummaan yookan gartokkeen daangaa aangoo mana murtichaan alatti baasuudhaaf kaayyeffachuu isaa yoo hubate manni murtii yeroo murtaa'e fi hanga wabummaa kennamuu qabu himatamaan akka kenuu yookan hanga gatii meeshichaa yookan qabeenyichaa akka dhiyeessu yommuu murteesetti akka dhiyeessu yookan immoo maallaqa yookan qabeenya kabajamu irratti murtii kennamuun maallaqa yookan qabeenyi walmadaalaa ta'e mana murtichaa akka kaa'uf sababa wabummaa kana hin kennineef dhiyaatee akka hubachiisu ni ajaja.
- 2) Manni murtichaa haala biraatin akka raawwatamu yoo ajaje malee,qabeenya qabamu yookan kabajamu gatii isaa himataan beeksisuutu irra jira.
  - 3) Qabeenyota himataan himate irratti manni murtii ajaja kennun qabeenyi qabamu guutummaan yookan gartokkee ta'ee fi haala qabiinsa isaaniis adda baasee ibsuu ni danda'a.

#### Kwt.152 -- Qabeenya kabachiisuu yookan qabsiisuu

- 1) Himatamaan sababa wabii hin waamnef yeroo manni murtichaa murteesetti dhiyaatee yoo hubachiisuu baate yookan maallaqa akka qabsiisu ajajame osoo hin qabsiisin kan hafe yoo ta'e,qabeenya isaa tarreeffamee beekame keessaa murtii kennamuuf walmadaalaa kan ta'u guutummaatti yookan gartokkeen qabsiifamee yookan kabajamee akka turu ajaja kennuu ni danda'a.
- 2) Himatamichi sababa wabii hin waamnef sirnaan kan hubachiise yoo ta'e yookan qabsiisa isarraa eegamu kan kenne yoo ta'e garuu qabeenya isa jalaa

qabame guutummaatti yookan gartokkeen akka gadhiifamuuf manni murtii ajajuufii yookan ajaja barbaachisaadha jedhe kan biraan kennuu ni danda'a.

**Kwt.153 -- Qabeenya qabsiisuun yookan kabachiisuun bu'aa hordofsiisu**

- 1) Haala biraatin akka raawwatamu ifaan yoo murtaa'e malee,qabeenyi kan kabajamu yookan kan qabamu haala murticha raawwachiisuu danda'uun ta'a.
- 2) Qabeenyichi qabamu yookan kabajamuun dura qaama sadaffaa qabeenya kanarratti mirga qabanii fi falmicha keessa hin jirre mirgi isaanii eegamaadha. Akkasumas,murtii garee biraatiif kenne name raawwachiisuuf qabeenyi qabame yookan kabajame akka gurguramu mirga gaafachuu jalaa hin hambisu.
- 3) Murtiidhan dura qabeenya qabame yookan kabajame irratti qaamni sadaffaan mirgan qaba jedhu mirga kan qabu ta'uun isaa kan qoratamu haala fi akkaataa raawwii murtii irratti qabeenyi argamu kan gareen sadaffaan mirga irraa qabu ta'uusaa qorachuudhaniidha.
- 4) Murtiidhan dura qabeenyi akka qabamu yookan kabajamu manni murtichaa yeroo ajaja kennutti,ajaja kennamuun namni qabeenyicha qabate wabii gahaa yookan qabsiisa murtaa'e mana murtiitti yeroo qabsiisetti akka gadhiifamuuf maallaqa qabsiisu waliin dhimma kanaan baasiif kisaaraa bahe dabalee akka qabsiisu hanga maallaqichaa murteessee ni beeksisa. Akkasumas himannaan dhiyaate kufaa yeroo ta'etti qabeenyi qabame akka gadhiifamu ibsamuu beeksifamuu qaba.

5) Akkaataa tumaalee keewwattoota kanaa olitti ilaalamaniin murtiidhan dura qabeenya kabajamee yookan qabamee ture irratti himataadhaf yoo murtaa‘e,raawwii murtichaaf qabeenya qabame yookan kabajame irratti iyyannoo biraadhiyeessuun osuu hin barbaachisin bu‘uura murtii dura qabeenyichi qabameetin akkuma jirutti raawwiin murtii akka itti fufu gochuu ni danda‘a.

### **KUTAA 3 AJAJA DHORKAA YEROOF KENNAMU**

#### Kwt.154 -- Haala ajajni dhorkaa yeroof itti kennamu

Dhimma falmiirra jiruun haalli kanaa gaditti ilaalamu jiraachuu jecha kakuun deeggarameen yookan karaa biraatin yoo mirkanaa‘e;--

- a) Qabeenyi falmichaaf ka‘uumsa fi sababa ta‘e kan badu,kan qisaasa‘u yookan himatamaan nama biraatiif dabarsee kennuudhaf,gurguruudhaf yookan nama biraadhiyeessuun osuu hin barbaachisin bu‘uura murtii kennameefitti raawwii irratti qabeenyicha haala hin malleen nanneesee kennuuf yookan gurguruuf kan karoorse ta‘uu yoo beekame yookan
- b) Himatamaan mirga abbootii mirgaa miidhuuf jecha qabeenya isaa balleessudhaan nama biraatif dabarsee kennuudhaf kan karoorse yookan kan yaade ta‘uun isaa yoo mirkanaa‘e,dhimmichi hanga murtiidhan xumuramutti yookan ajajni biraadhiyeessuun osuu hin barbaachisin bu‘uura murtii kennameefitti raawwii irratti qabeenyi isaa akkuma jirutti dhorkamee akka turu,akka hin badne,nama biraatif dabarfamee akka hin laatamne,iddoo biraatti akka hin dabarsamne,akka hin qisaasamne yookan kanaan olitti wantoonni tarreeffaman akka hin raawwatamne manni murtii ajaja barbaachisaa ni kenna.

#### Kwt.155 --Waliigalteen yookan dirqamni biraadhiyeessuun osuu hin barbaachisin bu‘uura murtii kennameefitti raawwii irratti qabeenyi isaa akkuma jirutti dhorkamee akka turu,akka hin badne,nama biraatif dabarfamee akka hin laatamne,iddoo biraatti akka hin dabarsamne,akka hin qisaasamne yookan kanaan olitti wantoonni tarreeffaman akka hin raawwatamne manni murtii ajaja barbaachisaa ni kenna.

**kennamu**

- 1) Himatamaan dirqama waliigaltee isaa akka hin diigne akka dhorkamuuf himannaan dhiyaatu kamiyyuu yookan himataan miidhaan biraan kamiyyuu akka isarra hin geenyee fi waliigalteen isaa akka kabajamuuf iyyannoo dhiyeessuun,akkasumas iyyannoo isaa irratti beenyaa yookan kisaaraan akka kaffalamuuf yoo gaafate yookan yoo hin gaafannes ta‘e himatamaan dirqama waliigaltee isaa akka hin diigne yookan miidhaa irraan gaha jedhame akka irraan hin geenyee yookan diigamuun waliigaltichaa miidhaan hordofsiisu akka ittifamu yookan sababa waliigaltichaan mirga yookan qabeenya argame irra miidhaan akka hin geenyee himataan dhorka yeroo mana murtichaa gaafachuu ni danda‘a.
- 2) Manni murtiis ajaja dhorkaa yeroof kenu hangi yeroo itti turuu dhimma herreegan walqabatu yoo jiraate qabiinsi herreegichaa wabii kan barbaachisu yoo ta‘e,haala wabummaan itti kennamuu fi kan biraas waan barbaachisaa ta‘e hunda madaaludhaan ajaja kennamuu qaba jedhee isatti fakkaate ni kenna.
- 3) Keewwata kanaan kan dubbatame tumaa seera hariiroo hawaasaa kwt.**2121** jalatti kan ilaalamé kan diigu yookan fooyessu miti.

**Kwt.156 -- Ajaja dhorkaa kabajuu dhabuu**

- 1) Himatamaan ajaja dhorkaa manni murtii kenne kan hin kabajne yookan ajajicharratti murtoowwan kennaman kan hin eegne yoo ta‘e,qabeenyi isaa akka qabamu yookan kabajamu ajajuu fi ta‘uu qaba jedhee yoo isatti mu‘ates ajaja mana murtii cabsuudhan adabbii seera yakkaa kwt.**443** jalatti tumameen dabalataan adabuu ni danda‘a.

2) Keewwata kana akkaataa cita xiqqaa (1)tin ajajni qabiinsaa yookan kabachiisa qabeenyaa wagga 1(tokko) ol turuu hin danda‘u. Kana ta‘ees, yeroon murtaa‘e yoo darbes himatamaan sun ajajicha cabsuu kan hin dhaabne yoo ta‘e, manni murtichaa qabeenyi qabame yookan kabajame gurguramee gurgurtaa maallaqichaa keessaa abbootii mirgaatif gahee isaanii akka isatti mul‘atetti murteesee akka kaffalamuuf ajaja ni kenna. Maallaqni hafe yoo jiraate nama dhimmichi ilaallatuuf akka deebi‘u ni godha.

**Kwt.157 -- Beeksisa garee walfalmitootaa isa tokkoof kennamu**

Ajaja dhorkaa osoo hin kennin turuun miidhaa kan qaqqabsiisu fakkaatee yoo isatti mul‘ate malee, manni murtii ajajicha osoo hin kennin dura garagalcha iyyannoo dhimma kanaaf dhiyaate garee faallaa iyyatichaa akka qaqqabsiisu ni godha.

**Kwt.158 -- Haala ajajni dhorkaa itti fooyya‘uu,ka‘u yookan haqamu**

Ajaja dhorkaa kennname irratti namni yookan gareen komii qabu mana murtiif yoo iyyannoo dhiyeesse,iyyanni dhiyaate sababa gahaan ta‘uu isaa manni murtii kan hubate yoo ta‘e,ajajni dhorkaa kennnamee ture akka fooyya‘u,akka ka‘u yookan akka haqamu gochuu ni danda‘a.

**Kwt.159 -- Dirqisiisummaa ajajni dhorkaa dhaabbilee daldalaa seeran hundeffaman irratti kennamu hojii gaggeessitoota waldichaa irratti qabu**

Waldaalee daldalaa seeran hundeffaman irratti murtoon dhorkaa yeroo kennname dhaabbaticha qofarratti osoo hin taane miseensa fi hojii gaggeessitoota waldichaa gochi isaanii akka dhaaban yeroof akka dhorkaman barbaadame irrattis ni raawwatama.

**KUTAA 4 AJAJA MURTIIDHAN DURA KENNAMU**

**Kwt.160 -- Falmiin adeemsa yeroo jirutti wanti tokko akka gurguramu ajaja kennamu**

Gareewan walfalmitootaa keessaa garee tokkoon iyyannoo isatti dhiyaatuun manni murtii qabeenya murtiidhan dura qabame yookan qabeenya falmiidhaf sababa ta‘e,falmichi hanga furmaata argatutti qabamee yoo ture kan badu ta‘uu isaa yookan sababa biraa kamiiniyyuu qabamee turuu irra yoo gurgurame akka wayyu yoo hubate ajajicha irratti adda baafamee karaa nama ibsamutin qabeenyichi akka gurguramu ajajuu ni danda‘a.

**Kwt.161 -- Qabeenya falmiin irratti ka‘e iddo tokko kaa‘uun akka hin badne eegumsa gochuu,to‘achuu fi qorachuu**

- 1) Gareewan walfalmitootaa keessaa iyyannoo fi gaaffii gareen tokko dhiyeesse yoo hubate manni murtii ajaja kanatti aananii jiran kennuu ni danda‘a :-
  - a) Qabeenya falmichaaf ka‘uumsa fi sababa ta‘e yookan falmiin irratti ka‘uu danda‘a jedhamee tilmaamame iddo murtaa‘e kaa‘amee akka eegamu,akka qabamu,akka sakatta‘amu ajajuu
  - b) Dhimmoota kanaa olitti ilaalaman raawwachuuf lafaa fi mana qabeenyi jedhame keessa seenuun yookan iddo kamiiyyuu deemuun akka qoratuuf namni manni murtii filatee ajaje dhimma ajajame raawwachuuf iddo qabeenyichi itti argamu seenuun qorachuuf wanta barbaade fudhachuu yookan qorannoo barbaachisaa gochuuf wanti sakatta‘amu

yoo jiraate sakatta‘uu yookan raawwichi akka ariifatuuf karaa ragaa itti argatu hordofuun ajaja isa dandeessisu kennuu ni danda‘a.

- 2) Seera kanaan waa‘ee ajaja waamicha ragoolii kan dubbatame keewwata kanaan kan ilaalameefis akka haala naannoo dhimmichaatti haala walfakkaatun raawwatamaa ta‘a.

#### Kwt.162 -- Garee walfalmitootaa biraatiif beeksisa kennuu

- 1) Himannaan jalqabee himataan dursee beeksisa himatamaadhaf erga kenneen booda tumaa **kwt.160** yookan **161** tin ilaalambe bu‘ura godhachuudhan keewwattoota kanneenin ajajootni akka kennamaniif iyyachuu ni danda‘a.
- 2) Akkasumas,himatamaan erga dhiyaateen booda gama isaatin iyyannoo dhiyeessuun akka kanaan olitti dubbatameen ajajni akka kennamuuf yoo gaafate dursee himataadhaf beeksisa kennuudhan ajajoota keewwattoota kanaan olitti ilaalamen kennisiisuu ni danda‘a.

#### Kwt.163 -- Gurgurtaa Dhorkuu

- 1) Lafa falmiin irratti ka‘e namni qabate yookan kireeffate mootummaadhaf gibira kaffaluu qabu kan hin kaffalle yoo ta‘e yookan abbaa lafichaatif qooda isaa osoo hin kaffalin kan hafe yoo ta‘e,lafichi akka gurguramu yeroo ajajametti gareen sadaffaan lafichi na ilaallata yookan mirgan irraa qaba jedhu dhiyaatee mootummaaf gibira kaffaluu qabu yookan abbaa lafichaatif qooda kaffalamuu qabu kaffalee gurgurtaan akka dhorkamuuf gaafachuu ni danda‘a. Manni murtichaas iyyannicha fuudhee gurgurtaan sun haala itti turu murtoo ta‘uu qabu isatti fakkaate ni kenna.
- 2) Bu‘ura keewwata kana cita xiqqaa(1)dubbatameen maallaqni kaffalame sababa gibirri mootummaa dhala waliin hin kaffalleef yookan baasii abbaa lafichaa osoo hin kaffalin hafeef nama qabeenyichi itti gurgurame harkaa akka deebi‘u manni murtii ajajuu ni danda‘a yookan manni murtii herreegni yeroo

gaggeeffamutti maallaqni qabame dhala waliin herreega keessa galee idaa waliin akka waldanda‘u murtii keessatti ibsuudhan ni ajaja.

**Kwt.164 -- Maallaqa mana murtii kaa‘amu**

Falmichaaf ka‘uumsi wanti ta‘e maallaqa callaa yookan mi‘a dabarfamu ta‘ee,gareewwan walfalmitootaa keessaa inni tokko nama biraatif imaanaa (adaraa)dhaan bira kaawwamee kan qabate ta‘uu isaa yookan qabeenyichi kan garee bira ta‘uu isaa kan amane yoo ta‘e,mi‘ichi yookan maallaqicha imaanaa (adaraa)dhaan akka kaa‘amu yookan abbaa qabeenyichaatiif akka deebi‘u manni murtii ajaja kennuu ni danda‘a. Kanas yeroo deebisuuf namni fudhate wabii akka waamu yookan wabii malee akka dabarsamuuf ajaja dabalataa ni ta‘a jedhee isatti fakkaate ni kenna

**Kwt.165 -- Ajajoota biroo**

Falmiin dhaga‘amaa osoo jiruu yeroo kamiiyyuu gareewwan walfalmitootaa keessaa inni tokko mana murtiitti kan iyyate ta‘uu isaa garee isaan falmu haala quubsaan yoo beeksise, manni murtii akka ta‘uu qaba jedhee tilmaamee isatti fakkaatetti wanticha ariifachiisuuuf yookan dafee akka raawwatamu gochuuf ajaja biraa kamiiyyuu mijataa fakkaatee isatti mul‘ate ni kenna. Dabalataanis,falmiin dhimma eegumsa daa‘imaa fi diiggaa gaa‘ila dhirsaaf niitii kan ilaallatu yoo ta‘e qooddii qabeenya isaanii yookan qallaba yeroof ittiin jiraatan murteessun ajaja kennuu ni danda‘a.

## KUTAA 5 NAMA QABEENYA FUUDHEE QABATU MUUDUU

### Kwt.166 -- Namni qabeenya fuudhu haala itti muudamu

- 1) Manni murtichaa sirrii fi mijataa ta‘uu isaa kan tilmaame yoo ta‘e ajajoota kanaa gaditti jiran kennuu ni danda‘a :-
  - a) Murtii osoo hin kennin dura yookan erga kenneen booda nama leeccaloo fi qabeenya fuudhee qabatu filatee muuduu
  - b) Qabiyyee nama kamiyyuu yookan qabeenya imaanaa (adaraa)dhaan kaa‘ame yookan eegumsa nama biraatin qabate akka gadhiisisuu
  - c) Abbaan qabiyyee yookan qabeenya eegduun gadi lakkise qabaan dabarsee akka eeguu fi akka bulchu ajajuu
  - d) Qabeenya dabarsee fuudhe eeguu fi bulchuuf,haaromsuuf aangoo isa dandeessisu akka qabaatu,qabeenya qabate irratti mirga himachuu yookan himatamuu akka qabaatu,akkasumas galii fi kira qabeenyicha irraa argamu kamiyyuu funaanuu fi fayidaa irra oolchuu akka danda‘uu fi abbaan qabeenyichaa mataan isaa wanta raawwachuu danda‘u hundaan waliigaltee taasisuu fi aangoo biraan manni murtii ni ta‘a jedhee isatti fakkaate kennuu ni danda‘a.
- 2) Keewwata kana cita xiqqaa(1) bu‘uura dubbatameen iyyannoo dhiyaatu manni murtii kan fudhatee yoo ta‘e, ajajni kennamu iyyataan idaa maallaqaa gaafateef qabataan muudamu hanga walitti qabuu yookan argachuu danda‘u, qabaan muudamuuf baasii godhamu waliin wal madaaluu fi keessattuu dabalataan waan biraan qorannoon irratti godhamu yoo jiraate waliin akka qulqullaa‘u gochuudhan ta‘a.

### Kwt.167-- Kaffaltii qabaa qabeenyaaf kaffalamu

Qabaan qabeenya tajaajila kenneef kaffaltii kaffalamu manni murtii waliigalaan yookan addatti murteessee ajajuu ni danda‘a.

**Kwt.168 -- Dirqamoota qabaa**

Qabaan qabeenyaa kamiyyuu seera kana kwt.**166** jalatti muudame dirqamoota kanaan gaditti ilaalaman raawwachuu qaba :-

- a) Qabaa ta‘ee akka bulchuuf qabeenya irratti muudame sirnaan eeguu,dursaa fi itti gaafatamaa qabeenya sanaa ta‘uu isaaf wabii akka waamu yookan qabsiisa kennuu
- b) Manni murtichaa yeroo murteesse fi akkaataa qajeelcha adeemsa dhiyeessaa ajajeetti herreega galii fi baasii qabeenyicha ibsu wal qabsiisee dhiyeessuu
- c) Maallaqa kaffaluu qabu kaffaluu fi
- d) Dagannoo cimaadhan yookan hanqina ta‘e jedhee godheen qabeenya qabate irratti miidhaa geessiseef itti gaafatamaa ta‘ee kaffaluu

**Kwt.169 -- Adeemsa manni murtii qabaa qabeenyaa dirqama isaa**

**raawwachiisuu** Qabaan hanqinoota kanaan gaditti ilaalaman

raawwatee yoo argame:-

- a) Manni murtichaa yeroo murteesse fi bu‘uura ajaja qajeelchaa kenneen herreega qabeenya bulchu sanaa yoo dhiyeessuu hafe

- b) Herreega isarrraa barbaadamu akka kaffalu manni murtii murteessee erga ajajeen booda akka ajajametti osoo hin raawwatin yoo hafe
- c) Dagannoo cimaadhan yookan hanqina ta‘e jedhee ofiisaa godheen qabeenya fuudhe irratti miidhaa yookan hir‘ina kan geessise yoo ta‘e,qabeenyi isaa kabajamee fi gurguramee gurgurtaa irraa bu‘aa argameen dagannoo cimaadhan yookan hanqina ta‘e jedhee mataa isaatiin godheen hir‘ise akka bakka buusu yookan miidhaa qaqqabe suphuudhaf herreega barbaachisu akka kaffalu ajajuudhan maallaqni irraa hafe yoo jiraate akka deebi‘uuf gochuu ni danda‘a.

## **KUTAA 6 SAAMSUU FI TARREEFFAMA QABEENYAA QOPHEESSUU**

### Kwt.170 -- Qajeeltoo

- 1) Qabeenya falmichaaf sababa ka‘uumsaa ta‘e yookan falmiin irratti ka‘uu danda‘a jedhamee tilmaamamu yoo jiraate fi kanumas haala ta‘uu qabuun saamsanii eeguun barbaachisaa ta‘uun yoo beekame,kutaa kanaan tumaaleen dubbataman raawwatamoo ta‘u.
- 2) Ajaja mana murtiin saamsamni godhame akka ka‘u manni murtii yoo ajaje malee,namni kamiyyuu tarsasuu yookan banuu hin danda‘u. Kana ta‘ees,gareen saamsamni naaf haa ka‘u jedhu mana murtchaatti iyyachuu ni danda‘a.

### Kwt.171 -- Saamsamni akka godhamuuf iyyata dhiyaatu

- 1) Namni kamiyyuu qabeenya falmiirru jiru yookan falmii kaasisuu danda‘a jedhamee amanamu akka saamsamuuf barbaachisaa ta‘uu isaa iyyata kakuudhan deeggarameen yookan karaa biraatin ragaa mirkanaa‘en hubachiisee qabeenyi tokko akka saamsamuuf mana murtiitti iyyachuu ni danda‘a.
- 2) Falmichi sadarkaa kamirayyuu yeroo jirutti manni murtii kaka‘uumsa mataa

isaatin yookan iyyanni yeroo dhiyaateef ajaja saamsamiinsaa kennuu ni danda'a.

- 3) Manni murtii ajaja saamsamiinsaa yeroo kennutti nama hojii kana raawwachuu qaba jedhu filatee ni muuda. Dhimma kanaaf namni filatames hiikkaa kewwattoota kanatti aananii ilaalamaniitit saamsituu qabeenyaa jedhamee waamama.

**Kwt.172 -- Galmeessuu**

- 1) Saamsituun bu'uura ajaja mana murtichaatin hojii saamsuu erga raawwateen booda dhimmoota kanatti aananii ibsaman gal mee mallattoon isaa irratti mallattaa'e,guyyaa fi bara hojichi itti hojjatame qabate qopheessudhaan ni qabata. Galmicha irras tarreeffamni kanaa gaditti ilaalamani ibsamanii ni teessifamu :-
  - a) Ajaja mana murtichaa fi guyyaa fi bara ajajichi kennname
  - b) Tarreeffama wantoota saamsamanii fi iddo itti argaman
  - c) Tarreeffama wantoota akka saamsamaniif ajajaman keessaa saamsamuu kan qaban ta'anii osoo hin argatin hafan yookan hir'atan
  - d) Mana yookan bakka wantoonni saamsaman itti argaman,nama tiku yookan manichaa fi iddo sanaaf nama itti gaafatatumummaa qabu
- 2) Manaa fi iddoon wantoonni saamsaman itti argaman cufaa dha yoo ta'e,saamsituun furtuuwwan isaa walitti qabee reejistiraara mana murtichaaf dabarsuu qaba.

**Kwt.173 -- Wantoota saamsamuu hin qabne**

- 1) Wantoota kanaa gaditti ilaalamani irratti saamsamni akka godhamu hin ajamu.
  - a) Uumama isaanitiin kan badan,dafanii kan samanii fi tortoran yoo ta‘an;
  - b) Sababa saamsamuu isaanitiin kan badan,kan samanii fi tortoran yoo ta‘an;
  - c) Falmii keessatti garee hirmaataa ta‘eef barbaachisaa ta‘anii manni murtichaas barbaachisoo ta‘uu isaanii hubatee akka saamsamne yoo ajaje
- 2) Keewwata kana cita xiqqaa **(1)(c)** jalatti akkaataa ilaalameen gareewwan walfalmitootaa keessaa tajaajila isa tokkootif barbaachisoodha jedhee akka hin saamsamne manni murtii akka ajaja kennetti saamsituun tarreeffama wantoota hin saamsamnee qopheessee dhiyeessuu qaba.

**Kwt.174 -- Dhaamoo fi barreeffamoota biraan**

- 1) Saamsituun qabeenyaa wanta saamsu keessa barreeffamoonni dhaamoo yookan sanadootni barreeffamaa biraan yookan dursanii wantoota saamsaman argateera yoo ta‘e,tarreeffama barreeffamoota kanneen qopheessee iddo tokkotti walitti qabee saamsama keessa akka taa‘an erga godheen booda ajaja dhimma kana irratti kenname tarreeffama qopheesse waliin mana murtichaaf ni dhiyeessa.
- 2) Manni murtii sanadootni kanneen haala itti teessifaman,qabataman murtoo mijataa ta‘ee isatti mul‘ate ni kenna.

**Kwt.175 -- Saamsamiinsa kaasuu**

- 1) Saamsamiinsi akka ka‘uuf iyyatni yoo dhiyaate yookan manni murtichaa kaka‘umsa mataa isaatiin saamsamiinsi ka‘uu qaba jedhee yoo tilmaame ajajicha yeroo kennutti gareewwan dhimmichi ilaallatu hunduu akka dhiyaatan ni ajaja. Abbootiin dhimmaas dhiyaatanii yaada qaban dhiyeeffachuu ni danda‘a.
- 2) Saamsamiinsi akka ka‘uuf manni murtii ajaja erga kenneen booda saamsamiinsi yoo banamu tarreeffama mi‘oota fi wantoota argamanii qopheessudhaan erga

irratti mallatteessen booda guyyaa fi bara barreessee ni dhiyeessa.

**Kwt.176 -- Tarreeffama mi‘ootaa fi qabeenyotaa qopheessuu**

- 1) Tarreeffamni qabeenyi falmichaaf sababa ka‘umsa ta‘ee yookan ni ta‘a jedhamee tilmaamamuu qopheessuun kan barbaachisu ta‘uu isaa manni murtichaa yoo hubate, nama tarreeffama kana qopheessuu ni danda‘a jedhee tilmaamu filatee tarreeffama qabeenya kanneenii qopheessee akka dhiyeessuuf ajaja ni kenna. Hojii kana raawwachuuf namni ajajamu keewwatoota kanatti aananii jiraniin galmeessaa jedhamee waamama.
- 2) Galmeessaan ragooliin lamaa gadi hin taane bakka jiranitti ajaja mana murtichaa irratti tarreeffama qabeenya adda baafamee ibsamee ni qopheessa. Tarreeffamichis kanatti aananii wantoota ilaalamani ni qabata.
  - a) Tarreeffamni mi‘ichaa akka qophaa‘uf ajaja manni murtii kenne
  - b) Tarreeffama sirii mi‘oota ilaalamani tilmaama gatii isaanii waliin
- 3) Gatiin mi‘ootaa yookan qabeenyotaa kan tilmaamamu seera kana bu‘ura **kwt.136** ilaalameen karaa beekaa addaa yookan ogeessa ta‘uu ni danda‘a. Beekaan addaas ibsa tarreeffama tilmaama gatii taasise irratti guyyaa fi bara barreessun irratti mallatteessee gabaasa galmeessichaa waliin walqabsiisa.
- 4) Gabaasni galmeessichaa guyyaa fi barri barreeffame irratti guutamee mallattaa‘uun mana murtiitif ni dhiyaata.

## KUTAA 7 ADEEMSA DIRQISIIFAMUUN QABIINSI ITTI RAAWWATAMU

### Kwt.177 -- Iyyannoo sababa dirqisiifamanii qabamuun dhiyaatu

- 1) Seera adaba yakkaatin yookan seera kanaan kan tumame bu‘uura godhachuun mana murtiitin osoo irratti hin murtaa‘in yookan ajajni biraan kamiifyuu osoo irratti hin kennamin,namni abbaa aangootin yookan haala biraatin yookan nama biraan kamiinuu dirqisiifamee akka hin sochoone ittifame,qabame yookan hidhame yoo jiraate, gochi kun akka irraa dhaabbatuuf mana murtii ol‘aanaatti iyyachuu ni danda‘a.
- 2) Iyyannichi kakuudhan kan deeggaramee ta‘ee maqaa nama dirqisiifamee, maqaa nama dirqisiisee yookan qabee,iddoo itti ittifame, maqaa fi teessoo naqaashota kana hubachiisanii tarreessee kan ibsu ta‘a.
- 3) Namni qabame yookan dirqisiifame sababa kamiinuu iyyannoo isaa ofii isaa dhiyeeffachuu kan hin dandeenye yookan jecha kakuu isaa mataa isaatin dhiyaatee kennachuu kan hin dandeenye yoo ta‘e,namni biraan dhiyeessuufii ni danda‘a. Kana yeroo ta‘ettis barreeffama iyyannoo dhiyaatu irratti iyyataan jecha kakuun deeggaree abbaan dhimmaa dhiyaachuu yookan iyyannicha barreessuu kan hin dandeenye ta‘uu isaa ibsuu qaba.

### Kwt.178 -- Ajaja waamichaa akka dhiyaatuuf kennamu

- 1) Seera kana bu‘uura tumaa kwt.**177** tin mana murtii ol‘aanaatti iyyanni yoo dhiyaate namni dirqisiisuun hidhe yookan qabe nama hidhame sana qabatee akka dhiyaatuu fi nama kanas sababa gadi hin lakkifneef akka hubachiisuu ajaja waamichaa irratti guyyaa dhaga‘aa itti dhiyaatu murteessun ajaja ni kenna.
- 2) Akkasumas,iyyannoo dhiyaate irratti wanticha ragummaadhan hubachiisuu danda‘u jedhamanii naqaashonni caqasaman akka dhiyaatan manni murtichaa

ajaja kennuu danda'a.

**Kwt.179 -- Dhimmicha dhaga‘uu,murtoo irratti kennuu fi haala dhiyeessa iyyannoo**

- 1) Seera kana bu‘uura kwt.**178** oliitin waamicha kennamu irratti guyyaa beellamaa qabametti dhugummaa iyyannichaa manni murtichaa ni qorata,waa‘ee ragichaas ajaja isatti fakkaate ni kenna.
- 2) Iyyataan kan qabame seeran ala ta‘uu isaa manni murtii yoo hubate yeroosuma akka gadhiifamu ajaja kenna. Ajajni bifa kanaan mana murtichaa irraa erga kennameen booda ajajni biraa jiraachuun osoo hin barbaachisin ajajni mana murtichaa qofti gahaa ta‘ee raawwatamuu qaba.
- 3) Iyyannicha irratti wanti ibsame haala kamiinuu mana murtichaa kan shakkisiisu fakkaatee yoo isatti mul‘ate iyyataan wabii waamee akka gadhiifamu ni ajaja. Wabiinis maallaqa qabsiisuun yookan wabii namaa ta‘uu ni danda'a. Dirqamni wabummaan seenamus mana murtii akka gadi lakkifamu godhe yeroo isa barbaadetti akka dhiyaatu yookan ajaja kamiiyuu manni murtichaa kennu kabajee raawwachuudhaf kan dirqisiisu ta'a.

**BOQONNAA 6 WAA’EE MURTII FI MURTOO**

**KUTAA 1 TUMAALEE WALIIGALAA**

**Kwt.180 -- Yeroo murtiin kennamu**

Falmiin dhiyaate erga dhaga‘ameen booda manni murtii wanticha akkuma xumureen yeroosuma yookan yeroo beellama gabaabaa itti aanee murtaa‘etti dhaddacha ifaadhan murtii kennuu qaba.

**Kwt.181 -- Haala fi akkaataa kenniinsa murtii**

- 1) Murtiin barreeffamee miseensa abbootii seeratiin yookan abbaa seeratiin mallattaa‘ee gareewwan walfalmitootatiif abbaa seerichaatin yookan walitti qabaa abbaa seeratiin ni dubbifama.
- 2) Sagalee caalmaadhaan murtiin kenname murtii mana murtichaa ta‘ee lakkaawwama. Kana ta‘ees miseensa abbootii seeraa tokkoo ol ta‘aniin dhimmi ilaalamé sagalee caalmaadhaan abbootii seeraa waliigalan irraa abbaan seeraa yaadan adda bahe gama isaatiin yaada murtii kennamuu qaba jedhu tokko tokkoon ibsuu qaba.
- 3) Murtiin barreeffamee abbootii seeraa murtii kennaniin kan mallattaa‘e yoo ta‘e, abbaa seeraa biraas ta‘u gareewwan walfalmitootaaf dubbisee dhageessisuu ni danda‘a.

**Kwt.182 -- Qabiyyee murtii**

- 1) Qabiyyeen murtii tokkoo ijoon qabame akkamitti akka murtaa‘e fi sababa ittiin murtaa‘e ibsuu qaba. Kana ta‘ees,murtiin sadarkaa jalqabaatti kennamu falmichaaf dhimma ka‘umsa ta‘e gabaabinaan kan ibsu ta‘uu qaba. Akkasumas,manni murtii ol‘iyyannoo dhaga‘u murtiin kennamu mana murtii sadarkaa jalqabaatti murtii kenname kan fooyesse yookan kan jijiire yoo ta‘e,xiinxala isaa irratti seerummaa ol‘iyyataan argachuu qabu ifaan ibsuu qaba.
- 2) Manni murtii sadarkaa jalqabaa dhimmoota gareewwan walfalmitootaa tarreessuun hin dhiyeeffanne yookan ifaan hin iyyanne irratti murtii kennuu hin danda‘u. Manni murtii ol‘iyyannoo dhaga‘u garuu,mana murtii sadarkaa jalqabaatin yaada yookan murtii kennamuu qaba ture jedhee dhimma tilmaamu

irratti murtoo yookan ajaja kennuu ni danda‘a. Dabalataanis,murtoo yookan jala murtii yookan ajaja yookan murtii dhimmicha raawwachuuf fudhatama qaba jedhee isatti mul‘atee fi tilmaame kamiiyuu kennuu ni danda‘a.

- 3) Falmicha irratti ijoowwan baay‘ee dhiyaatan keessaa ijoo tokko qofaan yoo murtaa‘e ijoowwan hafanis ni huguuga jedhee manni murtii kan tilmaame yoo ta‘e,falmicha ijoo tokkoon murteessuu ni danda‘a. Haa ta‘u malee,ijoowwan dhiyaatan hunduu mata mataa isaanitiin murteessuun ni barbaachisa yoo ta‘e,sababoota tokkoon tokkoo ijoorratti murtii kennisiisan hunda xiinxala isaa irratti ibsuu qaba.

#### **Kwt.183 Barreessa murtoo fi qabiyyee isaa**

- 1) Murtiin erga kennameen booda raawwii murtichaa kan qajeelchu bifa ajajaatin kanaa gaditti wantoonni ilaalamani irratti ni ibsamu. Isaaniis:-
- Lakkoofsa gal mee himannichaa yookan ol‘iyyannichaa
  - Maqaa fi eenyummaa gareewwan falmitootaa
  - Murtichi mana murtii sadarkaa jalqabaatti kenname yoo ta‘e,tarree himanna
  - Akka haala dhimmichaatti wanta tokko akka hin goonef akka ittifamu yookan maallaqa murtaa‘e akka kaffalu ajajicha irratti wanta ibsame akka raawwatu yookan akka hin raawwanne akka ittifamu,qabeenya hin sochoone akka dabarsu yookan gadhiisu,kan ta‘uu qabu ta‘ees yoo argame seera kana bu‘ura kwt.225 tin akka dubbatametti ibsa dhimmichaa bal‘aa kennuu
  - Himanna sirreessuuf yookan ol‘iyyanno raawwachiisuuf tarreeffama baasii godhame kamiiyuu,baasicha eenu akka kaffaluu fi qabeenya kamtu gurguramee akka

kaffalamuu akka qabu ibsuu; Kana ta‘ees,manni murtii ol‘iyyannoo dhaga‘u dhimma ol‘iyyannoон dhaga‘eef baasiif kisaaraa kaffalamu gareen kaffalu waan kaffaluu qaba jedhee isatti fakkaate ajaja kennuu ni danda‘a.

- f) Raawwii murtiif mijataa ta‘anii wantoota mul‘atan ibsuu;mana murtii ol‘iyyannoo dhaga‘u yoo ta‘e,raawwii murtichaaf ajaja ta‘ee isatti fakkaate ni kenna yookan dhimmicha akka murteessan yookan akka raawwachiisan mana murtii sadarkaa duraatin dhaga‘eetti deebisee ni erga.
- g) Murtii abbaa idaa kallattiidhan ajajuudhan murticha raawwachiisuun kan danda‘amu yoo ta‘e,akka murtaa‘etti yeroo itti raawwatu murteessudhaan beeksisuu qaba.
- 2) Ajaja murtoo abbaa seeraan yookan abbootii seeraa irratti waliigaluun barreessan irratti mallattaa‘ee barri irratti guutama. Abbaan seeraa yaadichaan adda bahe yookan abbootiin seeraa yaada murtii irratti walii hin galle irratti mallatteessuu hin qaban. Kana ta‘ees, murtii erga kenneen booda sababa dhukkubaatin,du‘aan yookan jijiirradhaan yookan sababa biraa kamiiniyyuu abbaan seeraa mallatteessuu hin dandeenye yoo jiraate bu‘uura murtichaan ajajni qophaa‘e abbootii seeraa murticha kenneen keessaa isa tokkoon yookan lamaaninuu mallattaa‘uu ni danda‘a. Manni murtichaa kan haqame yookan iddo jiruu kan ka‘e yoo ta‘e,abbootii seeraa mana murtii sadarkaa tokkoon mana murtii murticha kennee irra caalun qophaa‘ee ni mallattaa‘a.

**Kwt.184 -- Garagalcha murtii fi Murtoo /Ajajaa/**

- 1) Garagalchi murtii yookan murtoo/ajajaa/ sirrummaan isaa mirkanaa‘e akka kennamuuf abbaan dhimmaa dhimmichi ilaallatu reejistiraara mana murtii murticha kenneetti iyyannoo isaa yoo dhiyeesse,garagalcha qopheessee guyyaa fi bara irratti guutee iyyataadhaf ni kenna.
- 2) Akkasumas,murtii ol‘iyyanni irratti gaafatame yoo ta‘e,manni murtii

ol‘iyyannicha fuudhe garagalcha murtii mana murtii sadarkaa jalqabaan wanticha ilaaletti ni erga. Garagalchi isaas gal mee hariiroo hawaasaa keessatti galmaa‘ee gal mee falmii sadarkaa jalqabaatin falmiin irratti godhame waliin walqabsiifamee teessifama.

## **KUTAA 2 QAJEELFAMA MURTOO TOKKO TOKKORRATTI KENNAMAN**

### Kwt.185 -- Qabeenya socho‘aa dabarsuuf murtoo kennamu

Murtoo qabeenya socho‘aa garee walfalmitootaa isa tokkoof akka dabarfamu, akka kennamu yookan akka naanna‘uuf kennamu irratti bu‘uura murtichaan qabeenyicha osoo hin dabarsin kan hafe yoo ta‘e, maallaqa callaa qabeenya kana waliin walmadaalaa ta‘e bakka isaa akka kaffalamu ajajni jedhu ni kennama.

### Kwt.186 -- Yeroon idaa kaffalamuuf murtoo kennamu

- 1) Murtoon kennamu maallaqa callaa kaffaluun kan walqabatu yoo ta‘e, waliigalteen liqaa yookan dirqamni kaffaltii waliigaltichaa haala biraatin kan barraa‘e yoo ta‘e iyyuu, manni murtii sababni gahaan yoo isa mudate yeroo kaffaltii tursiisuu yookan maallaqni murtaa‘e yeroo yeroon akka kaffalamu ajajuu ni danda‘a. Dabalataanis, maallaqichi dhala waliin yookan dhala malee akka kaffalamu ni ajaja.
- 2) Keewwata kana bu‘uura tumaa cita xiqqaa(1) jalatti dubbatameen ajajni kennamu murtiin abbaa idaa yeroo iyyatee seera kana kwt.356 jalatti haala dubbatameen qorannoон yoo

godhame yookan murtii abbaa mirgaatin yoo waliigale murtoo boodas yoo ta‘e kennuu ni danda‘a.

Kwt.187 -- Abbaa qabiyyummaa fi bu‘aa seeran ala fudhatame murtoo ilaallatu

Himannaan kan dhiyaate oomisha yookan bu‘aa qabeenya hin sochoone yookan bu‘aa bira seeran ala fudhatame deebisiisuuf yoo ta‘e,manni murtii murtoo kennu irratti qabeenyichi yookan bu‘aan yeroo fudhatame irraa eegalee himannaa osoo hin dhiyeessin dura yookan himannis erga dhiyaatee hanga yeroo murtiin kennamuutti fi abbaan qabiyyummaa hanga abbaa mirgaatif deebisiifamutti seeran ala qabeenya fi oomisha fudhatame,bu‘aa kira fi galii bira argamsiise,herreega kamiyyuu dabalatee akka kaffalamu ajajuu ni danda‘a.

Kwt.188 -- Herreega adda baasuu

Gareen falmii tokko garee bira irraa argachuu waan qabu adda baasee beekuun barbaachisaa yeroo ta‘etti yookan herreega galii fi baasii qabeenyaa bulchaa qabeenyaa manni murtii muude harka jiru adda baasuun yoo barbaachise yookan isa muudamee fi isa muude;bakka bu‘aa fi bakka buusaa gidduu herreega jiru adda baasuun barbaachisaa yoo ta‘e yookan daldalli shaarikummaan dhaabbate kan diigamu yoo ta‘e,yookan shaarikoota gidduu herreega jiru adda baasuun yoo barbaachise,manni murtii murtoo osoo hin kennin dura herreegni akka godhamuu fi raawwii herreegicha adda baasus ajaja qajeelchaa barbaachisaa ta‘ee isatti fakkaate ni kenna.

Kwt.189 --Dhaabbatni daldala shaarikummaan hundaa‘e akka diigamu himannaa  
dhiyaate irratti ajaja kennamu

Shaarikummaan daldalli dhaabbate akka diigamu yookan herreegni isaa akka adda bahu himannaa dhiyaatu irratti manni murtii murtoo dhumaan kenuun dura gaheen gareewwan walfalmitootaa hangam akka ta‘uu qabu erga adda baasee booda

akkasumas,hundeffamni shaarikichaa guyyaa itti diigamu ibsuudhan waa‘ee herreegichaa adda baasuu fi dhimma biraas ta‘ee isatti fakkaate ajaja ni kenna.

**Kwt.190 -- Qabeenya qooddachuuuf yookan qabiyyee adda baafachuuf himannaa dhiyaatu**

Qabeenyi akka qoodamuuf yookan qabiyyeen akka adda bahuuf manni murtii yoo ajaja kennu goodiinsa yookan qabiyyicha yookan dhimmi mirga adda baasuu qorannoo dabalataa osoo hin godhin raawwatamuu akka hin dandeenye yoo hubate,ajaja dhumaan kennuu isaatin dura mirga tokko tokkoo walfalmiitootaa qofa ibsuudhan,wanticha gara raawwiitti fiduuf mijataa fakkaatee ajaja isatti mul‘ates kennuu ni danda‘a.

**Kwt.191 -- Murtoo waldanda‘uu irratti ajaja kennamu**

- 1) Murtoon waldanda‘uu kan kenname yoo ta‘e murtoo kennamu irratti gareen falmii tokko isa biraatiif waldandeessisuun hanga kaffaluu qabu ni ibsama. Akkasumas,gareewwan lamaan keessaa inni tokko isa biraatif hanga herreega deebisu yookan kaffalu ni murteessa.
- 2) Murtoo ol‘iyyannoон irratti jedhame yoo ta‘e,ol‘iyyannichi kan murtaa‘u falmiiwwan biroos adeemsuma ilaalamaniin ta‘a.

**BOQONNAA 7 TUMAALEE ADDAA**

**ADDAA KUTAA 1 BEELLAMAA FI**

**DAANGAA YEROO**

**Kwt.192 – Daangaa yeroo herreeguu fi murteessuu**

- 1) Falmii tokko irratti wanti raawwatamu qabu yoo jiraate fi kunis yeroon itti raawwatamu seeran kan hin murtoofne yoo ta‘e,haala naannoo wantichaa ilaaluun manni murtii yeroo kennamuu qabu jedhee isatti fakkaate ni murteessa.
- 2) Haala biraatin ibsamee yoo murtaa‘e malee,yeroo seeraan murtaa‘e gabaabsuun yookan dheeressuun hin danda‘amu.
- 3) Herreegni yeroo seeran yookan mana murtiitiin murtaa‘e yookan murtaa‘u bu‘uura seera hariiroo hawaasaa **kwt.1848** tin tumameen raawwatama.

**Kwt.193 -- Yeroo murtaa‘e kabajuu**

- 1) Wanti tokko akka raawwatamuuf yeroo murtaa‘e keessatti raawwatameera yookan yeroon murtaa‘e kabajameera kan jedhamu dhimma sanaaf yeroon murtaa‘e osoo hin darbin yoo raawwatameedha.
- 2) Wanti tokko akka raawwatamuuf yeroo murtaa‘e keessatti sababa raawwatamu fi raawwatamuu dhabuutin falmiin kan ka‘e yoo ta‘e,wantichi yeroo murtaa‘efitti raawwatamuu hubachiisuu kan qabu garee yericha kabajeera jedhuudha.
- 3) Keewwata kana cita xiqqaa (2)jalatti dhimma ilaalam murteessuuf sanada ifaa baasii fi galit, naga‘eewwaniin yookan chaappaadhaan yoo mirkanaa‘an, gara sobaatti kan jijiirramaniidha yoo jedhaman malee hubachiisummaan isaanii gahaa ta‘a.

**Kwt.194 -- Daangaa yeroo dheeressuu**

- 1) Mana murtiin daangaan yeroo kenname osoo hin dhumin dura iyyannoон kan dhiyaate yoo ta‘e,yericha dheeressuun murteessuun ni danda‘ama.
- 2) Wanti addaa sababa cimaan yoo mudate malee murtoon yeroo dheeressuu si‘a tokko kenname yeroo lammaffaa kennamuu hin danda‘u.

**Kwt.195 -- Yeroo murtaa‘e dabarsuu**

Seera kana kwt.**196** jalatti tumaan ilaalamet akkuma eegametti ta‘ee,wanti tokko akka raawwatamuuf yeroo murtaa‘e booda raawwatamus akka hin raawwatamneetti lakkaawwama.

**Kwt.196 -- Daangaa yeroo haaraa kennuu**

- 1) Yeroo murtaa‘ef keessatti wanti raawwatamuu qabu tokko yeroo kana keessatti kan hin dalagamne ta‘ullee,mana murtiif iyyannoo dhiyaateen yerichi akka dheeratu eeyyame yoo ta‘e,daangaa yeroo haaraa kenname keessatti akka raawwatamu gochuun ni danda‘ama.
- 2) Kanatti aananii sababootni ilaalaman yoo mudatan malee,keewwata kana cita xiqqaa(**1**)jalatti daangaan yeroo haaraa hin kennamu :-
  - a) Iyyataan daangaa yeroo kennameef keessatti wanta akka raawwatuuf ajajame raawwachuu kan dadhabe sababa humnaa ol ta‘een akka ta‘e yoo hubachiise
  - b) Yeroo murtaa‘e keessatti wanti raawwachuu qabu akka hin raawwanne wanti isa gufachiise erge irraa dhaabbatee guyyaa kudha shan yeroo hin caalle keessatti yoo iyyate
- 3) Iyyataan wanti raawwachuu qabu daangaa yeroo jalqaba kenname keessatti osoo hin raawwatin kan hafe sababa humnaa ol ta‘een osoo hin ta‘in dogoggoraan, irraanfachuudhan, baay‘ina hojiitiin,qophaa‘ummaa dhabuudhan,maal na dhibdeedhan fi hir‘ina mataa isaatiin ta‘uu kan hubatame yoo ta‘e,daangaan yeroo haaraa hin kennamu.

**Kwt.197 --Haala manni murtii yeroo murteessuun beellama itti kennuu danda‘u**

- 1) Sadarkaa falmii dhaga‘amaa jiruu kamiyyuu irratti mana murtiitti barbaachisaa ta‘ee yoo mul‘ate yookan sababa gahaa yoo arge gareewwan walfalmitootaaf yookan garee kamiifuu yeroo kennee wantichi guyyaa itti dhaga‘amu murteessuun ni beellama. Yeroon kennamus beellamichaaf dhimma sababa ta‘e dalaguuf gahaa ta‘ee yeroo tilmaamamuudha.
- 2) Falmii dhaga‘amaa jiru murteessuun kan danda‘amu dhaddacha biraatin yookan mana murtii biraatti falmiin yakkaa yookan falmiin hariiroo hawaasaa dhaga‘amaa jiru erga murtaa‘een booda yoo ta‘e,falmichi hanga murtii argatutti beellamaan akka turu gochuun ni danda‘ama.
- 3) Manni murtii dhimmicha yeroo beellamutti falmichi irra deebiin guyyaa itti dhaga‘amu ni murteessa. Kisaaraa dhimmicha beellamuun hordofsiisufis ajaja barbaachisaa ta‘ee isatti mul‘ate ni kenna. Kana ta‘ees,falmii ragaa dhaga‘uun irratti eegalame yoo ta‘e,naqaashiin ragummaaf waamaman hunduu dhaga‘amanii hanga xumuramanitti guyyoota walitti aananiin hojii isaa gaggeessuu qaba.
- 4) Abukaattoon yookan dubbi fixaan gareewwan walfalmitootaa sababa dhiyaachuu dhabuutin yookan dhiyaachuu dadhabuutin beellamni hin kennamu.
- 5) Beellamni dhaga‘aa guyyaa hin beekamnetti qabame yoo ta‘e, manni murtii gareewwan walfalmitootaa fi ragoolii isaaniif ajaja waamichaa haaraa erguufii qaba.

**Kwt.198 -- Bu‘aa beellamni hordofsiisu**

- 1) Manni murtii beellama yeroo kennutti beellamichaaf dhimmi sababa ta‘e haala barbaadamuun akka dalagamu barbaachisaa ta‘ee ajaja itti fakkaate kennuu qaba.
- 2) Falmii dhaga‘uun yeroo dhaabbatee turutti daangaan yeroo seeran yookan mana murtiin kenname hunduu addaan cita. Kana ta‘ees,himataan wanticha irratti

ifaajjee hin osoo hin godhin wagga lama kan ture yoo ta‘e,daangaan yeroo addaan citee ture akka addaan hin cinneetti isarratti herreegama.

**Kwt.199 -- Dhimma beellamaaf sababa ta‘e raawwachuu dhabuu**

- 1) Dhimma beellamichaaf sababa ta‘e osoo hin raawwatin kan hafe gareewwan walfalmitootaa keessaa hir‘ina garee tokkootin yoo ta‘e,dhimmi raawwatamu qabu ture kan hin raawwatamne ta‘u iyyuu manni murtii raawwatamu dhimmichaa osoo hin eegin guyyaa beellamaa sanatti murtii isatti fakkaate kennuu ni danda‘a.
- 2) Dhimmi beellamichaaf sababa ta‘e osoo hin raawwatin kan hafe hir‘ina gareewwan walfalmitootatiin osoo hin ta‘in yoo ta‘e garuu manni murtichaa beellama biraa ni kenna.

**KUTAA 2 WABUMMAA YOOKAN QABSIISA BAASII KISAARAA KAFFALUUUF KENNAMU**

**Kwt.200 -- Haala himataan wabummaa baasii kisaaraa akka qabsiisu itti gaafatamu**

- 1) Falmiin osoo adeemsarra jiruu yeroo kamiyyuu manni murtii kaka‘uumsa mataa isaatin yookan himatamaan yoo iyyate, kisaaraa isarra gaheef yookan isarra gahuu danda‘a jedhamee tilmaamamuuf himataan qabsiisa gahaa akka kenu yookan wabii akka waamu ajajuu qaba. Akkasumas ajaja akaakuu kanaa yeroo kennutti sababa isaa ibsee gal mee irratti barreessuun irra jiraata.
- 2) Himataan tokko yookan tokkoo ol ta‘an kan jiraatu yookan kan jiraatan daangaa biyya Itoophiyaatin ala yoo ta‘ee fi qabeenya Itoophiyaa keessatti argamu irratti himanna dhiyaaten ala qabeenya hin sochoone kan biraa kan hin qabne ta‘uu isaa yookan ta‘uu isaanii

yoo mirkanaa‘e ,manni murtichaa keewwata kana cita xiqqaa (1)jalatti ajaja ilaalame yeroo kamiyyuu yoo ta‘e kennuu qaba.

- 3) Himataan kamiyyuu daangaa biyya Itoophiyaa gadi dhiisii kan deeme yoo ta‘e,deebi‘ee yoo dhufes kisaaraa isatti murame dandeettiin kaffaluu isaa kan shakkisiisu yoo ta‘e,akka nama daangaa Itoophiyaatin ala jiraatutti lakkaawwamee keewwata kana cita xiqqaa (2) jalatti kan tumame yeroo kamiyyuu irratti raawwatama.

**Kwt.201 -- Bu‘aa dirqama wabummaa kennuu raawwachuu dhabuun hordofsiisu**

- 1) Himataan yookan himattooni wabii yookan qabsiisa wabummaa akka dhiyeessan gaafataman yeroo manni murtii murteesse keessatti osoo hin kennin kan hafan yoo ta‘ee fi fedhii isaanitiin himanna kaafachuufis kan hin iyyanne yoo ta‘e,manni murtichaa galmee himanna dhiyaate haquudhan ni gaggeessa.
- 2) Keewwata kana cita xiqqaa(1) jalatti bu‘ura dubbatameen galmeen himanna cufame irra deebiin saaqamee akka ilaalamuuf himataan ji‘a 1(tokko) keessatti iyyata dhiyeeffachuu ni danda‘a. Himataan wabii yookan qabsiisa gaafatame dhiyeessuu kan dadhabe sababa gahaa ta‘ee tilmaamamuun ta‘uu manni murtichaa yoo hubate wabii yookan qabsiisa kisaarichaa yookan ni ta‘a jedhee waan isatti fakkaate hunda ajaja barbaachisaa erga kenneen booda galmeen himanna cufamee ture irra deebi‘ee banamee guyyaa beellamaa dhaga‘a falmichaa ni kenna.
- 3) Himannaan haqame yoo iyyannichi himatamaa qaqqabsiifame malee hin saaqamu. **Kwt.202 -- Wabummaa yookan qabsiisa kisaaraa ol‘iyyataan gaafatamu**
  - 1) Manni murtii ol‘iyyanni dhiyaatef deebii kennaan akka dhiyaatuuf osoo hin ajajin dura yookan dhiyaatee yoo iyyate ol‘iyyataan komii dhiyeeffate yookan falmii sadarkaa duraa yookan falmiiwwan lamaanin deebii kennaan irratti

kisaaraa fi baasii hordofsiisan kamiifuu qabsiisa yookan wabumaa gahaa ta‘e akka kenu ajajuu ni danda‘a.

- 2) Ol‘iyataan qabeenya falmiin irratti ka‘een ala qabeenya hin sochoone biraan hin qabne yoo ta‘e,yookan kan jiraatu daangaa biyya Itoophiyaatin ala yoo ta‘e,yeroo kamuu yoo ta‘e manni murtichaa keewwata kana cita xiqqaa (1)jalatti kan tumame akka raawwatamu ajajuu qaba.
- 3) Wabiin yookan qabsiisni gaafatame yeroo manni murtii murteesse keessatti osoo hin kennamin kan hafe yoo ta‘e,ol‘iyanni dhiyaate akka cufamu ajaja ni kenna. Kunis yeroo ta‘etti seera kana kwt.**201(2)** jalatti tumaan dubbatame haala walfakkaatuun raawwatamaa ta‘a.

### **KUTAA 3 JECHA KAKUU**

#### Kwt.203 – - Firiiwan dubbii dhimmichaa jecha kakuutin akka mirkanaa‘an gochuu

- 1) Manni murtii yeroo kamiiyuu firiiwan dubbii falmiirratti ka‘an jecha kakuutin mirkaneessuun barbaachisaa ta‘uu yoo hubate,firiin dubbii yookan firiiwan dubbi kamiiyuu jecha kakuutin akka mirkanaa‘an ajajuu ni danda‘a yookan jechi kakuudhan naqaashiin kenne yeroo fi haala manni murtii murteesen dhaddacha ifaadhan dhaga‘a irratti akka dubbifamu gochuu ni danda‘a.
- 2) Gareen falmii kamiiyuu jecha ragaa caalatti mirkaneessuuf naqaashiin dhiyaatee gaaffii qaxxaamuraa gaafatamee jecha isaa akka kenu gaaffiin dhiyaate laphee qulqulluun ta‘uu

isaa manni murtii kan hubate yoo ta‘e,naqaashichis dhiyaachuu kan danda‘u yoo ta‘e,keewwata kana cita xiqqaa(1)jalatti ajajni dubbatame hin kennamu.

**Kwt.204 -- Gareen jecha kakuu barreffamaan kenne akka dhiyaatu gochuu**

- 1) Gareen falmii kamiiyyuu ragaan barreffamaa jecha kakuutin mirkanaa‘e akka kennamuuf yoo iyyate manni murtii ni eeyyamaaf. Haa ta‘u malee,jecha kakuu namni kenne dhiyaatee gaaffii qaxxaamuraa akka gaafatamu gareewwan walfalmitootaa keessaa tokko yoo iyyate yookan manni murtii kaka‘umsa mataa isaatiin yoo fudhate,namni barreffama jecha kakuutin deeggarame kenne akka dhiyaatu gochuu ni danda‘a.
- 2) Haala biraatin yoo ajajame malee,namni kakatee jecha isaa laate kan dhiyaatu dhaddacha mana murtii falmicha dhaga‘u fuulduratti ta‘a.

**Kwt.205 -- Daangaa wantoota jecha kakuutin kennamanii**

- 1) Dhimmi jecha kakuutin mirkanaa‘u namni kakate matuma isaan wanta beeku ta‘uu qaba. Kana ta‘ees giddu seentummaan iyyannoo dhiyaatu yookan dhiyaatan deeggaruuf jecha kakuu laatame yoo ta‘e,namni kakatee jechasaa kenu fakkaatee wanta itti mul‘atee fi ni ta‘a jedhee wanta itti amane sababa isaa waliin jecha kakuu isaa kennuu ni danda‘a.
- 2) Dhimmi iyyannoo gaafatamu jecha kakuu iyyannicha waliin walqabatee dhiyaatu keessatti ifaan barreffamee ibsamuu qaba.
- 3) Manni murtii haala biraatin akka raawwatamu yoo ajaje malee,barreffamaa fi garagalcha sanadoota bira jecha kakuutin kennaman kamiifuu baasii barbaachisu kan kaffalu sanadoota kanneen garee dhiyeessudha.

**Kwt.206 -- Abbaa aangoo jecha kakuu fuudhuu danda‘u**

Seera kanaan bu‘uura tumameen jecha kakuu kennamu kakachiisuu yookan wantichi dhugaa ta‘uu isaa adeemsa mirkaneessuu kan raawwachiisu mana murtii

kamiiyuu yookan abbaa seeraa yookan aangoon hojii isaa nama eeyyamuuf yookan nama manni murtii filatee adeemsa kana akka raawwachiisu ajaje ta‘a.

#### **KUTAA 4 BU’AA ADEEMSA SEERAA HORDOFUU DHABUU**

##### Kwt.207 -- Qajeeltoo

Seeran adda bahee kan hin tumamne yookan manni murtii haala biraatin akka raawwatamu ajaja addaa yoo kenne malee, seera kanaan dambii bahe raawwachuu dhabuudhan himannaan adeemsan ala ta‘e yoo dhiyaate yookan dambicha keessatti gochi dambiidhan ala ta‘e yoo raawwatame, gareewan walfalmitootaa keessaa inni tokko yeroo iyyate yookan manni murtii kaka‘umsa mataa isaatin himannaa adeemsan ala dhiyaate kana gamisaan yookan guutummaatti akka haqamu yookan himannichi fooyya‘ee akka dhiyaatu, sababa kanaanis kisaaraa fi baasii qaqqabeef ajaja mijataa ta‘ee isatti mul‘ate ni kenna.

##### Kwt.208 -- Dogoggora sirreessuu

Manni murtii waamicha, murtii, murtoo fi ajaja kenne irratti dogoggora barreeffamaa,lakkoofsa barreessu keessaa hir‘isuu yookan jecha dogoggoraan osoo hin yaadne fi hin qalbeeffatin akka tasaa irra utaalame jiraachuu isaa matuma isaatin kan mirkanoeffate yoo ta‘e yookan abbootii

dhimmaa keessaa inni tokko yoo iyyate,hanqina adeemsaa kwt.**207** jalatti dubbatame kan ilaallatu yoo ta‘e malee,manni murtichaa soroorsuu ni danda‘a.

Kwt.209 -- Dhimmi falmii keessatti adeemsan ala ta‘e akka haqamu yookan cufamuuf iyyannoo dhiyaatu

- 1) Gareen falmii kamiiyuu falmichi adeemsan ala yookan falmicha keessa wanti adeemsaa hin hordofne ni jira yoo jedhe wanta adeemsan ala ta‘e kana guutummaan yookan gartokkeen naaf haa haqamu yookan naaf haa cufamu jechuun iyyata isaamanni murtiif dhiyeessuu ni danda‘a.
- 2) Iyyatichi kan bu‘ureffame dhimmoota tokkoo ol ta‘an irratti yoo ta‘e iyyuu sababoonni isaanii hunduu bakka tokkotti barreffamanii ibsamuu qabu.
- 3) Seera kana tumaa kwt.**211(1)**jalatti kan tumame akkuma eegametti ta‘ee,iyyatni adeemsan ala jedhamee dhiyaatu hunduu sadarkaa duraatti dhiyeessuu barbaachisa yookan iyyataan adeemsan ala wanti jedhame jiraachuu akka hubateen battaluma sanatti iyyachuu qaba.

Kwt.210 – Iyyannicha irratti murtii kennuu

- 1) Haalotni kanatti aananii ilaalamani jiraachuun isaanii yoo hubatame:-
  - a) Hundee dubbichaa irratti ijoo qabame kan jijiiru yookan kan tuqu, iyyataa irra miidhaa gosa kamiiyuu kan qaqqabsiisu
  - b) Iyyatichi wanta hanqina adeemsaa qaba jedhe jiraachuu akka hubateen battaluma sanatti wanticha irratti tarkaanfii kamillee kan hin fudhanne ta‘un isaa, tarkaanfiis kan fudhate yoo ta‘e,hanqina jira jedhame beekudhaan kan iyyate ta‘usaa manni murtii yoo mirkaneesse sababa itti ajaja kenne tarreessuun ibsee seera kana kwt.**207** jalatti kan dubbatame bu‘ura godhachuun iyyannicha fuudhee ajaja ni ta‘a jedhee isatti fakkaate ni kenna. Kana ta‘ees,hanqina adeemsaa karaa biraatin sirreessuun kan hin danda‘amne yoo ta‘e malee,himannaan dhiyaate guutummaatti yookan

gartokkeen hin cufamu. Akkasumas,himannaan dhiyaate gartokkeen kan cufamu yoo ta‘e,hanqinni adeemsichaa osoo hin raawwatamin dura tarkaanfiin fudhatame wajjin hin haqamu.

- 2) Keewwata kana cita xiqqaa(1) jalatti haalli ibsame osoo hin raawwatamin kan hafe yoo ta‘e, manni murtii sababa hin raawwatamneef bal‘inaan ibsuun iyyannicha kufaa godha. Dhimmicha irrattis iyyanni akka hin dhiyaannetti lakkaawudhaan falmiin akka itti fufu ni godha.

#### Kwt.211 -- Ol‘iyannoo

- 1) Seera kana bu‘uura kwt.**209** jalatti dubbatameen iyyanni yoo dhiyaachuu baate fi sababa murtii yookan murtoo kennameetin yoo ta‘e malee,ajaja sababa hanqina adeemsaatiin qofa ol‘iyannoo dhiyeessuun hin danda‘amu.
- 2) Keewwata kana cita xiqqaa(1) jalatti kan dubbatame akkuma eegametti ta‘ee,manni murtii ol‘iyata dhaga‘u dhimma ol‘iyynoon gaafatame irratti hanqina adeemsaa raawwatame kamiiyyuu kaka‘umsa mataa isaatin sirreessuu ni danda‘a. Kana ta‘ees,hanqinni adeemsaa mudate murtii sirrii kennuuf faallaa fakkaatee kan isatti mul‘ate yoo ta‘e,murtiin kenname akka hin kennamneetti irra deebi‘ee akka ilaalamu ajaja ni kenna.

#### Kwt.212 -- Haala falmichi itti cimu

Falmii tokko irratti hanqinni adeemsaa kan raawwatame yoo ta‘e,murtii dhimma kanaan kenname irratti ol‘iyynoon yoo gaafatamuu baate kan cimu ta‘a,yookan mana murtii

ol‘iyyannoo dhaga‘utti ol‘iyyanni fudhatame yoo cime,murtiin kennname sababa hanqina adeemsatiin kufaa hin ta‘u.

## **KITAABA 4 SADARKAA JALQABAATTI FALMIIWWAN IDILEE ILAALAMAN**

### **BOQONNAA 1. HUNDEESSA FI DHIYEESSA**

#### **HIMANNAA KUTAA 1 TUMAALEE**

#### **WALIIGALAA**

Kwt.213 -- Himanni kan jalqabu falmiin barreeffamaa sababa himanna ibsu yeroo dhiyaatetti ta‘uu

- 1) Seera kanaan dhimma dhiyeessa iyyataa fi falmii barreeffamaa tumaan dubbatame akkuma eegametti ta‘ee,himannaan kamiyyuu akka dhiyaatetti kan lakkaawwamu himannaan barreeffamee abbaa seerummaatin akka ilaalamuuf gaafatame mana gal mee mana murtiitti yeroo dhiyaateedha.
- 2) Haalli barreessa himanna kamiyyuu seera kana ulaagaalee kwt.**80-93** fi **222-236** jalatti tumaman kan guuttate ta‘uu qaba.

Kwt.214 -- Gal mee himannaan irratti galmaa‘u

Seera kana kwt.**229** jalatti kan ilaalamo akkuma eegametti ta‘ee,reejistiraarri mana murtii yookan muudamaan mana gal mee himannaan barreeffamaan dhiyaatuuf gal mee dhimma himanna hariiroo hawaasaa qophaa‘e keessatti tarreeffama himannichaa ibsuudhan ni galmeessa. Himannaawwanis kan galmeessu akka wal duraa duuba dhufaatii isaaniitti tartiiba lakkoofsaa kenuun jalqaba baraa irraa hanga xumura barichaatti tartiiba lakkoofsa jalqabaa tokko irraa eegalee walitti aanee jiru waggaa waggaan wal qabsiisuudhanidha.

**Kwt.215 -- Abbaa seerummaaf maallaqa kaffalamu**

- 1) Seera kana kwt.**467-479** tumaan dubbatame akkuma eegametti ta‘ee,kwt.**230** jalatti bu‘uura ilaalameen himannaawan dhiyaatan hundi abbaan seerummaa yoo itti kaffalame malee fudhatama hin argatan.
- 2) Kaffaltiin abbaa seerummaa himata himatarraatin himatamaan deebii kennu keessatti dhiyeessuu hanga tariifa isaatiin ni kaffalama.

**Kwt.216 -- Dhiyeessa fi ibsa himannaa**

- 1) Himannaan mana murtiitti dhiyaatu kamiyyuu manni murtii dhimmicha haala barbaadamuun qoratee murtee sirii kennuuf kan dandeessisu wanti sun dhimma falmisiisaa biraan haala hin hordofsiifneenii fi barreeffama ifa ta‘een dhiyaachuu qaba.
- 2) Himannaan kamiyyuu dhiyeessuuf wanta sababa ta‘e hunduu himannaa irratti ibsamuu qaba. Ta‘ees,mana murtii sadarkaa jalqabaatti himataan himannaa isaa dhiyeessuun himannicha fuudhuuf aangoon kan eeyyamuuf akka ta‘u yoo barbaade qabeenya himannaan gaafatu keessaa hir‘isee himachuu ni danda‘a.
- 3) Himataan himachuu osoo danda‘uu ta‘e jedhee hir‘isuun qabeenya hambiseef irra deebi‘ee sababa himannaa biraan dhiyeessuu hin danda‘u.

4) Himannaan himataan dhiyeeffate dhimma tokko irratti kan bu‘uureffate ta‘ee abbaan seerummaa gaafatamu garuu tokkoo ol yommuu ta‘etti,manni murtii osoo hin eeyyamin matuma isaatiin abbaa seerummaa gaafachuu danda‘u hir‘isee mirga hambise irra deebi‘ee himachuu hin danda‘u.

**Kwt.217 – Wantoota himannaaf bu‘uura ta‘an walqabsiisanii dhiyeessuu**

- 1) Haala biraatin akka dhiyaatu yoo eeyyamame malee,himanna himataan dhiyeessuuf wantoota bu‘uura ta‘an tokkoo ol yoo qabaate,hunduma isaanii bakka tokkotti walqabsiisee himatamaa tokko yookan tokkoo ol ta‘an irratti himanna walqabsiisame dhiyeessuu ni danda‘a.
- 2) Himattooni baay‘een himatamaa tokko yookan himatamtoota baay‘ee irratti sababa himanna akaakuu tokko yoo qabaatan sababoota isaanii walqabsiisanii himanna tokko dhiyeessuu ni danda‘u.

**Kwt.218 -- Qabeenya hin sochoone deebisiisuuf himannaawwan walqabatanii dhiyaatan**

Haala kanatti aanee ilaalamien yoo ta‘e malee,himannaawwan qabeenya hin sochoone deebisiisuuf dhimmoota ilaallatan walqabsiisanii dhiyeessuun hin danda‘amu.

- a) Qabeenya hin sochoone irraa faayidaa argamu yookan kiraan kaffalamne sassaabuu yookan galii irraa argamu yookaan gartokkee isaa gaafachuuf yoo ta‘e;
- b) Qabeenya hin sochoone ilaalchisee sababa kamiinuu waliigaltee taasifame irra darbuun miidhaa qaqqabeef beenyaa yookan kisaaraa kamiyyuu gaafachuuf yoo ta‘e yookan waliigaltichi qabeenya kana guutummaan yookan gartokkeedhan kan ilaallatu yoo ta‘e;
- c) Seerummaan gaafatame kan bu‘uureffate sababa walfakkaatu irratti yoo ta‘eedha.

**Kwt.219 -- Himanna bulchitooni qabeenya,raawwachistonni dhaamoo fi**

dhaaltonni dhiyeessanii fi himannaa isaan irratti dhiyaatu

Bulchaan qabeenyaa,raawwachiisaan dhaamoo yookan dhaaltuun himannaa bulchitummaa isaatiin, raawwachiisummaa isaatin yookan dhaaltummaa isaatin dhiyeessu dhimma dhuunfaa isaatiif himannaa dhiyeessu waliin walqabsiisee dhiyeessuu yookan dhimma irratti himatameef deebii kennuu hin danda'u. Haa ta'u malee,dhuunfaan himannaan dhiyeessu yookan himannaan isarratti dhiyaatu kan bu'uureffate bulchummaa qabeenyatiin,dhaamoo raawwachiisummaadhan yookan dhaaltummaadhan qabeenya inni bulchu waliin dhimma walqabatu yoo ta'e, himannaa isarratti dhiyaaten walqabsiisee deebii kennuu fi innis himannaa dhiyeessuun walqabsiisee himachuu yookan du'aan eegduu qabeenyaa,raawwachiistuu dhaamoo yookan dhaaltuu isaa taasisee ture wajjin miiltoo ta'ee dhimma himatuun yookan ittiin himatamuun walqabsiisee himachuu yookan deebii kennuu ni danda'a.

Kwt.220 -- Adeemsan ala walqabsiisamuun himatamuun mormuu

Himannaan wal qabsiifamee kan dhiyaate adeemsa maleedha jedhamee mormiin dhiyaatu hunduu falmichi osoo hin eegalin dura dhiyaachuu qaba. Manni murtii ijoo dhimmichaa qabatee falmicha dhaga'u erga eegaleen booda mormiin yoo dhiyaate fudhatama hin argatu. Haa ta'u malee,wanti mormiin irratti dhiyaatu kan uumame falmicha dhaga'uun erga jalqabee booda yoo ta'e mormii dhiyaate manni murtii fudhachuu ni danda'a.

**Kwt.221 -- Haala himannaan adda adda bahee itti ilaalamu**

Himannaan dhaga‘a irra yeroo jiru kamittuu himataa tokkoon yookan himattoota tokkoo oliin sababni himanna himanna tokkoon walqabsiifamee yookan seerummaan adda addaa himanna tokkoon yoo dhiyaate yookan himanna haadhoo fi himanna himatarraa dhiyaatee waliin bakka tokkotti murteessuun kan rakkisu,kan yeroo fudhatu yookan kan mijanne yoo ta‘e, manni murtii himannaan dhiyaate adda adda bahee karaa mijatuun akka ilaalamu ajajuu ni danda‘a.

**KUTAA 2 HIMANNA BARREEFFAMAA FI DEEBII ITTISAA**

**Kwt.222 -- Himanna barreeffamaa irra wantoota teessifaman**

- 1) Himanni barreeffamaa kamiyyuu kanatti aananii wantoota ilaalaman kan qabate ta‘uu qaba.
  - a) Maqaa mana murtii himannaan itti dhiyaatuu
  - b) Mata duree himanna
  - c) Maqaa fi eenyummaa himataa fi himatamaa,teessoo waamichi itti qaqqabsiifamu
  - d) Himataan yookan himatamaan seeran dandeettii kan hin qabne yoo ta‘e kanuma ibsuu
  - e) Himataan himanna isaa kan dhiyeessu abukaatoodhaan,dubbi fixaadhan yookan bakka bu‘aadhan yoo ta‘e,aangoo himanna dhiyeessuu ibsuu
  - f) Himannaaf wantoota ka‘umsa ta‘anii fi yeroo fi bakka itti uumaman
  - g) Manni murtii dhimmicha fuudhuuf aangoo kan qabu ta‘uu hubachiisu
  - h) Himatamaan wanta himannaaf ka‘umsa ta‘e keessa sababa isa galchu yookan waamamaa isa taasisu yookan falmii dhiyaateen haala inni itti gaafatamu
  - i) Barbaachisaa yeroo ta‘etti tilmaama wanta himannaaf ka‘umsa ta‘ee
- 2) Dhimma mootummaan himate yookan irratti himatame yoo ta‘e,kanaan olitti akka dubbatame bal‘inaan tarreessuun barbaachisaa hin ta‘u. Haa ta‘u malee,

maqaa mana hojii himataa yookan himatamaa fi abbaa aangoo qofa ibsuun gahaadha.

**Kwt.223 – Barreffamoota fi ibsawwan himannaa waliin dhiyaatan**

- 1) Himataan himannaa dhiyeeffatu waliin kanatti aananii wantoota jiran walqabsiisee dhiyeessuu qaba :-
  - a) Tarreffama maqaa namoota falmichi yommuu dhaga‘amutti naqaashii naaf ta‘u jedhuu teessoo isaanii waliin,sababa waamamaniif,akkasumas barreffamoota ragaa naaf ta‘u jedhu,barreffamoonni sunis harka isaatti kan hin argamne yoo ta‘e bakka itti argamanii fi eenu harkatti akka argaman ibsuun walqabsiisee tarreffama dhiyeessen ala ragaa biraan kan hin qabne mirkaneessuu beeksisu
  - b) Himannaaf sanada bu‘uura ta‘e haadhoo yookan garagalcha isaa sirrii
  - c) Naqaashii yookan sanada barreffamaa dhiyeessu kan hin qabne yoo ta‘e kanuma ibsuun mirkaneessuu
- 2) Himannaa irratti himatamtoota eeraman hundaa garagalchi himannaa,barreffamoota kana waliin walqabatanii dhiyaatanii fi ragaawwan biroo,tarreffama maqaa naqaashotaa sirriitti ibsuun mana murtiif dhiyeessanii garagalchi isaa akka qaqqabsiifamu godhamuu qaba.
- 3) Keewwata kana cita xiqqaa (2) jalatti kan dubbatame akkuma eegametti ta‘ee ,manni murtii yoo eeyyame sanada himannaaf ka‘umsa ta‘e garagalch isaa akka qaqqabu gochuurra sanada haadhoon galmee mana murtii keessa akka taa‘u fi himtamaan dhiyaatee akka ilaalu ajajuun ni danda‘ama.

**Kwt.224 -- Seerummaa gaafatamu tokko tokkoon ibsuu**

- 1) Himataan himannaa dhiyeeffatu irratti seerummaa addatti yookan filannoodhan gaafatu ibsuu qaba. Haa ta‘u malee, seerummaa himataan gaafatu walitti qabaan yoo ta‘e,manni murtii ijoo himannaa fi haala ragaa naannoo isaa bu‘uura godhachuun murtii sirrii ta‘ee isatti mul‘ate kennuu ni danda‘a.
- 2) Himataan seerummaa adda addaa yookan sababoota himannaa garaa garaa irratti himannaa kan hundeesse yoo ta‘e,hanga danda‘ametti tokko tokkoon seerummaa gaafatu ibsuu qaba.

**Kwt.225 -- Falmichaaf wanta sababa ta‘e adda baasanii ibsuu**

- 1) Dhimmi falmichaaf ka‘uumsa ta‘e wanta murtaa‘aa tokkoratti yoo ta‘e,himannicha irratti wantichi ifa godhamee adda ba‘un ibsamuu qaba.
- 2) Himannaan kan ilaallatu qabeenya hin sochoone yoo ta‘e, himannaa irratti qabeenyicha adda baasanii beekuuf mallattoowwan dandeessisan ibsamuu qabu. Qabeenyi kunis kan ittiin adda bahu daangaa naannoo isaatiin yookan galmees abbaa qabiyyummaa irratti tartiiba lakkofsa kennameefiin yeroo ta‘etti,mallattoo daangaa isaa yookan galmicha irratti lakkofsi kennameef ibsamuu qaba.

**Kwt.226 – - Himanna maallaqa gaafachuuf dhiyaatu irratti ibsawan tarreffaman**

- 1) Himannaan dhiyaatu maallaqa deebisiisuuf yoo ta‘e,himataan maallaqa gaafatu himannaa isaa irratti haala sirrii ta‘een ibsuun beeksisuun qaba.
- 2) Maallaqni himataan gaafatu hamma isaa beekuun kan danda‘amu himataa fi himatamaa gidduu herreega jiru adda baasuun erga godhameen booda yoo ta‘e, himannaa dhiyaatu irratti maallaqa gaafachuuf qabu tilmaamaan ibsuu ni danda‘a.
- 3) Himannaan kan dhiyaatu mi‘a adda bahee beekame yookan wanta biraa

deebisiisuf yoo ta‘e, gatii sirriin wanta himannaaf sababa ta‘ee himannicha irratti ibsamuu qaba.

- 4) Himannaan dhiyaatu wanta dhumu yookan wanta alaa‘u yookan samu yookan wanta tajaajila yeroo gabaabaa qabu yommuu ta‘etti,himannicha irratti gatiidhuma isaa kan yeroo ibsuu barbaachisa.

**Kwt.227 -- Baasii yeroo yeroon kaffalamuuf himanna dhiyaatu**

- 1) Himannaan kan dhiyaatu yeroo murtaa‘etti akka kaffalamuuf baasii adda bahee beekameef yoo ta‘e, kaappitaala baasiin gaafatame argamsiisu ibsamuu qaba.
- 2) Himannaan dhiyaate baasii yeroo yeroon kaffalamu irratti ta‘ee,barri kaffaltichaa hangi itti fufu adda bahee kan hin murtoofne yoo ta‘e, aangoo abbaa seerummaa hanga maallaqaan murtaa‘uun, mana murtii aangoo qabutti, kaffaltiin waggaan adda bahe digdamaan baay‘ifamee ida‘amni argamu himanna keessatti ibsamuu qaba.

**Kwt.228 -- Mirga hundeessuu,kabachiisuu yookan haqsiisuu**

Himataan mirga hundeessuuf,kabachiisuuuf yookan haqsiisuuuf gaafatu bu‘uura keewwattoota kanaan olitti ilaalamaniin adda baasee beekuu kan hin dandeenye yoo ta‘e,manni murtii mirga inni gaafate bu‘uura godhachuun osoo murtii kennee bu‘aa maallaqaa hammam argachuu akka danda‘u tilmaamee himanna isaa irratti ibsuu qaba.

Kwt.229 --Reejistiraarri mana murtii yookan muudamaan mana galmeek himannaadhiyaate fudhatama hin qabu jedhee ofirraa deebisuu haala itti danda'u

Reejistiraarri mana murtii yookan muudamaan mana galmee haalota kanatti  
aananii ilaalamani guuttatanii himannaawwan hin dhiyaatin fudhatama kan hin  
qabne godhee dhiyeessaaf deebisuu ni danda'a :-



Kwt.230 -- Reejistiraarri mana murtii yookan muudamaan mana galmeek himannaan  
dhiyaate fuudhuu haala itti danda'u

Seera kana bu‘uura kwt.**229** tin sababni himannaan hin fudhatamneef hin jiru yoo ta‘e,reejistiraara mana murtiif yookan muudamaa mana galmeef himannaawwan yoo dhiyaatan:

- a) Seera kana bu‘uura kwt.**214** tin fuudhee ni galmeessa.
  - b) Sanadoota himannaan walqabatanii dhiyaatan haadhoo fi garagalcha sirrummaa isaanii ni mirkaneessa. Garagalchi sirrii ta‘uu yoo hubate mirkaneessudhaan mallatteessee galmicha wajjin walqabatee akka taa‘u ni godha. Haadhoos adda baasuu akka danda‘uuf mallattoo erga irratti godheen booda abbaa dhimmaatif ni deebisa.
  - c) Himanna dhiyaates miiltoo waliin walqabsiisee dhaddachaaaf ni dhiyeessa. Kwt.231 -- Haala manni murtii himanna dhiyaate itti ofirraa deebisu

- 1) Manni murtii akkaataa kwt.**230** tin himanna dhiyaatan fudhatama hin qaban jedhee murteessuun ofirraa deebisuu kan danda‘u :-
  - a) Himanna irratti wanti ibsame kan hin himachiifne ta‘ee yoo argame
  - b) Himanna irratti dhimmi ibsame aangoo mana murtichaatin ala ta‘uu yoo hubate
- 2) Seera hariiroo hawaasaa bu‘uura tumaa kwt.**1403** tin himataan kamiiyyuu qabeenya hin sochoone irratti mirga gaafatu deebisiisuuf qabsiisa akka dhiyeessu gaafatamee kan hin dhiyeessine yoo ta‘e,himannaan dhiyaate akka hin fudhatamnetti murteessee ni haqa.
- 3) Keewwata kana cita xiqqaa **(1)** jalatti sababa ilaalameen manni murtii himanna hin fudhanne yoo haqu yookan yoo deebisu hin fuudhu jedhee sababa deebiseef ajaja irratti ibsuu qaba.

**Kwt. 232 -- Himannaan dhiyaate fudhatamu dhabuun yookan haqamuun bu‘aa hordofsiisu**

- 1) Reejistiraarri mana murtii yookan muudamaan mana gal mee himannaawwan fudhatama dhabsiisuun deebise:-
  - a) Akkaataa kwt.**229** tin maganatni himanna fudhatama dhabe yookan haqame walqabatee ragaa fi ibsa isaa akkasumas garagalcha murtoo manni murtii fudhatama hin qabu yookan ni haqama jedhee kenne wajjin abbaa dhimmichaatif deebisa. Ta‘us,maganatni fudhatama hin qabu jedhee reejistiraarichi murtoo kenne irratti abbaan dhimmaa mana murtichaatti maganata isaa dhiyeffachuu ni danda‘a.
  - b) Bu‘uura kwt.**231** tin ilaalameen himannaan dhiyaatee fudhatama dhabe yookan haqame yoo ta‘e,maallaqa abbaa seerummaa himataan kaffalee ture irraa bu‘uura

dambichaatin herreegni hir‘ifamu erga hir‘ifamee booda hafteen ni deebi‘aaf. Reejistiraarichis himannaan dhiyaate kan fudhatama dhabe yookan haqame ta‘uu isaa galmee himannaahariiroo hawaasaa irratti ni galmeessa.

- 2) Seera kana bu‘uura tumaa kwt.**229** yookan **231** tin ilaalameen himannaan fudhatama hin qabu yookan haqame jedhame himataan himannaahisaa fooyyessuun waan hir‘ate guuttatee dhimma sanaan irra deebi‘ee himannaahdiyeessuu kan isa dhorku hin ta‘u.

**Kwt.233 -- Himannaaharee falmii biroo qaqqabsiisuu**

Himannaan dhiyaate seera kana bu‘uura kwt.**231** tin fudhatama kan hin dhabne yookan sababa haqsiisu kan hin qabne ta‘ee fudhatama yoo argate, manni murtii himannicha waliin walqabatee ragaa fi garagalcha barreeffamaa dhiyaatef kamiyyuu waraqaa waamicha waliin himatamaa akka qaqqabsiifamuu fi deebii ittisaa isaa barreessee akka dhiyeeffatu ni ajaja. Himatamaan ittisa isaa mana murtiif osoo hin dhiyeessin kan hafe yookan matuma isaa ittisa osoo hin qabatin yoo dhiyaate falmichi bakka inni hin jirretti kan dhaga‘amu ta‘uu waamicha irratti ni ibsamaaf.

**Kwt.234 -- Deebii ittisaa irratti wantoota ifaan ibsaman**

- 1) Deebiin ittisaa kamiyyuu seera kana bu‘uura kwt. **223** tin miiltoowwan ibsaman waliin walqabatee wantoota kanaa gaditti tarreeffaman kan hammate ta‘uu qaba.
- a) Maqaa mana murtii iddoo deebii ittisaa itti dhiyeeffatuu

- b) Lakkofsa gal mee himanna
  - c) Himataan seeran dandeettii kan hin qabne yoo ta‘e, manni murtii himanna dhiyaate ilaaluuf aangoo kan hin qabne yoo ta‘e, yookan himannaan dhiyaate darbiinsa yeroon ni daangeffama kan jedhamu yoo ta‘e, sababa kana jedhameef bal‘inaan ibsuu
  - d) Himanna dhiyaat ef ragaaleen ittisa ta‘an addaa adda yoo ta‘an isaanuma kana barreeffama gabaabaan ibsuu yookan ittisawan ni fayyadu jedhaman walitti qabaan barreeffama ibsuun barreessuu, akkasumas deebiin ittisaa yeroo barreeffamutti wanti haaraa ittisarratti hin tuqamin akka hin uumamne yookan wantootni haaraa himannichaan ala ta‘an akka hin kaane godhamee deebii guutamee qophaa‘e
  - e) Himanna irratti wantoota ibsaman keessa ifaan kan hin haalamne hunduu akka amanameetti waan lakkawwamuuf waan haalaman/ganaman/ hunda ifaa fi bal‘inaan ibsuu
  - f) Himannaan himatarraa yoo jiraate kanuma sirriitti ibsuu, kunis ni jira yeroo jedhamutti tumaan kwt. **224** haala walfakkaatuun raawwatamaa ta‘a.
- 2) Akkasumas, tumaan kwt. **223(3)** akkuma barbaachisummaa isaatti haala walfakkaatuun raawwatamaa ta‘a.

Kwt.235 – Dhimmicha haala ifa hin taaneen yookan irraa goruun haaluu yookan ganuu

- 1) Himatamaan himanna isarratti dhiyaate ifaa fi bal‘inaan ibsee ganuu qaba. Deebiin wanticha haala ifa hin taanen ganuun kennamu gahaa hin ta‘u, akkasumas wanta tokko na hin ilaallatu jechuu qofaan naannoo wanticha haaluun ganuun kenname firii dubbichaa akka haaletti hin lakkawwamu.

2) Falmii barreeffamaa kamiyyuu irratti wanta ilaalamo keessatti yookan dubbicha irraa akka mul‘atutti akka ganameetti kan lakkaa‘amu yoo ta‘e malee,yookan deebii himatamaa irratti wantichi kan ganame (haalame) ta‘uu yoo ibsamuu baate,namoota seeraan dandeettii hin qaban jedhamaniin ala,himatamtoota biraan hundumaan akka amanameetti lakkaawwama. Ta‘ees,wantoota akka amanameetti lakkaawwaman irratti ragaan dhaga‘amu barbaachisa yoo jedhe manni murtii ajajuu ni danda‘a.

**Kwt.236 -- Himannaa gaaffii waldanda‘uu kamiyyuu keessatti wantoota ibsamuu qaban**

- 1) Himatamaan himannaa isarratti dhiyaateef deebii kenuun himataa irraa maallaqa seeran barbaadame nan qaba jechuun akka waldanda‘uuf kan gaafatu yoo ta‘e,maallaqni gaafatamu aangoo mana murtichaan ala kan hin taane yoo ta‘e,gama isaatiin hanga maallaqaa gaafatu ibsuun mana murtii itti himatametti dhiyeessuu ni danda‘a. Kanas gochuun kan danda‘amu maallaqni gaafatamu gama mirga dhuunfaa himatamaa fi himataa kan ilaallatu yoo ta‘eedha. Gaaffiin waldanda‘uu akka kanaa dhiyaachuu kan qabu himannaa isarratti dhiyaatef yeroo jalqaba deebii kennutti ta‘uu qaba.
- 2) Deebii ittisaatin himatamaan mirga waldanda‘uu yeroo gaafatu hunda gareewwan walfalmitootaa keessaa inni himataa inni biraan immoo himatamaa ta‘ee akka himannaan dhiyatetti lakkaawwama. Manni murtiis,murtoo kan kenu himannaa duraa fi maganata waldanda‘uun akka ilaalamu dhiyaate irrattiidha.

**Kwt.237 -- Sababoota addaa addaa irratti gaaffii waldanda‘uu fi deebii ittisaa dhiyaatu**

Himatamaan ittisawan sababoota addaa addaa irratti bu‘ureffatan kan dhiyeessu yoo ta‘ee fi deebii ittisaa waldanda‘uu addaa addaa irratti bu‘ureffatan kan dhiyeessu yoo ta‘e,sababoota kanneenii fi gaaffiilee wandanda‘uu akka akaakuu isaaniittii fi akka ramaddii isaanitti adda baasee bal‘inaan ibsuu qaba.

**Kwt.238 -- Deebii ittisaa qorachuu**

- 1) Seera kana bu‘uura tumaa kwt.**233** tin guyyaa beellamaa qabametti ittisa dhiyaate manni murtii ni qorata. Dhimmuma kanaaf akkaataa deebiin ittisa dhiyaate kan tumaa kwt.**229** jalatti tumameen haala walfakkaatuun raawwatamaa ta‘a.
- 2) Seera kana cita xiqqaa (1) jalatti ittisni dubbatame fudhatama hin qabu kan hin jedhamne yoo ta‘e ,ittisichi himannaa himatarraa yookan gaaffii waldanda‘uu kan of keessaa qabu ta‘uu isaa manni murtichaa qorachuu qaba. Kunis yoo ta‘e,waa‘ee himannaa himatarraa fi gaaffii waldanda‘uu tumaa kwt.**231** tin dubbatame akka barbaachisummaa isaatti raawwatamaa ta‘a.
- 3) Akkaataa tumaa keewwata kanaan dubbatametti ittisichi fudhatama kan hin arganne yoo ta‘e iyyuu bu‘uura tumaa boqonnaa kanaan gaditti jiruutin falmichi itti fufuu qaba.

**Kwt.239 -- Falmiiwan barreeffamaa dabalataa**

- 1) Barreeffamni deebii ittisaa falmii dhimma himannaa himatarraa yookan waldanda‘uu gaafatu qabu keewwata kanaan olitti jiruun fudhatama kan argate yoo ta‘ee fi manni murtiis himataan falmii kanaaf deebii kennuuf fedhii kan qabu yoo ta‘e ni gaafata. Fedhii isaas kan ibsate yoo ta‘e yeroo murtaa‘e keessatti deebii akka dhiyeessu ni ajaja.
- 2) Keewwata kana cita xiqqaa (**1**) tin yeroo murtaa‘etti himataan deebii isaa kan hin dhiyeeffanne yoo ta‘e,adeemsi deebii falmii wal irraa fuudhuu ni dhaabbata. Kunis yoo ta‘e himataan deebii kan hin kennine yoo ta‘eyyuu yookan deebiin inni kenne kan kwt.**229** fi

**231** tin dubbatameen yoo fudhatama dhabe iyyuu bu‘uura tumaa boqonnaa kanatti aanee jiruutin falmichi itti fufuu qaba.

**Kwt.240 -- Sanadoota barreeffamaa amansiisuuf beeksisa kennamu**

- 1) Seera kanaan miiltoo ta‘ee bu‘uura unka walqabatee jiruutin gareen falmii sanada yookan ragaan nama kamiyyuu harkatti argamu sirrummaa isaa akka amanu garee bira gaafachuu ni danda‘a.
- 2) Gareen gaafatame deebii isarra jiru kennuuf yookan sanada gaafatame mana murtiif dhiyeessuu akka danda‘u ragaa yookan sanada barreeffamaa akka amanu gaaffii dhiyaateef falmicha dhaga‘uuf beellama qabame guyyaa kudhan dura qaqqabsiisuu barbaachisa.

**BOQONNAA 2**

**ADEEMSA HIMANNAA DHAGA’UU**

**KUTAA 1. ADEEMSA DHAGA‘A**

**DURAA**

**Kwt.241 -- Walfalmitoota qorachuu**

- 1) Himannaan guyyaa dhaga‘amuu jalqabutti abbootiin dhimmaa matuma isaanii kan dhiyaatan yoo ta‘e,manni murtii eenyummaa isaanii erga mirkanoeffateen booda himanna dhiyaate fi deebii ittisaa bitaaf mirgaaf dubbisuun himatamaan yookan namni dubbi fixaa ta‘ee bakka isaa bu‘ee dhiyaate dhimma ittiin himatamee fi deebii isaa irratti kallattiidhan yookan haala naannoo wantichaatiin akka ganameetti waanta lakkaawwamu kan amanu yookan kan haalu ta‘uu isaa ni gaafata.
- 2) Bakka himatamaa bu‘ee namni dhiyaate yookan himatamaan yookan himatamaa waliin namoonni dhiyaatan kamiyyuu falmichaaf wantoota

ka‘uumsa ta‘an yookan wantoota biroo ibsuun hubachiisuuf mala fayyaduu fi ta‘uu qaba jedhee isatti fakkaatee tilmaame gaaffii afaanii dhiyeessuun manni murtii isaan qorachuu ni danda‘a. Yeroo kanas walfalmitoota keessaa gareen kamiyyuu dhimma akka ibsamuuf barbaade manni murtii akka isaaf qoratu gaafachuu ni danda‘a.

- 3) Gareewwan walfalmitootaa keessaa garee isa tokkoof namni dubbi fixummaan yookan abukaattummaan dhiyaate yookan keewwata kana cita xiqqa (2) jalatti akka ilaalamdeen garee falmii waliin namni dhiyaate falmicha irratti wantoota ibsaman kamiyyuu hubachiisuuf eeyyamamaa ta‘uu kan dhabe yookan gaaffii dhiyaateef sirnaan deebisuu kan hin dandeenye yoo ta‘e,manni murtichaa dhimmichi beellama biraan akka dhaga‘amu beellamuun gaaffii dhiyaate abbaan dhimmaa haadhoon matuma isaan dhiyaatee deebisuu kan qabu ta‘uu yookan gaaffii dhiyaatuuf deebisuu kan danda‘u ta‘uu isaa yoo hubate matuma isaan akka dhiyaatu ajaja ni kenna.
- 4) Bu‘uura keewwata kanaan dubbatameen qorannoong godhamee wal amanuun yookan gantuun kamiyyuu mana murtichaan galmaa‘ee galmee falmichaatin walqabata.

**Kwt.242 -- Wanta amaname irratti murtii kennamu**

Gareen falmii kamiyyuu gareen faallaa isaa deebii ittisaan yookan karaa biraan kampiiniyyuu wanta ittiin himatame guutummaatti yookan gariin kan amanu ta‘uu isaa kan ibse yoo ta‘e, yookan kwt.**241** jalatti qorannoong godhameen jechi amantaa kan kennname yoo ta‘e,bu‘uuruma amanameen abbaa seerummaa argachuun qaba jedhu kamiiyyuu akka kennamuuf gaafachuu ni

danda'a. Manni murtichaas wanti biraa murtaa'u yookan ragaadhan mirkanan'a'u jiraachuu isaa yoo hubate iyyuu wanta amanamee fi murtiin akka irratti kennamu gaafatame qofarratti murtii kennuu qaba.

**Kwt.243 -- Hambifannoo**

Bu'uura keewwata kanaan olitti dubbatameen firii dubbii yookan sanada barreeffamaa irratti gareen kamiiyyuu kan amane yookan kan haale ta'uu isaa sadarkaa falmichaa gara booddee kamiiyyuu irratti gaafachuu fi deebii kennames galmeessee bu'uura tumaa kwt.**241**tin murtii isatti fakkaatee mul'ate yookan ajaja biraa kennuu irraa mana murtichaa hin dhorku.

**Kwt.244 -- Falmii sadarkaa duraa irratti mormiiwwan dhiyaatan**

- 1) Manni murtii ragaa fuudhee qorachuu yookan naqaashota dhaga'uu dura mormiiwwan sadarkaa duraa garee walfalmitootaan dhiyaatan irratti murtoo kennuu qaba.
- 2) Gareen walfalmitootaa kamiiyyuu kanatti aanee mormiiwwan ilaalaman yeroo dhiyeessutti seera kana tumaa kwt.**245** tin kan dubbatame raawwatamaa kan ta'uu:-
  - a) Manni murtichaa wanticha ilaaluuf aangoo hin qabu jechuun mormii yoo dhiyaate
  - b) Dhimmi himannaan dhiyaate dursee murtiin kan irratti kennname ta'uu mormiin ibsu yoo dhiyaate
  - c) Dhimmi himannaan dhiyaate mana murtii biraatti dhiyaatee falmiirra kan jiru ta'uu mormii hubachiisu yoo dhiyaate
  - d) Gareen falmii inni tokko wantichi kan isa hin ilaallanne ta'uu ibsuun dhimmicha keessa lixee falmuu hin qabu jechuun mormii yoo dhiyeesse
  - e) Mirgi himannaan dhiyeeffachuu seeran kan hin eeyyamamneef
  - f) Himannaan darbiinsa yeroon kan dhorkame ta'uu mormiin ibsu yoo dhiyaate yookan

- g) Dhimmi himannaan irratti ka‘e jaarsummaan ilaalamee waliigalteen kan raawwatame ta‘uu yookan araaraaf kan beellamame ta‘uu isaa mormiin ibsu yoo dhiyaatedha.
- 3) Keewwata kanaan akka dubbatametti mormiiwwan dhiyaatan tokkoo ol yommuu ta‘anitti hanga danda‘ametti ariitiin walitti qabamee hunduu dhiyaachuu qabu. Mormiiwwan dhiyaachuu qaban keessaa kan osoo hin dhiyaatin hafan murtii sirrii kennuuf kan hin gufachiisne yoo ta‘an, abbaan dhimmaa ta‘e jedhee akka dhiyeessuu dhiisetti lakkaawwama.
- 4) Tumaa keewwata kanaan dubbatame bu‘uura godhachuun dhiyeessi himannaa ulaagaa sirrii hin guuttanne jechuun mormii dhiyeessuun hin danda‘amu.

**Kwt.245 -- Mormiiwwan dhiyaatan irratti murtee kennamu**

- 1) Seera kana bu‘uura kwt.**244** tin dubbatameen mormiiwwan sadarkaa duraa dhiyaatan manni murtii ofitti fuudhe garee falmii biraa mormichi irratti dhiyaate erga dhaga‘een booda murtii kennuuf ragaan ni ta‘a jedhee isatti fakkaate akka dhiyaatu ajaja ni kenna.
- 2) Mormiin dhiyaate ragaa quubsaan kan deeggarame ta‘uu manni murtichaa yoo tilmaame, bu‘uura kwt.**244(1(b))** yookan **(f)** tin ilaalameen mormiiwwan dhiyaatan yoo ta‘an, himannicha cufuun abbootii dhimmaa ni gaggeessa. Mormiiwwan kan dhiyaatan sababoota kanaan ala ta‘aniin yoo ta‘e garuu galmicha cufuudhan ajaja ni ta‘a jedhee isatti fakkaate ni kenna.

- 3) Galmichi kan cufame manni murtii wanticha dhaga‘uuf aangoo hin qabu jedhamee yoo ta‘e,kaffaltiin abbaa seerummaa himataan kaffale bu‘uura dambichaatin irraa hir‘ifamee kan hafe ni deebi‘aaf.
- 4) Bu‘uura keewwata kanaan murteen kennname sababa isaa waliin barreeffamee galmicha waliin taa‘a.

**Kwt.246 -- Ijoo dubbii baasuu yookan qabachuu**

- 1) Mormiin sadarkaa duraa yoo jiraate erga murtaa‘een booda manni murtii kan falmisiisu seerri yookan firiin dubbii abbootiin dhimmaa irratti adda bahan maal akka ta‘e adda baasuun dhimmicha irratti murtii sirrii kennuuf ijoo dandeessisu qabachuudhani.
- 2) Dhaga‘a duraa irratti himatamaan osoo ofirraa hin ittisin kan hafe yoo ta‘e,keewwata kana akkaataa cita xiqqaa (1) tin manni murtichaa ijoo akka qabatu hin dirqisiisu.

**Kwt.247 -- Ijoo dubbii hundeessuu**

- 1) Ijoon dubbii kan hundaa‘u seera yookan firii dubbii gareen falmii tokko amane gareen biraa wanticha kan haale yookan gane yoo ta‘eedha.
- 2) Dhimmichaaf wanta rogummaa qabu jechuun seera yookan firiiwan dubbii ragaadhan deeggarame mirga himataa hundeessuuf dandeessisan yookan himatamaaf ittisa ta‘uu danda‘an jechuudha.
- 3) Firiin dubbii dhimmichaaf rogummaa qabu kamiyyuu garee tokkoon kan amaname ta‘ee,garee biraatin kan haalame/ganame yoo ta‘e,addatti ijoo dubbii mataa isaa danda‘e ni qabaata.
- 4) Himannaa tokko keessatti ijoon qabame firii dubbii fi seeraa mata mataa isaa kan ilaallatu yeroo ta‘etti,manni murtichaa gaaffii seerichaa hordofee himannicha gortokkeen yookan guutummaan murteessuu kan danda‘u yoo ta‘e,jalqabarratti ijoowwan dhimma seeraa qabaman irratti murtii kennuuf qaba.

Ta‘uu qaba jedhee yoo arges ijoowwan gama seeraan qabaman hanga murtaa‘anitti ijoo firii dubbiitiin qabame beellamaan tursiisuu ni danda‘a.

**Kwt.248 -- Wantoota ijoon dubbii irraa hundaa‘u**

- 1) Kanatti aananii firiiwan dubbii ilaalaman yookan kanneen keessaa tokko fudhachuun manni murtii ijoo hundeessuu yookan qabachuu kan danda‘u :-
  - a) Himanna fi deebii ittisaa keessatti wantoota tarreeffaman bu‘uura godhachuudhan
  - b) Gareewan walfalmitootaa yookan gareen tokko ragaa barreeffamaa dhiyeesse bu‘uura godhachuun
  - c) Kan tumaa kwt.**241**tin dubbatame bu‘uura godhachuun qorannoo godhameen deebii gareewan walfalmitootaa yookan abukaattoon yookan bakka bu‘aan yookan dubbi fixaan isaanii kenne bu‘uura godhachuudhaniidha.

**Kwt.249 -- Ijoo baasuun dura haala manni murtii naqaashii fi ragaa barreeffamaa qorachuu itti danda‘u**

Manni murtii ijoo wanta tokkoo osoo hin hundeessin dura namoota tokko dhiyeessee jecha isaanii fuudhuun wanticha qulqulleeffachuu yookan ragaalee sanadaa seera kana kwt.137(1) jalatti ibsamaniin ala ragaalee sanadaa biroo qorachuun barbaachisaa ta‘uu kan tilmaame yoo ta‘e,dhimmicha dhaga‘uu fi ijoo qabachuuf guyyaa beellamaa murteessuun namoota dhiyaachuu

qaban akka dhiyaatan ykn sanada harka isaanii jira jedhame qabatanii beellama qabametti akka dhiyeessan ajaja waamichaa kennuu ni danda‘a.

**Kwt.250 -- Hammamtaa seerummaa gaafatame irratti falmii ka‘u**

Gareewan walfalmitootaa yookan gareen inni tokko hammamtaa yookan gatii qabeenya himannaan dhiyaate irratti waliigaluu dhabuun falmin kan dhiyeesse yoo ta‘e,manni murtii ijoo osoo hin qabatin dura dhimmichi beellama itti dhaga‘amu murteessuun seera kana bu‘uura tumaa **kwt.132 yookan 136** tin dubbatameen itti gaafatamtoota bakka buusuun tilmaama qabeenyichaa beeksisan ni muuda.

**Kwt.251 -- Ijoowwan mana murtiin qabaman haala itti fooyya‘uu yookan haqamuu danda‘an**

- 1) Manni murtii dhimmicha murteessuun dura garee walfalmitootaa giddutti ijoo dubbii qabame fooyyessuun yookan ijoo dabalataa qabuun barbaachisaa ta‘uu kan tilmaame yoo ta‘e,kanas gochuun dhimmicha raawwachuuf karaa mijataa kan argamsiisu ta‘uu kan hubate yoo ta‘e,ijoon qabame akka fooyya‘u yookan ijoon dabalataa akka qabamu ajajuu ni danda‘a.
- 2) Dogoggoraan ijoon dubbii fuudhames yoo jiraate murtiin dura yeroo kamiyyuu akka haqamu taasisuu ni danda‘a.

**Kwt.252 -- Gareewan walfalmitootaa ijoo seeraa yookan firii dubbii irratti walii galanmanni murtii isaaniif haala itti iyyatan**

- 1) Gareewan walfalmitootaa ijoon seeraa yookan firii dubbii irratti waliigaluu dhaban yookan wal isaan falmisiise kam akka ta‘e ibsuun bu‘aan walfalmii isaanii ijoo argamsiisu manni murtichaa akka isaaniif qabatu iyyachuu ni danda‘u. Ijoo kana qopheessanii yeroo dhiyeessanittis manni murtii wanticha

murteessuuf karaa waliigalchiisa jedhee isatti fakkaate hordofuun ijoo qabatee akka isaaniif murteessu kan irratti waliigalan ta‘uu isaanii barreeffamaan ibsuu qabu :-

- a) Gareewwan walfalmitootaa waliigaltee dhiyeeffatan irratti maallaqa ilaalameen yookan hanga maallaqaa kaffalamuu qaba jedhee manni murtii murteesse gareen falmii inni tokko garee isa biraatiif akka kaffalu yookan waliigaltee dhiyeessan irratti mirga gareen falmii tokko gaafate gareen biraa akka itti gaafatamu
- b) Waliigaltichaan akka ibsametti qabeenya falmiin irratti ka‘e gareen falmii inni tokko garee biraatiif akka deebisu yookan gadhiisu yookan ta‘uu qaba jedhanii akka isaan irratti waliigalanitti akka raawwatamu
- c) Gareewwan walfalmitootaa keessaa inni tokko yookan namoota lakkoofsi isaanii murtaa‘een waliigaltee dhiyaate irratti gocha murtaa‘e akka raawwatan yookan akka hin raawwatne akka dhorkaman

**Kwt.253 -- Waliigaltee laphee qulqulluun godhame irratti murtii manni murtii kennu**

1) Manni murtii dhimmichaaf qorannoo barbaachisaa erga taasiseen booda kanatti aananii wantoota ilaalamani yoo hubate:-

- a) Kanaan olitti **kwt.252** waliigaltee dubbatameen gareewwan walfalmitootaa haala barbaadameen kan raawwatan ta‘uu isaanii

- b) Murtii manni murtichaa murtii kenuun gareewwan walfalmitootaa mirga qabaachuu isaanii
  - c) Wantichi abbaa seerummaan ilaalamuu qabu ta‘uu isaa yoo hubate, ijoo gareewwan walfalmitootaa waliigalteen dhiyeeffatan manni murtii matuma isaa akka hundeessetti lakkaawuun erga galmeessee booda bu‘uura ijoo qabameetin murtii ni kenna.
- 2) Ijoo qabame irratti erga murtoo kenneen booda bu‘uura waliigaltee walfalmitoonni dhiyeeffataniin dhimmicha ni murteessa.

**Kwt.254 -- Gareewwan walfalmitootaa dhimmi irratti adda bahan akka hin jirre yoo beekamutti murtii kennamu**

- 1) Mormiin sadarkaa duraa erga dhaga‘amee fi dhimmichi erga qulqullaa‘ee booda dhimmi seeraas ta‘ee firiin dubbii gareewwan walfalmitootaa walfalmisiisu akka hin jirre manni murtii kan hubate yoo ta‘e,beellama duraa irratti murtii kennuu ni danda‘a.
- 2) Akkasumas,himannaa keessa himatamtoonni tokkoo ol ta‘anii kanneen keessaa inni tokko seeraas ta‘ee firiin dubbii himataa waliin wal walfalmisiisu akka hin jirre yoo beekame,himatamaa falmichi hin ilaallanne falmiin ala godhee gaggeessuun himatamtoota hafan waliin falmichi akka itti fufu ni ajaja.

**Kwt.255 -- Himattoota fi himatamtoota wanta isaan wal falmisiisu qaban**

- 1) Himattoota fi himatamtoonni falmii dhiyeessaniin seerri yookan firiin dubbii isaan walfalmisiisu kan jiru yoo ta‘e,manni murtii kanaan olitti bu‘uura tumaa dubbatameen ijoo dubbii erga hundeesseen booda gareewwan walfalmitootaa falmii duraa irratti kan dhiyeessan malee falmii dabalataa biraa yookan ragaa biraa dhiyeessisuun qorachuun kan hin barbaachisne ta‘uu hubatee falmii fi

ragaa jalqaba dhiyaate qofaan murtiin yoo kennname haqa kan hin jal‘isne ta‘uu isaa kan mirkaneeffate yoo ta‘e,battaluma murtii ni kenna.

- 2) Akkasumas,ragaan dhiyaate ijoo hundaa‘en murtii kennuuf gahaa ta‘ee yoo argame bu‘uura kanaan murtii kennuu ni danda‘a.

**Kwt.256 -- Ragaa dhiyeessuu dhabuun bu‘aa hordofsiisu**

- 1) Seera kana bu‘uura tumaa kwt.**137** yookan **249** tin dubbatameen ragaaleen dhiyaachuu qaban hanqina gareewwan walfalmitootaa keessaa isa tokkootin yookan sababa gahaa hin taanen osoo hin dhiyaatin kan hafan yoo ta‘e,manni murtii battaluma sana murtii kenna. Haa ta‘u malee, ragaaleen osoo hin dhiyaatin kan hafan sababa gahaa fi ulfaataa ta‘een akka ta‘e yoo hubate,sababuma kana galmeessuun kisaaraa ragaa dhiyeessuu dhabuun qaqqabsiise kaffalamuu qaba jedhee isatti fakkaate ajajuun beellama itti dhaga‘amu ni murteessa.
- 2) Himannaan kan hundaa‘e sanada daddabarsa maallaqaa irratti ta‘ee sanadichi baduun isaa kan mirkanaa‘e yoo ta‘e,na jalaa badeera jedhee gareen iyyate sanada kana namni biraa dhiyeessee abbaa mirgummaa isaa kan hubachiisu yoo ta‘e itti gaafatamummaa hordofsiisuuf wabummaa gahaadha jedhee tilmaame iyyatichi akka kennu erga taasiseen booda sanadicha akka jiruutti lakkaawwamee murtii mana murtiin itti kennama.

**KUTAA-2**

## HIMANNAA DHAGA'UU FI NAQAASHOTA QORACHUU

### Kwt.257 -- Waamicha

Seera kana bu‘uura kwt.**249** tin ragaa dhiyaatun ala falmichaaf murtii sirrii kennuuf ragaa biraan yookan naqaashii dhaga‘uun barbaachisaa ta‘uu isaa manni murtii kan tilmaame yoo ta‘e,dabalataan ragaa ilaalamuu qabu yookan naqaashota dhaga‘amuu qaban akka dhiyaataniif ajaja waamichaa kennuun guyyaa beellamaa falmichi itti dhaga‘amu ni murteessa.

### Kwt.258 -- Mirga himannaa saaquu fi falmii eegaluu

- 1) Mirga himannaa saaquu fi falmii eegaluu kan qabu himataadha. Haa ta‘u malee, himatamaan himannaa isarratti dhiyaate amanuun seera yookan firii dubbii biraan yookan wanta haaraa himannaa himataa irratti hin iyyatamne caqasuun himannaan narratti dhiyaate gatii hin qabu jedhee kan falmu yoo ta‘e,falmicha kan saaqua yookan banu himatamaa ta‘a.
- 2) Mana murtii dhaddacha abbootii seeraa sadiin ilaalamu abbootii seeraa sadan keessaa abbaan seeraa tokko dhaddacharratti argamuu yoo baate illee bu‘uura keewwatoota kanatti aananii jiraniin dubbatameen abbootii seeraa lamaan qofti jecha naqaashota dhiyaatanii fuudhuu ni danda‘u.

### Kwt.259 – Haasaa baniinsaa himannaa gochuu fi ragaa dhiyeessuu

- 1) Falmicha jalqabuuf gareen mirga qabu haasaa baniinsaa himannaa isaa ibsu kennuun naqaashii himannaa dhiyeeffate deeggaruuf ni dhiyeessa.
- 2) Gareen falmii biraan immoo haasaa baniinsaa ittisaaf ta‘uu akka qabu erga hubachiiseen booda yaada waliigalaan himannaa irratti qabu mana murtichaaf ni dhiyeessa.

- 3) Itti aansee gareen himannicha saaqe yookan jalqabe yaada himannicha irratti waliigalaan qabu ni dhiyeessa.

**Kwt.260 -- Naqaashii ijoowwan baay‘ee irratti dhiyaatu**

- 1) Ijoowwan qabaman tokkoo ol yommuu ta‘anitti kanneen keessaas dirqamni wanticha hubachiisuu kan garee biraa yoo ta‘u,gareen himannaa dhiyeesse gama isaatiin ijoo hubachiisuu qabu ni dhiyeessa. Kana gochuuf eeyyamamaa kan hin taane yoo ta‘e garuu gareen biraa naqaashii isaa erga dhiyeessen booda deebii ittisaan kennamu irratti naqaashii isaa dhiyeessuu ni danda‘a.
- 2) Wanticha jalqaba irratti akka hubachiisuuf gareen mirgi kennameef dursa hubachiisuu gara boodatti kan hambise yoo ta‘e,gareen biraa gama isaan naqaashii dhiyeessuu qabu hunda erga dhiyeesseen booda naqaashii tursiisee ture ni dhiyeessa. Akkasumas,gareen yeroo ta‘etti dursa hubachiisuu qabu naqaashii dhageessifate irratti gareen biraa addatti deebii bal‘aa kennuu ni danda‘a. Gareen naqaashicha tursiisee ture garuu naqaashii isaa irratti yaada waliigalaa qofa kennuu qaba.

**Kwt.261 -- Haala dhiyeessa naqaashii**

- 1) Jalqaba irratti gareen mirga hubachiisuu qabu naqaashii isaa yoo dhiyeessu,naqaashonni dhiyaatan akkaataa milteessituu sagantaa lakkoofsa 3ffaa seera kanaatin walqabateen kakachuun jechi kennan dhugaa ta‘uu isaa jecha mirkaneessu ni kenuu.
- 2) Gareen falmii dhimma ofii isaa irratti jecha ragummaa kennuu barbaadu osoo naqaashii isaa hin dhiyeessin dura rageessuu ni danda‘a.
- 3) Manni murtii gahaadha jedhee galmichi haala biraatin akka xumuramu yoo ajaje malee naqaashonni jecha ragummaa isaanii kan kennan barreeffamaan osoo hin taane dhaddacha fuulduratti ifaa fi kallattiin ta‘a.
- 4) Dhimmicha ifa gochuu fi murteessa falmichaatiif ni fayyada jedhee yoo isatti fakkaate,manni murtii yeroo kamiyyuu naqaashii gaafachuu ni danda‘a.

**Kwt.262 -- Jecha naqaashii hiikuu**

Jechi naqaashii kan kennname afaan Amaaraatiin osoo hin taane afaan biraatin yoo ta‘e,jechi ragummaa naqaashiin kun kenuu gara afaan Amaaraatti kan hiikamu hiiktuu afaanii mana murtichaatiin ta‘a. Hiiktuun afaaniis hojii afaan hiikuu osoo hin jalqabin dura jechicha sirrummaan kan hiiku ta‘uu isaa akkaataa miiltoo seera kanaa sagantaa 3ffaatin kakachuun yookan jechi isaa dhugaa ta‘uu mirkaneessuu qaba.

**Kwt.263 -- Haala gaaffiin itti gaafatamu**

- 1) Gaaffiin duraa gaafatamu firii dubbii ijoo dubbii qulqullaa‘ee murtaa‘uf deemu irratti naqaashiin wanta kallattiin beeku yookan beekuu danda‘u qofa irratti kan bu‘ureffate ta‘uu qaba.
- 2) Manni murtii yoo eeyyame malee haala kamiinuu dhimma naqaashiin rageessu irratti gaaffii qajeelchaa dhiyeessuun hin danda‘amu.
- 3) Kaayyoon gaaffii qaxxaamuraa naqaashiin jecha ragummaa yeroo duraa kenne irratti wanta dogoggore,qabxii soba yookan shakkisiisadha jedhamee

tilmaamame manni murtii akka hubatu gochuuf ta‘uu qaba. Akkasumas,gaaffii qaxxaamuraa irratti ragaa qajeelchuun ni danda‘ama.

- 4) Kaayyoon gaaffii keessa deebii naqaashichi jecha gaaffii qaxxaamuraa irratti kenne akka ifa godhuuf qofaadha.

**Kwt.264 – - Jecha naqaashota biroo manni murtii haala fuudhuu itti danda‘uu**

- 1) Yeroo kamittuu yoo ta‘e namni wanticha beeku yookan falmichaaf sanadni fayyadu harkasaa jiru mana murtiitti argamuun dhiyaatee jecha ragummaa isaa akka kenu yookan sanada harka isaa jiru akka dhiyeessu manni murtii ajajuu ni danda‘a.
- 2) Akkasumas,gareewwan walfalmitootaa fi naqaashota isaaniin ala naqaashota biroo waamanii dhaga‘uun faayida qabeessa ta‘uu manni murtii yoo tilmaame,waamamanii jecha ragummaa isaanii akka kennan yookan sanada harka isaaniitti argamu akka dhiyeessan ajaja waamichaa kennuu ni danda‘a.
- 3) Bu‘uura keewwata kana cita xiqqaa (2) tin dubbatameen dhimma naqaashiin qulqullaa‘uu qabu gareewwan walfalmitootaa keessaa inni tokko osoo hin dhiyeessin kan hafe yoo ta‘e,gareen naqaashicha dhiyeessuu qabu tumaan seera kana kwt.**112** jalatti ilaalamé akka raawwatamuu fi kisaaraa fi oolmaa naqaashotaas ni mala jedhee waan isatti fakkaate ajajuu ni danda‘a.

**Kwt.265 -- Aangoo manni murtii jecha naqaashotaa battaluma/daddaffiidhan/ fuudhuuf qabu**

- 1) Himannaan erga dhiyaateen booda yeroo kamiyyuu jecha naqaashotaa battalatti fuudhuun kan barbaachisu ta‘uu manni murtii yoo hubatee fi gareewwan walfalmitootaa keessaa inni tokko yookan naqaashichi yoo iyyate,kanaan olitti haala ilaalameen jecha naqaashii battaluma fuudhamuu ni danda‘a. Kunis yeroo ta‘etti,jechi naqaashichaa yeroo himannaan dhaga‘amu kamittuu barreffamaan dubbifamuu ni danda‘a.
- 2) Gareewwan walfalmitootaa bakka jiranitti jecha naqaashotaa battaluma fuudhuuf kan hin dandeenye yoo ta‘e,waamichi jechicha fuudhuuf guyyaa murtaa‘e ibsu gareewwan walfalmitootaa akka qaqqabu ni taasisa.

**Kwt.266 -- Manni murtii naqaashota waamsisee irra deebidhaan qorachuu akka danda‘u**

Adeemsi falmii sadarkaa kamirrayyuu yeroo jirutti naqaashota dura rageessanii turan manni murtii irra deebiin waamsisee gaaffiwwan ni ta‘a jedhee isatti mul‘ate kamiyyuu isaan gaafachuu ni danda‘a.

**Kwt.267 -- Jecha ragummaa kenuuf eeyyamamaa ta‘uu dhabuu**

Gareen falmii mana murtiitti dhiyaate yookan falmichaan ala namni jiru kamiyyuu jecha ragummaa isaa akka kenu yookan ragaa barreffamaa harkasaa yookan aangoo isaa jala jiru akka dhiyeessu manni murtii yoo ajaju,sababa gahaa hin taanen yookan seeran hin deeggaramneen ajajicha raawwachuuf eeyyamamaa kan hin taane yoo ta‘e,manni murtichaa battaluma isatti ni murteessa yookan ajaja biraan ni ta‘a jedhu ni kenna.

**Kwt.268 -- Seera kanaan naqaashotaaf tumaan dubbatame walfalmitoota waamichi ergameef irrattis raawwatamuu ta‘uu**

Gareen falmii dhimmichaa kamiyyuu jecha ragummaa isaa akka kenu yookan

sanada harka isaa jiru akka dhiyeessuuf yeroo barbaadametti haalli raawwii isaa seera kanaan waamichaa fi dhiyaatinsa naqaashotaaf akkaataa tumameen raawwatamaa ta'a.

**Kwt.269 -- Jecha Naqaashii galmeessuu**

- 1) Jechi ragummaa tokko tokkoo naqaashii kan eegal u maqaa naqaashichaa, umurii, teessoo, hojii,jecha kakachuu yookan dhugaa dubbachuu isaa mirkaneessuuf kennuu isaa agarsiisuuni.
- 2) Jechichi kan galmaa'u barreffamaan ta'ee abbaa seeraa walitti qabaadhani. Haa ta'u malee,sababa kamiiniyyuu abbaa seeraa walitti qabaan mataa isaan barreessuu kan hin dandeenye yoo ta'e,hordoffii isaatiin abbaan seeraa bira a yookan barreessaan dhaddachaa galmeessuu ni danda'a.
- 3) Jechi naqaashii haala kanatti aanee ilaalameen ni qoqqoodama. Isaanis:- Jalqaba irratti gaaffiin duraa yeroo dhiyaateef deebii kennamu,lammaffaa irratti gaaffiin qaxxaamuraa yeroo gaafatamu deebii kennamu,sadaffaa irratti gaaffiin keessa deebii yeroo dhiyaateef deebii kennamuudha. Manni murtiis qabxii gaaffiin qaxxaamuraa irratti dhiyaate fi gaaffiin keessa deebii irratti jalqabe mallatoo itti godha.
- 4) Jechi naqaashii kan barreffamu jecha naqaashichi dubbate kallattiin akka dubbatetti hordofuuniidha. Haa ta'u malee,walitti qabaan abbaa seeraa ta'uu qaba yoo jedhe gaaffi gaafatamee fi deebii gaafficha irratti kenname qofa galmeessuu ni danda'a.
- 5) Sirni jecha fuudhuu akkuma raawwatameen manni murtichaa galmicha irratti ni mallatteessa.

**Kwt. 270 --- Dhiyeessa gaaffii irratti mormii dhiyaatu galmeessuu**

Gareen falmii yookan abukaatoon yookan bakka bu‘aan isaa kamiifyuu naqaashiif gaaffiin dhiyaate seeran ala akka ta‘e ibsuun kan morme yoo ta‘ee fi manni murtiis mormicha osoo hin fudhatin gaafficha irratti deebiin akka kennamu kan ajaje yoo ta‘e,manni murtichaa gaaffii mormiin irratti dhiyaate,deebii kenname,maqaa nama mormee fi murtee mormichas hin fudhadhu jedhee kenne galmicha irratti ifa godhee teessisuu qaba.

**Kwt.271 -- Ragaa manni murtii biraaj yookan abbaan seeraa biraaj galmeesse**

- 1) Manni murtii yookan abbaan seeraa ragaa fuudhe falmii eegalame irratti murtoo osoo hin kennin sababa kamiinuu naannichatti kan hin argamne yoo ta‘e,manni murtii yookan abbaa seeraa bakka bu‘e ragicha matuma isaatiin fuudhee akka galmeessetti lakkaawuun wanticha iddo dhaabbate irraa akka itti fufu ni taasisa.
- 2) Keewwata kana cita xiqqaa (1)tin tumaan dubbatame seera kana bu‘ura kwt.**31**tin mana murtii biraaj irraa yookan dhaddacha tokko irraa gara dhaddacha biraatti jijjiiramuun himannaawwan dhaga‘aman irrattis haala walfakkaatuun kan raawwatamu ta‘a.

**Kwt.272 -- Manni murtii qorannoo gochuu akka danda‘u**

Falmichi sadarkaa kamiirrayyuu yeroo jirutti manni murtii qabeenya yookan wanta biraaj kamiifyuu falmiin irratti ka‘e bakka itti argamu deemee ilaaluun qorachuu ni danda‘a. Akkasumas,yeroo qorannoo gaggeesetti bu‘aa qorannoo argate adeemsa qorannichaa qopheessee gal mee waliin akka walqabatu ni godha. Barreeffamichis ragaalee biroo waliin akka ragaa tokkootti lakkaawwama.

**Kwt.273 -- Murtii**

Adeemsi ragaa dhaga‘uu qulqullaa‘ee yoo raawwate yaadni murtii seera kana bu‘ura kwt.**259** tin erga kennameen booda manni murtii murtii ni kenna.

### **BOQONNAA 3. FALMII ADDAAN KUTUU**

#### **KUTAA 1. WALIIGALTEE ARAARAA FI HIMANNAA KAAFACHUU**

##### Kwt.274 -- Qajeeltoo

- 1) Gareewwan hirmaataa falmii ta‘an falmii isaanii guutummaatti yookan gartokkeen waliigalteen xumurachuu ni danda‘u.
- 2) Tumaan boqonnaa kanaan ilaalamé akkuma eegametti ta‘ee,bu‘aa waliigaltee araaraa yookan murtoo waliigaltee araaraa irratti ol‘iyyannoo dhiyeessuuf yookan kanuma diigsisuuf seera hariiroo hawaasaa kwt.**3307-3324** tin tumaan dubbatame raawwatamaa ta‘a.

##### Kwt.275 -- Waliigaltee araaraa taasisuu

- 1) Falmichi sadarkaa kamirayyuu yommuu jirutti gareewwan walfalmitootaa fedhii mataa isaaniin yookan yaalii mana murtiin falmii isaanii mana murtichaa keessatti yookan alatti waliigalteen xumurachuu ni danda‘u.
- 2) Manni murtii yaada waliigalteen araaraa ittiin adeemsifamu ibsuu kan danda‘u gareewwan walfalmitootaa yoo iyyatan qofaadha.

**Kwt.276 -- Dhimmoota waliigalteen araaraa hammatu**

- 1) Waliigalteen araaraa wantoota kanatti aananii ilaalamana hammata.
  - a) Maqaa mana murtii dhimmichi itti dhiyaatee fi ilaalaajiru
  - b) Mata duree himannaa fi lakkofsa galmee
  - c) Eenyummaa gareewwan walfalmitootaa fi teessoo waamichi ittiin ergamu
  - d) Firii dubbii waliigalteen araaraa ilaallatu
- 2) Waliigalteen araaraa dabalataan kaffaltii beenyaa fi kisaaraa,akkasumas haala waliigaltichi itti raawwatamu kan murteessu ta'uu ni danda'a.

**Kwt.277 -- Waliigaltee araaraa galmeessuu**

- 1) Falmichi dhaga'amaa osoo jiruu gareewwan walfalmitootaa wanticha waliigaltee araaraan xumuruuf kan waliigalan yoo ta'e,kanuma barreessanii mallatteessuun mana murtichaaf yoo dhiyeessan,waliigaltichi seeraa fi hamileen kan wal hin faallessine ta'uu yoo hubate,araaricha fuudhee mirkaneessuun galmee wajjin akka walqabatu godha.
- 2) Manni murtii waliigalticha fuudhee galmeen erga walqabsiiseen booda iyyannoo garee walfalmitootatiin;bu'uura waliigaltichaan akka raawwatamu ajaja yookan murtii kenna.
- 3) Waliigaltichi kan raawwatame mana murtii alatti yeroo ta'etti,araaramtoonni falmii isaanii waliigalteen xumurachuu isaanii mana murtichaa beeksisu qabu. Himataanis himannicha kaasuuf manni murtii akka eeyyamuuf iyyachuu ni danda'a.

**Kwt.278 -- Eeyyama mana murtiin himannaa kaasuu yookan falmiin ala ta'uu**

- 1) Himannaan erga dhiyaateen booda yeroo kamiyyuu himataan himannaa dhiyeesse kaasuun himatamtoota keessaa tokko yookan tokkoo ol kan ta'an himannaan ala gochuu yookan himannaa dhiyeesse guutummaatti yookan

gartokkeen dhiisuu ni danda‘a.

- 2) Manni murtii sababoota kanatti aananii ilaalamani yoo mudatanii fi wantichis ni ta‘a jedhee yoo tilmaame :-
  - a) Haala dhiyeessa himanna irratti hanqinni kan jiru yoo ta‘e, yookan
  - b) Himataan wanta dhiyeesseen gartokkeen yookan guutummaatti himanna haaraa dhiyeessuuf sababa eeyyamsiisu gahaa kan qabu yoo ta‘e,himataan guutummaan yookan gartokkeen wanta dhiiseef himanna haaraa dhiyeessuuf mirga dandeessisu isaaf eeguun himanna dhiyaate guutummaan yookan gartokkeen akka kaasu (dhiisu) ajajee eeyyamuufii ni danda‘a.
- 3) Keewwata kana cita xiqqaa **(2)**jalatti bu‘uura ilaalamien himannaawwan eeyyama mana murtiin irra deebiin dhiyaatan hundi himannaan duraa akka hin dhiyaannetti lakkaawwamee darbiinsi yeroo kan herreegamu bu‘uura himanna haaraa dhiyaateen ta‘a.

**Kwt.279 -- Eeyyama mana murtiin ala himanna kaasuu fi falmiin ala ta‘uu**

- 1) Seera kana kwt.**278(2)**tin tumaa ilaalamiee eeguu dhabuun himataan manni murtii irraa eeyyama osoo hin fudhatin guutummaan yookan gartokkeen himanna kan dhiise yoo ta‘e,manni murtichaa kisaaraa isatti mure kaffaluu qaba. Akkasumas,eeyyama malee wanta dhiise yookan haqeef himanna biraa dhiyeessuu hin danda‘u.
- 2) Himattooni baay‘ee ta‘anii isaan kana keessaa inni tokko warra hafan osoo hin eeyyamsiisin guutummaan yookan gartokkeen himanna kan dhiisu yeroo ta‘e,tumaan keewwata kanaan

dubbatame manni murtii himataa tokko qofaaf eeyyamaa guutummaan yookan gartokkeen himannaa kaasuu ni kenna hiikkoo jedhu hin kennisiisu.

**Kwt.280 – Sababa himannaa wanti ta‘e hafuu**

Himannaan ilaalamaa osoo jiruu yeroo kamittuu himannichaaf wanti sababa ta‘e addaan cituun yookan raawwatee hafuu isaa manni murtii ragaa gahaa ta‘een kan mirkaneeffate yoo ta‘e,beenya fi kisaaraa kaffalamuu qaba jedhu ajajuun himannicha ni cufa;sababa isaas ifa godhee gal mee irra ni teessisa.

**KUTAA 2 MAALLAQQA MANA MURTII KAA’AMU**

**Kwt.281 -- Haala himatamaan maallaqa isarraa barbaadamu mana murtiitti qabsiisu**

- 1) Falmicha sadarkaa kamiiyuu irra yeroo jirutti himatamaan idaa maallaqaa isarraa barbaadamu guutummaan kan haguugu qabsiisaan mana murtii kaa‘uu ni danda‘a.
- 2) Himatamaan maallaqa isarraa barbaadamu kan qabsiise ta‘uu karaa manni murtichaa himataadhaf ni ibsama. Manni murtichaa haala addaatin akka raawwatamu yoo ajaje malee, himataa idaan gaafatame mana murtichaa kaa‘amuun isaa ibsameef akka kaffalamuuf yoo iyyate akka kennamuuf ajajuuffi danda‘a.

**Kwt.282 -- Haala himatamaan maallaqa isarraa barbaadamu gartokkeen qabsiisu**

- 1) Maallaqa himatamaan gartokkeen qabsiise himataan kan fudhate yoo ta‘e,herreega hafeef himannaa dhiyeessuu ni danda‘a.
- 2) Himatamaan maallaqa mana murtiitti qabsiise idaa isarraa barbaadamu kan

haguuguuf ta‘uu manni murtii hubatee himataan maallaqa kana akka fudhatu murtoo kan kenne yoo ta‘e,falmii himatamaan idaa gaafatame himatamaan guutummaan erga qabsiiseen booda falmiin ka‘uu baasii fi kisaaraa hordofsiise himataan ni kaffala. Akkasumas,himatamaan maallaqicha osoo hin kaa‘in dura himataan kan isaaf kaffalamuu qabuu ol akka kaffaluuf sababa gaafateef falmii ka‘een baasii fi kisaaraa bahe hunda himataan akka kaffalu itti murteessuu ni danda‘a.

**Kwt.283 -- Maallaqni qabame idaa hunduma kan haguugu ta‘uu amanee fudhachuu**

- 1) Maallaqni himatamaan qabsiise idaa isarraa barbaadamu guutummaan kan huguugu ta‘uu isaa himataan amanuun kan fudhate yoo ta‘e,kanuma mirkaneessuuun iyyannoo barreeffama mana murtichaaf yoo dhiyeesse iyyannoo fuudhee galmeen waliin erga walqabsiiseen booda murtoo ni kenna.
- 2) Manni murtii kisaaraa murteessuuf bu‘uura kan godhatu falmii ka‘eef gareen irra caalatti itti gaafatamaa ta‘u eenu akka ta‘e madaaluun ta‘a.

**KITAABA 5 ADEEMSA ADDAA**

**BOQONNAA 1. FALMIIWWAN SIRNA GABAABAAN MURTAA’AN IRRATTI  
ADEEMSA RAAWWATAMU**

**Kwt.284 -- Ibsa addaa himannaar irra teessifamu**

Himataan himatamaa irraa herreega gaafatu yookan maallaqa callaa dhala waliin yookan dhala malee yookan hangi isaa murtaa‘ee kan beekame yoo ta‘e,himannaan kan hundaa‘e sababoota kanatti aananii ilaalamani irratti yoo ta‘e:

- a) Bu‘uura waliigalteen waliigaltee ifaan godhame yookan waliigaltee haala naannoo wantichaa irratti hundaa‘u yookan waraqaa awwalaatiin yookan sanada maallaqni narra jiraatin yookan cheekiidhaan yookan waliigaltee dasiiba abbaa idaa ta‘uu ibsuun yookan
- b) Waliigaltee sanada dirqamaa yookan sanada herreegaa qulqullaa‘een maallaqa kaffaluuf waliigaltee godhameen yookan
- c) Abbaan idaa maallaqa isarra jiru kaffaluu dadhabuun dirqama wabummaatin itti gaafatamee idaa kaffaluuf sanada mallattaa‘en maallaqa gaafachuuf yoo ta‘e, kaffaltiin abbaa seerummaa erga itti kaffalameen booda filannoo himataatin mata duree himannaar irratti **adeemsa sirna gabaabaa’** jedhuun himanna dhiyeessuu ni danda‘a. Himannichi jecha kakuu himataan yookan nama biraad dhugummaa dhimmichaaf kakatuun kan deeggarame ta‘ee dhiyaachuu qaba.

Jechi kakuu sunis kan mirkaneessu dhugummaa yookan sirrummaa maallaqa gaafatamee,himatamaanis wantichaaf ittisaa gosa kamiiyuu akka hin qabne himataan kan itti amanu ta‘uu isaati.

**Kwt.285 --- Himatamaan dhiyaachuu dhabuun bakka inni hin jirretti murtii kennamu**

- 1) Kanaan olitti kan argamu **kwt.284** tin akka ilaalametti himannaan jecha kakuun deeggaramee ibsa addaa waliin walqabate yoo dhiyaate,manni murtii sagantaa

2ffaa seera kana waliin miiltoo ta'ee walqabateen yookan haala biraan ni adeemsisa jedhee tilmaameen himatamaa waamichi akka qaqqabu ni taasisa. Himatamaanis dhiyaatee ofirraa ittisuuf akka eeyyamamuuf mana murtii gaafatee yoo eeyyamsiise malee ittisa dhiyeessuu hin danda'u.

- 2) Waamicha irratti yeroo murtaa'e keessatti himatamaan yookan himatamtoota keessaa tokko yookan lakkofsi isaanii tokko caalan dhiyaatanii ittisa dhiyeeffachuuf akka eeyyamamuuf mana murtiitti osoo hin iyyatin kan hafan yookan kan hafe yoo ta'e,maallaqa himataan gaafate dhala waliin akka kaffalan murtii ni kenna. Murticha irrattis himatamtooni dhiyaatanii ofirraa ittisuuf eeyyama hin gaafatne baasii fi kisaaraa dabalatee akka kaffalan ni ajajamu.

**Kwt.286 -- Dhiyaatee ofirraa ittisuuf eeyyamni akka kennamuuf iyyannoo dhiyaatu**

- 1) Himatamaan akka ofirraa ittisuuf akka eeyyamamuuf iyyanni dhiyeessu jecha kakuun deeggaramuu qaba. Ittisni isaas himanna dhiyaate guutummaan yookan gartokkeen kan ilaallatu ta'uu ibsuu qaba. Wanticha kan ofirraa ittisu gartokkeen yoo ta'e,kutaa irratti falmii taasisu addaa baasuu qaba.Manni murtichaas ni adeemsisa jedhee yoo isatti mul'ate,himatamaa ofirraa ittisuuf eeyyama gaafate jecha kakuu isaa irraa fuudhee qorachuu ni danda'a.
- 2) Akkasumas,himatamaan matuma isaa dhiyaatee jecha kakuu akka kennu,sanada harkasaa jiru,ragaa abbaa qabiyyummaa,galmee herreegaa yookan garagalcha barreeffamaa yookan waraabbii sanadaa kamiiyuu akka dhiyeessu ajajuu ni danda'a.

- 3) Jechi kakuu himatamaan dhiyeesse fi garagalchi iyyannoo isaa waamicha waliin himataa akka qaqqabu ni godhama.

**Kwt.287 -- Himatamaan ofirraa ittisuuf akka eeyyamamuuf iyyanni dhiyeeffate fudhatama yoo dhabe murtii kennamu**

Himatamaan dhiyaatee ofirraa ittisuun akka eeyyamamuuf iyyannoo dhiyeeffate manni murtii qoratee osoo hin fudhatin kan hafe yoo ta‘e,battaluma himataadhaf murtii kenna.

**Kwt.288 -- Dhimmicha gartokkeedhan murteessuu**

- 1) Ittisni dhiyaate kan ilaallatu himanna gartokkeen yoo ta‘e yookan himatamaan himanna gartokkeen kan amane yoo ta‘e,kutaan himanna amaname yookan himanna ittisni irratti hin dhiyaatin battaluma murtii argachuu danda‘a. Haala kanaan murtiin yoo kenname manni murtichaa waa‘ee raawwii murtii,waa‘ee kaffaltii kisaaraa fi baasii kamiyyuu qabsiisan maallaqa kaa‘amuu ajaja ni adeemsisa jedhee isatti mul‘ate ni kenna.
- 2) Himatamaan dhiyaatee dhimma murtiin irratti hin kennamne akka ofirraa ittisu eeyyamuufii danda‘a.

**Kwt.289 -- Himatamaa tokko yookan himatamotoa baay‘ee irratti murtii kennamu**

Himatamaan kamiyyuu ittisa gahaa kan dhiyeesse yoo ta‘ee fi dhiyaatee ofirraa ittisuufis sababa gahaa eeyyamsiisuuf kan qabu ta‘uu isaa manni murtii kan hubate yoo ta‘e,himatamtooni hafan garuu ittisa gahaa kan hin qabne ta‘ee ofirraa ittisuuf gaaffii dhiyeessan kan hin fudhanneef yoo ta‘e,himatamaan akka ofirraa ittisuuf eeyyamame qofaan dhiyaatee falmicha akka itti fufu gochuun himatamtoota ragaa gahaa hin dhiyeeffannee fi akka ofirraa ittisaniif hin eeyyamamneef irratti murtii kennuu ni danda‘a. Haala kanaan murtiin kenname himatamtoota akka ofirraa ittisaniif eeyyamameef waliin dhimma jiru hin ilaallatu.

**Kwt.290 -- Haala ofirraa ittisuun itti eeyyamamu**

Manni murtii himatamaan dhiyaatee akka ofirraa ittisu eeyyama yeroo kennutti,eeyyamicha dirqamaa fi daangaa tokko malee kennuu ni danda‘a. Barbaachisaa fakkaatee yoo isatti mul‘ate garuu wabummaa,haala maallaqichi mana murtiitti qabsiifamu,haala fi yeroo falmichi itti dhaga‘amu yookan ajaja kamiyyuu kennuun ittisni akka dhiyaatu eeyyamuu ni danda‘a.

**Kwt.291-- Haala himannaan itti adeemsifamuuf ajaja kennamu**

Mirga ofirraa ittisuun dirqama malee yookan dirqama wajjin yoo eeyyame,manni murtichaa falmii yookan ijoo qabame yookan iyyannoo himanna dhiyaateef ajaja barbaachisaa ta‘ee isatti mul‘ate itti kennuu yookan himannaan kallattiin akka dhaga‘amu ajajuu danda‘a.

**Kwt.292 -- Murtii dhorkuu**

Murtiin erga kennameen booda himatamaaf waamichi ergame haala barbaadamuun kan hin qaqqabne yookan sirni kenninsa waamichaa haala barbaadamuun kan hin raawwatamne ta‘uu isaa manni murtii kan hubate yoo ta‘e,sababa hanqinni kun raawwatameef gal mee irra teessisuun murtichi raawwatamuu irraa akka turuu fi ajajni kennames akka hin raawwatamne gochuudhan himatamaan dhiyaatee akka ofirraa ittisuun fi waa‘ee raawwii dhimmichaas ajaja ni ta‘a jedhee isatti mul‘ate kennuu ni danda‘a.

## BOQONNAA-2

### ITTI GAAFATAMUMMAA OF IRRAA BUUSUUF FALMII BARREEFFAMAA DHIYAATU

#### Kwt.293 -- Hiikkoo

Itti gaafatamummaa ofirraa buusuuf falmii barreeffamaa dhiyaatu jechuun qabeenyi, maallaqni yookan qabeenyi kamiyyuu mirga nama biraa yookan namoota biroo ta‘e namni harkatti argamu mirga yookan qabeenya yookan maallaqa yookan wanta kamiyyuu kan keenya jechuun namootni baay‘een kan gaafatan yoo ta‘e, itti gaafatamummaan kan isa tokkoo yookan kan gaafattoota keessaa namoota murtaa‘anii ta‘uu hubatee wanta gaafatame dabarsuu akka danda‘u walfalmitoonni yookan abbootiin mirgaa adda bahanii akka beekaman murteessisuuf mana murtiitti falmii barreeffamee dhiyaatu jechuudha.

#### Kwt.294 -- Itti gaafatamummaa ofirraa buusuuf maganata himanna dhiyaatu

Itti gaafatamummaa ofirraa buusuuf abbaan seerummaa itti kaffalamee himanna dhiyaatu hundi seera kana bu‘uura tumaa kwt.222 tin dubbatameen kan ibsamaniin ala kan biroo kanatti aananii tarreeffamaa ibsame qabachuu qaba:-

- a) Himataan dhimma haadhoodhiyesse irratti kan gaafatu baasii fi kisaaraa malee mirga yookan dhala yookan abbummaa yookan wanta biraa kamiyyuu kan hin qabne ta‘uu ibsuu
- b) Himatamtoonni wanta gaafatan irratti mata mataan mirga qabna jedhanii kan gaafatan ta‘uu hubachiisuu
- c) Himataa fi himatamaa kamiyyuu gidduutti waliigalteen gowwoomsaa kan hin jirre ta‘uu mirkaneessuu

#### Kwt.295 -- Wanta himannaan irratti dhiyaate mana murtii kaa‘uu

Wanti himannaan irratti dhiyaate maallaqa yoo ta‘e yookan wanta biraan mana murtiit in qabamee kaa‘amuu danda‘u yoo ta‘e,himataan wanta kana mana murtii akka kaa‘u ni ajajama. Ajaja kanas hanga raawwatutti ajajni biraan hin kennamuuf.

**Kwt.296 -- Himannaahimataan himataa irratti dhiyeessuu**

Itti gaafatamummaa ofirraa buusuuf himannaahimataan dhiyeesse irratti himataamtoota keessaa tokko yookan baay‘een isaanii qabeenya falmiin irratti ka‘e nu ilaallata jedhanii karaa mana murtii biraan himannaahimataan dhiyeessan yoo ta‘e,manni murtii himanni itti gaafatamummaa ofirraa buusuuf itti dhiyaate dhimma kanaaf mana murtii biraatti himannaahimataan dhiyaatee ilaalamaa jiru akka dhaabbatu ni beeksisa. Manni murtii beeksifni kun ergameefiis bu‘uura kanaan raawwachuu qabu. Mana murtii himattoonni himatanitti kaffaltiin kisaaraa fi baasiin biroo kan hin murtoofnef yoo ta‘e,manni murtii itti gaafatamummaa ofirraa buusuuf himannaan itti dhiyaate ni murteessaf.

**Kwt.297 -- Beellama duraa irratti adeemsa godhamu**

- 1) Beellama duraa irratti falmii dhiyaate irratti manni murtichaa murtiwwan kanatti aananii ilaalamani kennuu ni danda‘a.

- a) Dhimma falmichaaf ka‘uumsa ta‘een himataan dirqama isaa irraa barbaadamu irraa bilisa akka ta‘u;kisaaraan akka muramuu fi himannaan ala ta‘ee akka gaggeeffamu
  - b) Sirii fi ta‘uu qaba jedhee yoo isatti fakkaate falmichaaf murtiin hanga kennamutti gareewwan walfalmitootaa wanticha keessa akka turan gochuu
- 2) Jechi wal amantaa gareewwan walfalmitootaa kennan yookan ragaan dhiyaate wanticha murteessuuf kan dandeessisu yoo ta‘e,manni murtichaa battaluma ni murteessa.
- 3) Haa ta‘u malee, jechi wal amantaa gareewwan walfalmitootaa kennan wanticha murteessuuf kan hin dandeessifne ta‘uu kan tilmaame yoo ta‘e,kanatti aanee kan ilaalamni raawwata :-
- a) Walfalmitoota gidduutti wanti ka‘e akka qulqullaa‘u fi ijoon hundaa‘ee himannaa dhaga‘uun akka itti fufu ni ajaja.
  - b) Gareen walfalmitootaa biraaj himataa bakka bu‘ee yookan himataa waliin miiltoo ta‘ee akka himatu murteessuun himannichi adeemsa idileen akka gaggeeffamu ni godha.

Kwt.298.--Kireeffattooni,qotattooni,bakka buuttonni yookan eegdonni himannaa  
itti gaafatamummaa ofirraa buusuu haala dhiyeessuu itti hin dandeenye

Kireeffattooni,qotattooni,bakka buuttonni yookan eegdonni qaama sadaffaan himatamneera jechuun boqonnaa kanaan tumaa dubbatame bu‘ura godhachuun nama isaan muude yookan abbootii qabeenya irratti himannaa itti gaafatamummaa ofirraa buusuu dhiyeessuu hin danda‘an. Haa ta‘u malee,qaama sadaffaan abbootii mirgaa isaan muude irraa qabeenya falmiin irratti ka‘e irratti mirga arganneera jedhan irratti himannaa itti gaafatamummaa ofirraa buusuu dhiyeessuu ni danda‘u.

**Kwt.299 -- Mana gal mee kaa'uu**

- 1) Tumaa keewwattoota kanaan olitti ilaalamteen namni kamiyyuu himannaa osoo hin dhiyeessin dura yookan himannaan erga dhiyeesseen booda maallaqa harkasaatti argamu yookan wanta biraan kamiyyuu abbaan qabeenyichaa akka dabarsee fudhatu beeksisuun itti gaafatamummaa irraa isa hin dhorku.
- 2) Beeksisa kenneef deebii kan hin arganne yoo ta'e,qabeenyaa yookan maallaqa kamiyyuu harkasaatti argamu mana gal mee mana murtii himannaa itti dhiyeessetti naga'eedhan dabarsee kennuun kisaaraa kanaaf bahes hir'ise hambisuu ni danda'a.
- 3) Keewwata kanaan akka ilaalametti namni qabeenyi harkasaatti argamu yookan wanta biraan kamiyyuu mana gal mee mana murtichaatti ennaa dabarsee kennuu sababa dabarsee kennuuf,kisaaraa isaatif maallaqa irraa hir'ise hanga isaa fi sababa isaa beeksisa cita xiqqaa

(1) tin kennee deebii kan hin arganne ta'uu isaa barreffama ibsu jecha kakuun deeggaree mi'a yookan meeshaa dabarsee kennuu waliin miiltoo taasissee mana galmichaatti dhiyeessuu qaba. Beeksifni jecha amantaa kanaan deeggarames waamichi gosa kamiyyuu haala ittiin ergamuun abbaa mirgaan akka qaqqabu ni godhama.
- 4) Keewwata kana cita xiqqaa (2) bu'uura dubbatameen maallaqni yookan qabeenyi mana gal mee mana murticha taa'e na ilaallata yookan ani abbaa mirgaati namni jedhu dhiyaatee barreffamaan kan iyyate yoo ta'ee fi manni murtichaas iyyata isaa dhiyaate quubsaa ta'uu erga hubateen booda gaafataadhaf akka kennamu ajajuu ni danda'a.

**BOQONNAA 3 ADEEMSA SIRNA**

**ARIITII KUTAA 1. TUMAALEE**

**WALIIGALAA**

**Kwt.300 -- Daangaa raawwatiinsaa**

- 1) Tumaaleen boqonnaa kanaa raawwatamoo kan ta'an keewwattoota kanatti aananii jiraniin ibsamee bu'uura dubbatameen iyyannoон yoo dhiyaateedha.
- 2) Keewwattoota kanatti aananii ilaalamaniin haala ibsameen ala iyyannoowwan dhiyaatan tumaa kwt.**302(1c)**tin dubbatame akkuma eegametti ta'ee, bu'uura tumaalee boqonnaa kanaatin murtaa'uu ni danda'u.

**Kwt.301 -- Haala himannaan itti dhiyaatu**

- 1) Boqonnaa kanaan bu'uura dubbatameen himannaan dhiyeessuuf namni seerri eeyyamuuf kamiiyuu abbaa seerummaa kaffaluu qabu erga kaffaleen booda seera iyyannoo dhiyaatef bu'uura ta'e keessatti guyyaa, ji'aa fi bara itti guutee iyyannoo himannaan mallattaa'e dhiyeessuu qaba. Yeroon iyyannichi itti dhiyaatu kan seeran hin murtoofne yoo ta'e, garuu wanti ka'uumsa himannichaa fi bu'uura falmichaa ta'e erga uumamee guyyaa kudha shan keessatti dhiyaachuu qaba.
- 2) Akkasumas,iyyataan iyyannicha dhiyeessuuf aangoo isa dandeessise falmichaaf seera bu'uura ta'ee fi falmichi sababa dhiyaateef iyyata jecha kakuutin deeggarame dhiyeessuu qaba.
- 3) Kana malees,keewwattoota itti aananii jiraniin sanadoota dubbatamanii fi barreeffamoota biroo dhimmicha murteessuuf ni fayyadu jedhamanii tilmaamaman iyyannicha waliin waqabsiisee dhiyeessuu qaba.

**Kwt.302 -- Haala iyyannichi fudhatama itti dhabuu**

- 1) Iyyanni kamiiyuu fudhatama kan dhaban sababoota kanatti aananii jiraniin ta'a.
  - a) Iyyatichi iyyata isaa dhiyeeffachuuf aangoo fi dandeettii kan hin qabne yoo ta'e
  - b) Iyyannichi akkaataa kwt.**301(1)**tin haala fi yeroo murtaa'en guutamee kan hin dhiyaanne yoo ta'e

- c) Dhimmi iyyannoон irratti dhiyaate bu‘uura keewwattoota kanatti aananii  
ilaalamaniin ilaalamuu akka hin qabne manni murtichaa yoo hubateedha.
- 2) Dhimmi fudhatama dhabuu iyyannichaa murtiidhan akka murtaa‘etti hin  
lakkoofsi. Ta‘ees dhimma sanaaf iyyata haaraa dhiyeessuu irraa kan isa  
dhorku ta‘a.

**Kwt.303 -- Iyyannicha irratti murtii kennamu**

- 1) Manni murtii iyyannicha kan fudhate yoo ta‘e,murtiin kan kennamu bu‘uura  
tumaa keewwattoota kanatti aananii ilaalamaniin dubbatameenidha. Iyyannicha  
irratti murtiin kennamu akka haala wantichaatti bifa ajajaan yookan murtiitin  
ta‘uu danda‘a.
- 2) Seerri iyyannichaaf bu‘uura ta‘e yookan tumaan seera kanaan ilaalameen haala  
biraatin akka barreeffamu kan ajaju yoo ta‘e malee,manni murtichaa murtii kan  
kennu haala iyyannicha irratti ibsame qofaanidha.
- 3) Keewwata kana tumaan cita xiqqaa (2) dubbatameen haala fi yeroo manni  
murtichaa murteessen ragaa barbaachisaa ta‘e akka dhiyeessuuf ajajuu irraa isa  
hin dhorku.

**Kwt.304 -- Sababa dhimma dursaatiif ajajoota kennamu**

- 1) Boqonnaa kana irratti tumaa dubbatame bu‘uura godhachuun manni murtii  
kaffaltii kisaaraa fi wanta biraaf ta‘u kamiyyuu ajaja ni ta‘a jedhee isatti  
mul‘ate kennuu ni danda‘a.

2) Boqonnaa kanaan tumaa dubbataame bu‘uura godhachuun murtiin kennamu kamiyyuu bu‘uura seera iyyannichaaf ka‘uumsa ta‘een kennuun yookan kennamuun irra jiruun yookan raawwii dhimmichaatif murtii dabalataa biraan ni ta‘a jedhee isatti mul‘ate kamiyyuu kennuu irraa mana murtichaa hin dhorku.

**Kwt.305 -- Waraqaa mirkaneessaa kennuu**

- 1) Manni murtii murtii iyyannicha deeggaru kan kenne yoo ta‘e,garagalcha murtii kanaas akka kennamuuf iyyataan kan gaafate yoo ta‘e,warqaan ragaa guyyaa fi barri irratti guutame mallatoo abbootii seeraa murtii kennaniin mallattaa‘e ni kennamaaf.
- 2) Keewwata kana cita xiqqaa (1) tumaan ilaalamde dhimmi addatti ilaallatu jijiirraa maqaa (S/h/h kwt.**42 fi 43**),Galmeen akka wal hin qabanne yookan gaa‘illi akka hin raawwanne mormuu (S/h/h kwt.**139,470 fi 601**),Eeyyamsiisa himanna dhiyeessuuf gaafatamu (S/h/h kwt.**369,773,779 fi 786**),waraqaa ittisa seeraa of irraa kaasisuu (S/h/h kwt.**377**),gaa‘ila mormuu (S/h/h kwt.**592**),kophaa jiraachuu (S/h/h kwt.**596**) fi mana kuusa gal mee yookan sanadoota ilaaluuf gaafachuu yookan aangoo kennameefiin ala hojjachuu (S/h/h kwt.**129,209,239,287,523,528,535 fi 630**)
- 3) Dogoggorri gal mee keessatti teessifame akka sirratu yookan haqamuuf (S/h/h kwt.**121,127,1623 fi 1630** ) yookan gal mee keessa wanti teessifame akka mirkanaa‘u yookan dhugoomuuf (S/h/h kwt.**146,628,633,763,766,767,804 fi S/d kwt.441**) yookan sirrummaa wanta tokkoo raggaasisuuf yookan seerummaa akka argatu gochuuf gaaffiin yeroo dhiyaatefitti manni murtii wanticha bifaa himannaatin osoo hin dhaga‘in qorannoo barbaachisu erga godhee yookan akka godhamu erga ajajeen booda ajaja dhimmicha wajjin adeemu ni kenna yookan dhimmi dhiyaateef seera qabeessa ta‘uu barreeffama dhugoomsu ni kenna yookan akka galmaa‘u fi seera qabeessummaan isaa akka mirkanaa‘u ni taasisa

yookan sanada dhiyaateef irratti dhimmicha galmeessee fi seera qabeessummaa isaa mirkaneessee guyyaa bara itti guutuun mirkaneessa barbaachisu ni kenna.

### **Kwt.306 -- Ol'iyyannoo**

- 1) Seerri iyyannichaaf bu‘uura ta‘e haala biraatin akka raawwatamu kan ajaju yoo ta‘e malee seera kana bu‘uura tumaa kwt.**309-311**tin ilaalamo irratti murtii kennamuun ala tumaa boqonnaa kanaan dubbatame irratti ol‘iyyannoo dhiyeessuun hin danda‘amu.
- 2) Boqonnaa kanaan bu‘uura tumameen murtii kenname irratti ol‘iyyannoona dhiyaachuu kan qabu murtiin murtaa‘e guyyaa kenname irraa eegalee guyyaa kudhan keessattiidha. Kunis yoo ta‘u ol‘iyyannoo dhiyeessuuf guyyaan murtaa‘e osoo hin dhumin yookan ol‘iyyannichi osoo hin murtaa‘in murtichi hin raawwatamu.

## **KUTAA 2. DHIMMOOTA ADDAA**

### **Kwt.307 – Walgahii waamuu**

Walgahiin seeran ajajame yookan walga‘iin yaa‘ii firaat akka godhamuuf iyyannoona kan dhiyaateef yoo ta‘e, manni murtii yaa‘ichi gaggeeffamuu kan qabu ta‘uu yoo hubate nama dhimmicha raawwachiisuuf fudhatama qaba jedhee tilmaamu filachuun yaa‘icha akka raawwachiisuuf fi dhimma biraat seeraa fi mana murtichaan ajajame akka gaggeessu ajajuu ni danda‘a.

### **Kwt.308 -- Muudama**

- 1) Hojii gaggeessaa yeroo,imaanaan bulchaan qabeenyaa,qulqulleessituun qabeenyaa yookan herreegaa akka muudamuuf iyyanni manni murtiif yoo dhiyaate,dhimma muudamaa gaafatame ajajuuf tumaan seeran deeggarame jiraachuu kan hubate yoo ta‘e,gocha hojii gaggeessummaa yeroo,imaanaan qabeenyaa bulchuu,qabeenyaa yookan herreegaa qulqulleessuu raawwachuudhaf nama fudhatama qaba jedhee isatti fakkaatee mul‘ate muuduu ni danda‘a. Barbaachisaa ta‘ee yoo argames nama muudameef durgoo oolmaa ni murteessa.
- 2) Guddistuun,guddistuun waliinii yookan bakka bu‘iinsan guddistuun,eegduun yookan miseensi dabalataa yaa‘ii firaat akka muudamu iyyannoон kan dhiyaateef yoo ta‘e,manni murtii daa‘imni gaa‘ila hin geenye fi firoonni dhiyoo akka dhiyaatan yeroo murteessee yaada firoonni dhiyeessan erga dhaga‘een booda dhimma muudamaa gaafatame ni murteessa.
- 3) Tumaan keewwata kanaa bu‘uura seera hariiroo hawaasaa kwt.**211,219,220,229,238** fi **383**  
tin dhiyaataniifis haala walfakkaataadhaan raawwatamaa ta‘a.

**Kwt.309 -- Murtoowwan diiguu**

- 1) Iyyatni murtoon akka diigamu dhiyaatu addatti seera hariiroo hawaasaa kwt.**448** yookan Seera daldalaan kwt.**416** jalatti kan ilaalam yoo ta‘e,murtii akka diigamu gaafatame garagalcha sirrii fi garagalcha dambii ittiin bulmaata dhaabbatichaa iyyannoо waliin miiltoo ta‘ee dhiyaachuu qaba.
- 2) Bu‘uura iyyannoо dhiyaateen murtii kennuun kan hin danda‘amne ta‘uu manni murtichaa kan qalbeeffate yoo ta‘e,garagalcha iyyannichaa dhaabbatichaaf,hojii gaggeessitoota fi Odiitaroota isaa akka qaqqabu ni godha. Isaan kunis gama isaanitiin sababa murtichi diigamuuf guyyaa kudha shan keessatti barreeffamaan ibsuu qabu.

- 3) Ibsi kanaa olitti ilaalame yoo dhiyaachuu baate yookan sababni kan hin kennamne yoo ta‘e,manni murtichaa murticha ni diiga.
- 4) Tumaaleen keewwata kanaan dubbataman namni miseensa dhaabbata yookan walgahii tokkoo ta‘e miseensummaa sanaraa irraa akka dhorkamu yookan bu‘ura seera hariiroo hawaasaa kwt.**549(1)**tin dubbatameen murtii koreen dhaabbatichaa kenne dhimmoota ilaallatan yookan bu‘aa qooddachuu yookan madaallii herreegaa xumurame raggaasisuu yookan dhimmi gaafattoonni maallaqaa daldalaabbaa idaa ta‘e irratti mormii dhiyeessanis haala walfakkaatuun raawwatamaa ta‘u. Kana ta‘ees dhimmoota kanaan adda ta‘an irratti fudhatama kan qaban tumaaleen biroo seera kanaa eegamoodha.

**Kwt.310 -- Iyyannoo akka gaggeeffamuuf,akka ittifamuu fi diigamuuf dhiyaatu**

- 1) Shaarikni yookan hoji gaggeessaan dhaabbata tokkoo yookan imaanadhaan bulchaan qabeenyaa hojicha irraa akka gaggeeffamu yookan shaarikummicha irraa akka ittifamu yookan bu‘ura seera daldala kwt.**261** yookan **293** yookan seera hariiroo hawaasaa kwt.**522** tin mana murtiitti iyyannooyoo dhiyaate,nama dhimmichi ilaallatu iyyannichi akka qaqqabu erga godheen booda beksisichi qaqqabee guyyaa kudha shan keessatti sababa muudamni isaa itti hin diigamneef yookan hojicha gadi dhiisuu hin qabneef akka hubachiisu ni ajaja.
- 2) Guyyaa murtaa‘e keessatti deebii kan hin kennine yookan sababa muudamni isaa hin diigamuu hin qabneef kan hin ibsine yoo ta‘e,manni murtichaa hojicha akka gadhiisu yookan miseensummaa keessaa akka ittifamu ni godha.
- 3) Tumaan keewwata kanaan dubbatame bulchaan qabeenyaa yookan guddistummaan akka diigamuuf dhimmoota dhiyataniifis haala walfakkaatuun raawwatamaa ta‘a.

**Kwt.311 --Shaarika yookan dhaabbata daldalaa diiguu**

- 1) Shaarika yookan dhaabbata daldalaa diiguuf,dhaabbata imaanaan qabeenya bulchuuf hundaa‘e fi dhaabbata tola ooltummaa haquuf gaaffiin dhiyaatu seera kana tumaa kwt.**309(1)** tin akka barbaachisummaa isaatti raawwatamaa ta‘a.
- 2) Akkasumas,seera kana kwt.**309(2)** **fi** **(3)**tin tumaalee dubbataman bu‘uura keewwata kanaatin dhimmoota dhiyaataniif akka wanticha ilaallatutti raawwatiinsa ni qabaatu.

**Kwt.312 -- Dhaabbata tola ooltummaatti makamuu**

- 1) Bu‘uura seera hariiroo hawaasaa kwt.**505** tin ilaalameen dhaabbanni tola ooltummaa baay‘inni isaanii tokkoo ol ta‘an bakka tokkotti akka walitti makaman iyyannoona mana murtiif kan dhiyaate yoo ta‘e,ministeerri biyya keessaa gaaffii dhiyaate kana kan fudhatu yookan kan mormu ta‘uu isaa guyyaa kudha shan keessatti kan akka ibsuuf iyyannoo dhiyaate ni ergaaf.
- 2) Gaaffiin dhiyaate faayidaa biyyolessaaf kan oolu ta‘uu isaa manni murtichaa kan hubate yoo ta‘e, walitti makamiinsa dhaabbatichaa ni ajaja.

**Kwt.312 -- Gaa‘ila mormuu**

Iyyatni gaa‘illi akka hin raawwatamne mormuu mana murtiif yoo dhiyaate gareewan lamaanuu akka dhiyaatan ajajuun dhimmicha dhaga‘uuf guyyaa qabametti falmicha erga qulqulleesseen booda murtii ni ta‘a jedhee isatti fakkaate kennuu ni danda‘a. Ta‘ees,gareen mormu sababa mormii isaa mana murtiitti dhiyaatee osoo hin hubachiisin yoo hafe ta‘e,mormicha osoo fuudhin wanticha ni cufa.

**Kwt.313 -- Dhorkaa hambisuuf iyyannoo dhiyaatu**

- 1) Galmee dhaabbata tokkootti yookan galmee mootummaatti wanti galmaa‘uu

qabu akka hin galmoofne yookan sirna waliigaltee gaa'ilaa akkan hin raawwatne nan dhorkame namni jedhu kamiyyuu dhorki kun akka irraa ka'u mana murtichiif kan iyyate yoo ta'e,manni murtichaa iyyata dhiyaateef,dhaabbatni yookan manni hojii iyyatni irratti dhiyaate yookan namni dhimmichi ilaallatu sababa wanticha itti dhoowwef guyyaa kudha shan keessatti akka ibsuuf ajaja ni kenna.

- 2) Guyyaa murtaa'e keessatti mana murtiif deebiin kan hin kennamne yookan sababni isaa kan hin ibsamne yoo ta'e,ittisichi akka irraa dhaabbatu ajaja ni kenna.

## **BOQONNAA 4 JAARSUMMAA**

### **Kwt.315 -- Qajeeltoo**

- 1) Dubbicha akka jaarsummaan murtaa'u seerri kan eeyyamu yoo ta'e yookan dhimmi gareewwan walfalmitootaa irratti walfalman jaarsummaan akka murtaa'u yookan falmii gara fuuduraatti ka'uuf jaarsummaan akka ilaalamu kan waliigalan yoo ta'e, raawwiin wantichaa bu'uura tumaa boqonnaa kanaan ilaalameen ta'a.
- 2) Jaarsummaan akka hin murtoofne dhimmi seeran dhorkame yookan seera hariiroo **kwt.3132** tin yookan dhimma biroo seeran dhorkame yoo ta'e,jaarsummaaf hin dhiyaatu.
- 3) Namni kamiyyuu dhimmicha jaarsummaan araarsuuf dandeettii qabaachuun isaa yoo mirkanaa'e malee,falmicha jaarsummaa ilaaluu hin danda'u.

- 4) Boqonnaa kanaan tumaaleen dubbataman seera hariiroo hawaasaa kwt.**3325-3346** jalatti tumaalee jiran kan tuqan miti.

Kwt.316 – Jaarsoliin araaraa haala mana murtiin itti muudaman

- 1) Jaarsi araaraa yookan miseensi jaarsummaa yaa‘ii firaan mana murtiin akka filatamu yeroo barbaachisetti manni murtii kamiiyuu dhimmichaaf nama ta‘u filatee muuduu ni danda‘a.
- 2) Dhimma jaarsummaa firaan murteessuu keessatti yoo ta‘e malee, abbaan seeraa jaarsummaa biraa kamiiyuu keessatti miseensa ta‘ee filatamuu hin danda‘u.
- 3) Dhimma kamiifiyyuu jaarsa araaraa ta‘ee namni filatame dhimma irratti muudame kan fudhatu ta‘uu isaa hanga danda‘ameen dafee barreeffamaan beeksisu qaba.

Kwt.317 -- Adeemsa raawwannaa murtii jaarsummaa

- 1) Murtiin jaarsummaa yookan jaarsummaa yaa‘ii firaan fi raawwiin hojii isaa hundi hanga danda‘ametti adeemsa dhimma hariiroo hawaasaa mana murtii waliin kan walfakkaatu fi waliigalchiisu yookan fudhatama qabu ta‘uu qaba.
- 2) Gareewan walfalmitootaa yaadan nuuf haa murtaa‘u jedhanii waliigalteen yoo iyyatan malee, murtiin jaarsummaa yookan jaarsoli yaa‘ii firaan hunduu bu‘ura seeraan gareewan dhaga‘anii ragaa isaaniin murtaa‘uu qaba.
- 3) Ragooliin dhiyaatanii jecha isaanii kakuudhan akka kennan jaarsoliin araaraa yookan jaarsoliin yaa‘ii firaan waamicha kennuu ni danda‘u. Ta‘ees, waamicha isaanii kabajee ragaan hin dhiyaanne yoo jiraate, seera kana bu‘ura kwt.**111-121** jalatti ilaalamoon gareen falmii kamiiyuu waamicha mana murtii irraa fudhachuu ni danda‘a.
- 4) Gareen falmii kamiiyuu ragaa akka dhiyeessu yookan falmii isaa akka dhageessifatu eeyyamameefii mirga kennameefitti osoo hin fayyadamin hafus jaarsi abbaa murtii bakka inni hin jirretti murtii sirrii isatti fakkaatee mul‘ate ni

kenna.

**Kwt.318 --Jala murtii yookan murtoo jaarsolii abbaa murtii yookan jaarsolii yaa‘ii firaan kennamu**

- 1) Gareewwan walfalmitootaa irratti jala murtiin yeroo kennamutti waliigaltee jaarsummaa irratti ofuma isaanii murteessuu fi murtoo yeroo kana waliigaluun dheeressuu ni danda‘u.
- 2) Murtiin jaarsummaa yookan jaarsummaa yaa‘ii firaat akkuma murtii akka mana murtiitti kennamuutti qophaa‘ee dhimmi beenyaa fi kisaaraa illeen murtaa‘uu ni danda‘a.
- 3) Lakkofsa jaarsolii araaraa tokkoo ol yeroo ta‘etti jala murtii sagalee caalmaan kennamutu ragga‘a.
- 4) Jala murtichas guyyaa fi barri itti guutamee miseensota isaatiin erga irratti mallattaa‘ee booda garagalchi isaa araaramtoota tokko tokko isaaniif ni kennama.
- 5) Araarsitootaf yookan jaarsoliidhaf durgoon dursee kan hin murtoofne yoo ta‘e,durgoo isaanitti fakkaatee mul‘ate murteessuu ni danda‘u.

**Kwt.319 – Jala murticha raawwachiisuu fi Ol‘iyyannoo**

- 1) Murtoo yookan jala murtii jaarsolii abbaa murtii yookan jaarsolii yaa‘ii firaat ol‘iyyannoон yommuu dhiyaatutti yookan jala murtichi akka diigamuuf maganatni yeroo dhiyaatutti seera kana tumaan kwt.**350-357** jalatti dubbatame raawwatamaa ta‘a.
- 2) Murtoon yookan jala murtiin jaarsolii araaraa yookan jaarsolii yaa‘ii firaat namni kennameef bu‘uura murtoo yookan jala murtichaan akka raawwatamuuf yoo iyyate,murtoon yookan jala

murtiin sun kan raawwatamu haala fi akkaataa murtiin mana murtiitti kennname itti raawwatamuttiidha.

## **KITAABA 6**

### **OL'IYYANNOO,MORMII YOOKAN MURTIIN AKKA FOOYYA'U YOOKAN AKKA QULQULLAA'U IYYACHUU BOQONNAA 1 OL'IYYANNOO**

#### **KUTAA 1.TUMAALEE WALIIGALAA**

##### **Kwt.320 -- Haala ol'iyyannoon itti eeyyamamu**

- 1) Seera kanaan yookan seerota birootin haala biraatin akka raawwatamu tumaan ajaju yoo jiraate malee,himataan yookan himatamaan tumaa boqonnaa kanaan ilaalame bu'uura godhachuun dhaddacha hariiroo hawaasaatiin murtii dhumaan kennname irratti ol'iyyanno gaafachuu ni danda'a.
- 2) Murtii yookan ajaja kennname irratti ol'iyyanno gaafachuu kan danda'amu yoo ta'eeyuu,manni murtii murticha yookan ajajicha kenne bu'uura aangoo seera kanaan kennameen murticha sirreessuu,fooyyessuu yookan irra deebiin qulqulleessuu kan danda'u yoo ta'e,adeemsi kun dursee osoo hin raawwatamin ol'iyyanno dhiyeessuun hin eeyyamamu.
- 3) Manni murtii kamiiyuu falmicha yeroo dhaga'utti dhimmicha irratti ajaja yeroof tajaajilu yoo kenne,beellama,mormii sadarkaa duraatin dhiyaatu irratti murtoo isatti fakkaate yoo kenne, yookan deeggarsa abukaattummaa argachuu yookan abukaattoo waliin dhiyaachuu yookan kaffaltii abbaa seerummaa malee bilisaan himachuun akka eeyyamamuuf gaaffii dhiyaatu irratti murtii yookan ajaja kennamuu fi jala jalaan ajaja biraan kamiiyuu murtiin dura kennamu irratti ol'iyyanno jechuun hin danda'amu. Haa ta'u malee,falmicha irratti murtiin dhumaan erga kennameen booda sababoota komii kanaan olii itti dabalee

ka‘uumsa wantichaa waliin ol‘iyyannoo dhiyeffachuu ni danda‘a.

- 4) Keewwata kana cita xiqqaa (3) tin tumaa ilaalamen namni kamiiyuu akka hidhamu yookan mana tursiisaa geeffamee akka turu yookan murtii hundee dubbichaa dura qabeenya harka isaa jiru garee biraatif akka dabarsuuf murtoo kenneme fi seeran ala hidhameera jedhee ol‘iyyannoonaaf haa ilaalamu yoo jedhe,maganatni dhiyaate fudhatama yeroo dhabetti mana murtii ol‘aanaatti mirga ol‘iyyannoo dhiyeffachuu jalaa hin hambisu.

**Kwt.321 --Manneen murtii ol‘iyyannoo fuudhuuf aangoo qaban**

- 1) Manneen murtii kanatti aananii ilaalamen akkuma sadarkaa isaaniitti aangoo ol‘iyyannoo dhaga‘uu qaba.
- a) Manni murtii \_Waradaa Gizaatii‘ sadarkaa duraan kan murteesse fuudhee ol‘iyyannoona kan ilaalu mana murtii Awuraajjaanichi keessatti argamuu
  - b) Manni murtii \_Awuraajja‘ sadarkaa duraatin kan murteesse ol‘iyyannoona kan ilaalu mana murtii ol‘aanaa
  - c) Manni murtii ol‘aanaa sadarkaa duraan kan murteesse ol‘iyyannoona kan ilaalu mana murtii waliigalaatu ol‘iyyannoona fuudhee ilaala.
- 2) Manni murtii \_Woradaa Gizaatii‘ murteesse manni murtii \_Awuraajja‘ ol‘iyyannoona ilaalee haala kamiiniyyuu murtiin biraa kan kenneme yoo ta‘e,akkasumas manni murtii \_Awuraajja‘ kan murteesse manni murtii ol‘aanaa ol‘iyyannoona ilaalee haala kamiiniyyuu

murtiin biraa kan kennname yoo ta‘e,haala kanatti aanee ilaalamdeen ol‘iyyataa ol‘iyyataa sadarkaa lammaffaa mirga ol‘iyyannoo dhiyeessuu ni kenna.

- a) Mana murtii Awuraajja irraa mana murtii ol‘aanaatiif
- b) Mana murtii ol‘aanaa irraa mana murtii waliigala mootii

**moototaatif Kwt.322 -- Chilootii Majeestii Impaayeraa‘**

Keewwatoota kanaan oliin tumaa ilaalamdeen namni kamiiyyuu mirgi ol‘iyyannoo dhageessifachuu isaa hanga dhumaatti erga itti fayyadameen booda seera kana kwt.**361-370** jalatti bu‘uura tumaa dubbatameen dhimmichi akka ilaalamuuf chilootii majeestii Impaayeraatti mirga ol‘iyyannoo dhiyeessuu jalaa hin hambisu.

**Kwt.323 Yeroo fi adeemsa dhiyeessa ol‘iyyanno**

- 1) Ol‘iyyannoon kamiiyyuu seera kana kwt.**327** jalatti bu‘uura ilaalamdeen ol‘iyyataan,abukaatoo isaan,gorsaa seeraa isaan,bakka bu‘aa yookan dubbi fixaa isaan irratti erga mallattaa‘ee mana gal mee mana murtii ol‘iyyannoo dhaga‘utti ni dhiyaata.
- 2) Ol‘iyyannoon mana murtii ol‘iyyannoo dhaga‘utti dhiyaachuu kan qabu dhimmi ol‘iyyannoo jedhame murtaa‘ee guyyoota jaatama keessattiidha.
- 3) Ol‘iyyattooni lakkoofsi isaanii tokkoo ol yommuu ta‘e ol‘iyyanno bakka tokkotti barreessuun hundumti isaanii irratti mallateessuun yookan abukaatoon isaanii,dubbi fixaan isaanii yookan bakka bu‘aan isaanii iyyanno tokko barreessuun irratti mallatteessee mana murtii ol‘iyyannoo dhaga‘utti dhiyeessuu ni danda‘a.
- 4) Mana murtii ol‘iyyannoo dhaga‘u kamiittuu gal mee ol‘iyyanno galmeessuuf qophaa‘e irratti dhimmi ol‘iyyatame gabaabinaan guyyaa fi bara irratti dhiyaate

akka walduraa duuba lakkoofsaan ni galmaa‘a.

**Kwt.324 --Yeroon erga darbeen booda akka banamuuf ol‘iyyannoo dhiyaatu**

- 1) Keewwata kanaan olitti kwt.**323** jalatti yeroon ol‘iyyannoo murtaa‘e erga darbeen booda ol‘iyyannoo dhiyaatu manni galmee mana murtii ol‘iyyannoo dhaga‘uu hin fuudhu. Ta‘ees,muudamaan mana galmichaa ol‘iyyannoo isaa deebisee guyyaa 10(kudhan) keessatti guyyaa murtaa‘e booda ol‘iyyannoona akka ilaalamuuf iyyannoo eeyyamsiisaa dhiyeessuu akka danda‘u iyyataa sanaaf ni ibsa.
- 2) Ol‘iyyannoona mana galmeef kan dhiyaate yeroon ol‘iyyannoof murtaa‘e erga darbeen booda iyyannoo gaafii ol‘iyyannoo akka dhiyeeffatu akka eeyyamamuuf waliin walqabatee yoo ta‘e,ol‘iyyannoo deebisee iyyannoo gaaffii eeyyamsiisaa fuudhuu qaba. Gaaffiin eeyyamsiisaa fi ol‘iyyannoo waraqaa tokkorratti kan barreeffame yoo ta‘e,dhimmicha adda adda baasee akka dhiyeessuu ni ajaja.
- 3) Bu‘uura tumaa keewwata kanaan dubbatameen iyyannoowwan fudhatama dhaban abbaa dhimmichaaf yoo deebi‘anis, dhiyaatanii fudhatama kan dhaban ta‘un isaanii kun guyyaa murtaa‘etti barruu galmeessa ol‘iyyannoo keessatti barraa‘uu qaba.

**Kwt.325 --Yeroon ol‘iyyannoo erga darbeen booda akka banamuuf gaaffii eeyyamsiisaa dhiyaatu**

- 1) Yeroon ol‘iyyannoo erga darbeen booda akka banamuuf gaaffiin eeyyamsiisaa dhiyaatu iyyannichi barreeffamaan ta‘ee seera kana kwt.**323** tin bu‘ura dubbatameen yeroo murtaa‘e keessatti sababa hin dhiyaanneef kan ibsu ta‘uu qaba.
- 2) Akkasumas,ragaalee sababicha ibsan waliin walqabatee dhiyaachuu qaba. Ragaaleenis ol‘iyyaticha yeroo murtaa‘e keessatti sababa hin dhiyaannef kan ibsanii fi murtiis itti kennuuf gahaa ta‘anii argamuu qabu.
- 3) Manni murtichaa iyyannoo gaaffii eeyyamsiisaa dhiyaate fudhachuun dura eeyyama gaafataa fi garee ol‘iyyannoон irratti gaafatame dhiyeessisee gaafachuun ragaalees erga qorateen booda murtii barbaachisaa ta‘ee isatti mul‘ate ni kenna.

**Kwt.326 -- Iyyannoo dhiyaate irratti murtii kennamu**

- 1) Iyyannoo gaaffii eeyyamsiisaa iyyataan dhiyeesse fuudhee ol‘iyyannicha yeroon dhiyeessuuf sababni hin dandeenyef gahaa ta‘uu isaa manni murtii kan hubate yoo ta‘e,kanuma gal mee irra erga teessiseen booda ol‘iyyannoo isaa guyyaa 10(kudhan) keessatti akka dhiyeessuu ni eeyyamaaf.
- 2) Iyyannoo gaaffii eeyyamsiisaa irratti sababni ibsame ol‘iyyannoo yeroon dhiyeessuu kan dadhabe abukaattoon yookan dubbi fixaan yookan bakka bu‘aan isaa dhiyaachuu dhabuuni fi hanqina kanneenin ta‘uu kan beekame yoo ta‘e,keewwata kana cita xiqqaa (1) tin kan dubbatame sababa gahaadha jedhamee fudhatama argachuu hin danda‘u.
- 3) Keewwata kanaan kan ilaalamie iyyanni gaaffii eeyyamsiisaa dhiyaatee fudhatama hin qabu jedhamee murtii kenname irratti ol‘iyyannoo jechuun hin danda‘amu.
- 4) Iyyannoowwan akka kanaan dhiyaatanii fi murtoowwan manni murtichaanis kennaman barruu galmeessa ol‘iyyannoo irratti barreeffamuu qabu.

Kwt.327 -- Wantoota qabiyyee ol‘iyyannoo irratti barreeffaman

- 1) Ol‘iyyannoo kamiiyyuu irratti wantootni kanatti aananii ilaalamani ibsamuu qabu.
  - a) Maqaa mana murtii ol‘iyyannoon itti dhiyaatuu
  - b) Maqaa fi teessoo ol‘iyyataa fi deebii kennaa
  - c) Maqaa mana murtiiol‘iyyannoon irraa fudhatamee,guyyaa fi lakkofsa gal mee murtii kennamee
  - d) Waamicha kennuun akka danda‘amuuf teessoo deebii kennaa
  - e) Wantoota ol‘iyyannoof sababa ta‘an bal‘inaan ibsuu
  - f) Wanta ol‘iyyannoon akka sirratuu fi seerummaa barbaadame bal‘inaan ibsuu
- 2) Garagalchi murtii mana murtii ol‘iyyannoon irratti gaafatameen kennamee fi garagalcha gal mee sirrii ta‘uu isaa irratti guutamee fi mallattaa‘ee ol‘iyyannoo waliin walqabatee mana murtii ol‘iyyannoo dhaga‘uuf dhiyaachuu qaba.
- 3) Ol‘iyyataan ol‘iyyannoo isaa kan hundeessu gal mee murtiin irratti kennamee qofa irratti yoo ta‘e,kanumas iyyata ol‘iyyannoo isaa irratti ibsuu qaba. Ragaa dabalataa dhiyeessuuf kan gaafatu yoo ta‘e garuu ragaa akka ilaalamuuuf gaafatuu fi maqaa naqaashota akka dhaga‘amaniif barbaadu barreeffama biraatin bal‘inaan ibsuun ol‘iyyannoo waliin walqabsiisee ni dhiyeessa. Kana malees,ragaa naaf haa ilaalamu yookan naqaashota naaf haa dhaga‘aman jedhu falmii duraa irratti osoo hin ilaalamneef yookan hin dhaga‘amneef sababa jalaa hafee fi karaa mana murtii ol‘iyyannoo dhaga‘uun naaf ilaalamuu qaba sababa jechisiisu barreeffama bal‘inaan hubachiisu dhiyeessuu qaba.
- 4) Barreeffamni ol‘iyyannoo tokko tokkoo deebii kennaa qaqqabuu akka danda‘utti garagalchi qophaa‘ee dhiyaachuu qaba.

**Kwt.328 -- Sababoota ol‘iyyannoo jechisiisan**

- 1) Ol‘iyyannoonaan gabaabinaan qophaa‘ee murtii ol‘iyyannoo irratti jedhame sababa komateef bal‘inaan ibsuun sababa tokko tokkoof mata duree fi tartiiba lakkofsaa kenuun haala barbaadamuun barreeffamee dhiyaachuu qaba.
- 2) Manni murtii ol‘iyyannicha dhaga‘u haala addaatin yoo eeyyame malee, ol‘iyyataan ol‘iyyannoo isaa irratti bal‘inaan kan hin ibsine waan haaraa kaasuun yookan bu‘ura godhachuun falmii gochuu hin danda‘u.
- 3) Manni murtii ol‘iyyannoo dhaga‘u falmicha irratti yeroo murtee kennutti ol‘iyyannoo irratti wanta tarreeffame yookan bu‘ura keewwata kana cita xiqqaa(2)tin falmii haaraan akka dhiyaatu eeyyamee waan dhaga‘e qofa hordofuun osoo hin dirqisiifamin sababa ni ta‘a jedhee isatti fakkaatee mul‘atee irratti murtee kennuu ni danda‘a. Ta‘ees, manni murtichaa dhimma qabate irratti gareewwan walfalmitootaa falmii akka dhageessisan dhimma mirgi kennameef irratti yoo ta‘e malee, manni murtii ol‘iyyannoo dhaga‘u wanta iyyannichaan bal‘inaan ibsame yookan wanta falmiin irratti ka‘een ala murteessuu hin danda‘u.

**Kwt.329 -- Wantoota haaraa fi falmiiwan haaraa**

- 1) Seera kana kwt.**345** tin tumaan dubbatame akkuma eegametti ta‘ee, mana murtii sadarkaa duraatti falmii hin kaane fi hin dhiyaanne wanta haaraa manni murtii ol‘iyyannoo dhaga‘u fuudhuu hin danda‘u.
- 2) Manni murtii ol‘iyyannoo dhaga‘u deebii kennaal waamuu, kisaaraa kaffalchiisuu yookan deebii kennaaf beeksisa kennuu fi wanta biraas barbaachisaa ta‘e kamiiyuu ajaja ni deemsisa jedhee isatti fakkaatee mul‘ate kennuu ol‘iyyataan falmii isaa akka jijiiru yookan maganata ol‘iyyannoo isaa akka fooyyessu eeyyamuufii danda‘a.

**Kwt.330 -- Iyyannoo ol‘iyyannoo haquu yookan fooyyessuu**

- 1) Iyyatni ol‘iyyannoo seera kana bu‘uura kwt.**327** jalatti dubbataameen qophaa‘ee kan hin dhiyaanne yoo ta‘e,ol‘iyyataaf ni deebi‘a. Kunis yoo ta‘e yeroo manni murtichaa murteesse keessatti yookan battaluma sana fooyessee fi guutee akka dhiyeessu itti himama.
- 2) Iyyata ol‘iyyannoo dhiyaate manni murtii sababa kamiiniyyuu kan hin fudhanne yoo ta‘e,sababa ol‘iyyannicha hin fudhanneef barreessuun galmee waliin walqabsiisee akka taa‘u ni taasisa.
- 3) Iyyannichi fooyya‘ee fi guutamee kan dhiyaate yoo ta‘e,manni murtichaa iyyannichi fooyya‘uu isaa miiljalee isaa irratti mallattoo ni godha.

**Kwt.331 -- Himataa yookan himatamaan baayi‘nni isaanii tokkoo ol yoo ta‘e**

Falmii tokko keessatti baay‘inni himattootaa yookan himatamtootaa tokkoo ol yommuu ta‘ee fi falmichis himattoota yookan himatamtoota bif a walfakkaatuun kan ilaallatu yoo ta‘e,himattooni yookan himattoota keessaa inni tokko murtoo dhumaa irratti ol‘iyyannoo jechuu ni danda‘a. Manni murtii haala kanaan ol‘iyyannoon dhiyaateeffi akka haala naannoo dubbichaatti murtiin fooyesse yookan jijiire yookan cimse himattoota yookan himatamtoota ol‘iyyannicha hin dhiyeessine irrattis ni cima.

**KUTAA 2 FALMIIN AKKA ITTI HIN FUFNEE FI RAAWWII MURTII DHORKUU**

**Kwt.332 -- Ajaja dhorkaa mana murtii ol‘iyyannoo dhaga‘uun kennamu**

Manni murtii ol‘iyyannoo dhaga‘u ajaja ifaa ta‘e yoo kenne malee,falmii tokko irratti ol‘iyyannoonaan dhiyaachuu qofaan falmiin eegalamee akka itti hin fufne gochuu hin danda‘u. Akkasumas,falmii tokkoratti ajajni yookan murtoon yookan murtii kennname akka hin raawwatamne dhorkuu hin danda‘u. Ta‘ees,manni murtii ol‘iyyannoo dhaga‘u haala naannoo dubbichaa qoratee dhimmichaaf murtiin dhumaan hanga kennamutti falmichi akka dhaabbatee turu yookan raawwiin murtii yeroof akka dhorkamu ajaja kennuu ni danda‘a.

**Kwt.333 – Dhorka murtii mana murtii sadarkaa duraa murticha kenneen ajajamu**

Mana murtii sadarkaa duraatin namni itti murtaa‘e ol‘iyyannoo isaa mana murtii ol‘aanaaf kan dhiyeessu ta‘uu isaa ibsuun manni murtii ol‘iyyannoo dhaga‘u ajaja ni adeemsisa jedhee isatti fakkaatee mul‘ate hanga kennuufitti murticha dhorkee akka tursiisuuf mana murtii sadarkaa duraatti iyyachuu ni danda‘a. Manni murtichaas falmichi ol‘iyyannoof dhiyaatee ilaalamuu isaatiin dura murtichi yoo raawwatame qabeenya falmiin irratti ka‘e irra miidhaa cimaan kan qaqqabu ta‘uu isaa kan tilmaame yoo ta‘e,ajaja dhorkaa kennuu ni danda‘a.

**Kwt.334 -- Aango murtii dhorkuu Pireezidaantiin mana murtichaa qabu**

Keewwatoota kanaan olitti tumaalee **kwt.332 fi 333** jalatti dubbatameen pirezidaantiin mana murtii murtii yookan ajaja kennname guyyoota 15(kudha shan) qofaaf akka dhorkamu ajajuu irraa hin ittisu. Ta‘ees,guyyaa murtaa‘e keessatti ol‘iyyannoonaan yoo dhaga‘amuu baate yookan manni murtichaa ajaja dabalataa guyyaa dheeressuu yoo kenne malee,bu‘uura murtaa‘en yookan ajajameen raawwatamuu qaba.

**Kwt.335 -- Sababa yookan haala murtii dhorkuuf dandeessisu**

- 1) Manni murtichaa yookan pirezidaantiin mana murtichaa kanatti aananii sababoota ilaalamani jiraachuu fi gahaa ta‘uu isaanii yoo mirkaneesse

malee,kanaan olitti kwt.332-334 tti bu‘ura tumaalee dubbatamaniin ajaja murtii dhorkuu kennuun hin danda‘u.

- a) Ol‘iyyannichi ilaalamuun dura murtichi yoo raawwatame garee murtichi akka dhorkamuuf gaafatu irra miidhaa cimaan kan qaqqabu ta‘uun
  - b) Akka dhorkamuuf iyyatichi iyyanna isaa yeroo dhiyeessutti osoo inni hin balleessin murtichi battaluma kan kenname ta‘uun
  - c) Raawwii murtiif iyyatichi maallaqa gahaa qabsiisuu isaa yookan idaa gaafatamuuf wabii gahaa kennuu isaa yookan qabsiisa gahaa lafa kaa‘uu isaa kan mirkaneesse yoo ta‘e
- 2) Ajajni murtii dhorkuu kan kennamu iyyata murtiin akka dhorkamuuf dhiyaate gareewwan walfalmitootaa bakka jiranitti erga dhaga‘ameen booda dha. Ta‘ees,iyyanni jecha kakuutin deeggaramee dhiyaate yoo ta‘e,gareewwan walfalmitootaa bakka jiranitti dubbichi hanga dhaga‘amutti manni murtichaa ajaja dhorkaa kennuu ni danda‘a.

#### Kwt.336 -- Murtii raawwachuuf wabii kennamu

Murtiin ol‘iyyannoон irratti gaafatame akka raawwatamu kan ajajame yoo ta‘e,ol‘iyyataан mana murtii ol‘iyyannoо dhaga‘utti sababa gahaa yoo dhiyesse raawwii murtichaان qabeеня yookan wanta fudhatame deebisuuf yookan haguuguuf wabii yookan qabsiisa gatii tilmaamichaa danda‘u akka lafa kaa‘u yookan murtoo yookan ajaja kamiiyuu manni murtii ol‘iyyannoо dhaga‘u kennu raawwachuuf wabii gahaa akka kennu ajajuu ni danda‘a.

### KUTAA 3 OL'IYYANNOO FUUDHUU FI DHAGA'UU

#### Kwt.337 -- Deebii kennaan osoo hin waamin haala ol'iyyannoontti haqamuu danda'u

Ol'iyyataan iyyatni ol'iyyannooy inni dhiyeesse kan hundaa'e murtii galmeey manni murtii sadarkaa duraa kennee qofarratti ta'ee, ragaan biraa akka ilaalamuuf yookan naqaashonni biraa akka dhaga'aman kan hin gaafanne yeroo ta'etti, manni murtii ol'iyyannooy dhaga'u guyyaa beellamaa dhimmicha itti dhaga'u murteessuun ol'iyyataan yookan abukaatoon isaa falmii dhiyeesse erga dhaga'een booda garagalcha murtii galmeey mana murtii sadarkaa duraatin kennname qoratee murtichi hanqina kan hin qabne ta'uu yoo hubate, deebii kennaan osoo hin waamin ol'iyyannicha cufee ol'iyyataa gaggeessuu ni danda'a.

#### Kwt.338 -- Guyyaa ol'iyyannoontti dhaga'amu murteessuun

- 1) Bu'uura keewwata kanaa olitti kwt.337jalatti dubbatameen ol'iyyannoontti kan hin haqamne yoo ta'e, manni murtii ol'iyyannooy dhaga'u ol'iyyannicha guyyaa beellamaa dhaga'u murteessuun deebii kennaan akka dhiyaatuf waamichaa fi garagalcha iyyata ol'iyyannooy ni ergaaf. Guyyaa beellamaatti osoo hin dhiyaatin yoo hafe ol'iyyannichi bakka inni hin jirretti kan dhaga'amu ta'uu isaa waamicha irratti ni beeksisa.
- 2) Adeemsi dhaga'a ol'iyyannoof beellamni kennamuu kan raawwatamu baay'ina hojii mana murtichaa, baay'ina beellama ajandaa irra jiruu, dheerina yeroo ajaja qaqqabsiisuf barbaachisuu fi deebii kennaan falmii isaa dhiyeeffachuuf yeroo gahaa kan argatu ta'uu isaa, haala fageenya teessoo isaa bu'uura godhachuudhaniidha.

#### Kwt.339 -- Falmicha kan eegalu ol'iyyataa ta'uu

- 1) Ol'iyyannooy dhaga'uuf guyyaa beellamametti ol'iyyataan ol'iyyannooy dhiyeeffateef wanta isa deeggaru hubachiisuuf dursee falmicha ni eegala.

- 2) Manni murtii ol‘iyyannoo dhaga‘u ol‘iyyannicha yerooma sana kan hin haqne yoo ta‘e,falmii ol‘iyyataan dhageessifate deebii kennaan deebii ittisaa isaa itti kenna. Itti aansee deebii kennaan ittisa dhiyeeffateef ol‘iyyataan deebii kennuu ni danda‘a.
- 3) Keewwata kana cita xiqqaa **(2)** jalatti tumaan dubbatame ol‘iyyataan maganata ol‘iyyannoo barreeffamaan dhiyeesseef deebii kennaan deebii ittisaa barreeffamaan akka dhiyeessu ajajuu irraa mana murtichaa hin ittisu.
- 4) Deebiin deebii kennaa fi ol‘iyyataanis deebiin kanarratti kenu manni murtichaa yeroo murteesetti dhiyaachuu fi galmaa‘uu qaba.

**Kwt.340 -- Komii deebii kennaan ol‘iyyannoo irratti dhageessifatu**

- 1) Deebii kennaan kallattiin ol‘iyyannoo kan hin dhiyeessine ta‘us abbaa seerummaa kaffalamuu qabu kaffalee falmii ol‘iyyataan dhiyeeffate deebii kennitummaan falmii dhiyeessu waliin wanta murticha irratti komachiise dhiyeessuun akka ol‘iyyataattis falmii taasisuu ni danda‘a.
- 2) Iyyatni dhageessifanna komii deebii kennaa akkaataa dhageessifanna iyata ol‘iyyannootti qophaa‘ee bu‘uura tumaa kwt.**338(1)**jalatti dubbatameen guyyaa deebii kennaatti yookan abukaatoo isaatti waamichi kenname irraa ji‘a tokko keessatti mana murtiif dhiyaachuu qaba.
- 3) Iyyatni dhageessifanna komii deebii kennaa garee dhimmichi ilaallatu yookan abukaatoo isaa kan qaqqabe ta‘uu isaa amansiisa barreeffamaa mirkaneessu iyyaticha waliin walqabsiisee mana murtiif yoo dhiyeessuu baate,manni murtii ol‘iyyannoo dhaga‘u

ol‘iyyataadhaf erga kisaaraa muree garee dhimmichi ilaallatu yookan abukaatoo isaa akka qaqqabsiisu ajajuu ni danda‘a.

- 4) Bu‘uura keewwata kanaan dubbatameen iyyatni dhageessifanna komii kan dhiyaate yoo ta‘e,manni murtichaa gareewan dhimmichi ilaallatuuf beeksisa ni ta‘a jedhee isatti fakkaate kennee ol‘iyyannoон duraa sababa murtaa‘uu dhabeen osoo hin ittifamin maganata komii irratti murtoo kennuu ni danda‘a.

Kwt.341 -- Manni murtii ol‘iyyannoон dhaga‘u dhimma ol‘iyyannoон dhiyaate haala mana murtii murticha kenneetti deebisuu

- 1) Murtiin yookan murtoo irratti ol‘iyyannoон jedhame manni murtii kenne wanticha kan murteesse falmicha keessa osoo hin seenin mormii sadarkaa duraan waan dhiyaate qofa bu‘uura godhachuun yoo ta‘ee fi murtiin yookan murtoon kun mana murtii ol‘iyyannoон dhaga‘uun kan jijiirame yoo ta‘e,falmichi gara mana murtii sadarkaa duraatti akka deebi‘u gochuun qabxiwwan ilaalamuu qaban adda baasee irra deebi‘ee akka ilaalu ajajuu ni danda‘a.
- 2) Keewwata kana bu‘uura tumaa cita xiqa (1)tin dubbatameen manni murtii ol‘iyyannoон dhaga‘u wantichi irra deebi‘ee akka ilaalamu murteessee mana murtii sadarkaa duraatti yeroo deebisu garagalchi murtii fi ajajaa kennname sirriin mana murtii sadarkaa duraatti akka ergamu ni godha. Ajajicha irrattis wantichi galmee duraa fi tartiiba lakkofsaa dura kennnameefiin galmaa‘ee akka ilaalamu ni murteessa.
- 3) Manni murtii ol‘iyyannoон dhaga‘u dhimma irratti ol‘iyyannoон jedhame mana murtii murticha kennetti osoo hin deebisin dura sadarkaa duraan ragaan

dhaga‘ame hunduu akka barbaachisummaa isaatti falmii irra deebi‘ee ilaalamu keessattis ragaa ni ta‘a.

**Kwt.342 -- Bu‘ura ragaa gal mee keessa jiruun murtii kennamu**

Galmee mana murtii ol‘iyyannoон irraa fudhatame keessa ragaan teessifame tilmaama mana murtii ol‘iyyannoo dhaga‘utin gahaa ta‘ee yoo argame,ijoo wantichaa fooyyessuun yookan jijiiruun murtii dhumaa kennamuu qaba jedhee isatti fakkaate kennuu ni danda‘a. Manni murtii ol‘iyyannoон irraa fudhatame murticha kan kenne sababa biraatin ta‘us manni murtii ol‘iyyannoo dhaga‘u bu‘ura galmicha irraa hubateen ijoo isaa jijiiree murteessuu irraa hin ittifamu.

**Kwt.343 -- Manni murtii ol‘iyyannoo dhaga‘u ijoo dubbii sirreessuun haala mana murtii sadarkaa duraatti deebisu**

- 1) Manni murtii jalaa murtiin murteesse ijoo himannaaf bu‘a qabeessa ta‘e osoo hin qabatin hafuun yookan haala kamiinuu ijoo yookan firii dhimmichaa osoo hin qoratinii fi hin hubatin bira kan darbe ta‘uu isaa,qabxiwwan kunniinis keniinsa murtichaaf bu‘aa gaarii argamsiisuu kan danda‘an ta‘uu isaanii manni murtii ol‘iyyannoон dhaga‘u kan mirkanoeffate yoo ta‘e,ijoowwanii fi firiiwan dubbii irra utaalaman adda baasee ibsuun irra deebi‘ee akka qoratuu fi qulqulleessu mana murtii sadarkaa duraatti deebisee ni erga. Akkasumas,ragaa dabalataa akka fuudhu ni ajaja.

2) Dhimmoonti xumuramuu qaban ibsamanii wanticha irra deebi‘ee akka ilaaluuf manni murtii ergameef bu‘uura ajajichaan dhimmicha erga ilaaleen booda ragaa fuudhee fi tarkaanfii fudhate,akkasumas dhimmicha murteessuuf wantoota bu‘uura godhate ibsuun wanta qulqulleesse’ mana murtii ol‘iyyannoo dhaga‘uuf deebisee ni erga. Ragaan dabalataan ilaalamee fi murtoon yookan ajajni kenname kamiiyuu miiltoo gal mee duraanii ta‘a.

#### Kwt.344 -- Murtii mana murtichaa komachuu

- 1) Keewwata kanaan olitti bu‘uura tumaa kwt.**343(2)** tin dubbatameen tarkaanfii bifa kamiiyuu fudhatame gareen mormu manni murtii ol‘iyyannoo dhaga‘u yeroo murteessuf keessatti maganata komii isaa dhiyeffachuu ni danda‘a.
- 2) Iyyata komii dhiyeessuuf yeroon murtaa‘e erga darbeen booda manni murtii ol‘iyyannoo dhaga‘u wanticha murteessuu ni danda‘a.

#### Kwt.345 -- Ragaa dabalataa

- 1) Haalota kanatti aananii ilaalamaniin ala garee ol‘iyyataa ta‘ee falmii taasisu kamiifuu manni murtii ol‘iyyannoo dhaga‘u ragaa dabalataa akka dhiyeffatu hin eeyyamuuf :-
  - a) Falmii ol‘iyyannoон irratti dhiyaate manni murtii murteesse ragaa fuudhuu qabu sababa gahaa hin taaneen osoo hin fuudhin hafe yoo ta‘e
  - b) Manni murtii ol‘iyyannoo dhaga‘u murtii sirii kennuuf yookan sababa biraan kamiiyuu ni ta‘a jedhee isatti fakkaatee mul‘ateen ragaan dabalataa akka dhiyaatu yookan naqaashiin biraan akka dhaga‘amu kan ajaje yoo ta‘e,yookan kwt.**327(3)** jalatti ragaan dabalataa akka ilaalamu yookan naqaashonni akka dhaga‘aman iyyatni kan dhiyaate yoo ta‘e,yookan yaada mana murtii ol‘iyyannoo dhaga‘uun kan ta‘uu malu ta‘ee yoo argame sanada,naqaashii yookan ragaan gosa kamiiyuu akka dhiyaatu yoo ajajeedha.

2) Manni murtii ol‘iyyannoo dhaga‘u ajaja kanaan olitti dubbatame yeroo ajajutti sababa ragaan akka dhiyaatu godhameef galmicha irratti ibsee teessisuu qaba.

**Kwt.346 -- Adeemsa fuudhinsa ragaa dabalataa**

Manni murtii ol‘iyyannoo dhaga‘u ragaan dabalataa akka dhiyaatu kan ajaje yoo ta‘e, adeemsi fuudhinsa ragichaa haala kanatti aanee ilaalamien akka raawwatamuun ni godha.

- a) Ragaa barbaachisaa ta‘ee matuma isaan fuudhuun yookan manni murtii ol‘iyyannoон irraa fudhatame akka fuudhu ajajuun yookan mana murtii jalaan kan biraan ragicha fuudhee akka erguuf ajaja dabarsuun
- b) Gosaa fi daangaa ragaa mana murtii jalaan fuudhamu adda baasuun qabxiwwan ragaan irratti dhaga‘amu bal‘inaan ibsee ajaja kennuudhani.

**Kwt.347 -- Adeemsa kenniinsa murtii**

Manni murtii ol‘iyyannoo dhaga‘u falmii ol‘iyyataa fi deebii kennaa yookan abukaatoo isaanii erga dhaga‘een booda yookan akka barbaachisummaa isaatti galmeey ol‘iyyannoон irratti fudhatame erga qorateen booda yookan galmeey mataa isaa qofa bu‘ura godhachuun battaluma murtii kennuu qaba.

**Kwt.348 -- Aangoo mana murtii ol‘iyyannoo dhaga‘uu**

- 1) Manni murtii ol‘iyyannoo dhaga‘u murtii yookan murtoo ol‘iyyannoон irratti dhiyaate kamiyyuu cimsuu,fooyessuu,jijiiruu yookan diiguu ni danda‘a.
- 2) Gareewan walfalmitootaa murtoo yookan ajaja ol‘iyyannoo irratti kennamuuf jedhu dhimma walqabatuun kan waliigalan ta‘uu isaanii barreffamaan kan dhiyeesan yoo ta‘e,manni murtii ol‘iyyannoo dhaga‘u murtoo yookan ajaja isaa kan kenu gareewan walfalmitootaa bu‘uura waliigalaniinidha.

#### Kwt.349 -- Wanta fudhatame deebisiisuuf iyyannoo dhiyaatu

- 1) Murtiin yookan murtoon ol‘iyyannoон irratti dhiyaate mana murtii ol‘iyyannoo dhaga‘uun kan jijiirame yookan fooyya‘e yoo ta‘e,gareen falmii kamiyyuu wanticha mana murtii sadarkaa duraan ilaaletti yoo iyyate,murtiin jijiirame yookan fooyya‘e osoo hin kennamin dura wanti falmiin irratti ka‘e gara haala duraan tureetti deebi‘uu akka danda‘u yookan bu‘uura murtii duraatin qabeenyi yookan maallaqni fudhatame abbaa mirgaaf akka deebi‘u yookan mirgi gareewan walfalmitootaa bu‘uura murtii ol‘iyyannoон akka sirratu ajaja ni deemsisa jedhee isatti fakkaatee mul‘ate kennuu qaba.
- 2) Keewwata kana bu‘uura tumaa cita xiqqaa (1) tin dubbatameen raawwachiisuuf manni murtichaa maallaqni fudhatame akka deebi‘u,dhalli akka kaffalamu,kisaaraan akka muramu,beenya fi bu‘aan seeran ala fudhatame akka kaffalamu yookan sababa murtii jijiirameen yookan fooyya‘een mirga gareewan walfalmitootaa sirreessuuf ajaja ni deemsisa jedhee isatti fakkaatee mul‘ate kennuu ni danda‘a.
- 3) Bu‘uura keewwata kana cita xiqqaa (1)tin qabeenyi deebisiisuun danda‘amu yookan mirgi sirreessuun danda‘amu raawwachiisuuf gal mee himanna bira

banuun barbaachisaa hin ta‘u.

**BOQONNAA 2 JAARSOLII ABBAAN MURTIIN YOOKAN JAARSOLII  
YAA’II FIRAAAN MURTII KENNAME IRRATTI OL’IYYANNOO  
DHIYEESSUU FI MURTICHA HAQSIIISUU**

Kwt.350 -- Gareewan walfalmitootaa fi Adeemsa raawwii isaa

- 1) Gareen falmii jaarsummaa yookan jaarsummaa yaa‘ii firaan kameeyuu irratti hirmaataa ta‘e seera kana bu‘ura kwt.**351** jalatti tumaa ilaalamoon yookan bu‘ura jaarsummaa ilaalamoon jala murtii jaarsoliin araaraa yookan jaarsoliin yaa‘ii firaan kennan irratti mana murtiif ol‘iyyanno jechuu ni danda‘a.
- 2) Gareen falmii kameeyuu mirga ol‘iyyanno dhiyeeffachuu isaa beekee dhiisuu ni danda‘a. Haa ta‘u malee, haala naanno wantichaa guutummaatti hubachuu dhabuu fi beekuu dhabuun ol‘iyyachuu kan dhiise ta‘us yeroo dhimmicha hubate ol‘iyyanno dhiyeessuu irraa hin ittisu.
- 3) Murtiwan yookan murtoowwan mana murtiitti kennamaniif seera kanaan dambiin dhiyeessa ol‘iyyanno tumame dhimma jala murtii jaarsummaa yookan jaarsummaa yaa‘ii firaatifi haala walfakkaatuun raawwatamaa ta‘a.
- 4) Seera hariiroo hawaasaa tumaa kwt.**736** jalatti kan ilaalamme akkuma eegametti ta‘ee, boqonnaa kanaan tumaan dubbatame jaarsummaa yaa‘ii firaatin jala murtii kennamu irratti raawwatamaa ta‘a.

Kwt.351 - Sababoota ol‘iyyanno jechisiisan

Jala murtii jaarsummaa yookan jaarsummaa yaa‘ii firaan irratti ol‘iyyannoo dhiyeessuun kan eeyyamamu kanatti aananii wantootni dubbataman yoo mudatan qofaadha.

- a) Jala murtiin sun adda adda yookan kutaan inni tokko kan biraan waliin kan walitti hin dhufne yookan walii hin galle yookan ifaa kan hin taane yookan kan shakkisiisu yookan gama kallattii seeraa fi firii dubbichaan kan dogoggorame yoo ta‘e;
- b) Miseensi jaarsolii yookan jaarsolii yaa‘ii firaan dhimma akka murteessuuf dhiyaateef osoo hin murteessin yoo hafe;
- c) Falmichi yeroo dhaga‘amutti wanti adeemsan ala ta‘e kan raawwatame yoo ta‘e, addatti :-
  - i. Guyyaa fi iddo dhimmichi itti dhaga‘amu garee walfalmitootaa keessaa isa tokkoof yookan hundumaaf osoo hin ibsamin kan hafe yoo ta‘e, yookan ragaan akka ilaalamuuf waliigalanii dhiyeessan osoo hin ilaalamin kan hafe yoo ta‘e;
  - ii. Dhimmicha irratti ragaa fudhatama qabu osoo hin fuudhin kan hafe yoo ta‘e, yookan gareewan walfalmitootaa bakka hin jirretti yookan gareen tokko osoo hin dhufin naqaashii kan dhaga‘e yoo ta‘e, yookan ragaa kan fuudhe yoo ta‘e;
- d) Miseensa jaarsummaa yookan jaarsummaa yaa‘ii firaan namni ta‘e raawwii hojii isaa irratti abbaan seeraa raawwachuu waan hin qabne gartummaa fi amala badaa kan agarsiise yoo ta‘e, addatti :
  - i. Yaada gareen tokko dhiyeesseef dhaga‘ee garee biraan osoo hin dhaga‘in kan hafe yoo ta‘e;
  - ii. Matta‘aa fudhachuudhan yookan sababa biraan kamiiniyyuu jallinni kan isarra bule ta‘uu isaa kan mirkanaa‘e yoo ta‘e;
  - iii. Qabeenya falmichaaf ka‘umsa ta‘e irratti faayidaa addaa yookan

mirga biraa kamiiyyuu kan irratti argate yookan kan irratti argatu  
ta‘uun isaa

Kan mirkanaa‘e yoo ta‘eedha.

Kwt.352 -- Mana murtii ol‘iyyannoontti

dhiyaatu

Jaarsummaan yookan jaarsummaa yaa‘ii firaan ilaalamee jala murtii kenname irratti wanti ol‘iyyanno jedhame kan dhiyaatu kaffaltiin abbaan seerummaa erga kaffalameen booda wanta ol‘iyyanno irratti jedhame jaarsummaan osoo hin ilaalamne ta‘ee falmicha sadarkaa duraan ilaaluuf mana murtii aangoor qabu irraa ol‘iyyanno fuudhuuf mana murtii ol‘aanaa ta‘ettiidha.

Kwt.353 -- Aangoor mana murtii ol‘iyyanno dhaga‘uu

Manni murtii ol‘iyyanno dhaga‘u murtoo sana cimsuuf,jijiiruuf yookan haquuf aangoon qabuakkuma eegametti ta‘ee,jala murtii jaarsummaa yookan jaarsummaa yaa‘ii firaan irra deebi‘ee akka ilaalamu guutummaan yookan gartokkeen deebisuu ni danda‘a.

Kwt.354 – -Jala murtiin irra deebi‘ee akka ilaalamu deebisuu

- 1) Ol‘iyyannoontti kan dhiyaate seera kana bu‘uura tumaa kwt.**351(a)** **fi** **(b)**tin dubbatameen yoo ta‘e malee,jaarsummaan yookan jaarsummaan yaa‘ii firaan irra deebi‘ee akka ilaalamu hin ergamu.
- 2) Manni murtii dhimmichi irra deebi‘ee akka ilaalamuuf erge haala biraatin akka raawwatamu yoo ajaje malee,jaarsoliin araaraa yookan jaarsoliin yaa‘ii firaan dubbicha irra deebiin akka ilaalan guyyaa itti deebi‘ee irraa jalqabee ji‘a sadikessatti murtii kennuu qabu.

3) Dhimmi irra deebiin akka ilaalamu deebi'e gartokkeen qofa yeroo ta'etti,gartokkeen murtii cime raawwachiisuun kan danda'amu yoo ta'e,murtii dhimma irra deebiin akka ilaalamuu godhame osoo hin eegiin raawwatamuu ni danda'a.

**Kwt.355 – Jala murticha diiguu**

- 1) Gareewwan walfalmitootaa jala murtii jaarsoliin abbaa murtii yookan jaarsoliin yaa'ii firaat kennaniin waliigalla jedhanii dirqama kan seenan yoo ta'e illee, seera kana kwt.**356** tin bu'uura tumaa dubbatame sababa godhachuun jala murtiin sun akka diigamu mana murtiif iyyachuu irraa hin dhorkaman.
- 2) Iyyannichi kan dhiyaatu mana murtii seera kana kwt.**352** ilaallatu ta'ee jala murtiin kennamee guyyaa 30(soddoma) keessatti dhiyaachuu qaba.
- 3) Seera kanaan mormii dhiyeeffachuuf tumaan dubbatame dhimma dhiyeessa iyyanno keewwata kanaatifis raawwatamaa ta'a.

**Kwt.356 -- Wantoota iyyanno dhiyeessuuf bu'uura ta'an**

Sababoota kanatti aananii ilaalamaniin yoo ta'e malee,kanaan olitti kwt.**355** jalatti iyyanno dubbatame dhiyeessuun hin danda'amu.

- a) Jaarsoliin araaraa yookan jaarsoliin yaa'ii firaat gareewwan walfalmitootaa kan irratti waligalaniidha jechuun dirqama hin raggaasifamne yookan gatii hin qabne hordofuun yookan dhimma abbootiin dhimmaa hin dhiyeessinee fi irratti falmii hin taasifne bu'uura godhachuun jala murtiin kan kennan yoo ta'e
- b) Aangoon jaarsummaa murteessuu kan kenname namoota lakkooftsi isaanii lamaa ol ta'aniif ta'ee,dubbicha kan murteessan kophaa kophaa isaanii yoo ta'e;yookan
- c) Miseensa jaarsummaa murteessu keessaa inni tokko aangoo kennameef

nama dhimmichaaf keessummaa ta‘e yookan jaarsolii hafaniif yookan gareewwan walfalmitootaa keessaa isa tokkoof dabarsee kan kenne yoo ta‘eedha.

**Kwt.357 -- Murtii iyyannicha irratti kennamu**

- 1) Bu‘ura kwt.**355** tin iyyanni dhiyaatu fudhatama kan dhabe yoo ta‘e,murtiin sun sirriidha jedhamee lakkaawwamuun raawwatamaa ta‘a.
- 2) Iyyannichi fudhatama argatee murtoo kan kenne yoo ta‘e garuu dhimmichi akka gatii hin qabneetti lakkaawwamee ni haqama.

**BOQONNAA 3 MORMII**

**Kwt.358 -- Gareewwan mormii dhiyeessuu danda‘an**

Namni kamiiyuu mataa isaan yookan karaa abukaattoo isaan yookan dubbi fixaa isaan falmii keessatti hirmaachuu qabu yookan falmicha keessa seenuu danda‘uu fi akkasumas falmii keessatti hin hirmaannen murtii kennameen mirgi isaa tuqame murtiin kenname osoo hin raawwatamin dura mormii isaa dhiyeeffachuu ni danda‘a.

**Kwt.359 -- Akkaataa mormiin ittiin dhiyaatu**

- 1) Mormiin kan dhiyaatu bifa himannaar barreffamaan dhiyaatun ta‘ee,kaffaltiin abbaan seerummaa itti kaffalamee wanti mormame mana murtii murticha kennetti dhiyaata.

- 2) Iyyanni mormiis kanatti aananii wantoota ilaalamani bal‘inaan ibsuu qaba.
  - a) Maqaa fi teessoo mana murtii iyyannichi itti dhiyaatuu
  - b) Maqaa fi teessoo iyyataa
  - c) Maqaa fi teessoo namoota murtii mormiin irratti dhiyaate irratti walfalmaa turanii
  - d) Maqaa mana murtii murtiin mormame kennee,guyyaa murtichi kennname fi lakkofsa gal mee isaa
  - e) Sababoota mormiif ka‘uumsa ta‘an bal‘inaan
  - f) Akaakuu abbaa seerummaa iyyatichi gaafatuu
- 3) Wanti iyyata isaa irratti ibsame hundi dhugaa ta‘uu kan mirkaneessu barreeffama jecha kakuutin kan deeggarameen walqabatee dhiyaachuu qaba.
- 4) Akkasumas barbaachisaa ta‘ee yoo argame iyyannicha wajjin murtiin mormiin irratti dhiyaate akka hin raawwatamne barreeffamni gaafatu walqabatee akka miiltootti dhiyaachuu ni danda‘a.

#### **Kwt.360 -- Bu‘aa mormiin hordofsiisu**

- 1) Bu‘ura kwt.359 tin dubbatameen iyyanni mormii yoo dhiyaate,manni murtii guyyaa beellama dhaga‘a dhimmichaa murteessee mana murtichaatti gareewan walfalmitoota turan garagalcha iyyannoo fi waamichaa akka isaan qaqqabu ni ajaja.
- 2) Falmiin mormichaa kan dhaga‘amu adeemsa falmiin duraa ittiin dhaga‘ameen ta‘ee,manni murtii wanticha erga qulqulleesseen booda murtii mormiin irratti dhiyaate cimsuu,fooyyessuu yookan jijjiiruu yookan haquu ni danda‘a.

#### **BOQONNAA 4. MURTII QULQULLEESSUU**

##### **Kwt.361 -- Iyyannoo murtiin akka qulqullaa‘uf dhiyaatu**

- 1) Murtiin akka qulqullaa‘u ‘Chilootii Majeestii Impaayeraa‘tti iyyanni dhiyaatu guyyaa murtiin dhumaan kennname irraa eegalee yookan ol‘iyyataan mirga

ol‘iyyannoo isaa hanga mana murtii sadarkaa dhumaatti dhiyeeffatee guyyaa murtoon itti kennname irraa eegalee yeroo ji‘a tokko keessattiidha. Iyyaticha waliin wantoonni kanatti aananii ilaalamani miiltoo ta‘anii dhiyaachuu qabu.

- a) Murtii yookan garagalcha murtiwwanii ol‘iyyataan irratti komatee;
  - b) Sababa murtichi irra deebi‘ee ilaalamee qulqullaa‘uu qaba jechisiisu barreffama bal‘inaan ibsuu;
- 2) Iyyannichi Chilootii Majestii Impaayeraan akka ilaalamu kan eeyyamame yoo ta‘e,deebii kennaan murtichi qulqullaa‘uu hin qabu sababa jechisiisu yoo qabaate akka ibsuuf garagalchi ni ergamaaf.
- 3) Keewwata kanaan iyyanni dubbatame kan dhiyaate yeroon erga darbeen booda yoo ta‘e,yeroon ala iyyannoowwan dhiyataniif seera kana kwt.**324-326** jalatti tumaaleen dubbataman haala walfakkaatuun raawwatamoo ta‘a.

**Kwt.362 -- Baasii fi kisaaraaf wabummaa kennamu**

- 1) Manni murtichaa Iyyannicha kan fudhate yoo ta‘e,ol‘iyyataan guyyoota 60(ja‘aatama) keessatti kanatti aananii dirqamoota ilaalamani raawwachuu qaba.
- a) Deebii kennaar irra kisaaraa qaqqabuuf qabsiisa gahaa yookan wabii gahaa kennuu;

- b) Galmee murtiin irratti kenname garagalchiisuuf yookan dhiyeessisuuf ol‘iyyatichi baasii barbaachisu hunda dursee lafa kaa‘uu
- 2) Galmicha mataa isaatiin garagalchee baasii isaa yoo kaffale garuu keewwata kana cita xiqqaa **(1(b))** jalatti kan ilaalamo garagalchaaf maallaqni inni qabsiise ni deebi‘aaf.

Kwt.363 -- Iyyannicha Fudhachuu

Kisaaraaf wabummaan yoo kennamee fi qabsiisa baasii addaa addaaf ta‘u kan **kwt.362** dubbatame erga kennameen booda kanatti aanee dhimmi ilaalamu akka taasifamu ni ajaja.

- a) Iyyannichi fudhatama kan argate ta‘uu isaa ibsuu;
- b) Deebii kennaan kanuma akka beeku gochuu;
- c) Gareen falmii kamiiyuu baasii garagalchaa fi maxxansaaf malu kaffaluun ragaalee fi garagalchawwan barreffamaa falmicha waliin walitti dhufeenyaa qaban akka kennan gochuu

Kwt.364 -- Beeksisa kennuu

- 1) Beeksisawan kwt.**361(2)** **fi 363** jalatti ibsaman mooraa mana murtii sadarkaa duraan murticha kenne keessatti ifa ta‘ee bakka mul‘atutti maxxansuu fi gaazexaan beeksisa baasuun sirna beeksisu raawwachuu ni danda‘a.
- 2) Walfalmitootaaf yookan deebii kennitootaaf sirni beeksisa kennuu keewwattoota kanaan olitti jiraniin tumaa dubbatameen falmichi mana murtii sadarkaa duraatti yeroo dhiyatetti yookan ilaalamaa jirutti yookan murtiin dhumaa itti kennamutti mataa isaatiin dhiyaatee kan hin falmine gareen kamiiyuu wantichi dhaddachaaf yeroo dhiyatutti yookan sana dura kan du‘e yoo ta‘e, beeksisicha bulchaa qabeenyaa isaa yookan dhaaltota isaa akka qaqqabu ni godhama.

Kwt.365 -- Wabummaa fi qabsiisa baasiif ajaja dabalataan kennamu

- 1) Iyyannoo fudhachuun dura yeroo kamiiyyuu dhaddachaaf sababni gahaan kan dhiyaateef yoo ta‘e,seera kanaan wabummaa yookan qabiisa kwt.**362** jalatti kenname diiguun yookan jijiiruun ajaja dabalataa biraa kennuu ni danda‘a.
- 2) Iyyannichi fudhatama erga argateen booda kwt.**362(1(a))** jalatti bu‘uura ilaalameen wabummaan kenname yookan kan bu‘uura kwt.**362(1(b))**tin baasii garaa garaatif maallaqni lafa kaa‘ame gahaan kan hin taane ta‘uu isaa kan hubate yoo ta‘e,dhaddachi yeroo murteesse keessatti wabummaa yookan baasii dabalataan akka kenu yookan maallaqa barbaadamu battaluma akka qabsiisu ajajuu ni danda‘a.

Kwt.366 -- Akkaataa ajajaan raawwachuu dhabuu

- 1) Kanaan olitti bu‘uura kwt.**365** jalatti dubbatameen ajajamee ol‘iyyataan kan hin raawwanne yoo ta‘e,murtiin iyyannichi irratti fudhatame raawwatamuu irraa osoo hin dhorkamin dhaga‘uun iyyannichaa addaan cita.
- 2) Tumaan keewwata kanaa seera kana tumaa kwt.**368** hin ilaallatu. Kwt.367 -- Iyyannichi hanga dhaga‘amutti ajaja kennamu

- 1) Manni murtii maganatni itti dhiyaate akka dhorkamuuf ifaa fi kallattiin yoo ajaje malee,iyyannichi akka ilaalamuuf fudhatama argachuun sababa kamiiniyyuu yoo ta‘e murticha raawwachuu hin dhorku.
- 2) Dhaddachi sababa gahaa kan arge yoo ta‘e,kaka‘umsa mataa isaatiin yookan iyyannoonaan yoo dhiyaatef kanatti aananii kan ilaalamani ni raawwata.
  - a) Qabeenya falmiin irratti ka‘e guutummaan yookan gartokkeen akka kabajamu ni ajaja;
  - b) Dhaddachichi dhimma iyyannoonaan irratti dhiyaate gubbaatti raawwachiisa murtii kennuuf bu‘aa mirkanaa‘e akka argatuuf deebii kennaan wabii gahaa kennee yoo mana murtiitti iyyannoonaan dhiyeesse akka raawwachiifamuuf ni ajaja; yookan
  - c) Ol‘iyataan murtichi akka dhorkamuuf kan iyyate yoo ta‘e,dhaddachi dhimma iyyannicha irratti dhiyaatef murtii kennuuf bu‘aa mirkanaa‘e akka qabaatu yookan ol‘iyatichi wabaa gahaa yoo kenne murtii iyyannichi irratti dhiyaate osoo hin raawwatin akka dhorkamuuf ni ajaja ;yookan
  - d) Ol‘iyataan deeggarsi dhaddachaa akka godhamuuf kan iyyate yoo ta‘e,qabeenya falmiin irratti ka‘e eegumsa imaanaatiin yookan bulchitummaa mataa isaatin fuudhee akka eegu yookan namoonni biroo akka muudamaniif yookan ajaja biroo ni adeemsisa jedhee isatti fakkaatee mul‘ate ni kenna.

**Kwt.368 --Wabummaa yookan qabsiisni dabalataa akka kennamu gochuu**

- 1) Yeroo iyyannoonaan dhaga‘amu kamiittuu wabii yookan qabsiisni gareen falmii kenne gahaa akka hin taane gareewwan falmitootaa keessaa tokko yoo iyyate,wabiin dabalataa akka kennamu ni ajaja.
- 2) Wabiin yookan qabsiisni dabalataa ajajame osoo hin kennamin kan hafe yoo

ta‘e,kanatti aanee akka ilaalametti raawwatama.

- a) Wabummaa duraa kan kenne ol‘iyyataa yoo ta‘ee fi deebii kennaanis wabii dabalataa ajajame raawwatamu dhabuu isaa kan iyyate yoo ta‘e,wabummaan duraa akka hin kennamneetti lakkaawwamee murtichi akka raawwatamu ni ajajama.
- b) Wabummaa duraa kan kenne deebii kennaa yoo ta‘e,raawwachiisni murtii akka addaan citu taasisee gareewan walfalmitootaa lachuu wabummaa duraa kennuudhan dura haala dura irra turanitti akka deebi‘an ajajuudhan dhimma falmiin irratti ka‘efis ajaja ta‘uu qaba jedhee isatti fakkaate ni kenna.

**Kwt.369 -- Haala ajajni yookan murtoon dhaddachaa itti raawwatamu**

Dhaddachi haala biraatin akka raawwatamu ajaja addaa yoo kenne malee, murtiin yookan ajajni dhaddachaan kennamu kamiiyyuu wantichi yeroo murtaa‘utti yookan sanaan dura gareen falmii du‘eedhaf, deebii kennaaf,bulchaa qabeenya isaaf yookan dhaaltota isaaf sababa beeksisa kennuu dhabuun raawwatiinsa hin dhabu. Ta‘ees,gareen beeksisi itti hin kennamne dhiyaatee akka falmatetti lakkaawwamee murtiin yookan ajajni dhaddachaan kenname kan ragga‘u murtii iyyatichi irratti dhiyaate osoo hin murtaa‘in dura yeroo falmichi dhaga‘amutti ;akkasumas erga murtiin kennameen booda sababa tarkaanfii murtichaan fudhatame mataa isaatin dhiyaatee kan hin falmine yoo ta‘eedha.

**Kwt.370 -- Raawwachiisa**

- 1) Murtii yookan ajaja dhaddachaan kenname gareen falmii raawwachiisuu barbaadu kamiiyuu akka murtichaatti yookan ajajichaatti akka raawwatamuuf iyyannoo dhiyeeffatu waliin garagalcha murtii yookan ajajaa sirrii chaappaan mirkanaa‘en walqabsiisee murtii maganata irratti dhiyeesse sadarkaa isa dhumaaf mana murtii murteesetti ni dhiyeessa.
- 2) Manni murtichaas murtii yookan ajaja akka raawwachiisuuf dhiyaateef mataa isaatin akka murteesetti yookan ajajeetti fudhatee raawwachiisuu qaba.
- 3) Manni murtii murticha raawwachiisu yookan dhaddachi raawwachiisa murtiif ajaja kenu irratti bu‘ura dambii raawwachiisa murtiitin ajajootni biroo ol‘iyyannoon akka irratti jedhamu hunda raawwachiisaaf ajaja kennamuufis mirgi ol‘iyyannoo gaafachuu eegamaadha.

## **KITAABA 7 RAAWWACHIISA MURTII**

### **BOQONNAA 1. MURTIIWWAN ITOOPHIYAA KEESSATTI KENNAMAN RAAWWACHIISUU**

#### **KUTAA 1. MURTII MANNEEN MURTII RAAWWACHIISAN**

##### **Kwt.371 -- Qajeeltoo**

- 1) Bu‘ura tumaalee boqonnaa kanaan ilaalamaniin murtii kan raawwachiisu mana murtii murteesse yookan akka murtaa‘etti akka raawwachiisu mana murtii ajajameedha.
- 2) Tumaan boqonnaa kanaa seera galaanaatin doonii qabuu,hidhuu fi gurguruuf tumaa dubbatame hin ilaallatu.

##### **Kwt.372 -- Murtiin akka raawwatamu ajaja dabarsuu**

- 1) Manni murtii murticha kenne kaka‘uumsa mataa isaatiin yookan murtii abbaan mirgaa bu‘uura seera kana tumaa kwt.**378** tin ilaalamien murtiin akka raawwatamuuf iyyannoo yoo dhiyeesse murticha akka raawwachiisan manneen murtii kanatti aananii ilaalamaniif ajaja ni dabarsa.
  - a) Murtii abbaa idaa hojii isaa iddoor itti gaggeeffatu,daldala itti daldalu,faayidaa isaaftt itti hojjatu yookan jiraatutti mana murtii aangoo qabuuf;
  - b) Daangaa aangoo mana murtii murticha kenneen ala mana murtii iddoor qabeenyi abbaa idaa murtiin idaa isarratti murtaa‘e haguuguuf dandeessisu itti argamuuf mana murtii aangoo qabuuf;
  - c) Qabeenya hin sochoone dabarsuuf yookan caalbaasiin gurguruuf murtii kenname yoo ta‘e, iddoor qabeenyichi argamutti mana murtii aangoo qabuuf; yookan
  - d) Manni murtii sababa kamiinuu ta‘uu qaba jedhee kan isatti fakkaatee fi galmeesse mana murtii filateef
- 2) Keewwata kana cita xiqqaa (**1**)tin tumaan ilaalam qabeenyi daangaa aangoo mana murtii murticha kenneen ala jiru akka qabamu yookan caalbaasiin gurguramee murtii abbaa mirgaatif akka kaffalamu mataa isaatiin ajajuu irraa hin dhorku.

Kwt.373 -- Yeroo ajajni raawwachiisa murtii kennamu adeemsa hordofamu

- 1) Manni murtii akka murtaa‘etti akka raawwatamuuf ajaja dabarsu waliin kanatti aananii kanneen ilaalamian walqabsiisee erguu qaba.

- a) Garagalcha murtii yookan murtoo isaa sirrii;
  - b) Waraqaa ragaa daangaa aangoo mana murtii murticha kenne keessatti murtichi akka hin raawwatamne mirkaneessu yookan murtichi gartokkeen raawwatameera yoo ta‘e,kutaan raawwatame hangam akka ta‘ee fi kan hin raawwatamin hafe hangam akka ta‘e adda baasee barreeffama ibsu;
  - c) Raawwachiisa murtiif ajajni kennname yoo jiraate ibsa kanaa, kan hin jirre yoo ta‘e immoo ragummaa ragaa kana ibsu
- 2) Manneen murtii akka murtaa‘etti akka raawwachiisan ajaja darbee fi barreeffamoota ergamaniif gal mee tokko keessatti qabachuun sirrummaa murtichaa yookan garagalchawan irratti wanta teessifameef ibsa biraa osoo hin gaafatin bu‘uura ajaja kennameen raawwachiisuu qabu. Ta‘ees,sirrummaa murtichaa yookan ajajichaa yookan garagalcha isaatiif sababa addaa fi gahaan shakkisiisu kan mudate yoo ta‘e,kanuma galmeessee ragaan mirkaneessaaf ta‘u akka ergamuuf gaafachuu ni danda‘a.

**Kwt.374 -- Manni murtii murticha akka raawwachiisuuf ajajame aangoo qabu**

- 1) Manni murtii murticha raawwachiisu raawwii murtichaaf ajajni kennuu fi ajajicha irratti haalli ol‘iyyannoo itti jedhamu aangoo mana murtii dura murtii kennee waliin wal qixa ta‘ee lakkaawwama.
- 2) Manni murtii ajajni raawwachiisaa dabarsameef akkaataa ajajichaan raawwachiseera yoo ta‘e raawwachiisuu isaa, yoo hin raawwachiifne ta‘e immoo sababa raawwachiisuu dhabee fi haalota naannoo gufuu ta‘an bal‘inaan ibsuun mana murtii ajaje beeksisuu qaba.

**Kwt.375 -- Mana murtii murticha raawwachiisuun wantoota murtaa‘an**

- 1) Raawwachiisa murtiif falmii ka‘uuf yookan idaan murtiin murtaa‘e haala barbaadamuun kaffalameera yookan idaa irraa bilisa ta‘eera yookan dirqama

abbaa idummaa raawwadheera jechuun abbootii dhimmaa gidduutti falmii ka‘uuf himanna haaraa banuun barbaachisaa osoo hin ta‘in manni murtii raawwachiisaa murtichaa galmee raawwii irratti murteessuu ni danda‘a.

- 2) Akkasumas,tumaa keewwata kanaan ilaalamme gareewan walfalmitootaa keessaa abbaana yookan bakka bu‘aa isaa tokkooti yookan lakki jedhee falmii ka‘uuf murtii kan kennu mana murtii murticha raawwachiisuuf ajajameen ta‘a.

**Kwt.376 -- Raawwachiisa murtii dhorkuu**

- 1) Murtii akka raawwachiisuuf manni murtii ajajametti murtii abbaan idaa sababa gahaa kan dhiyeesse yoo ta‘e, sababa iyyannoo dhiyeesse mana murtii murteessetti akka iyyatuuf yeroo gahaadha jedhamee tilmaamamu qofa murticha dhorkuuffi ni danda‘a. Akkasumas, murtiin akka dhorkamuuf yookan dhimmi raawwachiisa murtii yookan murtoo mana murtii murteessetti yoo iyyatame, mana murtii raawwachiisaa ta‘ee wanticha ni ilaalaaf.
- 2) Sababa raawwachiisa murtichaan murtii abbaa idaan hidhameera yoo ta‘e,yookan qabeenyi isaa jalaa qabameera yoo ta‘e,iyyannoo dhiyeessetti murtiin hanga kennamutti kan hidhame akka hiikamu yookan qabeenyi qabame akka gadhiifamu ajaja kennuuffi danda‘a. Ta‘ees,ajajni kun murtiin abbaa idaa deebi‘ee akka hin hidhamne yookan qabeenyi isaa deebi‘ee akka hin qabamne hin dhorku; yookan qabeenyichi akka gadhiifamuuf gochuun dura manni murtichaa raawwachiisa murtichaaf wabii gahaa yookan qabsiisa idicha haguugu akka kennu ajajuu ni danda‘a.

- 3) Murticha manni murtii murteesse raawwachiisa murtichaaf ajajni kenu mana murtii murticha raawwachiisuttis kan cimu ta‘a.

**Kwt.377 -- Murtii abbaa mirgaa irratti himannaan dhiyaate hanga murtii argatutti ajaja dhorka murtii kennamu**

Nama kamiyyuu murtiin murtaa‘ef irratti gareen itti murtaa‘e himanna dhiyeesse yoo ta‘e,manni murtii wabummaa kaffalamuu qaba jedhee tilmaame yookan qabsiisa akka kenu erga godheen booda falmichaaf murtii hanga kennutti murtichi dhorkamee akka turu ajajuu ni danda‘a..

## **KUTAA 2 IYYANNOO MURTHII RAAWWACHIISUUF DHIYAATU FI ADEEMSA RAAWWACHIISA MURTHII**

**Kwt.378 -- Qabiyyee iyyannoona raawwachiisa murtii of keessatti qabatu**

- 1) Namni murtiin murtaa‘ef akka murtaa‘etti akka raawwatamuuf yoo barbaade mana murtii murticha murteesetti iyyanno dhiyeessuu qaba.
- 2) Iyyannichi murtiinakkuma murtaa‘en battaluma dhiyaachuu ni danda‘a. Haa ta‘u malee,gareen itti murtaa‘e akka murtichaatti raawwachuuf eeyyamamaa ta‘ee yeroon akka kennamuuf gaaffiin dhiyeesse fudhatama yoo argate,iyyannichi kan dhiyaatu yeroo akka raawwatuuf murtaa‘e keessatti osoo hin raawwatin kan hafe yoo ta‘eedha.
- 3) Iyyannichi akkaatuma falmii barreeffamaa kamiittuu qophaa‘ee irratti mallattaa‘ee fi sirrummaan isaa mirkanaa‘ee ni dhiyaata. Dabalataanis, kanatti aananii wantoota ilaalaman qabachuu qaba.
  - a) Lakkofsa gal mee himannichaa;
  - b) Maqaa gareewan walfalmitootaa;
  - c) Bara fi guyyaa murtiin yookan murtoon kennname;
  - d) Murtoo yookan murtii kennname irratti ol‘iyyanni jedhamee ture yoo ta‘e,ibsa

kanaa;

- e) Murtiin erga kennameen booda gareewwan walfalmitootaa gidduutti sababa raawwachiisa murtichaatiif kaffaltiin raawwatame yookan waldanda‘un godhame yoo jiraate,barreeffama kanuma ibsu;
- f) Murticha akka raawwatamuuf iyyatni biraa dhiyaatee yoo ta‘e,bara fi guyyaa itti dhiyaate,bu‘aa argamsiise,yookan murtoo kenname;
- g) Bu‘uura murtichaatin hanga maallaqaa gaafatamu dhala isaa yookan seerummaa biraa waliin; Akkasumas,murtii abbaan idaa murtii abbaa mirgaa irratti bu‘uura murtii biraa murteessiseen waldanda‘uu godhamee fi murtii abbaa idaa sanaaf ibsa bal‘aa murtii kennamee;
- h) Kisaaraan murtaa‘e yoo ta‘e, hanga isaa;
- i) Murticha akka raawwatuuf garee itti gaafatamu;
- j) Haala deeggarsa mana murtichaa itti gaafatu,addatti;
  - i. Qabeenya murtichaan ajajame akka dabarsamuuf yookan qabiyyeen akka gadhiifamuuf yoo ta‘e;
  - ii. Qabeenyi kamiiyyuu kabajamee yookan osoo hin kabajamin kan gurguramu ta‘uu, yookan
  - iii. Namni qabeenya bulchu yookan fuudhu akka muudamuuf kan gaafatu ta‘uu ibsuu;
  - iv. Murtichaa raawwachiisuuf mala mijataa fi deemsisu ibsuu

**Kwt.379 -- Qabeenyi akka kabajamuuf iyyannoo dhiyaatu irratti wantoota ibsaman**

- 1) Qabeenya socho‘aan murtii abbaa idaa akka kabajamuuf iyyannoo dhiyaatu waliin barreeffamni akaakuu fi tarreeffama mi‘a yookan meeshaa dhorkamuu ibsuun walqabatee dhiyaachuu qaba.
- 2) Akkasumas,qabeenya hin sochoone murtii abbaa idaa akka kabajamuuf iyyannoo dhiyaatu irratti kanatti aananii wantoonni ilaalamani ibsamuu qabu.
  - a) Bu‘uura seera kana tumaa kwt.**225(2)**tin qabeenyota hin sochoonee bal‘inaan ibsuu,kunis yoo ta‘u qabeenyichi gal mee qabeenyota hin sochoonee keessatti kan galmaa‘e yoo ta‘e,garagalchi galmichaa akka ergamuuf ajajuu ni danda‘a.
  - b) Ifaajjii iyyataan godheen ragaa barbaadamee argameen murtii abbaa idaa qabeenyicha irratti mirgaa fi faayidaa hangamii akka qabu iyyannicha irratti ibsuu qaba.

**Kwt.380 -- Namoota tokkoo ol ta‘aniif murtii kennname raawwachiisuuf iyyannoo dhiyaatu**

- 1) Murtiin murtaa‘e karaa biraatin akka raawwatamu yoo ajajame malee, murtiin namoota baay‘eef murtaa‘e mataa isaa fi kanneen biroofis akka raawwatamu;yookan murtii abbaa mirgaawan keessaa tokko du‘ee,faayidaa bulchaa qabeenya yookan dhaaltota isaatiif, murtii abbaa mirgaawan keessaa tokko qofaan murtiin akka raawwatamuuf iyyachuu ni danda‘a.
- 2) Keewwata kana cita xiqqaa (2)jalatti bu‘uura tumaan dubbatameen manni murtichaa sababa gahaa murticha raawwachiisu yoo argate,faayidaan gareewan iyyannicha irratti hirmaattota hin ta‘inii akka eegamu ajaja barbaachisaa kennuu qaba.

**Kwt.381 – Namni faayidaan murtiin murtaa‘e dabarfameef iyyannoo dhiyeessu**

- 1) Murtiin murtaa‘e nama tokkoof yookan lakkofsi isaanii namoota tokkoo ol

ta‘aniif kan kenname yoo ta‘e,gareen murtii abbaa mirgaa ta‘e mirga murtiidhan argate nama biraatiif dabarsee kan kenne yoo ta‘e,yookan nama biraan irraa seeran kan darbeef yoo ta‘e,mirgichi haala kanaan namni darbeef akka murtichaatti akka raawwatamuuf mana murtii murticha murteessef iyyannoo dhiyeessuu ni danda‘a.

- 2) Keewwata kana cita xiqqaa **(3)** **fi** **(4)** tumaan dubbatame akkuma eegametti ta‘ee,mirgi murtiin nama biraaf dabarfame kan raawwatamu haala kallattiin garee murtiin murtaa‘ef tokkoof itti raawwatamuttiidha.
- 3) Murtii abbaan mirgaa inni duraa mirga isaa murtiin argate nama biraatiif kan dabarse yoo ta‘e,gareen mirgichi dabarfameef akka murtichaatti akka raawwatamuuf mana murtichaatti iyyachuu isaa murtii abbaa mirgaa isa duraa fi murtii abbaa idaatif ibsuun gareewan lachuu mormiin dhiyeessan akka jiru yaada isaanii osoo hin fuudhiin murtiin akka raawwatamu ajaja hin kennamu.
- 4) Murtoon maallaqa kaffaluuf namoota lamaa yookan lamaa ol ta‘aniif murtaa‘ee tokkoo isaaniif kan dabarfame yoo ta‘e, kan raawwatamu hin ta‘u.

**Kwt.382 -- Wabiin yookan qabsiisaan dirqama seene akka raawwatu gochuu**

Namni kamuu dirqamoota kanatti aananii ilaalamani raawwachuuf dirqama wabummaa yookan qabsiisa kan seene yoo ta‘e:

- a) Murtiin guutummaan yookan gartokkeen akka raawwatamu;

- b) Raawwachiisa murtiin mi'a yookan meeshaa fudhatame abbaa qabeenyichaaf akka deebisu;
- c) Manni murtichaa bu'uura murtoo kenneen yookan murtoo raawwachiisuuf sababa kamiinuu tarkaanfii fudhateen maallaqni akka kaffalamu yookan dirqama biraa kamiiyuu akka raawwatu haala kanaan hanga dirqamni seenee tumaa kwt.**375**tin bu'uura dubbatameen hirmaataa himannichaa akka ta'eetti lakkaawwamee murtichi irratti raawwatama. Ta'ees, akka haala naanno wantichaatti manni murtichaa beeksisa ni deemsisa jedhee tilmaame kennuufii qaba.

Kwt.383 -- Iyyata bulchitoota qabeenyaa yookan dhaaltota irratti murtiin akka raawwatamu dhiyaatu

Murtii abbaan idaa murticha guutummaan osoo hin raawwatin kan du'e yoo ta'e,murtii abbaan mirgaal bulchaa qabeenyaa du'aa yookan dhaaltota isaa irratti akka raawwatamu iyyachuu ni danda'a.

Kwt.384 -- Raawwachiisni murtii haala darbiinsa yeroon dhorkamu

Wanti addaa tokko akka hin raawwatamne ajaja dhorkaa manni murtii kennuun ala,murtiin akka raawwatamu iyyannoон dhiyaatee waggaan 10(kudhan) yoo turee fi yeroon kun erga darbeen booda iyyannoo biraa dhiyeessuun wanticha sochoosuu fi murtiin akka raawwatamu gaafachuun hin danda'amu. Ka'uumsi yerichaas kan lakkaawwamu:-

- a) Akka raawwatamu wanti gaafatame bara fi guyyaa murtiin murtaa'e irraa eegalee;
- b) Murtichaan yookan bu'uura kanaan ajajni walitti fufaan kennamu kamiiyuu maallaqa akka kaffalu yookan mi'a akka deebisu kan qabatu yoo ta'ee fi

yeroo maallaqni itti kaffalamu yookan mi‘icha itti deebi‘u adda bahee kan murtaa‘e yoo ta‘e, yookan yeroo tokkotti osoo hin ta‘in yeroowwan adda bahanii ramadaman keessatti yeroo yeroon maallaqa kaffalamu yookan mi‘a deebi‘u yoo ta‘e, raawwiidhaan ajajichi akka murtaa‘en guyyaa fi bara kaffaltii maallaqaa yookan mi‘a deebisuun dhaabbate irraa eegalee

**Kwt.385 – Iyyannoo raawwachiiisa murtiitif adeemsa kenniinsa murtoo**

- 1) Murtiin akka raawwatamu iyyannoон dhiyaatu keewwattoota kanaan ol jiraniin adeemsota fi dirqamoota guuttatee kan qabate ta‘uu isaa manni murtichaa mirkaneessuu qaba. Bu‘uura dambichaatin kan hin guutamne yookan hir‘ina kan qabu ta‘uu kan hubate yoo ta‘e, fudhatama akka hin qabne hubachiisee abbaa dhimmichaaf ni deebisa; yookan manni murtichaa haala fi yeroo murtaa‘e keessatti guutamee akka dhiyaatu ni ajaja.
- 2) Keewwata kana cita xiqqaa (1) jalatti bu‘uura dubbatameen irra deebiin iyyannoон fooyya‘ee fi guutamee dhiyaate guyyaa jalqaba dhiyaatee turetti fudhatama seeraa akka argateetti lakkawwama.
- 3) Keewwata kana cita xiqqaa (1) jalatti bu‘uura dubbatameen iyyannoон fooyya‘ee fi guutamee dhiyaate walitti qabaa abbaa seeratiin irratti mallattaa‘ee fi mallatoon irratti godhamee guyyaa fi barri irratti guutama.

**Kwt.386 -- Murtii abbaa idaa qorachuu**

- 1) Murtiin akka raawwatamuuf iyyannoон dhiyaate yoo fudhatame,garagalchi iyyannoo dhiyaatee waamicha waliin walqabatee murtii abbaa idaatiif ni ergama. Murtii abbaan idaa waamicha isaa irratti guyyaa beellamaa qabametti dhiyaatee sababa murtiin akka raawwatamne mormeef akka hubachiisuu ni ajaja.
- 2) Murtii abbaa idaan guyyaa dhiyatetti manni murtii fi murtii abbaan mirgaa gaaffii isaaf dhiyeessaniif kakatee deebii kennuu qaba. Murtichi sababa hin raawwatamneef kan hubachiise yoo ta‘e,manni murtichaa sababa dhiyaateef erga qorateen booda ajaja ni deemsisa jedhee isatti fakkaatee mul‘ate ni kenna.
- 3) Murtii abbaa idaan kan hin dhiyaanne yookan dhiyaatee sababa gahaa kan hin kennine yookan hin qabne yoo ta‘e,manni murtichaa murtichi akka raawwatamuuf battaluma ajaja kennuu qaba.
- 4) Keewwata kana cita xiqqaa **(3)** tumaan dubbatame akkuma eegametti ta‘ee,iyyannichi kan dhiyaate murtii maallaqa kaffalamu raawwachiisuuf murtaa‘e yoo ta‘e,murtii abbaan idaa akkaataa waamichaan osoo hin dhiyaanne hafe yoo ta‘e,hidhamee akka dhiyaatuu fi gaaffii yookan qorannoo isaaf dhiyaatuuf deebii akka kennu ajajuu ni danda‘a.
- 5) Keewwata kanaan kan dubbatame adeemsa qorannoo yookan gaaffii gaggeessuuf manni murtichaa galmeen yookan namni kamiiyyuu akka dhiyaatu ajajuu ni danda‘a.

**Kwt.387 -- Haala ajajni hidhamiinsaa itti kennamu**

- 1) Seera kana tumaan kwt.**386(4)** akkuma eegametti ta‘ee,tumaa kwt.**386(1)**jalatti dubbatame raawwachiisuuf murtii abbaan idaa murtichi akka hin raawwatamne gufachiisuun yookan raawwachiisa murtichaa lafa harkisuuf,qabeenya isaa daangaa aangoo mana murtichaa keessaa baasuuf, yookan matuma isaatin daangaa aangoo mana murtichaa keessaa ala bahuuf,baqachuuf fi dhokachuuf

kan karoorse ta‘uu isaa jecha kakuu mirkaneessuun deeggaramee iyyannoон  
кан дхияате юо та‘е, муртии абаан идаа каллатиин akka hidhamu manni  
муртичaa ajaja kennuu ni danda‘a.

- 2) Manni murtichaa dhimma kanaaf iyyannoo dhiyaate qoratee murtoo hanga  
kennutti kan keewwata kana cita xiqqaa (1) jalatti ajaja dubbatame kennuu ni  
danda‘a.

**Kwt.388 --Wantoota ajaja hidhamiinsaa irratti barreffaman**

- 1) Seera kana kwt.**386(4) yookan 387** jalatti bu‘uura dubbatameen ajajni  
hidhamiinsaa kennamu murtii abbaan idaa akka hidhamu osoo hin ajajamin  
dura waan isarraa barbaadamu bu‘uura murtaa‘een fedhii isaatiin kan raawwate  
yoo ta‘e malee, abbaan aangoo akka hidhu ajajame hidhee akka dhiyeessu kan  
ibsu ta‘a.
- 2) Ajajni hidhamiinsaa yoo kenname iyyuu, murtii abbaan idaa murticha fedhii  
isaatiin raawwatee yoo argame tumaan keewwata kana cita xiqqaa (1)  
dubbatame raawwatamaa hin ta‘u.

**Kwt.389 -- Haala ajajni mana turmaataa itti kennamu**

- 1) Bu‘uura tumaa kwt.**386** tin dubbatameen manni murtichaa qorannoo gochuu  
qabu erga xumureen booda:
  - a) Murtii abbaan idaa sababa gahaa hin taanen murticha kan hin  
raawwanne ta‘uu isaa; yookan
  - b) Bu‘uura murtichaan raawwachuu kan danda‘u ta‘ee, eeyyamamaa ta‘uu  
dhabuu isaa qofaan osoo hin raawwatin hafuu isaa kan mirkaneeffate yoo  
ta‘e, murtii abbaan idaa

sababa biraatin hidhamee kan jiru yoo ta‘e malee,hanga ji‘a ja‘aatti  
hidhamee mana turmaataa akka turu itti murteessuu ni danda‘a.

- 2) Tumaan kwt.**388(2)** dubbatame keewwata kana cita xiqqaa **(1)** jalatti bu‘ura  
dubbatameen ajaja kennamu irrattis raawwatamaa ta‘a.

Kwt.390 -- Hidhaa irraa gadi dhiisuu

- 1) Manni murtichaa murtii abbaa idaa hidhaa irraa gadi dhiisuu kan ajaju haalotni  
kanatti aananii ilaalamani yoo raawwatamaniidha.
  - a) Maallaqni murtii gubbaatti ibsame mana murtii yoo kaa‘ame yookan  
ajajaa mana sirreessatti qabsiisni yoo kennname yookan karaa bira  
kaminiyyuu murtiin yoo raawwatame;yookan
  - b) Murtii abbaan mirgaa akka gadi dhiifamu kan gaafate yoo ta‘e
- 2) Keewwata kana cita xiqqaa **(1)** jalatti haala dubbatameen murtii abbaan idaa  
hidhaa irraa gadhiifame murtii raawwachuu dhabuudhan hidhamee tureen  
lammata hin hidhamu.

Kwt.391-- Qabamuu fi qabamanii gadhiifamuun bu‘aa hordofsiisu

Murtii abbaan idaa kamiyyuu bu‘ura kwt.**389** jalatti qabamee hidhame yookan  
kwt.**390** jalatti qabamee gadi dhiifame bu‘ura murtichaatin guutummaan yookan  
gartokkeen itti gaafatatumummaa yookan idaa kaffaluu qabu irraa bilisa isa hin  
godhu.

Kwt.392 -- Murtiin akka raawwatamuuf ajaja kennamu

- 1) Manni murtichaa murtii abbaa idaa waamee erga qorateen booda akka  
murtaa‘etti sababni inni hin raawwanneef kan hin jirre ta‘uu yoo mirkaneesse  
raawwiidhaaf karaa mijataa ta‘een murtichi akka raawwatamu ajaja ni kenna.
- 2) Murtii abbaan idaa sababa kamiiniyyuu yoo ta‘e murticha guutummaanis ta‘ee  
gartokkeen raawwachuu kan hin dandeenye ta‘uu manni murtichaa yoo hubate

murtichi akka raawwatamu ajaja hin kenu. Ta‘ees,yeroo raawwachuuuf dandeettii argate kamittuu akka raawwatu ajaja kennuu irraa isa hin dhorku.

- 3) Ajajni raawwii murtii kamiyyuu raawwachiistuuf kan dabarfamu guyyaa fi barri itti barreeffame guutamee,mallattoon abbaa seerichaa fi chaappaan mana murtii irratti godhameetidha.
- 4) Akkasumas,guyyaa murtichi itti raawwatamu ajajicha irratti ibsamuu qaba. Kwt.393 -- Ibsa Raawwichaa
  - 1) Murticha akka raawwachiisu kan ajajame yookan kutaan raawwachiise guyyaa murtichi raawwatamee fi haala raawwii isaa,murtichi kan raawwatame guyyaa akka raawwatamuuf murtaa‘e darbee yoo ta‘e,sababa osoo hin raawwatamin tureef,yookan hin raawwatamne yoo ta‘e,sababa hin raawwatamneef ajaja raawwachiisaa irratti guutee mana murtii akka raawwachiisu isa ajajeef ni erga.
  - 2) Ibsi ajaja raawwii irratti guutamee deebi‘e raawwii dhabuu murtichaa kan beeksisu yoo ta‘e,manni murtichaa sababa isaa qorachuudhan barbaachisaa ta‘ees yoo arge naqaashota waamee dhaga‘uudhan bu‘aa qorannoo argate galmee isaa irra teessisuu ni danda‘a.

## **KUTAA 2 MALA RAAWWII**

## KUTAA XIQQAA 1. TUMAALEE WALIIGALAA

### Kwt.394-- Maallaqni akka kaffalamuuf murtoo yookan murtii kennamu

- 1) Tumaaleen kanatti aananii tumaman akkuma eegamanitti ta‘ee,kallattiidhan yookan filannoodhan maallaqni akka kaffalamu murtoon yookan murtiin kenname kamiiyuu qabeenya murtii abbaa idaa kabajuu fi gurguruun raawwachuun ni danda‘ama.
- 2) Tilmaamni qabeenya kabajamuu yookan gurguramuu hanga danda‘ametti hanga maallaqaa murtoo yookan murticha irratti ibsame waliin kan wal madaalu ta‘uu qaba.

### Kwt.395 – Haala kaffaltii maallaqaa

- 1) Bu‘uura murtoo yookan murtichaan maallaqni kaffalamu hunduu haala kanatti aanee ilaalamen kaffalamuu qaba.
  - a) Murticha akka raawwachiisuuf mana murtii ajajametti qabsiisuu
  - b) Mana murtiin alatti kan kaffalamu yoo ta‘e,murtii abbaa mirgaaf kaffaluu;yookan
  - c) Bu‘uura manni murtii murticha murteesse ajaja kennuun raawwachuu
- 2) Bu‘uura keewwata kana cita xiqqaa (1)tin dubbatameen kaffaltiin kan raawwatame yoo ta‘e,manni murtichaa murtichi raawwatamuu isaa murtii abbaa mirgaa ni beeksisa.

### Kwt.396 -- Mana murtiin alatti murtii abbaa mirgaaf kaffaluu

- 1) Bu‘uura murtii murtaa‘en maallaqni kaffalamu mana murtichaan alatti kan kaffalame yoo ta‘e,yookan waliigaltee murtii abbaa mirgaatin guutummaan yookan gartokkeen waldanda‘uun kan godhame yoo ta‘e,murtii abbaan mirgaa waliigalteen waldanda‘uu gochuu isaa yookan gartokkee fudhachuu isaa fi

maallaqni isaa hafe jiraatus hanga hafe murticha akka raawwachiisuuf mana murtii ajajame beeksisu qaba. Manni murtichaas kanuma barreessee galmeen walqabsiisuun ni kaa'a.

- 2) Akkasumas,murtii abbaan idaa waliigalteedhan waldanda'uun godhamuu yookan maallaqicha guutummaan yookan gartokkeen kaffaluu isaa mana murtii murticha raawwachiisu beeksisuun,murtii abbaan mirgaa guyyaa murtaa'etti dhiyaatee kaffaltii yookan waliigaltee gochuu isaa yookan manni murtichaa kana akka hin galmeessine kan mormu ta'uu isaa manni murtichaa akka gaafatuuf iyyachuu ni danda'a.
- 3) Bu'uura keewwata kana cita xiqqaa (2)tin beeksifni murtii abbaa mirgaa qaqqabsiifamee waliigaluu isaa yookan waldanda'uu isaa yookan kaffaltiin raawwachuu, hin raawwatamnee isaa mana murtichaaf kan hin hubachiifne yoo ta'e,kanuma galmicha irratti ni barreessa.
- 4) Galmee mana murtichaa irratti kaffaltiin yookan waliigalteen waldanda'uu hin galmoofne mana murtii murticha raawwachiisu kamiyyuu biratti fudhatama argachiisuu hin danda'u.

Kwt.397-- Gareewan walfalmitoota lamaanuu murtii abbaa mirgaa yeroo  
ta'anitti adeemsa raawwatamu

- 1) Gareen walfalmitootaa lamaan himanna garaa garaatin falmatanii mirga murtiin argatan inni tokko isa tokkoof kaffalaa,akkasumas gareen tokko garee bira irratti murtii abbaa mirgaa ta'ee murtichis gama mana murtii tokkootin raawwachuun kan danda'amu yoo ta'ee fi lachanuu akka murtichaatti akka raawwatamuuf iyyannoo yoo dhiyeessan adeemsi raawwii isaa kanatti aanee haala ilaalamuun ta'a.

- a) Gareen lachuu murtii abbaa mirgaa ta'an maallaqni inni tokko isa tokkoof kaffalu walqixa yoo ta'e, akka waldanda'aniitti lakkaawwamee ni galmaa'a
  - b) Murtii abbaa mirgaawan keessaa inni tokko isa tokko irraa maallaqni gaafatu kan caalu yoo ta'e, murtiin kan raawwatamu garee caalmaa qabuuf ta'ee raawwiin isaas hanga caalmaa herreegaa qofa ta'a. Kunis yeroo ta'etti murtiin garee lachuu akka raawwatameetti lakkaawwamee ni galmaa'a.
- 2) Keewwata kana cita xiqqaa (1) tumaan ilaalamen murtiin akka raawwatamuuf gareen gaafate mirgi murtii kan dabarfameefis yoo ta'e, akkasumas dirqamni murtii nama biraatif kan dabarfame murtii abbaa idaatin yoo ta'e, yookan mirgi murtii namni dabarfameef mirga maallaqa isaa fudhachuu nama biraatif yeroo dabarsuttis raawwatamaa ta'a.
- 3) Keewwata kana tumaan cita xiqqaa (1) kanatti aanee haalli ilaalam yoo mudate malee, raawwatamaa hin ta'u.
- a) Murtii murtaa'e keessatti gareen murtii abbaa mirgaa ta'e, murtii himannaa biraa keessatti murtii abbaa idaa yoo ta'e, akkasumas gareen murtii abbaa idaa ta'e, murtii himannaa biraa keessatti murtii abbaa mirgaa yoo ta'e; fi
  - b) Murtii murtaa'en maallaqni akka kaffalamu ajajame hangi isaa kan barame yoo ta'e edha.
- 4) Namoota lakkoofsi isaanii tokkoo ol ta'an irratti itti gaafatatummaa tokkoon yookan qeenxeen namni murtii abbaa mirgaa ta'e, murtii abbaa idaawan keessaa inni tokko yookan tokkoo ol ta'anii isa murtii abbaa mirgaa ta'e irratti kan murteessisan yoo ta'e, raawwiin murtichaa kan adeemsifamu tumaa keewwata kanaan olitti jiraniin ta'a.

**Kwt.398 – Himannaa tokko keessatti gareen walfalmitootaa lamaanuu murtii abbaa**

mirgaa yeroo ta'anitti adeemsa raawwatamu

Gareewwan walfalmitootaa lama murtii tokko keessatti murtii abbaa mirgaawwanii ta'anii akka murtichaatti akka raawwatamuuf iyyannoo kan dhiyeessan yoo ta'e,raawwiin isaa kan adeemamu haala kanatti aanee ilaalamuun ta'a.

- a) Gareewwan lamaanuu murtii tokko keessatti hangi maallaqaa isaaniif murtaa'e walqixa yoo ta'e,akka waldanda'aniitti lakkaawwamee raawwatamuun murtichaa ni galmaa'a.
- b) Murtii abbaa mirgaawan keessaa inni tokko isa bira irrhaa kan gaafatu kan caalu yoo ta'e,murtichi kan raawwatamuuf garee isa caalmaa qabuuf ta'ee ,raawwiin isaa hanga caalmaa herreegaa qofaan ta'a. Kunis yeroo ta'etti,murtiin gareewwan lamaanuu akka raawwatameetti lakkaawwamee ni galmaa'a.

Kwt.399 -- Qabeenya socho'aa adda bahee beekame irratti murtoo kennamu

Qabeenyi socho'aan tokko guutummaan yookan gartokkeen akka deebi'u yookan akka dabarfamuuf murtiin kennname kan raawwatamu qabeenyuma kana abbaa mirgaatif yookan bakka bu'aa isaatiif dabarsuudhan ta'a.

Kwt.400 -- Murtoo addatti akka raawwatamuuf kennamu fi dhorka murtoo

- 1) Seera kana kwt.**389,415** fi **427** kan dubbatame akkuma eegametti ta'ee,waliigalteen murtaa'e tokko akka raawwatamu yookan adda bahee ibsamee wanti murtaa'e raawwatamuu irrhaa akka dhorkamu nama ajajni yookan murtoon itti kennname akkaataa ajajichaan raawwachuu

osoo danda‘uu ta‘e jedhee osoo hin raawwatin kan hafe yoo ta‘e, yookan akka hin raawwatamne wanta dhorkame kan raawwate yoo ta‘e,manni murtichaa qabeenya nama dide sanaa akka qabamuu fi gurguramu godhee dirqama itti murtaa‘e akka raawwatu ajajuu fi barbaachisaa fakkaatee yoo isatti mul‘ates maallaqa qabeenya gurguramee keessaa murtii abbaa mirgaaf beenyaa yookan kisaaraan akka kaffalamu murteessuu ni danda‘a.

- 2) Tumaan keewwata kana cita xiqqaa (1) dubbatame mana murtii murticha raawwachiisu yookan namni kanaaf ajajame yookan ni danda‘ama yoo ta‘es murtii abbaan mirgaa matuma isaan akka murtichaatti akka raawwachiifatu gochuu irraa isa hin dhorku. Raawwii murtichaafis baasii barbaachisaa ta‘e kan kaffalu murtii abbaa idaa ta‘ee manni murtichaa bu‘ura murteessen hangi maallaqaa kaffalamu erga barameen booda kan kaffalamu herreega murtii jalqabaa kennameen murtaa‘e waliin walitti qabamee ta‘a.

Kwt.401 – Sanadni barreeffamaa akka mallattaa‘u yookan mirkanaa‘u  
yookan sanadootni maallaqaa naanna‘anii fi daddabarsaman irratti akka  
mallattaa‘an murtii yookan ajaja kennamu

- 1) Sanadoonni barreeffamaa akka mallattaa‘an,akka mirkanaa‘an yookan akka sirreeffaman yookan sanadoota maallaqaa naanna‘anii fi daddabarsaman yookan cheekii irratti akka mallatteessu namni isatti murtaa‘e yookan ajajame kamiyyuu bu‘ura murtichaan yookan murtootin raawwachuuf didaa yookan ajajicha kan hin kabajne yoo ta‘e,murtii abbaan mirgaa sanadoota barreeffamaa kanneen akkaataa murtaa‘een qopheessee mana murtichaaf dhiyeessuu ni danda‘a.
- 2) Barreeffama haala kanaan qophaa‘ee dhiyaateef manni murtichaa fuudhee murtii abbaa idaa akka qaqqabsiisu gochuun guyyaa beellamaa qabametti dhiyaatee murticha yookan ajajicha sababa hin raawwanneef akka hubachiisu

ajaja ni kenna.

- 3) Murtii abbaa idaan guyyaa murtaa‘etti dhiyaatee sababa sanadoota irratti hin mallatteessineef erga hubachiiseen booda manni murtichaa sababni dhiyaateef gahaa godhee kan fudhate yoo ta‘e, akka fooyya‘an yookan sirreffamanii akka sorooran ni godha; sababa gahaan kan hin dhiyaannef yoo ta‘e garuu ajaja sanadoota sana raggaasisan ni kenna.
- 4) Sanadni haala kanaan fooyya‘e akka jirutti ragga‘e yoo ta‘e, manni murtichaa ajaja ittiin raggaasise murtii abbaan mirgaa fudhatee murticha akka raawwachiisu mana murtii ajajameef yookan nama dhimma kanaaf ajajameef yoo dhiyeesef abbaan aangoo raawwachiisaan seera kana waliin miiltummaadhan walqabatee kan jiru sagantaa 4ffaa tin haala fi bu‘ura ilaalameen raawwachiisuu qaba.
- 5) Sanadoonni akka galmaa‘an seeran kan ajajame yoo ta‘e, manni murtichaa yookan dhimma kana akka raawwachiisu namni ajajame akka galmaa‘u ajaja kenuun galmeessa isaa fi dhimmuma kanaaf baasii kaffalamu ajaja barbaachisaa ni kenna.

#### Kwt.402 -- Qabeenya hin sochoone irratti murtoo kennamu

- 1) Murtichi yookan murtoon kan ilaallatu dhimma qabeenya hin sochoone dabarsuu yoo ta‘e, akka murtaa‘etti kan raawwatamu murtoo irratti qabeenyi ilaalame murtii abbaa mirgaa matuma isaaf yookan nama inni bakka buuseef akka darbu gochuudhani; barbaachisaa ta‘ee yoo argames nama qabeenyicha irra jiru bakkicha irraa gadi dhiisisee fudhataan akka bakka bu‘u gochuun adeemsa dabarsichaa raawwachuu ni danda‘a.
- 2) Murtichi qabeenya hin sochoone irratti abbaa qabeenyummaa waliinii kan murteessu yoo ta‘e, garagalcha murtii murtaa‘ee bakka ifaa ta‘ee mul‘atutti maxxansuun yookan hawaasaf mala ibsamuu danda‘uun murticha adda baha bayiitti dibbee rukutuu fi labsiidhan dhageessisuun yookan karaa kamiinuu

baratamaa ta‘een akka beekamu gochuudhanidha.

3) Murtiiin yookan murtoon sun kan ilaallatu dhimma mana yookan bakka addatti dalleeffamee ijaarame kamiyyuu yoo ta‘ee fi akka dabarsuuf gareen itti murtaa‘e gara manichaa yookan bakka dalleeffameetti seensisuuf didaa ta‘ee kan ittise yoo ta‘e,murticha akka raawwachiisu namni ajajame mana cufame cabsuuf yookan furtuun banuu yookan naannoo dalleeffame tooftaa kamiyyuu gargaaramee seenuun murtii abbaan mirgaa akka fudhatu gochuu ni danda‘a.

#### **Kwt.403. -- Qabeenya qooduu**

Ajaja mana murtichaan kabajamee qabeenyi qabame yookan mana murtii kaa‘ame qabamuu yookan kaa‘amuu isaan dura maallaqni akka isaaniif kaffalamu abbaa qabeenyichaa irratti murteessisuun akka murtichaatti akka raawwatamuuf gaafachuun murtii abbaan mirgaawwanii yoo dhiyaatan, manni murtichaan bu‘ura murtichaan raawwatamuu dhabuu erga mirkaneesseen booda kisaaraa barbaachisuu fi baasii biraas hir‘isee qabeenya qabame yookan kaa‘ame bu‘ura murtichaan akka qooddatan ni godha.

#### **KUTAA XIQQAA 2. KABACHIISA QABEENYAA**

##### **Kwt.404. -- Qabeenya hin kabajamnee fi sababa raawwiif hin fudhamne**

Adeemsi falmichaa sadarkaa kamirrayyuu kan gahe yoo ta‘es kanatti aanee qabeenyonni akaakuu fi hangi isaanii tarreeffame kabachiisan kan hin qabamnee fi sababa raawwachiisa murtiitiif kan hin fudhatamneedha.

- a) Murtii abbaa idaa fi maatii isaaf tajaajila guyyaa guyyaatif uffatawwan fayyadan,mi‘a mana keessaa nyaata bilcheessuuf oolan,siree ciisichaa,uffatawwan siree fi uffatawwan qorraa;
- b) Mi‘oota hojii ogummaatiif tajaajilan,hojii daldalaagaggeessuuf oolan;

- c) Murtii abbaan idaa qotee bulaa yookan hojii qonnaatin kan bulu yoo ta‘e, yaada mana murtichaan horii gaanfaa, sanyii midhaanii gahaa ta‘ee fi wanta biraan raawwatamee barbaachisaa ta‘e;
- d) Matuma isaa fi maatii isaatiif maallaqa fi nyaata ittiin bulmaata ji‘a sadiif galaa gahu;
- e) Maallaqa sooramaaf kaffalamuu fi dhirsi niitii isaa erga hiikeen booda maallaqa qallaba ji‘aa isheef kaffaluuf;
- f) Seerri daldalaa kwt.**121** jalatti dubbatame akkuma eegametti ta‘ee, mindaa ji‘aa murtii abbaa idaa 2/3( lama sadaffaa) waan ta‘eef, mindaan isaas guyyaatti qarshii 2(lama) kan hin caalle ta‘ee galii biraan kan hin qabne yoo ta‘e, kaffaltii idaaf jalaa hin qabamu;
- g) Akka hin kabajamne, akka hin gurguramnee fi kaffaltii idaatif akka hin taane seera biraan kamiinuu kan murtaa‘e qabeenya akaakuu kamiifyuu;

Kwt.405 -- Maallaqni kaffalamu murtaa‘ee kan hin beekamne yoo ta‘e hanga qabeenya kabajamu

Murtiin yookan murtoon isaa hanga kiraan yookan bu‘aa maallaqaa seeran ala fudhatame akka qulqulla‘u yookan beekamu gochuu kan ilaallatu yoo ta‘e, sirna qulqulleessuu ossoo hin raawwatamin dura qabeenya murtii abbaa idaa sanaa kabachiisuu ni danda‘a. Sirni qabeenya

kabachiisuus kan raawwatamu haala adeemsi qabsiisa yookan kabachiisa qabeenyaa maallaqa kamiiyuu hangi isaa beekamee kaffalamu itti raawwatamuttiidha.

**Kwt.406.-- Biqila maasii qonnaa irra jiruun ala haala qabeenyi socho‘aan biraa itti qabsiifamu fi kabajamu**

- 1) Wanti kabajamu midhaan maasaa qonnaa irra jiruun ala qabeenya socho‘aa biraa yeroo ta‘etti murtichi kan raawwatamu qabeenya murtii abbaa idaa harka jiru murtii abbaa mirgaatiif dabarsuudhani. Keewwata kanatti aanee jiru cita xiqqaa (2) jalatti dubbatame akkuma eegametti ta‘ee, raawwachiisaan murtii qabeenya fuudhame sana sirriitti eeguu fi eegumsi isaas of eeggannoo gaafatu hundaaf itti gaafatama.
- 2) Meeshaan yookan miini qabame yookan kabajame dafee kan badu yookan tortoree gatii kan dhabu yoo ta‘e, yookan eegumsa isaaf baasiin barbaachisu gatii mi‘ichaa kan caalu yoo ta‘e, raawwachiisaan murtii battaluma gurguruu ni danda‘a.

**Kwt.407 -- Biqilli maasii irraa haala itti kabajamu fi qabsiifamu**

- 1) Qabeenyi qabamu yookan kabajamu midhaan maasii irraa yeroo ta‘etti, raawwiin isaa kan gaggeeffamu haala kanatti aanee jiruun ta‘a.
  - a) Biqilichi lafa irratti biqileen akka walqabatetti sanyii kan jiru yoo ta‘e, ajaja qabiinsaa yookan kabachiisaa kenneme naannoo sanatti maxxansuudhan yookan;
  - b) Biqilichi haamamee kan tuulame yookan dhahamaa/tumamuu irra kan jiru yoo ta‘e, yookan tuullaa gogsamu yoo ta‘e, tuullicha yookan oogdicha dhihootti ajajicha maxxansuudhani
- 2) Dabalataan garagalchoota ajajichaa keessaa tokkoo isaa balbala mana murtii abbaan idaa keessa jiraatu irratti yookan bakka bira ifatti mul‘atutti

maxxanfamuu qaba; yookan manni murtichaa kan eeyyamu yoo ta‘e,murtii abbaan idaa itti daldalu yookan qacarame itti hojjatu yookan yeroo dhumaatiif mana keessa jiraataa ture yookan naannoo itti daldala ture yookan balbala mana hojii itti hojjataa ture irratti yookan bakka ifaa ta‘ee mul‘atutti maxxanfamuu ni danda‘a.

- 3) Ajajoonni kanaan olitti dubbataman yeroo dabarfaman irraa eegalee biqilichi mana murtichaa harkatti akka qabametti lakkaawwama.

Kwt.408 -- Biqilawwan qabsiifaman yookan kabajaman irratti tumaalee raawwatamoo ta‘an

- 1) Biqilli maasii kamiiyyuu akka qabamu yookan kabajamu erga godhameen booda manni murtichaa haala eegumsa isaa ajaja ni mijata jedhee fakkaatee isatti mul‘ate kennuu ni danda‘a. Ajaja mijataa kanas kennuuf akka isa dandeessisuuf iyyanni biqilichi akka qabamu yookan kabajamu dhiyaatu yeroo itti haamamu yookan dhahamu/tumamu yookan kabajamu ibsuun beeksisuun barbaachisaadha.
- 2) Eegumsa biqila qabamee yookan kabajameef ajajni manni murtichaa kenne akkuma eegametti ta‘ee,murtii abbaa idaan biqilicha yeroon haamuuf,walitti qabuuf yookan of eegganno eegumsaa godhamuu qabu taasisuu ni danda‘a.
- 3) Gocha keewwata kana xiqqaa (2) jalatti dubbatame murtii abbaa idaan kan hin raawwanne yoo ta‘e,murtii abbaan mirgaa mana murtichaa irraa eeyyama fudhatee mataa isaatiin yookan nama bakka buuseen yookan qacareen akka dalagamu gochuu ni danda‘a. Kanumas dalaguuf maallaqa baasii godhame idaa duraa waliin walitti ida‘amee murtii abbaa idaan akka kaffalu ni ajajama.

- 4) Faceafamanii yookan dhaabamanii maasii irratti yeroo argamanitti biqilawwan murtiidhan qabaman yookan kabajaman sababni haamamu yookan muramuu isaanii ajaja qabiinsaa yookan kabachiisaa hambisuu hin danda‘u.
- 5) Ajajichi kan kennname biqilichi reefu biqiluurra yeroo jirutti yoo ta‘e,manni murtii yeroo isatti fakkaatee mul‘ateef raawwiin murtichaa akka turu gochuu; akkasumas,sirrii fakkaatee yoo isatti mul‘ates murtichi hanga raawwatamutti biqilichi akka hin tuqamne ajaja dabalataa kennuu ni danda‘a.
- 6) Biqilli qabamu yookan kabajamu haalli uumama isaa bakka tokkotti walitti qabamee eeguudhaaf kan hin dandeessifne yoo ta‘e,seera kanaan ajajni ilaalamе kennamuu kan danda‘u biqilichi haamamuuf yookan tumamuudhaf yookan dhahamuuf yeroo guyyaa 20(digdama) gadi hin taane hafettiidha.

**Kwt.409 -- Qabeenyi murtii abbaa idaa harka hin jirre haala itti kabajamu yookan qabsiifamu**

- 1) Qabeenyi yookan mirgi murtiidhan akka qabsiifamu yookan kabajamu ajajame murtii abbaa idaa harka kan hin galle idaa maallaqaa sanada daddabarfamuun nama biraa irraa gaafatamuun hin deeggaramne yookan nama biraa himatee itti murteessisuun maallaqa mirga irratti argate yookan qabeenya akaakuu biroo yeroo ta‘etti,adeemsi qabsiifamu yookan kabachiifamuu kan raawwatamu manni murtichaa ajaja ifa ta‘e hanga kennutti namni murtii abbaa idaatiif maallaqa kaffaluun isarra jiru maallaqa kaffalamu kana yookan mirga dabarfamu kana nama kamiifuu osoo hin kennin harka isaa akka tursiisu gochuudhani.
- 2) Qabeenyi qabsiifamu yookan kabajamu waldaa daldalaatiin kan galmeeffame sanada Aksiyoonaa yeroo ta‘etti adeemsi qabsiifamu yookan kabachiifamuu isaa kan raawwatamu murtii abbaan idaa sanada kana nama biraatiif dabarsee akka hin kennine yookan hin gurgurre yookan bu‘aa waldaa daldala sana irraa

qooda isaa argatu akka hin fudhanne gochuudhanii fi akkasumas mana hojii dhaabbata daldalaa aksiyoonan hundeffame aksiyoonicha nama biraatti naannessuudhan aksiyoonichi fudhatee galmee isaa keessa akka galchu ajaja kenuudhani.

- 3) Qabeenyi socho‘aan bira a yookan kuufamni maallaqaa kamiifyuu akka qabsiifamu yookan kabajamu kan ajajamu namni qabeenyi kun harkasaatti argamu murtii abbaa idaatiif dabarsee akka hin kennine ajaja dhorku kenuudhani.
- 4) Garagalchi ajajoota keewwata kana cita xiqqaa (**1-3**) jalatti ilaalamo mooraa mana murtichaa keessa bakka ifaa ta‘ee mul‘atutti ni maxxanfama;akkasumas murtichi kan ilaallatu dhimma idaa maallaqaa kaffaluu yoo ta‘e,garagalchi tokko murtii abbaa idaatiif ni kennama;sanada aksiyoonaa yoo ta‘e immoo garagalchi ajajichaa abbaa taayitaa dhaabbata daldalaa sanaaf ni ergama;qabeenya socho‘aa akaakuu kamiifyuu yoo ta‘e,abbaa qabeenya mi‘ichaa namaa ta‘eef ni kennama.
- 5) Bu‘uura keewwata kana cita xiqqaa (1) jalatti ilaalamen murtii abbaa idaatiif namni kaffaluu qabu maallaqa akka hin kaffalle dhorkame mana murtichaaf dhiyeessee of harkaa fuusisuu ni danda‘a. Kun yeroo ta‘etti abbaa mirgaatiif akka kaffaleetti lakkaawwamee idaa isaarraa bilisa ni ta‘a.
- 6) Keewwata kanaan bu‘uura ilaalamen ajajni kennamu kamiifyuu beeksisicha waliin walqabatee nama maallaqichi yookan qabeenyi socho‘aan harkasaatti argamuuf ni ergamaaf. Beeksisicha irrattis guyyaa manni murtii murteesetti dhiyaatee maallaqa yookan qabeenya harkasaatti argamu sababa of harkaa hin fuusifneef yoo qabaate akka hubachii su ni ibsamaaf.
- 7) Namni haala kanaan waamamee dhiyaate seera kana kwt.**418-421**tti tumaan dubbatame haala walfakkaatuun raawwatamaa ta‘a.

**Kwt.410 -- Mirga qabeenya socho‘aa keessaa qooda qabu kabachiisuu fi qabsiisuu**

Qabeenyi qabsiifamu yookan kabajamu murtii abbaan idaa sun namoota biraan waliin hirtaadhan yookan waliin ta‘un kan itti fayyadaman yookan qabeenya walakkaan qooda isaa ta‘e yoo ta‘e,adeemsi qabsiisuu yookan kabachiisuu kan raawwatamu qooda isaa nama biraatiif dabarsee akka hin kennine,akka hin gurgurre,idaadhan akka hin qabsiifne yookan sababa kamiiniyyuu akka hin dabarsine ajaja dhorkaa kenuudhani.

**Kwt.411— Mindaan haala itti qabsiifamu**

- 1) Qabeenyi qabsiifamu mindaa murtii abbaan idaa argatu yoo ta‘e,ji‘a ji‘aan hir‘ifamaa yookan qoodni isaa guutummaan yookan haala manni murtichaa ajajuun akka qabsiifamu gochuun ni danda‘ama.
- 2) Keewwata kana cita xiqqa (1) jalatti bu‘ura dubbatameen hangi maallaqaa qabsiifamu garagalcha ajajichaa waliin ta‘ee hojjachiisaa murtii abbaa idaatiif ni ergama. Hojjachiisaan ajajni mana murtichaa isa qaqqabes maallaqa ajajicha irratti murtaa‘e hir‘isaa mana murtichaatti dabarsee kennuu qaba.
- 3) Hanga qooldii mindaa akka qabsiifamu ajajame sababa mana murtii biraatti ajaja kennameen dursee kan qabsiifame yoo ta‘e,qacaraan ajajni lammaffaa isa qaqqabe kanuma ibsuudhan garagalcha ajajaa isa qaqqabe ibsa guutuu waliin walqabsiisuudhaan mana murtichaaf deebisee ni erga.

**Kwt.412 -- Sanadni maallaqaa daddabarsamu haala itti qabsiifamuu fi kabajamu**

Qabeenyi akka qabamu ajajame sanada maallaqaa daddabarfarmu ta‘ee mana murtiin yookan mana hojii mootummaan kan hin qabamne yoo ta‘e,adeemsi kabachiisuu yookan qabsiisuu kan raawwatamu sanadni maallaqaa daddabarsamu

kun qabamee mana murtii akka taa‘u gochuudhan;akkasumas,ajajni biraan hanga kennamutti akka hin gadhiifamne ajaja dhorku kennuudhani.

**Kwt.413 -- Qabeenyi mana murtii yookan mana hojii mootummaa harkatti argamu haala itti qabamuu fi kabajamu**

Qabeenyi akka qabamu yookan kabajamu ajajame mana murtii biraatin yookan mana hojii mootummaatin qabamee kan argamu yoo ta‘e,adeemsi qabsiisuu yookan kabachiisuu kan raawwatamu qabeenyichi mataan isaa yookan faayidaan argamsiisu kamiiyyuu ajaja manni murtichaa yeroo yeroodhaan kennuun eegamee akka turu ajajuudhani. Ta‘ees,qabeenyichi kan qabame aangoo mana murtiitiin yoo ta‘e,murtii abbaa idaa fi murtii abbaa mirgaa gidduutti osoo hin taane garee sadaffaa biroon qabeenya kana irratti mirgi nuuf dabarfameera yookan dursinee qabsiifneera jechuun abbaa qabeenyummaa yookan mirga dursaan qaba falmii jedhu kan kaasan yoo ta‘e,falmichi kan murtaa‘u mana murtii qabeenyicha qabatee argamuun ta‘a.

**Kwt.414 -- Qabeenyi hin sochoone haala itti qabamuu fi kabachiifamu**

- 1) Akka qabamu fi kabachiifamu kan murtaa‘e qabeenya hin sochoone yeroo ta‘etti adeemsi qabsiisuu yookan kabachiisuu kan raawwatamu murtii abbaan idaa qabeenya kana nama biraatiif akka hin kennine,akka hin gurgurre,akka hin jijjiirre yookan haala biraa kamiiniyyuu

mirga isaa eenyuuf iyyuu akka hin dabarsine dhorkuu fi namoonni biroos qabeenya kana irraa mirga akaakuu kamiiyuu akka hin qabaanne ajaja dhorkaa kennuudhani.

- 2) Garagalchi ajaja dhorkaa kunis dhiyeenya qabeenyichi itti argamutti yookan mala ifa ta‘ee beekamuu fi dhaga‘amuu danda‘uu fi baratama akaakuu kamiyyuutiin addababayiitti ni dubbatama. Akkasumas,garagalchi tokko dhiyeenya qabeenyichaatti yookan qabeenya hin sochoone irratti fi mooraa mana murtichaa keessatti bakka ifaa ta‘etti ni maxxanfama.

Kwt.415 -- Qabeenyi qabame yookan kabajame haala itti gadi dhiifamu Haalota kanatti aananii ilaalamani keessaa tokko yoo raawwatame;

- a) Murtiin qabamiinsa qabeenyichaaf sababa ta‘e yoo raawwatamee fi adeemsa qabiinsaa yookan kabachiisuu raawwachuuf baasiin godhame guutummaan yoo kaffalame
- b) Murtiin kun karaa mana murtiitiin kan raawwatame yoo ta‘e, yookan raawwatamuu isaa manni murtichaa kan mirkaneesse yoo ta‘e,yookan
- c) Murtichi kan diigame yookan haqame yoo ta‘e,ajajni qabeenyichi akka qabamu kenname battaluma akka diigameetti lakkaawwama. Haala kanaan qabeenyi gadi dhiifame qabeenya hin sochoone yoo ta‘ee fi murtii abbaan idaa yoo iyyate baasii barbaachisu kaffalee haala kwt. **414(2)** jalatti ilaalameen beksisa kennuufii ni danda‘a.

Kwt.416 -- Maallaqa callaa yookan qarshiin akka kaffalamuuf ajaja kennamu

Qabeenyi qabame maallaqa callaa yookan qarshii ta‘ee mana murtiitti kan argamu yoo ta‘e,qabamee akka turu yeroo murtaa‘e kamittuu murticha guutummaan yookan gartokkeen raawwachiisuuf hanga dandeessisu bu‘uura murtichaatin maallaqa qabame guutummaan yookan murticha irratti hanga murtaa‘en nama

mirga qabuuf akka kaffalamu ajajuu ni danda‘a.

**Kwt.417 -- Iyyannoo qabeenyi akka qabamuuf dhiyaatu irratti murtii kennamu**

- 1) Sababa raawwachiisa murtiif qabeenyi kamiiyyuu qabamee yookan kabajamee yeroo turutti hir‘ina murtii abbaa mirgaatin dhimma raawwachiisaa dalaguun kan dadhabame yoo ta‘e, manni murtichaa iyyata murtichi akka raawwatamu dhiyaateef haquudhaf yookan ta‘uu qaba jedhee isatti yoo fakkaates yeroo murtichi itti raawwatamu tursiisuudhaan jijiirraa beellama murteessuu ni danda‘a.
- 2) Iyyannichi haala kanaan kan haqame yoo ta‘e,qabeenyi akka kabajamuuf yookan qabamuuf ajajni kennname ni diigama.

**KUTAA XIQQAA 3**

**GAREE MIRGAN QABA JECHUUN IYYATUU FI MORMICHA QORACHUU**

**Kwt.418.-- Qabeenya qabame yookan kabajame irratti mirgan qaba warri jedhan iyyannoo dhiyeessan qorachuu**

- 1) Sababa raawwii murtiitiif qabeenyi akka hin qabamne yookan hin kabajamne iyyatni mormu yoo dhiyaate yookan qabeenya kana irratti iyyatni mormii mirga dursaan qaba jedhu kan dhiyaate yoo ta‘e,manni murtichaa warra mormicha dhiyeessan yookan qabeenya akka qabamu ajaje irratti mirga dursaa qabna gareen jedhu falmii duraa irratti hirmaataa ta‘uu baatus qabeenya qabamu irraa mirga akka qabuutti lakkaawudhaan mormii fi iyyata

dhiyeessan fuudhee qorachuu qaba. Ta‘ees,iyyataan mormicha yookan iyyaticha abbaa qabeenyummaa dhiyeesse sababa gahaan hin taanen kan ture ta‘uu isaa manni murtichaa yoo hubate mormii yookan maganata dhiyaate hin qoratuuf.

- 2) Keewwata kana cita xiqqa (1)jalatti mormiin yookan iyyatni dhiyaatu barreeffamaan ta‘ee mana murtii murticha raawwachiisuufidha.
- 3) Mormaan yookan namni mirgan qaba jedhu iyyata mormii dhiyeessu wajjin qabeenyicha irratti mirga dursaa qabu yookan ragaa barreeffamaa abbaa qabiyyummaa isaa mirkaneessuf wajjin walqabsiissee dhiyeessuu qaba.
- 4) Qabeenyi mormiin yookan iyyatni abbaa mirgummaa irratti dhiyaate akka gurguramuuf beeksisi caalbaasii irratti baheera yoo ta‘e,manni murtichaa iyyannicha qoratee murtii hanga kennutti qabeenyichi gurguramuu irraa dhorkamee akka turu ajaja kennuu ni danda‘a.

**Kwt.419 -- Iyyaticha yookan mormicha dhiyaate irratti murtii kennamu**

- 1) Manni murtichaa iyyanno fi ragaa isaaf dhiyaate erga qorateen booda qabeenyicha qabuuf yookan kabajuuf sababni gahaan kan hin jirre ta‘uu kan hubate yoo ta‘e,qabeenyi qabame guutummaan yookan gartokkeen yookan akkaataa manni murtichaa murteessen akka gadhiifamu ajaja ni kenna.
- 2) Qabeenyichi bu‘ura raawwii murtiitin qabamuu kan qabu ta‘uu kan hubate yoo ta‘e garuu mormicha yookan mirga iyyatame ni haqa.

**Kwt.420 --Qabeenya qabamu yookan kabajamu irratti mirga gareewan sadaffaan qaban akkuma eegametti ta‘ee,sirni qabiinsaa yookan kabachiisuu haala itti fufamu**

Abbummaan qabeenya akka qabamu yookan kabajamu godhamee kan garee sadaffaa biraan qabame yookan mirgi biraa kamiiyyuu kan irra jiru ta‘uu isaa manni murtichaa kan hubate yoo ta‘e,mirgi gareewan sadaffaa akkuma eegametti ta‘ee,qabeenyichi akka qabamu yookan kabajamu ajaja ni kenna.

**Kwt. 421 -- Qabeenya qabame yookan kabajame irraa mirga qabu beeksisuuf himannaa dhiyaatu**

Nama kamiiyuu mirga dursaan qaba yookan qabiinsa yookan kabachiisa qabeenyichaa nan morma jedhu irratti manni murtichaa iyyannicha yookan abbaa mirgummaa osoo hin fudhatiniif murtii kan kenne yoo ta‘e,gareen murtiin kun itti kennname qabeenya falmichaaf ka‘uumsa ta‘e irratti himannaa dhiyeessuu ni danda‘a. Ta‘ees,bu‘aan iyyannoo dhiyaatee hanga baramutti murtiin manni murtichaa kenne akka cimeetti lakkaawwama.

**KUTAA XIQQAA 4**

**ADEEMSA RAAWWACHIISA MURTIIF QABEENYA GURGURUU**

**Kwt.422 -- Qabeenyi qabame yookan fuudhame akka gurguramu ajajuu**

- 1) Manni murtii murticha raawwachiisu murtii raawwachiisuuf qabeenya qabame yookan kabajame akka gurguramu iyyanni yoo dhiyaateef murtoo murtichaa irratti bu‘ura ibsameen qabeenyichi guutummaan yookan gartokkeen yookan kutaan idaa gaafatame haguuguuf dandeessisu akka gurguramu godhee gatii gurgurtaa irraa maallaqa argame qooda isaaf malu murtii abbaa mirgaatiif dabarsee ni kenna.

- 2) Haala biraatin akka raawwatamu yoo ajajame malee qabeenyi kamiyyuu kan gurguramu haala kanatti aanee ilaalameenidha.
  - a) Adeemsa gurgurtaa akka raawwachiisu karaa nama manni murtii addatti ajajeetin yookan karaa hojjataa mana murtichaatin,(murtii raawwachiisuuf qabeenya kamiyyuu akka gurguru namni ajajame dubbii seera kanaatiin **gurguraa caalbaasii** jedhamee waamama)
  - b) Akkaataa keewwattoota kanatti aananii jiraniin gurgurtaa caalbaasii taasisuudhan
- 3) Sababa raawwachiisa murtiif qabeenya caalbaasiin akka gurguramu murtaa‘e manni murtichaa dhuunfaadhaan yookan waliigalteen akka gurguramu ajaja kennuu irraa hin dhorku. Ta‘ees, ajaja akaakuu kanaa kennuun dura haala kanaan akka raawwatamu murtii abbaan idaa fi murtii abbaa mirgaan fedhiidhan waliigaluu isaanii gaafachuu qaba.

**Kwt.423 -- Gurgurtaa caalbaasii godhamuu uummata beeksisuu**

- 1) Dhimma raawwannaa murtiitiif qabeenyi kamiyyuu caalbaasiidhaan akka gurguramu yeroo murtaa‘etti manni murtichaa adeemsa raawwannaa caalbaasichaa uummataaf beeksisuu qaba.
- 2) Caalbaasichi wanta dubbatu uummataaf kan ibsamu murtii abbaa idaa fi murtii abbaa mirgaatiif erga kennameen boodadha. Beeksisni gurgurtaa caalbaasiis wantoota kanatti aananii tarreffaman haala sirrii ta‘een ibsuu qaba.
  - a) Akaakuu qabeenya gurguramu fi hanga gatii isaa
  - b) Qabeenyicha irratti wabummaa,qabsiisa gaafatamu yookan mirgi biraa yoo jiraate hanga isaa
  - c) Gurgurtaa qabeenyichaaf hanga maallaqaa murtiidhan murtaa‘e
  - d) Haala fi daangaa gurgurtaa qabeenyichaa,yeroo maallaqni gurgurtichaa itti kaffalamu

- e) Ibsa bal‘aa bitataan osoo hin bitin dura beekuu qaba jedhee manni murtichaa tilmaamu hunda
- 3) Kanaan alas beeksisi yookan labsiin caalbaasii gurgurtaa seera kana kan kwt.**440-442** tti dubbataman hunda ibsuu qaba.

**Kwt.424 – Gurgurtaan akka godhamu iyyannoo dhiyaatu**

- 1) Seera kana bu‘ura tumaa kwt.**422** jalatti dubbatameen gurgurtaan akka godhamu iyyannoowwan himanna dhiyaatan kamiiyuu adeemsa fi haala falmiwwan barreffamaa biroo mirkanaa‘anii mallateffamanii dhiyataniin dhiyaatu. Iyyannicha irratti mirkanaa‘uu kan qabu addatti kan kwt.**423(2)** ilaalame irratti iyyataan waan beeku fi beekuu qabu hunda.
- 2) Beeksisa uummataaf ibsamu irratti manni murtichaa wantoota tarreffaman adda baafachuuf yookan beeksisa isaa irratti ibsawan teessifaman sirrummaa isaanii mirkanoeffachuuf ni danda‘a jedhee nama tilmaamu kamiiyuu waamuudhaan yookan ragaa kamiiyuu dhimmichi ilaallatu akka dhiyeessu gaafachuuf yookan wanta gurguramu tilmaamuuf exipartiin dandeettii addaa qabu bu‘aa tilmaamichaa akka dhiyeessu ajajuu ni danda‘a.

**Kwt.425 -- Haala beeksisi itti kennamu**

- 1) Beeksisi gurgurtaa kamiiyuu seera kana bu‘ura tumaa kwt.**414(2)**tin qophaa‘ee uummataaf ibsama.

- 2) Qabeenyi bu'uura ajaja manni murtichaa kennuun gurguramu kutaan itti argamu gaazexaa maxxanfamu yookan gurguramu irratti akka bahu ni godhama. Baasii beeksisa gaazexaaf barbaachisus adeemsa gurgurtaa raawwachuuf baasii godhamu wajjin walitti dabaluun idaa waliin herreegama.
- 3) Qabeenyichi kan gurguramu iddo baay'eetti ramadamee qoqqoodamuun yoo ta'e,ramaddii tokko tokkoof beeksisa adda addaa baasuun hin barbaachisu. Haa ta'u malee,manni murtichaa ramaddii qoqqoodamee gurguramuuf qopha qophaatti beeksisa baasuun kan barbaachisu ta'uu isaa kan tilmaame yoo ta'e,haala kanaan beeksisni adda addaa akka godhamu ajajuu ni danda'a.

#### Kwt.426 – Yeroo gurgurtaan itti raawwatamu

Seera kana kan kwt.**406(2)** qabeenya ilaalameen ala,murtii abbaan idaa dursee akka gurguramu kan waliigalu ta'uu isaa mana murtii murteesseef yoo beeksise malee,qabeenya socho'aa kamiiyyuu akka gurguramu beeksisni guyyaa bahe irraa eegalee hanga guyyaa kudha shaniitti,qabeenya hin sochoone yoo ta'e immoo hanga guyyaa soddomaatti osoo hin turin caalbaasichaan gurguramuu hin danda'u. Yerichis lakkaawwamuu kan eegaluu beeksisichi mooraa mana murtii murticha raawwachiisuu keessatti guyyaa maxxanfame,gaazexaadhan maxxanfamee uummataaf guyyaa ifa ta'etti yookan barruu mana murtii irratti guyyaa labsame irraa eegaleeti.

#### Kwt.427 – Haala gurgurtaan caalbaasii itti dhaabbatu yookan addaan citu

Gurgurtaan caalbaasii kan dhaabbatu beeksisni caalbaasicha osoo hin babin dura murtii abbaan idaa maallaqa itti murtaa'e,baasii fi kisaaraa guutummaan gurguraa caalbaasichaatti dabarsee kan kenne yoo ta'e,yookan mana murtii qabeenyichi akka gurguramu ajajeef dabarsee kennuu isaa ragaa mirkaneessu fi hin shakkisiifne

kan dhiyeesse yoo ta‘eedha.

**Kwt.428 -- Beeksisi caalbaasii lammaffaan haala itti buhu**

- 1) Seera kana kwt.**423(2(a))**tin bu‘uura ilaalameen beeksisa kennameen tilmaama gatii ibsameen bitataan kaffalu kan hin argamne yoo ta‘e,irra deebiidhan beeksisa baasudhaan caalbaasii lammataan ni godhama. Adeemsi fi dhimmi murteessa yeroo gurgurtichaa bu‘uura tumaa keewwattoota kanaan olitti ilaalameen raawwatama. Qabeenyichis kan gurguramu caalbaasii lammataa irratti caala baasaa gatii ol‘aanaa dhiyeessettiidha.
- 2) Beeksisa caalbaasii lammataa irratti guyyaa murtaa‘etti caala baasaan kan hin dhiyaanne yoo ta‘e,tumaan faallaa kamiyyuu yoo jiraate illee,qabeenya kana murtii abbaan mirgaa fudhatee akka qabatu ajajni kennamuu ni danda‘a. Kuni yeroo ta‘etti,akka haala dhimmichaatti murtichi guutummaan yookan gartokkeen akka raawwatameetti lakkawwama.

**Kwt.429 -- Qabeenya caalbaasiin bitate gatii isaa osoo hin kaffalin yookan dirqama isaa osoo hin raawwatin bitataa hafe qabeenyichi caalbaasii lammataan yoo gurguramu maallaqa hir‘ateef haala abbummaan itti gaafatamu**

- 1) Bitataan qabeenya caalbaasiidhaan bitate gatii isaa osoo hin kaffalin kan hafe yoo ta‘e yookan kan seeran murtaa‘e yookan beeksisa gurgurtichaa irratti bu‘uura ibsameen gatii isaa kan lafa hin keenye yoo ta‘e,gurgurtichi akka haqameetti lakkawwamee tumaa kanaan olitti

ilaalameen yeroo murtaa‘e keessatti manni murtichaa beeksisa biraa akka baasuu fi caalbaasiin gurgurtaa lammataan akka godhamu ajajuu ni danda‘a.

- 2) Qabeenyichi irra deebi‘ee yeroo gurguramutti gatiin kan gadi bu‘e yoo ta‘e, caalbaasii gurguraan herreega hir‘atee fi caalbaasii fi beeksisa lammataaf baasii godhame mana murtichaaf yoo beeksisetti, caala baasaan caalbaasii jalqabaan qabeenyicha bitee fi gatii isaa hin kaffalle haala fi bifaa raawwanna idaa murtiitiin garaagarummaa fi kisaaraa isaa akka kaffalu ni dirqisiifama. Maallaqa kanas kan kaffalu murtii abbaan idaa yookan murtii abbaa mirgaan mana murtiif iyyannoo yoo dhiyeessaniidha.
- 3) Gatiin gurgurtaa yoo kaffalame gurguraan caalbaasii kaffalaadhaf naga‘ee barreeffamaa kennuun maallaqicha erga harkaa fuudheen booda gurgurtaan sun kan dhumaan ta‘a.
- 4) Keewwata kanaan bu‘uura dubbatameen gurgurtaan godhamu akka caalbaasii gurgurtaa jalqabaatti lakkaawwamuu ni danda‘a.

Kwt.430 -- Murtii abbaan mirgaa qabeenya caalbaasiin gurguramu eeyyamsiisa malee bituu kan hin dandeenye ta‘uu isaa

- 1) Murtii abbaa maallaqaa yookan murtii abbaan mirgaa namni ta‘e qabeenya caalbaasiidhaan akka gurguramu murtaa‘e akka bitu mana murtii irraa eeyyamsiisee ragaa eeyyamichaa gurguraa caalbaasichaaf yoo dhiyeesse malee sababa idaa mataa isaatiin itti murteessiseef qabeenya caalbaasiin gurguramuuf dorgomaa ta‘ee bituu hin danda‘u.
- 2) Murtii abbaan mirgaa dorgomaa caalbaasii ta‘ee baalbaasiidhaan qabeenya gurguramu akka bitu keewwata kana cita xiqqaa (1) jalatti eeyyamsiisni dubbatame itti kennamee qabeenya caalbaasichaak kan bitee yoo ta‘ee fi gatiin qabeenyichaas idaa gaafatu kisaaraa isaa wajjin guutummaan kan haguugu yoo ta‘e, manni murtii murticha raawwachiisu gatii kaffalamuu fi idaa gaafatamu

waldandeessisee murtichi haala kanaan raawwatamuu isaa ni galmeessa yookan akka haala dhimmichaatti gatii qabeenyichaa, idaa fi kisaaraa isaa kan haguuge gartokkeen yoo ta‘e, murtichis gartokkeen akka raawwatametti lakkaawwamee galmaa‘uu ni danda‘a.

- 3) Murtii abbaan mirgaa eeyyama osoo hin argatin matuma isaa kallattiidhan yookan harka dhoksaatin qabeenyicha bitee kan argame yoo ta‘e, murtii abbaa idaan yookan sababa gurgurtichaatin namni kamiyyuu mirgi isaa tuqame yoo iyyate manni murtichaa gurgurtaan sun akka diigamu godhee caalbaasiin gurgurtaa biraaj akka godhamu ni ajaja; kunis yeroo ta‘etti tumaan kwt. **429** haala walfakkaatuun raawwatamaa ta‘a.

Kwt.431. – Gurguraan caalbaasii yookan abbaan aangoo murticha akka  
raawwachiisu ajajame kamiyyuu caalbaasiidhaan dorgomuu fi qabeenyicha bituun  
kan dhorkame ta‘uu

- 1) Gurgurtaa caalbaasii raawwachiisuuf yookan adeemsa raawwannaan murtii gaggeessuuf abbaan seeraa yookan hojjataan yookan barreessaan mana murtii kamiyyuu mana murtiin ajajame kallattiidhan mataan isaa yookan karaa namoota biroo isa wajjin hariiroo qabaniin harka dhoksaatin qabeenyaa caalbaasiidhaan gurguramu bituudhaf hirmaataa dorgommii caalbaasii ta‘uu fi karaa kamiinuu yaalii kanafafakkaatu gochuun dhorkaadha.
- 2) Keewwata kana tumaa cita xiqqaa (1) dubbatame irra darbuudhan bitee kan argame yoo ta‘e, gurgurtaan sun diigamaa ta‘ee akka bu‘uura kwt. **430(3)**tti caalbaasiin biraaj bahee qabeenyichi caalbaasiidhaan akka gurguramu ni godhama.

**KUTAA XIQQAA 5 QABEENYA SOCHO’AAN HAALA ITTI GURGURAMU**

**Kwt.432.-- Midhaan maasii irraa haala itti gurguramu**

- 1) Qabeenyi gurguramu midhaan maasii irraa yoo ta‘e,caalbaasiin gurgurtaa kan rawwatamu haala kanatti aanee ilaalameen ta‘a.
  - a) Midhaan gurguramu reefu biqila ta‘ee maasii irra dhaabbame yookan faca‘e irraa kan hin haamamne yookan hin muramne yoo ta‘e,caalbaasiin isaa kan godhamu naaannoo maasichi argamutti;
  - b) Midhaan gurguramu maasii irraa haamamee kan tuulame yookan tuullaa gogsamu yoo ta‘e,yookan tumamuuf/dhahamuuf yookan sanyiidhaf kan qophaa‘e yoo ta‘e,iddoo yookan dhiyeyna tuulichi yookan oogdiin oomisha sanaa jirutti ta‘ee midhaanichi gatii fooyya‘aa argachuu kan danda‘u ta‘uu isaa manni murtichaa kan tilmaame yoo ta‘e,gabaa bahee yookan iddo mijataa ta‘etti akka gurguramu ajajuu ni danda‘a.
- 2) Gurgurtaan kunis hanga danda‘ametti guyyaa gabaatti taasifama.

**Kwt.433 -- Tumaalee addaa midhaan biqila ta‘aniif raawwatamu**

- 1) Midhaan gurguramu biqila yoo ta‘anii fi waqtii isaattis walitti qabamee naannoo tokkotti tuulamuu kan danda‘u yoo ta‘e,gurgurtaan sun guyyaan itti raawwatamu kan murtaa‘u midhaanichi erga walitti qabameen booda guyyaa hojii walitti aananitiidha. Haaluma kanaan midhaanichi bakka tokkotti tuulamee osoo argame malee gurgurtichi hin raawwatamu.
- 2) Midhaanichi haalli uumama isaa bakka tokkotti walitti qabamee tuulamuuf kan hin danda‘amne yoo ta‘e,haamamee yookan muramee yookan buqqifamee walitti qabamuu isaa dura akka gurguramu ajajuu ni danda‘a. Bitataanis midhaanichi bakka itti argamu seenee akka walitti qabu,akka guru,akka muru,yookan eegumsa barbaachisaa of eegganno akka godhu ni eeyyamamaaf.

**Kwt.434 – Waa‘ee sanadoota maallaqaa naanneffamanii fi aksiyoonota dhaabbata daldalaa**

Sababa raawwachiisa murtiin qabeenyi gurguramu sanada maallaqaa naanneffamu yookan aksiyona dhaabbata daldalaa yeroo ta‘etti,manni murtichaa barbaachisaa ta‘uu isaa kan tilmaame yoo ta‘e,caalbaasidhaan amma gurguramu karaa faddaalaatiin akka gurguramu ajajuu ni danda‘a.

**Kwt.435.--Adeemsa gurgurtaa sirnaan raawwatamuu dhabuun haala itti gurgurticha hambisu**

Qabeenyi socho‘aan akka gurguramuuf beeksisa bahu irratti hir‘inni argamuu yookan adeemsi gurgurtaa sanaa sababa sirriitti raawwatamuu dhabeen gurgurtaan qabeenya socho‘aa kamiyyuu hin diigamu. Ta‘ees,hanqina adeemsichaatin namni miidhaan irra gahe kamiyyuu nama miidhichaaf itti gaafatamaa ta‘e irratti himanna dhiyeessee kisaaraa isaaf malu gaafachuu ni danda‘a. Hanqina sanaaf itti gaafatamaa kan ta‘e bitataa mataa isaa yoo ta‘e,mi‘a bitate akka deebisu yookan beenyaa akka kaffalu itti murtaa‘a.

**Kwt.436 –Qabeenya socho‘aa, idaa fi aksiyona bitataadhaaf dabarsuu**

- 1) Qabeenyi gurgurame murtii abbaa idaa harkatti kan qabamee fi qabeenya socho‘aa yoo ta‘e,bitataan qabeenyicha mataa isaa akka dabarsee fudhatu ni godhama.

- 2) Qabeenyi socho‘aan gurgurame murtii abbaa idaa harka osoo hin taane nama biroo harka kan jiru yoo ta‘e,adeemsi dabarsuu kan raawwatamu namni abbaa qabeenyichaa ta‘e bitataatti yoo ta‘e malee nama biroo kamittuu dabarsee akka hin kennine ajaja kennuudhani.
- 3) Qabeenyi gurgurame aksiyona dhaabbata daldalaatiin galmaa‘e yoo ta‘e, aksiyoonicha maqaa isaatiin namni galmeesse bitataatti yoo ta‘e malee nama biroo kamittuu dabarsee akka hin gurgurre yookan bu‘aa qooddiin argatu kamiyyuu kan biraatiif dabarfamee akka hin gurguramne dhorkuun yookan hojii gaggeessaan yookan barreessaa dureen dhaabbata daldalaa sanaa yookan abbootiin aangoo dhaabbatichaa abbummaa aksiyoonichaa yookan bu‘aa qooddiin argatu bitataatti yoo ta‘e malee nama biraaf akka hin dabarsine ajajuudhani.

**Kwt.437 -- Sanadoonni maallaqaa daddabarsamanii fi aksiyoononni haala itti naanna‘an**

- 1) Sanadoota maallaqaa daddabarsaman yookan aksiyoonota maqaa nama biraatti naannessuuf sanadoota yookan aksiyoonota isaa kan biraatin namni galmeessu mallattoo yookan barreffama kan barbaachisu yoo ta‘u, seera kana kwt.**401(4)** tumaan ilaalamo raawwatamaa ta‘a. Kunis yeroo ta‘utti, adeemsi mallatteessuu fi dabarsuu abbaa qabeenyichaan akka raawwatameetti lakkaawwama.
- 2) Sanadoonni yookan aksiyoononni kanaan olitti dubbataman maqaa bitataatti hanga naanneffamanitti bu‘aa kanneen irraa argamu nama mallatteessaa fuudhu manni murtichaa muuduu ni danda‘a. Mana murtiitin namni bakka bu‘e naga‘ee mallatteessee maallaqni inni fuudhe bitataadhan yookan abbaa mirgaatin akka mallattaa‘etti lakkaawwama.

**Kwt.438 -- Qabeenyi biraakamiyyuu haala itti dabarsamu**

Qabeenyi socho‘aan kanaan olitti hin caqasamne kamiyyuu akka dabarsameetti kan lakkaawwamu bitataadhaf yookan bakka bu‘aa isaatiif yookan nama akka

fuudhu inni taasiseef akka qabeenyichi dabarfamu yeroo manni murtichaa ajaje irraa eegaleeti.

## **KUTAA XIQQAA 6. HAALA QABEENYAN HIN SOCHOONE ITTI GURGURAMU**

Kwt.439 – Murtii abbaan idaa maallaqaa isatti murtaa‘e hanga qopheessutti gurguraa tursiisuu

- 1) Qabeenyi hin sochoone akka gurguramu erga ajajameen booda murtii abbaan idaa qabeenyuma kana guutummaan yookan gartokkee kireessuun,wabummaa kennuu fi qabsiisuun yookan dhuunfaan gurguruun yookan qabeenya hin sochoone biraam kameeyuu gurguruun idaa isaa kaffaluu kan danda‘u ta‘uu isaa manni murtichaa haala fudhachuu danda‘uun yoo iyyate,seera kana kwt.**422(3)** bu‘uura dubbatameen murtii abbaan idaa kana gochuuf yeroo gahaa fakkaatee tilmaamamu kennuu fi qabeenya akka gurguramu ajajames manni murtichaa haala murteessen gurguramuu irraa akka turu ajajuu ni danda‘a.
- 2) Seera kana kwt.**422** kan dubbatame akkuma eegametti ta‘ee,manni murtichaa ajaja kanaan olitti dubbatame yeroo kennutti qabeenya hin sochoone murtaa‘e murtii abbaan idaa mataan isaa akka gurguru,akka kireessu yookan wabummaadhan akka qabsiisu eeyyama barreeffamaan ni kenna. Ta‘ees,bu‘uura eeyyama kanaatin gatii itti gurgurame yookan galii itti kireeffame yookan maallaqa wabummaadhan qabsiifame kallattiidhan mana murtii akka kaa‘amu ni godhama. Haa ta‘u malee,murtii abbaan mirgaa bu‘uura kwt.**430(2)** tin dubbatameen akka haala dubbichaatti herreegicha waldanda‘uu gochuu irraa hin dhorkamu.

- 3) Keewwata kanaan bu‘uura dubbatameen gurgurtaan ,kiraan yookan waliigalteen wabummaan qabsiisuu qabeenyaa taasifamu manni murtii yoo raggaase malee raawwatamaa hin ta‘u.
- 4) Wabummaadhan yookan idaadhan qabeenyonni qabaman dirqama itti qabamaniif raawwachuudhaaf yeroo gurguramanitti tumaan keewwata kanaa raawwatamaa hin ta‘u.

Kwt.440 --Qabsiisa bitataan lafa kaa‘uu fi maallaqa guutuu kaffaluu dhabuu isaatiin gurguraa godhamu

- 1) Qabeenyi hin sochoone kamiyyuu yeroo gurguramutti bitataan mirgi bitachuu qabeenyichaa akka beekamuuf battaluma gatii qabeenyichaa keessaa herreega (25%) parsantii digdamii shan gurguraa caalbaasiif dhiyeessuu qaba.
- 2) Bitataan murtii abbaa mirgaa yoo ta‘e,seera kana kwt.**430(2)** waldanda‘uun dubbatame waan godhamuuf tumaan keewwata kana cita xiqqaa (1) raawwatamaa hin ta‘u.

Kwt.441 --Yeroo gatichi guutummaan itti kaffalamu

Gatiin qabeenya caalbaasiin gurguramee guutummaan kan kaffalamu bitataan qabeenyicha bituun isaa yeroo mirkanaa‘e irraa eegalee guyyaa kudha shan keessattiidha. Ta‘ees,gatiin waliigalaa yeroo walitti qabamutti seera kana bu‘uura kwt.**430(2)** mirgi waldandeessifame jiraannaanakkuma eegametti ta‘a.

Kwt.442 -- Gatichi osoo hin kaffalamin yeroo hafetti adeemsa raawwatamu

Keewwata kanaan olitti kwt.**441** jalatti yeroo murtaa‘e keessatti gatiin qabeenyicha osoo hin kaffalamin kan hafe yoo ta‘e,bitataan maallaqa qabsiisee ture keessaa adeemsa gurguraa sanaa fi dhimma kamiifiyyuu maallaqni baasii godhame irraa hir‘ifamee kan hafe mootummaaf galii akka ta‘u manni murtichaa ajajuu ni danda‘a. Qabeenyichis irra deebiin akka gurguramu ajaja ni kenna. Yeroo

kana ta‘ettis,bitataan dirqama isaa osoo hin bahatin hafe maallaqa gurgurtaa yookan qabeenya gurgurame irraa mirga kamiiyuu ni dhaba.

**Kwt.443 -- Qabeenya hin sochoone irraa mirga kamiiyuu nama qabuuf mirga dursaa kennamu**

Qabeenyi dhaabbataan sababa raawwannaa murtiif qabamee gurguramu namoonni lamaa fi lamaa ol ta‘an gamtaadhan kan qabatanii fi kan addaan hin qooddanne yeroo ta‘etti qoodattoota keessaa inni tokko qabeenyicha bituuf caalbaasiin dorgomaa ta‘ee dhiyaate yoo ta‘e,murtii abbaan idaa akka dhiyatetti lakkaawwamee mirgi dursaa ni kennamaaf.

**Kwt.444 -- Gurgurtaan akka kabajamuuf yookan akka hafuuf iyyannoo dhiyaatu**

- 1) Raawwannaa murtiin qabeenyi hin sochoone akka gurguramu murtaa‘e osoo hin gurguramin dura qabeenya kana irratti namni mirga argate kamiiyuu gurgurtichi akka diigamu yookan dhorkamu mana murtichaatti iyyachuu ni danda‘a.
- 2) Ta‘ees bu‘uura kwt.**445** jalatti dubbatameen gurgurtaan sun akka dhorkamu yookan akka diigamuuf iyyannoo dhiyeesse yoo kaafate yookan haqe malee tumaa keewwata kanaan iyyannoo dhiyeessuu hin danda‘u.
- 3) Beeksisa caalbaasichaa irratti kan hin ibsamne ta‘ullee tumaan keewwata kanaa murtii abbaa idaa baasii fi kisaaraa gaafatamu hunda kaffaluu irraa bilisa isa hin godhu.

Kwt.445 -- Adeemsi gurgurtichaa karaa sirrii hin taanen yookan gowwoomsaa /sobaan/ raawwatameera jechuun akka diigamu yookan akka dhorkamuuf iyyannoo dhiyaatu

Sababa raawwannaa murtiif qabeenyi hin sochoone kan gurgurame yoo ta‘e,murtii abbaan mirgaa yookan namni kamiiyuu gurgurticha keessaa qooda maallaqaa qabu yookan qoodataa qabeenyicha ta‘e yookan sababa gurguraa qabeenyichaatin mirgi isaa tuqamu adeemsa gurgurtichaa irratti hanqinni guddaan yookan gochi sirrii hin taane yookan gocha gowwoomsaa fi sobaan raawwatameera jechuun gurgurtaan sun akka diigamu yookan akka dhorkamu iyyannoo dhiyeessuu ni danda‘a. Ta‘ees,gochi caqasame mirga iyyataa irratti miidhaa kallattii kan qaqqabsiise ta‘uun isaa yoo mirkanaa‘e malee gurgurtaan sun akka diigamu yookan akka dhorkamu ajajuun hin danda‘amu.

Kwt.446 -- Qabeenya gurgurame irraa murtii abbaa idaan mirga kan hin qabne ta‘uun isaa yeroo beekametti haala gurgurtaan sun itti diigamu

Sababa raawwannaa murtiif qabeenya gurgurame namni bite murtii abbaan idaa qabeenyicha irraa mirga kan hin qabne ta‘uu isaa ibsuun gurgurtaan sun akka diigamuuf mana murtiitti iyyachuu ni danda‘a.

Kwt.447 – Gurgurtaan sun haala itti mirkanaa‘u yookan itti haqamu

- 1) Seera kana tumaa kwt.**444-446** jalatti bu‘uura dubbatameen yeroo ji‘a lama keessatti gurgurtichi akka diigamuuf yookan akka haqamuuf iyyanni yoo dhiyaate malee sababa kamiiniyyuu bittaan sun diigamuu hin danda‘u.
- 2) Keewwata kanaan oliitti iyyannoон dubbatame dhiyaatee fudhatama kan hin arganne yoo ta‘e,manni murtichaa bittaan sun kan hin diigamne ta‘uu isaa ni murteessa.
- 3) Sababa kamiiniyyuu bittaan sun kan raggaasifame yoo ta‘e,manni murtichaa

tarreeffama haala qabeenyichaa kan caqasuu fi gurgurtaa sana irrattis maqaa nama bitataa ta‘ee kan ibsu,gurgurtichis kan hin diigamne ta‘uu isaa waraqaa ragaa bitataadhaf ni kennaaf.

- 4) Iyyannichi fudhatama kan argate yoo ta‘e,gurgurtaan sun akka diigamu ajajni ni kennama. Ta‘ees,gareewwan dhimmichi ilaallatu hundi yoo beeksifaman malee ajajni kun hin kennamu.
- 5) Keewwata kana cita xiqqaa **(4)** jalatti bu‘uura dubbatameen gurgurtaan sun akka diigamu ajajni kan kenname yoo ta‘e,gatii qabeenyichaa dhala isaa waliin yookan akka haala naannoo wantichaatti dhala malee namni maallaqa fudhate bitataaf akka deebisu ajaja ni kenna.

**Kwt.448 -- Qabeenya murtii abbaa idaa harka jiru irraa fuudhuu**

Qabeenyi gurguramu murtii abbaa idaa harka yookan mirga murtii abbaan idaa kenneen nama biroo abbaa qabiyyee ta‘e harka yookan qabeenyichi murtiin erga qabameen booda mirga argadheera jechuun nama abbaa qabiyyee ta‘e harkatti kan argamu yoo ta‘ee fi dhimmuma kanaaf bu‘uura kwt.**447(3)** tin dubbatameen mirkaneessi kan kenname yoo ta‘e,haala kanas bitataan yeroo iyyatetti,manni murtichaa yookan kan bakka buuse akka dabarsee kennuu fi qabeenya isaa keessa akka galu barbaachisaa ta‘ees yoo argame,qabeenyicha dabarsee hin kenu jechuun namni dide akka gadhiisu yookan keessaa bahu ni ajaja.

**Kwt.449 – Qabeenya kireeffataa harka jiru irraa fuudhuu**

Qabeenyi gurgurame nama maqaa kiraan qabate harkatti kan argamu yoo ta‘e,dabalataanis bu‘uura kwt.**447(3)** tin waraqaan ragaa kana mirkaneessu kan kennameef yoo ta‘e,iyyannoo bitataan qabeenyi kun kan isatti gurgurame ta‘uu isaa barreeffama ibsu qabeenyichi iddo argamutti bakka ifaatti akka maxxanfamu manni murtichaa ajaja ni kenna. Akkasumas,mirga fi abbummaan murtii abbaa idaa bitataaf kan dabarfame ta‘uu mala baratamaa kamiiyuu uummanni baruu danda‘uun addabaabayiitti akka himamu ni godha.

#### **KUTAA 4.**

**DABARSANII    KENNUU    MORMUU    YOOKAN    DIDUUDHAN    OFIRRAA  
DHOOWWUU**

#### Kwt.450 – Qabeenya hin sochoone dabarsuu diduu fi gufachiisa uumuu

- 1) Murtii raawwachuuf qabeenya gurgurame dabarsee akka fudhatu namni ajajameef kamiiyuu qabeenyicha dabarsee akka hin fudhanne mormii seeran ala ta‘e yookan gocha gufachiisaa akaakuu kamiiyuu kan irra gahe akka

ta‘e,iyyannoo rakkoo isa mudate ibsu mana murtiif dhiyeessuu ni danda‘a.

- 2) Manni murtichaa guyyaa dubbichi itti dhaga‘amu murteesse gareewwan iyyannoон irratti dhiyaate dhiyaatanii deebii akka kennanii fi dubbichi akka qoratamu ni godha.

**Kwt.451.-- Gufachiisaa fi gocha mormii murtii abbaan idaa uumu**

Murtii abbaan idaa matuma isaa yookan karaa nama biraan inni kakaaseen raawwachiisa murtiif qabeenyaa gurgurame bitataan akka dabarsee hin fudhanne sababa gahaa ta‘ee hin tilmaamamneen kan morme yookan haala kamiiniyyuu gufachiisa kan uume akka ta‘e mana murtichaaf iyyannoون yoo dhiyaateef iyyataan qabeenyicha kallattiin dabarsee akka fudhatu ni ajaja. Ajajni kun erga kennameen booda isa dabarsee fudhatu irratti gochi mormii fi gufachiisuu kan itti fufe akka ta‘e fudhataan kanuma yoo iyyate,murtii abbaan idaa yookan namni kaka‘umsa isaan gocha kana raawwate guyyaa 30(soddoma) hin caallef hidhamee akka turu ajajuu ni danda‘a.

**Kwt.452 --Laphee qulqulluun ani abbaa mirgaati jechuun nama dabarsee kennuu mormu**

Qabeenya gurgurame dabarsee kennuu kan morme yookan kan gufachiise laphee qulqulluudhan abbaa qabiyyee qabeenyichaa ta‘uudhan fi qabiyyichas kan argate murtii abbaa idaa irraa osoo hin taane sababa nama biraan irraa mirgi dabarsameefiin akka ta‘e sababa mormuu isaatiin yookan

gufachiisa uumuu isaatiin iyyannoo isatti dhiyaate manni murtichaa fuudhee erga qorateen booda iyyaticha haquu ni danda‘a.

**Kwt.453 -- Murtii abbaan mirgaa yookan bitataan gocha qabiyyee gadi dhiisisuu raawwatamu**

- 1) Murtii abbaan mirgaa yookan namni qabeenyicha bite murtii kennameefiin yookan bu‘ura ajaja qabeenya dabarsee fudhachuu argateen qabeenya murtiin argate yookan qabeenya bitate kan gadhiisise murtii abbaa idaa irraa osoo hin taane qabeenya kana haala biraatin nama abbaa qabiyyee ta‘e harkaa ta‘uu akka ta‘e gareen qabeenyicha akka gadhiisu dirqisiifame kanuma mormuudhan mana murtichaaf iyyannoo dhiyeessuu ni danda‘a.
- 2) Kunis yoo dhiyaateef guyyaa mijataa dubbichi itti dhaga‘amu murteessee gareewwan iyyannoон irratti dhiyaate waamamanii deebii akka kennan ni ajaja.
- 3) Iyyatichi abbaa qabiyyee qabeenyichaa kan ta‘e abbaa qabiyyummaa mataa isaatiin yookan bu‘ura mirga nama biraa irraa dabarsameefiin ta‘uu isaa manni murtichaa kan hubate yoo ta‘e,qabiyyichi akka deebi‘uuf ajajuu ni danda‘a.

**Kwt.454 --Dhimmichi murtiin hanga murtaa‘utti garee mirgi dabarsameef irratti tumichi kan hin raawwatamne ta‘uu isaa**

Qabeenya hin sochoone irratti himannaan dhiyaatee erga falmiin eegalameen booda dhimmichi murtaa‘un dura namni mirgi qabeenyichaa dabarsameef murtiin erga kennameen booda bu‘ura murtichaan mormii walharkaa fuudhiinsaa tumaa keewwata kanaan olitti kwt.**452 fi 453(3)** ilaalametti fayyadamuu hin danda‘u.

**Kwt.455 – Raawwatiinsa ajajichaa**

Namni kamiiyuu murtii abbaa idaa hin taane kanaan olitti kwt.**451,452 fi 453(3)** jalatti ilaalame kan murtiin irratti kennname yoo ta‘e,qabeenyicha irraa mirga kan qabu ta‘uu isaa mirkaneessuuf himanna bira dhiyeessuu irraa hin dhorkamu. Ta‘ees,himanna dhiyeesseef murtiin hanga itti kennamutti ajajni manni murtichaa kenne ragga‘ee tura.

**BOQONNAA 2**

**MURTIIN YOOKAN JALA MURTII BIYYA ALAATTI KENNAME HAALA  
ITTI RAAWWATAMU**

**Kwt.456 – Qajeeltoo**

- 1) Waliigaltee idil addunyaatin haala addaatin akka raawwatamu seerri godhu addatti yoo jiraate malee daangaa Itoophiyaatin alatti murtiin yookan jala murtiin kennname kan raawwatamu boqonnaa kanaan tumaa seeraa ilaalameeniidha.
- 2) Murtiin yookan jala murtiin biyya alaatti kennname kamiiyuu akka raawwatamuuf iyyannoон yoo dhiyaate malee Itoophiyaa keessatti raawwatamuuhin danda‘u.
- 3) Keewwata kana cita xiqqaa (2)jalatti iyyannoон dubbatame kan dhiyaatu mana murtii ol‘aanaattidha.

**Kwt.457 – Qabiyyee iyyannichaa**

Murtiin yookan jala murtiin biyya alaatti kennname akka raawwatamuuf iyyanni dhiyaatu barreffamaan ta‘ee kanatti aananii wantoota ilaalaman akka miiltootti qabachuu qaba.

- a) Garagalcha murtii raawwatamuun kan sirrummaan isaa mirkanaa‘e
- b) Ragummaa barreffamaa murtichi kan xumuraa ta‘uu isaa fi raawwatamuun kan qabu ta‘uu isaa mirkaneessu pirezidaantii yookan rejistiraara mana murtii murteesseen mallattaa‘e

**Kwt.458 – Haalota iyyannichi itti eeyyamamu**

Dhimmootni kanatti aananii ilaalaman yoo mirkanaa‘an malee murtiin biyya alaatti kennname Itoophiyaa keessatti raawwatamuun hin danda‘u.

- a) Murtii akka raawwatamuuf gaafatame manni murtii murteesse biyyi itti argamu murtii Itoophiyaatti kennames kan raawwatu ta‘uun isaa yoo mirkanaa‘e;
- b) Murtichi kan kennname mana murtii seeran hundaa‘een ta‘uu isaa yoo beekame;
- c) Murtii abbaan idaa dhiyaatee mormii isaa dhageessifachuuf mirgi kan kennameef ta‘uu yoo mirkanaa‘e;
- d) Murtichi kan xumuraa fi raawwatiinsa kan qabu ta‘uun isaa yoo beekame;
- e) Raawwatamuun murtichaa hamilee fi nageenya uummataaf faallaa kan hin taane ta‘uun yoo beekame

**Kwt.459 -- Adeemsa raawwii isaa**

- 1) Murtichi akka raawwatamuuf manni murtii iyyannichi itti dhiyaate beellama mijataa murteesetti murtii abbaan idaa dhiyaatee yaada isaa akka ibsu mirga kennuufii qaba.

- 2) Kuni yoo ta‘e mormii falmii dhiyaate kan dhaga‘u ta‘uu isaa manni murtichaa ni murteessa.
- 3) Yeroo kamittuu haalli shakkisiisaan kan isa mudate yoo ta‘e,qabxiwwan shakkii hordofsiisan hanga qulqullaa‘anitti raawwiin murtii dhorkamee tura.

**Kwt.460 – Murtoo**

- 1) Manni murtichaa dhimma dhiyaateef qulqulleessuuf gareewwan walfalmitootaa dhiyaatanii falmii isaanii dhaga‘uun sababa barbaachisaa ta‘eef galmeessuun beellama mijatutti yoo murteesse malee murtoon kan kennamu bu‘uura iyyannoo dhiyaatee qofaanidha.
- 2) Akkasumas dhimma kaffaltii kisaaraa fi baasii kamiiyuu yerooma sana murtiin ni kennama.
- 3) Manni murtichaa iyyannicha fuudhee murtichi akka raawwatamu kan murteesse yoo ta‘e,adeemsi raawwii murtichaa kan gaggeeffamu adeemsa murtiin kamiiyuu Itoophiyaatti kennname itti raawwatamuunidha.

**Kwt.461 -- Jala murtiin jaarsummaa biyya alaatti kennname haala itti raawwatamu**

- 1) Biyya alaatti jaarsummaadhan jala murtiin kennname kanatti aanee haala ilaalameen yoo ta‘e malee Itoophiyaa keessatti raawwatamuun hin danda‘u.
  - a) Seera kanaan kan kwt.**458(a)** haala ilaalameen biyyi jala murtichi itti kennname Itoophiyaattis jala murtii kennamuun kan raawwatu yoo ta‘e;

- b) Gareewwan walfalmitootaa jala murtichi irratti kenne name jaarsummaaf yookan yaa‘ii jaarsummaaf bu‘uura waliigaltee dhiyeessaniin yookan bu‘uura seera biyya jala murticha kenne etin kan eeyyamamu yoo ta‘e;
  - c) Gareewwan walfalmitootaa jaarsolii abbaa murtii filachuuf mirgi walqixaa isaaniif kenne mee yoo ta‘e yookan falmicha irratti ragaa isaanii dhiyeessuu fi falmii isaaniis dhiyaatanii dhageessifachuuf mirga walqixaa kan argatan yoo ta‘e;
  - d) Jaarsummicha murteessuuun bu‘uura seerri eeyyamuun kan hundaa‘e yoo ta‘e;
  - e) Dhimmi jala murtichi irratti kenne seera Itoophiyaanis jaarsummaan ilaalamuu kan danda‘u yoo ta‘ee fi raawwiin murtichaas hamilee fi nagaa uummataan kan wal hin faallessine yoo ta‘e;
  - f) Jala murtiin kenne haala seerri Itoophiyaa ajajuu fi eeyyamuun raawwatamuun kan danda‘u yoo ta‘e;
- 2) Raawwiin murtiawan biyya alaatti kennamanii kan ilaallatu tumaa seera kanaan ajajoota gara oliitti dubbatamaniin haala walfakkaatuun raawwatamaa ta‘a.

**KITAABA      8.      BAASII      FI**

**KISAARAA      KUTAA      1.**

**TUMAALEE WALIIGALAA**

Kwt.462 – Aangoo mana murtii

Karaa biraatin akka raawwatamu ifatti yoo tumame malee, manni murtii baasii fi

kisaaraa sababa himannaan kaffalamu kamiiyuu garee kaffalu,hanga kaffaltii isaa,madda qabeenyaa irraa kaffalamu,haala kaffaltii isaa,kan biraas murtoo yookan ajaja sirrii isatti fakkaatee mul‘ate haala tilmaamameen kennuu ni danda‘a.

**Kwt.463 – Tarreeffama baasii fi kisaaraa**

- 1) Gareen mo‘ame baasii fi kisaaraa kamiiyuu akka mo‘ataadhaf kaffalu manni murtichaa ennaa ajajutti gareen baasii godhe hanga baasii isaa tarreeffama agarsiisu qopheessee dhiyeessuu qaba.
- 2) Tarreeffamichi kan dhiyaatu mana murtii murticha murteesef yoo ta‘u,garagalchi tokko garee kaffaluuf kennama.

**Kwt.464 -- Haala herreegni baasichaa itti qoratamu**

- 1) Herreegni baasichaa mana murtichaaf erga dhiyaateen booda guyyaa beellamaa mijataa sirrummaan isaa itti qoratamu murteessee abbootiin dhimmichaa akka dhiyaatan ni ajaja.
- 2) Herreegicha qorachuun yaada gareewan walfalmitootaa dhiyeessaniif irraa fuudhee kanatti aananii kan ilaalamani raawwata.
  - a) Tarreeffama herreega dhiyaate keessatti sababa gahaa hin taanen maallaqa ol ka‘ee mul‘atu ni hir‘isa, yookan;

- b) Tarreeffamicha keessa dhimma himannichaa raawwachiisuuf yookan abbaa seerummaa barbaachisu hordofuudhaf baasiin barbaachisaa hin taanen ilaalambee kan argame yoo ta‘e,manni murtichaa hir“isuu yookan hambisuu ni danda‘a.
- 3) Gareen baasichi yookan kisaarichi kaffalamuuifi qabu tarreeffama baasii gaafatuu kan hin dhiyeessine yoo ta‘e,manni murtichaa kanuma galmeesee gareewwan biroo baasii godhan qoratee ni mirkaneessa yookan tarreeffama baasichaa gareen inni tokko sababa dhiyeessuu dhabeen gareewwan biroo akka hin midhamne beenyaa isaaf mala jedhee tilmaamu ni murteessa.
- 4) Maallaqni baasii yookan kisaaraa kamiyyuu akkaataa murtichaan hanga raawwatamutti murtiin duraa guyyaa itti kennname irraa eegalee dhalli seeran murtaa‘e itti herreegama.
- 5) Manni murtichaa sababa kaffalchiisa baasii fi kisaaraatiif falmii ka‘eef murtii osoo hin kennin dura rejistiraarri mana murtichaa yookan muudamaan mana galmee tarreeffama dhiyaate qorachuu fi gareewwan walfalmitootaa yaada kaasan irraa fuudhee herreega qulqulla‘e akka dhiyeessuuuf ajajuu irraa tumaan keewwata kanaa isa hin ittisu.

**Kwt.465 – Beenyaan sababa itti kaffalamu**

- 1) Himanna yookan falmii kamiyyuu irratti himannaadhan yookan deebii ittisaatin ragaa ittiin falmu yookan ittiin ofirraa ittisu himataan yookan himatamaan yookan himannichi yookan falmichi mataan isaa yookan ragichi sobadha yookan gareen falmii ragicha dhiyesse falmii sobaa fi sobaan ragaa kan dhiyesse falmicha gufachiisuuf,yeroo jalaa dheeressuuf yookan garee isa tokko miidhuuf yookan dhamaasuuf ta‘e jedhee kan godheedha jechuun yookan soba ta‘uu falmichaa fi ragichaa osoo beekuu yookan beekuu osoo qabuu ta‘e jedhee dhiyeessuu isaa yoo iyyatamee fi manni murtichaas wanta gareen faallaa

dhiyeesse dhugummaa isaa yoo hubate kanuma gal mee isaa irra teessisee garee ragaa yookan himanna yookan ittisa sobaa dhiyeesse tokko tokkoo ragaa sobaa dhiyeessen garee tokko miidheef,dhamaaseef yookan yeroo jala dheeressuuf falmii sobaa dhiyeesseef kisaaraa kamiiyuu fi baasii biraa malee beenyaa qarshii 500(dhibba shan) hin caalle miidhamaaf akka kaffalu itti murteessuu ni danda'a.

- 2) Keewwata kana cita xiqqaa (1) jalatti bu'uura tumaa dubbatameetiin namni ajajni irratti kennname seera adaba yakkaa kwt.**446** jalatti bu'uura ilaalamien falmii fi ragaa sobaa dhiyeessuu isaatiin himatamuu fi adabamuu irraa bilisa ta'uu hin danda'u.
- 3) Bu'uura tumaa keewwata kanaatiin gareen beenyaan murtaa'eef sobaan himatamuu isaatiin yookan ittisa yookan himannaan sobaa kan isarratti dhiyaate ta'uu isaatiin beenyaa fi kisaaraan naaf mala jechuun himanna biraa dhiyeesee beenyaa fi kisaaraan kan murtaa'ef yoo ta'e,himanna isa duraatin beenyaa murtaa'ef himanna biraa irratti beenyaa fi kisaaraa murtaa'uf irraa ni hir'ifama.

### Kwt.466 -- Ol'iyyannoo

Gareen falmii kamiiyuu hundee dubbichaa irratti ol'iyyata dhiyeessuu baatus ajaja kaffalchiisa baasii yookan kisaaraa isatti murtaa'e irratti ol'iyyannoo jechuu ni danda'a. Dhimma kanaanis murtiin manni murtii ol'iyyannoo dhaga'u kennu isa dhuma ta'a.

### **BOQONNAA 2.**

**ABBA SEERUMMAA OSOO ITTI HIN KAFFALIN HIMANNAA  
BILISAAN DHIYAATU**

**Kwt.467 – Himannoowwan bilisaan banaman**

- 1) Tumaa kanatti aanee ilaalame bu‘uura godhachuun namni hiyyeessi maallaqa hin qabnee fi argachuu hin dandeenye kamiiyyuu maallaqa abbaa seerummaa osoo hin kaffalin bilisaan gal mee bane himanna dhiyeessuu ni danda‘a.
- 2) Hiyyeessa ta‘uun isaa namni beekameef kamiiyyuu himanna dhiyeessuuf maallaqa abbaa seerummaa isa barbaachisu guutummaan yookan gartokkeen kaffaluu kan hin dandeenye ta‘uu isaa ibsee keewwata kana cita xiqqaa (1) jalatti bu‘uura dubbatameen gal mee bilisaan banatee himanna dhiyeessuuf akka eeyyamamuuf iyyachuu ni danda‘a.

**Kwt.468 – Firiiwwan dubbii iyyannoo dhiyaatu irratti ibsaman**

- 1) Keewwata kanaan olitti jiru kwt.**467(2)** jalatti bu‘uura dubbatameen iyyannoон dhiyaatu seera kana wajjin sagantaa 3ffaa ta‘ee unka walqabateen qophaa‘ee sagantaa kanarratti bifa ilaalameen jecha kakuun deeggaramee dhiyaachuu qaba.
- 2) Iyyannichi kan dhiyaatu iyyatichaan yookan bakka bu‘aa isaatiin ta‘ee maganata himannichaa wajjin walqabateeti.

**Kwt.469 – Haala iyyataan yookan bakka bu‘aan isaa itti gaafatamu**

- 1) Iyyannichi seera qabeessan qophaa‘ee mana murtichaaf yoo dhiyaateef firii dubbii iyyannicha irratti ibsame, haala qabeenya iyyaticha, seera qabeessummaa iyyannichaa ragaa barbaachisaa ta‘e argachuuf iyyaticha yookan bakka bu‘aa isaa waamuun gaafachuu ni danda‘a.
- 2) Iyyannichi kan dhiyaate karaa bakka bu‘aa isaatiin yoo ta‘e, manni murtichaa iyyatichi mataa isaatiin akka dhiyaatu yookan iddo jirutti abbaa seeraa bakka bu‘een akka qoratamu ni ajaja.
- 3) Iyyannichi seera qabeessan qophaa‘ee kan hin dhiyaanne yoo ta‘e, manni

murtichaa yeroo murteessetti yookan yerooma sana fooyya‘ee akka dhiyaatu ajaja ni kenna.

Kwt.470– Haala iyyannichi fudhatama itti dhabu

Iyyannichi mataan isaa yookan bu‘uura tumaa kwt.**469** yookan **471** tin dubbatameetin qorannoo godhameen wantoota kanatti aananii ilaalamani kan hubachiise yoo ta‘e,fudhatama hin argatu.

- a) Iyyatichi hiyyeessa akka hin taane kan mirkanaa‘e yoo ta‘e;
- b) Bilisaan himachuuf wanti dhiyeesse kan himachiifne yoo ta‘e;
- c) Himanna osoo hin dhiyeessin ji‘oota 2(lama) dura qabeenyaa qabu nama biraatiif dabarsee akka ta‘e yookan waliin dhahuudhan qabeenyicha naannesse yoo ta‘e,abbaa seerummaa kaffaluu irraa of hambisuuf tooftaa uume yoo ta‘e;
- d) Qabeenya yookan mirga falmii irratti dhiyeessu keessaa namni sadaffaan biraan akka fayyadamu yookan mirga kamiiyuu akka argatuuf waliigalee kan argame yoo ta‘e

Kwt.471-- Kaffaltiin abbaa seerummaa osoo itti hin kaffalamin galmee himannaab  
bilisaa banuuf gaaffii dhiyeesse haala manni murtichaa itti qoratu

- 1) Keewwata kanaan olitti jiru kwt.**470** jalatti bu‘uura qorannoo godheen manni murtichaa sababa iyyannicha faallessu kan hin arganne yoo ta‘e,iyyatichi hiyyeessa ta‘uu isaaf ragaa

akka dhiyeeffatu,akkasumas gareewwan biroo qabeenya ni qaba jedhanis yoo jiraatan dhiyaatanii akka hubachiisan beellama dubbichi itti qoratamu ni kenna.

- 2) Bu‘uura keewwata kana cita xiqqaa **(1)**tin beellamni kennamu osoo hin qaqqabin guyyaa 10(kudhan) dura himatamicha beeksisa akka qaqqabsiisu ni godhama.

**Kwt.472 – Adeemsa fuudhiinsa jecha naqaashii**

- 1) Keewwata kanaan olitti jiru kwt.**471** jalatti bu‘uura dubbatameen beellama manni murtichaa murteesetti naqaashii gareewwan lamaan dhiyeessan ni dhaga‘a. Akkasumas,iyyaticha yookan bakka bu‘aa isaa qorachuu ni danda‘a. Jecha naqaashii fi abbootii dhimmaas ni galmeessa.
- 2) Kana malees,garee mormii dhiyeesse,iyyannoo iyyatichi dhiyeesse bu‘uura kwt.**470(a),(c)** yookan **(d)**tin fudhatama argachuun kan isarra hin jiraanne ta‘uu isaaf manni murtichaa iyyannoo fi ragaa fuudhe irratti gareewwan walfalmitootaas falmii dhiyeessan ni dhaga‘a.
- 3) Manni murtichaa kana erga raawwateen booda iyyatichi abbaa seerummaa osoo hin kaffalin himanna dhiyeessuu kan danda‘u ta‘uu isaa yookan gaaffichi fudhatama dhabuu isaa ni murteessa.

**Kwt.473 –Himanni bilisaan dhiyaatu fudhatama yeroo argatee adeemsa raawwatamu**

Iyyatichi abbaa seerummaa osoo hin kaffalin bilisaan galmee himanna akka banatu eeyyamameef yoo ta‘e,iyyannichi galmaa‘ee tartiibni lakkoofsaa erga kennameefiin booda bilisaan akka falmatu kan eeyyamameef ta‘uu waraqaan ragaa ni kennamaaf. Kana booda himannaan dhiyaatu abbaan seerummaa akka itti kaffalameetti akkuma himanna kamiittuu lakkaawwamee adeemsa idileetiin ni gaggeeffama.Galmee himanna bilisaan saaqamee fi kan abbaan seerummaa itti kaffalame gidduu garaagarummaan jiru,namni abbaan seerummaa osoo hin

kaffalamin galmeen himannaakka saaqamuuf eeyyamameef hiyyeessa ta'uu isaatiin maallaqa kaffaluu qabu yookan baasii kamiiyyuu mana murtiif kaffalamuu qabu guutummaan yookan gartokkeen kaffaluu dadhabuu isaatiin qofa.

**Kwt.474 – Yeroo turmaataa waraqaa ragaa mana murtiin kennamee**

- 1) Kanaan olitti bu'uura kwt.**473** jalatti dubbatameen waraqaa ragaa mana murtii irraa kennamu falmiin bilisaan akka ilaalamu eeyyamame yaada murtii xumuraa hanga argatutti yookan gatii hin qabu jedhamee hanga cufamutti ragga'ee tajaajila.
- 2) Ragaan kun kan tajaajilu falmii bilisaan akka ilaalamu eeyyamsiisni kenname qofaafidha. Ta'eessadarkaa ol'iyyannootti kan cimu gareen bilisaan akka falmatu eeyyamameef deebii kennaa ta'ee gareen biraajni yookan murtiin irratti kenname ol'iyyanno yeroo dhiyeesettidha. Bilisaan yeroo ol'iyyanno jedhutti garuu falmii sadarkaa duraa irratti eeyyamsiisa kennameef bu'uura godhachuun itti tajaajilamu hin danda'u.
- 3) Tumaa keewwata kana cita xiqqaa (2) tin sadarkaa duraatiin hiyyeessi bilisaan galmeekka banatu eeyyamameef mana murtii ol'iyyanno dhaga'uttis galmeekka ol'iyyanno bilisaan akka banatu iyyanno dhiyeessuu irraa isa hin dhorku.

**Kwt.475 --Hiyyeessi kaffaltii abbaa seerummaa osoo hin kaffalin akka falmatu eeyyamameef haala mirga bilisaan falmachuu itti dhabu**

- 1) Haalonni kanatti aananii ilaalamani yoo mudatan manni murtichaa kaka'uumsa mataa isaatiin yookan gareen himatame yoo iyyate, manni murtichaa himatichaaf beeksisa kennuudhan

mirgi bilisaan falmachuu isaa akka haqamu fi bu‘ura tumaa kwt.**473** tin  
dubbatameen ragaan dhugoomsaa kennname akka haqamu kan ajaju:

- a) Falmichi akka dhaga‘amuuf beellama qabametti osoo hin dhiyaatin kan  
hafe yoo ta‘e,yookan amala waliin dhahuu,rakkisuu fi gowwoomsuu kan  
agarsiise yoo ta‘e;
  - b) Falmiin yeroo itti fufee jirutti qabeenya kan qabu ta‘uun isaa kan irratti  
beekame ta‘uu fi manni murtichaas abbaa seerummaa bilisaan  
fayyadamuu yookan haala kanaan itti fufuu kan hin qabne ta‘uu kan  
hubate yoo ta‘e;
  - c) Qabeenya falmichaaf sababa ta‘e irraa gareen sadaffaan biraad faayidaa  
akka argatu waliigaltee taasisee kan argame yoo ta‘eedha.
- 2) Mirgi bilisaan falmachuu himatichaa kan haqame keewwata kana cita xiqqa  
**(1b)** **fi** **(c)** jalatti bu‘ura dubbatameen yoo ta‘e,himatichi yookan namni  
yookan gareen ajajamee isa wajjin falmichatti akka seenu eeyyamameef mirgi  
kun akka hin kennamneefitti lakkaawwamee abbaa seerummaa kaffalamuu  
qabuu fi maallaqa mana murtiif kaffalamu kamiyyuu akka kaffalu ni ajajama.

Kwt.476 --Hiyyeessi bilisaan akka falmatu eeyyamameef yeroo falmicha mo‘ate  
adeemsa raawwatamu

Abbaa seerummaa osoo hin kaffalamin galmees himannaan banuun dhimmi irratti  
falmiin godhame murtaa‘efii qabeenya falmiin irratti ka‘e yeroo dabarsamee  
kennamutti raawwachiisaan murtii qabeenyicha mo‘ataaf osoo hin dabarsin dura  
maallaqa abbaa seerummaa mootummaaf kaffalamuu qabuu fi baasii kamiyyuu  
qabeenyicha irraa hir‘issee galii erga godheen booda qabeenya isa hafe akka  
murtaa‘etti dabarsamee akka kennamu gochuu qaba.

Kwt.477— Abbaa seerummaa osoo hin kaffalin bilisaan falmachuuf iyyannoona  
lammata dhiyaatu fudhatama kan hin qabne ta‘uu isaa

Iyyannoonaan jalqaba gal mee bilisaan banuun falmachuu akka eeyyamamuuf dhiyaate fudhatama akka dhabe murtoon itti kennamee yeroo lammataatiif dhimmuma sanaaf bilisaanan falma jedhamee iyyannoo dhiyaatu fudhatama akka hin arganne dhorka. Ta‘ees,iyyatichi maallaqa dambii abbaa seerummaa kaffaluudhan dhimma sanarratti mirgi himanna dhiyeessuu isaa eegamaadha. Kanumas gochuu kan danda‘u abbaan seerummaa bilisaa akka eeyyamamuuf yeroo gaafatetti himatamaan yookan gareen faallaa isaa mormii dhiyeessuuf baasii fi kisaaraa baase yoo kaffaleedha.

Kwt.478 -- Namni abbaa seerummaa bilisaan akka falmatu eeyyamameef qabeenya yookan maallaqa yeroo argatetti adeemsa raawwatamu

Seera kana bu‘uura tumaa kwt.**473** jalatti dubbatameen hiyyeessa ta‘uun isaa beekameefii abbaa seerummaa osoo hin kaffalin bilisaan akka falmatu namni eeyyamameefii ture kamiiyuu waraqaan ragaa kennameefii waggaa 10(kudhan) keessatti yookan falmichi itti fufee yeroo jirutti qabeenya yookan maallaqa kamiiyuu kan argate yoo ta‘e,mana murtii hiyyeessa ta‘uu isaatiif waraqaa ragichaa kenneef beeksisee dhimma bilisaan akka falmatu eeyyamameef irratti abbaa seerummaa fi baasii mana murtii kaffaluu qaba. Kana osoo hin beeksisin yookan osoo hin kaffalin kan hafe yoo ta‘e garuu tumaa seera adaba yakkaa kwt.**656** irra akka darbeetti lakkaawwamee adabbiin itti murtaa‘a.

Kwt.479 – Baasiwwan adda addaa

Iyyannoonaan bilisaan falmachuuf dhiyaatu fi dhimmuma kana qorachuuf baasii barbaachisu hunda kaffaltii abbaa seerummaaf kaffalamuu qabu waliin walitti qabamee herreegama.

## **KITAABA 9. TUMAALEE GOOLABAA**

### Kwt.480 – Mana murtii kabachiisuuf aangoo kennname

Walitti qabaan abbaa murtii yookan abbaan murtii gidduu taa‘u dhaddacha mana murtii kamiituu bu‘uura seera kanaatin mana murtichaatti adeemsa hojii abbaa seerummaa gaggeeffamu kabachiisuuf tarkaanfii barbaachisaadha jedhee isatti fakkaatee mul‘ate fudhachuu ni danda‘a. Kanas raawwachiisuuf kabaja dhaddacha mana murtichaaf yookan adeemsa abbaa seerummichaa gaarummaan gaggeessuuf garee falmii kamiiyuu amala faallaa ta‘e agarsiise yookan abukaatoon yookan namni dhaddacha keessa jiru kamiiyuu gocha faallaa yeroo hojjatetti galmees qabate irratti adabbii maallaqaatin adabuu ni danda‘a.

### Kwt.481.— Dhimmoota biroo kallattiin murtaa‘uu danda‘an

Seera adaba yakkaa tumaa kwt.**442,446** yookan **447** irra darbuudhan gocha yakkaa kan raawwate yoo ta‘e,yeroo balleessichi raawwatametti manni murtichaa galmees hariiroo hawaasaa qabate irratti yerooma sana adabbii kallattii murteessuu ni danda‘a. Ta‘ees, adabbiin kun kan murtaa‘u:

- a) Mana murtii Aanaatti yoo ta‘e,hidhaa wagga 1(tokko) hin caalle
- b) Mana murtii Awuraajjaatti yoo ta‘e,hidhaa wagga 3(sadi)

### hin caalle Kwt.482.—Dambiwwan

Seera kana bu‘uura godhachuun dambiwwan adda addaa baasuuf yookan akka bahan ajajuuf ministeera haqaatu aangoo qaba.

### Kwt.483.—Aangoo dambiwwan baasuu ministeerichi qabu

- 1) Ministeerri haqaa yeroo yerootti dambiiwan barbaachisoo ta'anii argaman baasuu fi tumaa kanaan kan bahanis fooyessuuf fi sirreessuuf aangoo qaba. Ta'ees,dambiiwan aangoo ministeerichaan bahan seera kanaan aangoo manneen murtii sadarkaa duraa (**Kwt.12-18**) fi manneen murtii ol'iyyannoo (kwt. **321-322**) tumaalee dubbataniin faallaa ta'uu hin danda'an.
- 2) Bu'uura keewwattoota kanaan olitti jiraniin dambiiwanii fi sirreffamootni bahan kan raggaasifaman gaazexaa naggaaritaan labsamanii erga bahanii boodadha.

=====//=====

**SEERA ADEEMSA FALMII HARIIROO HAWAASAA**

**BAAFATA**

Kwt.1 -- Daangaa Raawwatiinsaa ..... 2

Kwt.2 -- Daangaa Yeroo ..... 2

**FUULA**

Kwt.3 – Hiikkaa .....	2
Kwt.4 Yoo dhoowwame malee dhimma manni murtii ilaalu.....	3
Kwt.5.Dhimma Murtaa‘e .....	3
Kwt.6 --Murtee irra deebiin ilaaluu.....	3
Kwt.7. Dursitummaa .....	4
Kwt.8. Dhimma ilaalamaa Jiru.....	4
Kwt.9. Gaaffii Aangoo Hundee Dubbii.....	4
Kwt.10. Gaaffii Aangoo Tooraa.....	5
Kwt.11 Himannaawwan walitti hidhuu.....	5
Kwt.12 Qajeeltoo .....	5
Kwt.13 Aangoo manneen murtii Aanaa .....	6
Kwt.14 Aangoo manneen murtii Awuraajja .....	6
Kwt.15 Aangoo mana murtii Ol‘aanaa.....	6
Kwt.16 Aangoo Abbaa Seerummaa hanga Maallaqaan Tilmaamanii.....	6
Kwt.17 Himannaawwan walqabsiifamanii dhiyaatan .....	7
Kwt.18. Aangoo Abbaa Seerummaa Tilmaama maallaqaan Ibsamuu hin dandeenye	7
Kwt.19 Qajeeltoo.....	7
Kwt.20 Himatamaa Biyya Alaa Jiraatu .....	8
Kwt.21 Himannaa Mootummaa irratti dhiyaatu.....	8
Kwt.22 Himannaa Dhaabbilee seeran hundaa‘an irratti dhiyaatu .....	8
Kwt.23 Himannaa Dhaaltummaa Ilallatu .....	8
Kwt.24 Himannaa Waliigaltee Illallatu .....	8
Kwt.25 Himannaa qabeenya dhaabbataa Ilallatu.....	9
Kwt.26 Qabeenya dhaabbataa aangoo manneen murtii garaa garaa keessatti argamu	9
Kwt.27 Himannaa Miidhaa namarra ykn qabeenya socha‘aa irra gahe Ilallatu .....	9
Kwt.28 Himannaa Kisaaraa Ilallatu.....	10
Kwt.29 Sababoota himannoo Hedduu.....	10

Kwt.30 Seerummaa seerummaa haadhootti rarra‘uu fi Seerummaa himannaa himatarraa .....	10
Kwt.31 Himannaa bakka biraatti Jijiiruu .....	10
Kwt.32 Daangaa raawwatiinsaa .....	10
Kwt.33. Dandeettii .....	11
Kwt.34. Bakka bu‘iinsa,Amaanaa(Bulchaa) ykn Guddistummaa.....	11
Kwt.35 Haala himattooni himannaa waliinii itti dhiyeeffatan .....	11
Kwt.36 Himatamtooni bakka tokkotti walitti qabamuun himatamuu .....	11
Kwt.37 Walfalmitoota tokko yookan baay‘ee irratti murtee kennamu yookan murtaa‘uf	
Kwt.38 Karaa Abukaatoon yookan Bakka bu‘iinsan Falmachuu.....	12
Kwt.39 Himannaa tokko keessatti nama himatamuu qabu dhiisuu fi nama himannaan hin ilaallanne himachuu .....	12
Kwt.40 Gareewan Falmii dabaluuu yookan bakka buusuu .....	13
Kwt.41 Giddu lixummaa Garee Sadaffaa.....	13
Kwt.42 Giddu lixummaa Abbaa Alangaa .....	14
Kwt.43 Gareewan sadaffaan falmii keessa seenuu.....	14
Kwt.44 Shaarikoonni daldalaa kan ittiin daldalan maqaa dhaabbileetin himachuu	14
Kwt.45 Maqaa Shaarikoota Daldalaa Ibsuu .....	14
Kwt.46 Maqaa isaatin osoo hin taane maqaa nama biraatin nama daldalu irratti himannaa dhiyaatu .....	15
Kwt.47.Shaarikoota daldalaa giddutti himannaa dhiyaatu .....	15
Kwt.48.Gareen walfalmitootaa du‘uu fi mirgi hafaa kan hin ta‘in yoo ta‘e himannaa itti fufuu .....	15
Kwt.49.Himatoota keessaa tokko yookan tokkoo ol du‘uu.....	15
Kwt.50 Himatamtoota keessaa tokko yookan tokkoo ol du‘uu.....	16
Kwt.51. Shaarikoota daldalaa keessaa yeroo tokko du‘etti mirga himachuu.....	16
Kwt.52 Waa‘ee bulchaa qabeenyaa du‘aa.....	16

Kwt.53 Falmiin erga dhaga‘amee booda murtiin dura gareewwan walfalmitootaa keessaa tokko

yookan baay‘inni isaanii tokkoo ol ta‘an du‘uu ..... 16

Kwt.54 Himataa kasaare..... 17

Kwt.55 Himannaan hafuu yookan Haqamuu ..... 17

Kwt.56 Murteen osoo hin kennamin dura faayidaa mirgaa falmiirra jiru dabarsuu 17

Kwt.57 Qajeeltoo..... 17

Kwt.58 Waa‘ee Abbaanotaa fi dubbi fixxootaa waliigalaan..... 18

Kwt.59 Dubbi fixaa mootummaa ta‘anii akka falmaniif namoota eeyyamameef. 18

Kwt.60 Adeemsa himannaa muudamaa mootummaa yookan Hojjataasaa irratti dhiyaatu ..... 18

Kwt.61 Dubbi fixxoota miseensota humna waraanaa bakka bu‘an ..... 18

Kwt.62 Dubbi fixxoota yookan abbaanota mana hidhaa namoota jiran bakka bu‘an 19

Kwt.63 Nama falmii gaggeessu dhaabbachuu..... 19

Kwt.64 Abbaanonni yookan dubbi fixxooni haala itti waamicha fudhatan ..... 19

Kwt.65 Abbaan dhimmaa matuma isaa akka dhiyaatu barbaadamuu ..... 20

Kwt.66 Himattoota yookan himatamotoa baay‘ee keessaa tokko dhiyaachuu ..... 20

Kwt.67 Waamicha Shaarikootaa ..... 20

Kwt. 68 Abbaan dhimmaa tokko tokko akka dhiyaatuf aangoo ajajuu mana murtii 20

Kwt.69 Dhaga‘a irratti dhiyaachuu gareewwan walfalmitootaa ..... 21

Kwt.70 Hafiinsa himatamaa ..... 21

Kwt.71 Bu‘aa gal mee cufuun hordofsiisu ..... 21

Kwt.72 Beellama itti aane qabametti dhiyaachuu ..... 22

Kwt.73 Hafiinsa Himataa ..... 22

Kwt.74 Gal mee himannaa haquun bu‘aa hordofsiisu ..... 22

Kwt.75 Gareewwan walfalmitootaa baay‘een hafuu ..... 22

Kwt.76 Dhiyaachuu hafuu qaamolee sadaffaa

Kwt.77 Hafiinsa nama matuma isaa akka dhiyaatu ajajamee .....	23
Kwt.78 Himatamaan bakka hin jirretti murtoo kennname kaasuu .....	23
<b>KITAABA-III TUMAALEE HIMANNOO HARIIROO HAWAASAA ILAALLATAN</b>	
Kwt.79 Daangaa Raawwatiinsaa .....	23
<b>BOQONNAA-1 Falmii barreeffamaa</b>	
Kwt.80 falmii Barreeffamaa irratti wantoota Ibsamuu qaban .....	24
Kwt.81 Dhimmoota dursa raawwatamuu qaban .....	24
Kwt.82 Waan haaraa dhiyeessuu.....	24
Kwt.83 Dhimma ifaan haaluun akka irra jiraatu .....	24
Kwt.84 Waliigaltee Haaluu .....	25
Kwt.85 Sanadoota barreeffamaa barbaachisoodhan hubachiisuu .....	25
Kwt.86 Haala Sammuu .....	25
Kwt.87 Beeksisa kennuu .....	25
Kwt.88.Haala naannoo wantichaatti waliigalteewwan beekamanii fi seera qabeessummaa hariirowwanii.....	25
Kwt.89 Tilmaama seeraa .....	25
Kwt.90 Ijoo falmiin ala bahuu.....	25
Kwt.91 Falmii barreeffamaa Fooyyessuu.....	26
Kwt.92 Falmii barreeffamaa Mirkaneessuu .....	26
Kwt.93 Falmii barreeffamaa irratti Mallatteessuu.....	27
<b>BOQONNAA 2 WAAMICHA</b>	
Kutaa 1. Waamicha mana murtii irraa fuudhuu fi himatamaa qaqqabsiisuu .....	27
Kwt.94 Waamicha mana murtii irraa baasuu .....	27
Kwt.95 Haala ajajni waamichaa itti laatamu.....	27
Kwt.96 Waamicha Dubbi Fixaatti yookan Abukaatootti kennuu.....	27
Kwt.97 Waamicha Dhaabbata Daldalaatti kennuu.....	28
Kwt.98 Waamicha Namoota shaarika ta‘anitti kennuu.....	28

Kwt.99 Bakka bu‘iinsan nama daldalutti waamicha kennamu .....	28
Kwt.100 Himannaa qabeenya hin sochoone ilaallatuuf nama qabeenyicharratti bakka bu‘eef waamicha kennamu	28
Kwt.101 Waamicha maatii himatamaatti kennuu .....	29
Kwt.102 Naga‘ee namni waamicha fuudhu mallatteessuu.....	29
Kwt.103 Himatamaan waamicha fuudhoo diduu yookan dhabamu.....	29
Kwt.104 Haala fi yeroo waamichi itti kennname mirkaneessuu.....	29
Kwt.105 Geeddarumsan waamicha Kennamu .....	29
Kwt.106 Waamicha Poostaadhaan Ergamu .....	30
Kwt.107 Aangoo mana murtii bira keessa himatamaa jiraatuf waamicha ergamu	30
Kwt.108 Daangaa Itoophiyaatin ala Himatamaa jiraatuuf waamicha ergamu .....	30
Kwt.109 Mootummaadhaf yookan Hojjattoota Dhaabbilee Daldalaatif waamicha ergamu .....	30
Kwt.110 Dirqamoota nama waamicha himatamaa akka qaqqabsiisu ajajamee ....	31
<b>KUTAA 2 WAAMICHA FI DHIYAATINSA NAQAASHII</b>	
Kwt.111 Waamicha mana murtii irraa fudhachuu .....	31
Kwt.112 Baasii naqaashiidhaaf kaffalamu .....	31
Kwt.113 Maallaqni qabsiifame gahaa yommuu hin taanetti baasii dabalataa ajajamu	31
Kwt.114 Ajaja waamichaa gubbaatti dhimma ibsamu .....	32
Kwt.115 Ragaan barreffamaa akka dhiyaatuuf waamicha kennamu .....	32
Kwt.116 Haala waamichi itti kennamu .....	32
Kwt.117 Yeroo waamicha kennuudhaf murtaa‘e .....	32
Kwt.118 Naqaashii ajaja waamichaa hin kabajne .....	32
Kwt.119 Dirqama jecha ragummaa kennuu fi ragaa gaafatame dhiyeessuu .....	33
Kwt.120 Naqaashii gaggeessuu .....	33
Kwt.121 Jecha ragummaa kennuu yookan ragaa barreffamaa dhiyeessuu dhabuu	33
<b>BOQONNAA 3 ITTI GAAFATAMAA MANNI MURTII BAKKA BUUSE</b>	

Kwt.122 Tumaa Waliigalaa

Kwt.123 Itti gaafatamaa bakka bu‘eef oolmaa kaffalamu mana murtiitti qabsiisuu34

Kwt.124 Aangoo Itti gaafatamtoota bakka bu‘anii ..... 34

Kwt.125 Itti gaafatamtoota bukka bu‘an naqaashii dhiyeessisuun qorachuu fi jechasaanii fuudhuu..... 34

Kwt.126 Gareewan walfalmitootaa itti gaafatamaa bakka bu‘e duratti haala itti dhiyaatan ..... 34

**KUTAA-2 NAQAASHII ITTI GAFATAMAA BAKKA BU‘E DURATTI**

**DHIYAATANII GAAFATAMANII FI QORATAMAN**

Kwt.127 Itti gaafatamaa bakka bu‘ee muudame ..... 35

Kwt.128 Itti gaafatamtoonni bakka bu‘an hojii ajajaman xumuruu ..... 35

Kwt.129 Manneen murtii biyya alaa yeroo gaafatanitti aangoo bakka bu‘ummaa kennamu ..... 35

Kwt.130 Tarkaanfii manni murtii ol‘aanaa fudhatu ..... 36

Kwt.131 Tumaaleen kanaan olitti ilaalaman manni murtii biyya alaa dhimma gaafatuuf raawwatiinsa qabaatan..... 36

**KUTAA 3 DHIMMA RAGAA ILAALLATU IRRATTI TARKAANFII**

**DABALATAA ITTI GAAFATAMTOONNI BAKKA BU‘AN**

**FUDHATAN**

Kwt.132 Naannoo irratti argamuudhan qorannoo godhamu ..... 36

Kwt.133 Adeemsa itti gaafatamaan bakka bu‘e hojii itti kenname dalagu .....36

Kwt.134 Qorannoo herreegaa itti gaafamtoota bakka bu‘aniin taasifamu .....36

Kwt.135 Qorannoo Dabalataa ..... 37

Kwt.136 Beekaa addaa (Eksipartii) Muuduu ..... 37

**BOQONNAA-4 SANADOOTA DHIYEESSUU,SAAMSUUDHAAN YOOKAN  
KABAJUUDHAN AKKA TURU GOCHUU FI DEEBISUU**

Kwt.137 Ragaan barreeffamaa yeroo itti dhiyaatu..... 37

Kwt.138 Wanta falmicha hin ilaallanne yookan wanticha wajjin walitti dhufeenya hin qabne fuudhuu dhiisuu.....	38
Kwt.139 -Barreeffamoota ragaadhaf dhiyaatan irratti mallattoo gochuu.....	38
Kwt.140 Garagalcha barreeffamootaa irratti mallattoo godhamu .....	39
Kwt.141 Barreeffamoota fudhatama hin qabne irratti mallattoo godhamu.....	39
Kwt.142 Barreeffamoota manni murtii fudhatee fi dhorke galmeessuu.....	39
Kwt.143 Ragaan barreeffamaa kabajamee yookan Saamsamee akka taa‘u ajaja kennamu .....	39
Kwt.144 Ragaawan barreeffamaa ofirraa deebisuu.....	39
Kwt.145 Manni murtii tokko manneen murtii biroo yookan kutaa biraaj irraa galmee yookan sanada barreeffamaa gaafatu .....	39
Kwt.146 Tumaan sanadoota barreeffamaatif dubbatame wantoota gurguddoo ta‘an irratti raawwatiinsa akka qabu.40 BOQONNAA 5 DHORKAAWWANII FI <b>AJAJOUTA BIROO YEROOF KENNAMAN</b>	
<b>KUTAA 1 AJAJA HIDHAMIINSAA MURTIIN DURA KENNAMU</b>	
Kwt.147 Mana murtiitti dhiyaachuuf wabummaa kennamu .....	40
Kwt. 148 Hanga Maallaqaa Wabummaadhaf qabsiifamuu .....	41
Kwt.149 Wabummaa qabsiifame gadhiisifachuuf iyyata dhiyaatu .....	41
Kwt.150 Wabummaadhaaf qabeenya qabsiifamu yookan wabii biraaj kennuu diduu	41
<b>KUTAA 2 MURTIIDHAN DURA QABEENYI AKKA KABAJAMU GOCHUU</b>	
Kwt.151 Meeshaa yookan qabeenya barbaadame dhiyeessudhaaf wabummaa kennamu	
Kwt.152 Qabeenya kabachiisuu yookan qabsiisuu .....	42
Kwt.153 Qabeenya qabsiisuun yookan kabachiisuu bu‘aa hordofsiisu .....	42
<b>KUTAA 3 AJAJA DHORKAA YEROOF KENNAMU</b>	
Kwt.154 Haala ajajni dhorkaa yeroof itti kennamu.....	42
Kwt.155 Waliigalteen yookan dirqamni biraaj irra deebiin akka hin diigamne yookan akka diigamuuf tarkaanfiin fudhatame akka itti hin fufne ajaja dhorkaa kennamu	

.....	43
Kwt.156 Ajaja dhorkaa kabajuu dhabuu .....	43
Kwt.157 Beeksisa garee walfalmitootaa isa tokkoof kennamu.....	43
Kwt.158 Haala ajajni dhorkaa itti fooyya‘uu,ka‘u yookan haqamu .....	43
Kwt.159 Dhaabbattoota Daldalaa seeran hundeffaman irratti ajajni dhorkaa kennamu dirqisiisummaa hoji gaggeessitoota waldichaa irratti qabu.....	44
<b>KUTAA 4 AJAJA MURTIIDHAN DURA KENNAMU</b>	
Kwt.160 Falmiin yeroo adeemsarra jirutti wanti tokko akka gurguramu ajaja kennamu	44
Kwt.161 Qabeenya falmiin irratti ka‘e iddo tokko kaa‘uun eeguu,akka hin badne of eegganno gochuu fi to‘achuu, qorachuu.....	44
Kwt.162 Garee walfalmitootaa biraatiif beeksisa kennuu .....	44
Kwt.163 Gurgurtaa Dhorkuu.....	44
Kwt.164 Maallaqa mana murtii kaa‘amu .....	45
Kwt.165 Ajajoota biroo .....	45
<b>KUTAA 5 NAMA QABAA QABEENYAA TA‘U MUUDUU</b>	
Kwt.166 Namni qabaa qabeenyaa ta‘u haala itti Muudamu .....	45
Kwt.167 Kaffaltii qabaa qabeenyatiif kaffalamu .....	46
Kwt.168 Dirqamoota Qabaa qabeenyaa .....	46
Kwt.169 Adeemsa manni murtichaa qabaa dirqama isaa itti raawwachiisuu.....	46
<b>KUTAA 6 SAAMSUU FI TARREEFFAMA QABEENYAA QOPHEESSUU</b>	
Kwt.170 Qajeeltoo	
Kwt.171 Saamsamni akka godhamuuf iyyata dhiyaatu .....	47
Kwt.172 Galmeessuu.....	47
Kwt.173 Wantoota saamsamuu hin qabne .....	47
Kwt.174 Dhaamoo fi barreeffamoota biraa	
Kwt.175 Saamsamiinsa Kaasuu .....	48
Kwt.176 Tarreeffama mi‘ootaa fi qabeenyotaa qopheessuu .....	48

**KUTAA 7 SEERUMMAA FI ADEEMSA DIRQISIISUUN QABIINSI ITTI  
RAAWWATAMU**

Kwt.177 Iyyata sababa dirqisiifamanii qabamuun dhiyaatu .....	48
Kwt.178 Ajaja waamichaa akka dhiyaatuuf kennamu .....	49
Kwt.179 Dhimmicha dhaga‘uu,murtoo irratti kennuu fi haala dhiyeessa iyyatichaa	49
<b>BOQONNAA 6 WAA‘EE MURTII</b>	
<b>FI AJAJAA KUTAA 1</b>	

**TUMAALEE WALIIGALAA**

Kwt.180 Yeroo murtiin kennamu .....	49
Kwt.181 Haala fi akkaataa kenniinsa murtii .....	49
Kwt.182 Qabiyyee murtii .....	49
Kwt.183 Barreessa murtoo fi qabiyyee isaa .....	50
Kwt.184 Garagalcha murtii fi Ajajaa .....	51
<b>KUTAA 2 QAJEELFAMA MURTOO TOKKO TOKKORRATTI KENNAMAN</b>	
Kwt.185 Qabeenya socho‘aa dabarsuuf murtoo kennamu .....	51
Kwt.186 Yeroo yeroodhaan idaa kaffalamuuf murtoo kennamu .....	51
Kwt.187 Murtoo abbaa qabiyyummaa fi Bu‘aa seeran ala fudhatame ilaallatu....	51
Kwt.188 Herreega Adda baasuu .....	51
Kwt.189 Dhaabbatni daldalaa shaarikummaan hundaa‘e akka diigamuuf himannaa dhiyaate irratti ajaja kennamu	52
Kwt.190 Qabeenya qoddachuuf yookan Qabiyyee adda baafachuuf himannaa dhiyaatu .....	52
Kwt.191 Murtoo waldanda‘uu irratti ajaja kennamu.....	52

**BOQONNAA 7 TUMAALEE**

**ADDAA ADDAA KUTAA 1**

**DAANGAA YEROO FI**

**BEELLAMA**

Kwt.192 Daangaa yeroo herreeguu fi murteessuu .....	52
Kwt.193 Yeroo murtaa'e kabajuu .....	52
Kwt.194 Daangaa yeroo dheeressuu .....	53
Kwt.195 Yeroo daangeffame dabarsuu .....	53
Kwt.196 Daangaa yeroo haaraa kennuu.....	53
Kwt.197 Haala manni murtii yeroo murteessuun beellama itti kennuu danda'u..	53
Kwt.198 Bu'aa beellamni hordofsiisu .....	54
Kwt.199 Dhimma beellamichaaf sababa ta'e raawwachuu dhabuu .....	54
<b>KUTAA 2 WABUMMAA MAALLAQAA KISAARAA KAFFALUUF KENNAMU</b>	
Kwt.200 Haala himataan maallaqa kisaaraa akka qabsiisu itti gaafatamu .....	54
Kwt.201 Bu'aa dirqama wabummaa kennuu raawwachuu dhabuun hordofsiisu..	54
Kwt.202 Wabummaa yookan qabsiisa kisaaraa ol'iyyataan gaafatu.....	55
<b>KUTAA 3 JECHA KAKUU/AFFIDAAVIT/</b>	
Kwt.203 Qabxiwwan ijoon dhimmichaa jecha kakuutin akka mirkanaa'u gochuu	55
Kwt.204 Gareen jecha kakuu barreffamaan kenne akka dhiyaatu gochuu.....	55
Kwt.205 Daangaa wantoota jecha kakuutin kennamanii.....	55
Kwt.206 Abbaa aangoo jecha kakuu fuudhuu danda'u.....	56
<b>KUTAA 4 BU'AA ADEEMSA SEERAA HORDOFUU DHABUU</b>	
Kwt.207 Qajeeltoo.....	56
Kwt.208 Dogoggora sirreessuu .....	56
Kwt.209 Dhimma falmii keessatti adeemsan ala ta'e akka haqamu yookan cufamuuf iyyata dhiyaatu .....	56
Kwt.210 Iyyaticha murteessuu .....	56
Kwt.211 Ol'iyannoo .....	57
Kwt.212 Haala falmichi itti cimu .....	57
<b>KITAABA 4</b>	
<b>FALMIIWWAN IDILEE SADARKAA JALQABAATIN ILAALAMAN</b>	

**BOQONNAA 1 BU‘UURESSAA FI**

**DHIYEESSA HIMANNAA KUTAA 1**

**TUMAALEE WALIIGALAA**

Kwt.213 Himanni kan jalqabu iyyanni sababa himannaa ibsu yeroo dhiyaate ta‘uu	57
Kwt.214 Galmee himanni irratti galmaa‘u .....	58
Kwt.215 Abbaa seerummaaf maallaqa kaffalamu.....	58
Kwt.216 Dhiyeessa fi ibsa himannaa.....	58
Kwt.217 Himannichaaf wantoota ka‘uumsa ta‘an wal qabsiisuun dhiyeessuu.....	58
Kwt.218 Qabeenya hin sochoone deebisiisuuf himannaawwan wal qabatanii dhiyaatan	58
Kwt.219 Himannaa bulchitoonni qabeenya,raawwachiistonni dhaamoo fi dhaaltonni dhiyeessanii fi himannaa isaan irratti dhiyaatu .....	59
Kwt.220 Adeemsan ala walqabsiifamuun himatamuu mormuu .....	59
Kwt.221 Haala himannaan adda bahee itti ilaalamu .....	59
<b>KUTAA 2 BARREEFFAMA HIMANNAA FI DEEBII ITTISAA</b>	
Kwt.222 Qabiyyee himannaa barreffamaa	
Kwt.223 Barreffamoota fi ibsawan himannaa waliin dhiyaatan .....	60
Kwt.224 seerummaa gaafatamu tokko tokkoon ibsuu.....	60
Kwt.225 Falmichaaf wanta sababa ta‘e adda baasanii ibsuu.....	60
Kwt.226 Maallaqa gaafachuuf himannaa dhiyaatu gubbaatti ibsawan tarreffaman	61
Kwt.227 Baasii yeroo yeroon kaffalamuuf himannaa dhiyaatu .....	61
Kwt.228 Mirga hundeessisuu,kabachiisuu yookan haqsiisuu .....	61
Kwt.229 Reejistiraarri mana murtichaa yookan Muudamaan mana galmees himatni dhiyaatef fudhatama hin qabu jedhee deebisuu haala itti danda‘u.....	61
Kwt.230 Reejistiraarri mana murtichaa yookan Muudamaan mana galmees himannaa dhiyaatef fuudhuu haala itti danda‘u.....	61
Kwt.231 Haala manni murtii iyyata himannaa fudhatama itti dhabsiisu .....	62

Kwt. 232 Himannaan dhiyaate fudhatamu dhabuun yookan haqamuun bu‘aa hordofsiisu .....	62
Kwt.233 Himannaa garee falmii biroo qaqqabsiisuu .....	62
Kwt.234 Qabiyyee deebii ittisaa .....	63
Kwt.235 Haala ifa hin taanen yookan irraa goruun haaluu.....	63
Kwt.236 Gaaffii Waldanda‘uu himannaa kamiyyuu keessatti wantoota ibsamuu qaban	63
Kwt.237 Sababoota adda addaa irratti gaaffii waldanda‘uu fi deebii ittisaa dhiyaatu	63
Kwt.238 Deebii ittisaa qorachuu .....	64
Kwt.239 Falmiiwwan Dabalataa .....	64
Kwt.240 Sanadoota Barreeffamaa amansiisuudhaaf beeksisa kennamu BOQONNAA 2	
<b>WAA‘EE DHAGA‘A HIMANNAA</b>	
<b>KUTAA 1.HIMANNAAN YEROO JALQABA SAAQAMU ADEEMSA</b>	
<b>RAAWWATAMU</b>	
Kwt.241 Walfalmitoota qorachuu .....	64
Kwt.242 Wal amanuudhan murtii kennamu.....	65
Kwt.243 Ibsa .....	65
Kwt.244 Falmii irratti mormiiwwan sadarkaa duraa dhiyaatan .....	65
Kwt.245 Mormiiwwan dhiyaatan irratti murtii kennamu .....	66
Kwt.246 Ijoo Dubpii qabachuu.....	66
Kwt.247 Ijoo Dubpii hundeessuu .....	66
Kwt.248 Wantoota ijoon dubpii irraa hundaa‘u .....	67
Kwt.249 Haala Manni murtichaa ijoo osoo hin qabatin dura naqaashotaa fi ragaa barreeffamaa qorachuu itti danda‘u .....	67
Kwt.250 Himanna dhiyaate irratti sababa hammamtaa yookan gatii qabeenyichaatiin falmii ka‘u.....	67

Kwt.251 Haala manni murtichaa ijoowwan qabaman fooyyessuu yookan haquu itti danda‘u .....	67
Kwt.252 Haala gareewwan walfalmitootaa ijoo firii dubbii yookan seeraa irratti waliigaluudhan itti dhiyeeffatan .....	68
Kwt.253 Laphee qulqulluudhan bu‘uura waliigaltee godhameetin murtii manni murtichaan kennamu .....	68
Kwt.254 Gareewwan walfalmitootaa dhimmi isaan irratti adda bahan akka hin jirre yoo beekamutti murtii kennamu .....	68
Kwt.255 Himattoota fi himatamtoota wanta isaan wal falmisiisu qaban .....	69
Kwt.256 Ragaa dhiyeessuu dhabuun bu‘aa hordofsiisu .....	69
<b>KUTAA-2</b>	
<b>FALMII DHAGA‘UU FI NAQAASHOTA QORACHUU</b>	
Kwt.257 Waamicha .....	69
Kwt.258 Mirga himannaa saaquu fi falmii eegaluu .....	69
Kwt.259 Haasaa baniinsaa himannaa gochuu fi ragaa dhiyeessuu .....	70
Kwt.260 Ijoowwan baay‘ee irratti ragaa dhiyaatu.....	70
Kwt.261 Haala dhiyeessa ragaa.....	70
Kwt.262 Jecha naqaashii hiikuu .....	70
Kwt.263 Haala gaaffiin itti gaafatamu .....	70
Kwt.264 Haala manni murtichaa jecha naqaashota biroo fuudhuu itti danda‘uu.....	71
Kwt.265 Aangoo manni murtichaa jecha naqaashotaa battalatti fuudhuuf qabu ....	71
Kwt.266 Manni murtii naqaashota waamsisee irra deebidhaan qorachuu akka danda‘u .....	71
Kwt.267 Jecha ragummaa kennuudhaf eeyyamamaa ta‘uu dhabuu .....	71
Kwt.268 Seera kanaan naqaashotaaf tumaan dubbatame walfalmitoota waamichi ergameef irrattis raawwatamaa ta‘uu .....	72
Kwt.269 Jecha Naqaashii galmeessuu.....	72
Kwt. 270 Dhiyeessa gaaffii irratti mormii dhiyaatu galmeessuu.....	72

Kwt.271 Manni murtii biraan yookan abbaan seeraa biraan ragaa galmeesse .....	72
Kwt.272 Manni murtichaa qorannoo gochuu akka danda‘u.....	72
Kwt.273 Murtii .....	73
<b>BOQONNAA 3. FALMII ADDAAN KUTUU</b>	
KUTAA 1.Waliigaltee Araaraa fi himanna kaasuu.....	73
Kwt.274 Qajeeltoo.....	73
Kwt.275 Waliigaltee araaraa taasisuu .....	73
Kwt.276 Dhimmoota waliigalteen araaraa hammatu .....	73
Kwt.277 Waliigaltee Araaraa galmeessuu.....	73
Kwt.278 Eeyyama mana murtiitin himanna kaasuu yookan falmichaan ala ta‘uu	74
Kwt.279 Eeyyama mana murtiitin ala himanna dhiisuu(kaasuu) fi falmichaan ala ta‘uu .....	74
Kwt.280 Himannichaaf wanti sababa ta‘e addaan citee hafuu .....	74
<b>KUTAA 2 MAALLAQAA MANA MURTII KAA‘AMU</b>	
Kwt.281 Haala himatamaan maallaqa isarraa barbaadamu mana murtiitti qabsiisu	74
Kwt.282 Haala himatamaan maallaqa isarraa barbaadamu gartokkeen qabsiisu .	75
Kwt.283 Maallaqni qabame idaa hunduma kan haguugu ta‘uu amanee fudhachuu	75
<b>KITAABA 5 ADEEMSA ADDAA</b>	
<b>BOQONNAA 1. ADEEMSA SIRNA GABAABAA</b>	
Kwt.284 Iyyata gubbaatti ibsa addaa teessifamu .....	75
Kwt.285 Himatamaan dhiyaachuu dhabuudhan bakka inni hin jirretti murtii kennamu	76
Kwt.286 Dhiyaatee ofirraa ittisuuf eeyyamni akka kennamuuf iyyata dhiyaatu...	76
Kwt.287 Himatamaan ofirraa ittisuuf akka eeyyamamuuf iyyatni dhiyeeffate fudhatama yoo dhabe murtii kennamu.....	76
Kwt.288 Dhimmicha gartokkeedhan murteessuu.....	76
Kwt.289 Himatamaa tokko yookan himatamtoota baay‘ee irratti murtii kennamu	76
Kwt.290 Haala ofirraa ittisuun itti eeyyamamu.....	77

Kwt.291 Ajaja haala himannichi itti adeemsifamuuf kennamu .....	77
Kwt.292 Murtii dhorkuu.....	77
<b>BOQONNAA-2</b>	
<b>ITTI GAAFATAMUMMAA JALAA OF BAASUUUF MAGANATA DHIYAATU</b>	
Kwt.293 Hiikkoo .....	77
Kwt.294 Itti gaafatamummaa jalaa of baasuuf iyyata himanna dhiyaatu.....	77
Kwt.295 Wanta himannaan irratti dhiyaate mana murtii kaa‘uu.....	78
Kwt.296 Himanna himatarratti himatamaan dhiyeessu.....	78
Kwt.297 Beellama dhaga‘a duraa irratti adeemsa godhamu .....	78
Kwt.298 Kireeffattoonni,qotattoonni,bakka buutonni yookan eegdonni haala himanna itti gaafatamummaa jalaa of baasuu dhiyeessuu itti hin dandeenye	
Kwt.299 Mana galmeetti dabarsanii kennuu .....	79
<b>BOQONNAA 3 ADEEMSA</b>	
<b>SIRNA ARIITII KUTAA 1.</b>	
<b>TUMAALEE WALIIGALAA</b>	
Kwt.300 Daangaa raawwatiinsaa.....	79
Kwt.301 Haala himannaan itti dhiyaatu .....	79
Kwt.302 Haala iyyatichi fudhatama itti dhabuu.....	80
Kwt.303 Iyyaticha irratti murtii kennamu .....	80
Kwt.304 Sababa dhimma dursaatiif ajajoota kennamu .....	80
Kwt.305 Waraqaa mirkaneessaa kennuu .....	80
Kwt.306 Ol‘iyyata .....	81
<b>KUTAA 2. DHIMMOOTA ADDAA</b>	
Kwt.307 Walgahii waamuu .....	81
Kwt.308 Muudama .....	81
Kwt.309 Murtiiwan diiguu .....	81
Kwt.310 Iyyata akka gaggeeffamuuf,akka ittifamuuf fi diigamuuf dhiyaatu.....	82

Kwt.311 Shaarika yookan dhaabbata daldalaa diiguu.....	82
Kwt.312 Dhaabbata tola ooltummaatti makamuu .....	83
Kwt.312 Gaa‘ila Mormuu.....	83
Kwt.313 Iyyata dhorkama hambisuuf dhiyaatu.....	83
<b>BOQONNAA 4 JAARSUMMAA</b>	
Kwt.315 Qajeeeltoo.....	83
Kwt.316 Jaarsi araaraa haala mana murtiin muudaman .....	83
Kwt.317 Adeemsa raawwannaa murtii jaarsummaa.....	83
Kwt. 318 Jaarsa araaraan yookan jaarsummaa yaa‘ii firaatin murtoo yookan murtii kennamu .....	84
Kwt.319 Murtoo Raawwachiisuu fi Ol‘iyyannoo .....	84
<b>KITAABA 6</b>	
<b>OL‘IYYANNOO,MORMII YOOKAN MURTIIN AKKA FOOYYA‘U YOOKAN AKKA QULQULLAA‘U IYYACHUU</b>	
<b>BOQONNAA 1</b>	
<b>OL‘IYYANNOO KUTAA</b>	
<b>1.TUMAALEE</b>	
<b>WALIIGALAA</b>	
Kwt.320 Haala ol‘iyyanni itti eeyyamamu .....	85
Kwt.321 Manneen murtii ol‘iyyata fuudhuuf aangoo qaban.....	85
Kwt.322 Chilootii Majeestii Impaayeraa.....	85
Kwt.323 Yeroo ol‘iyyannoo fi adeemsa sirna dhiyeessa ol‘iyyannoo .....	86
Kwt.324 Yeroon erga darbeen booda akka banamuuf ol‘iyyata dhiyaatu .....	86
Kwt.325 Gaaffii eeyyamsiisa yeroon ol‘iyyannoo erga darbeen booda akka banamuuf ol‘iyyata dhiyaatu .....	86
Kwt.326 Iyyata dhiyaate irratti murtii kennamu.....	87
Kwt.327 Qabiyyee iyyata ol‘iyyannoo .....	87

Kwt.328 Sababoota irratti ol‘iyyannoo jechisiisan .....	87
Kwt.329 Wantoota haaraa fi falmiiwwan haaraa .....	88
Kwt.330 Iyyata ol‘iyyannoo haquu yookan fooyyessuu .....	88
Kwt.331 Himataa yookan himatamaan baayi‘nni isaanii tokkoo ol yoo ta‘e.....	88
<b>KUTAA 2 FALMIIN AKKA ITTI HIN FUFNEE FI RAAWWII MURTII DHORKUU</b>	
Kwt.332 Ajaja dhorkaa mana murtii ol‘iyyannoo dhaga‘uun kennamu .....	88
Kwt.333 Mana murtii sadarkaa duraa murtii kenneen ajaja dhorkaa kennamu .....	88
Kwt.334 Aangoo murtii dhorkuu Pireezidaantiin mana murtichaa qabu .....	89
Kwt.335 Sababa yookan haala murtii dhorkuuf dandeessisu .....	89
Kwt.336 Murtii raawwachuuuf wabii kennamu .....	89
<b>KUTAA 3 OL‘IYYANNOO FUUDHUU FI DHAGA‘UU</b>	
Kwt.337 Deebii kenna osoo hin waamin haala ol‘iyyanni itti haqamuu danda‘u	89
Kwt.338 Guyyaa ol‘iyyannoon itti dhaga‘amu murteessuu .....	89
Kwt.339 Falmicha kan eegal ol‘iyyataa ta‘uu .....	90
Kwt.340 Komii deebii kennaan ol‘iyyannicha irratti dhageessifatu.....	90
Kwt.341 Manni murtii ol‘iyyannoo dhaga‘u wanta ol‘iyyannoosisaaf dhiyaate haala mana murtii murticha kenneetti deebisuu.....	90
Kwt.342 Bu‘ura ragaa galmee keessa teessifameen murtii kennamu.....	91
Kwt.343 Manni murtii ol‘iyyannoo dhaga‘u ijoo dhimmichaa sirreessee haala mana murtii sadarkaa duraatiif itti deebisu .....	91
Kwt.344 Murtii mana murtichaa komachuu	
Kwt.345 Ragaa dabalataa .....	92
Kwt.346 Adeemsa fuudhinsa ragaa dabalataa.....	92
Kwt.347 Adeemsa kenniinsa murtii .....	92
Kwt.348 Aangoo mana murtii ol‘iyyannoo dhaga‘uu.....	92
Kwt.349 Wanta fudhatame deebisiisuuf maganata dhiyaatu .....	92

BOQONNAA 2 JAARSUMMAADHAN YOOKAN JAARSUMMAA YAA'II  
FIRAATIN MURTII KENNAME IRRATTI OL'IYYANNOO DHIYEESUU FI  
MURTICHA HAQSIISUU

Kwt.350 Gareewan walfalmitootaa fi Adeemsa raawwannaa isaa.....	93
Kwt.351 Sababoota ol'iyyannoo jechisiisan .....	93
Kwt.352 Mana murtii Ol'iyyannichi itti dhiyaatu.....	94
Kwt.353 Aangoo mana murtii Ol'iyyannicha dhaga‘uu .....	94
Kwt.354 Murtoon sun irra deebi‘ee akka ilaalamu deebisuu .....	94
Kwt.355 Jala murticha diiguu.....	94
Kwt.356 Wantoota dhiyeessa iyyatichaaf bu‘uura ta‘an .....	95
Kwt.357 Murtii iyyaticha irratti kennamu.....	95

BOQONNAA 3 MORMII

Kwt.358 Gareewan mormii dhiyeessuu danda‘an .....	95
Kwt.359 Haala mormiin ittiin dhiyaatu .....	95
Kwt.360 Bu‘aa mormiin hordofsiisu .....	95

BOQONNAA 4. MURTII QULQULLEESSUU

Kwt.361 Iyyannoo murtiin akka qulqullaa‘uf dhiyaatu .....	96
Kwt.362 Baasii fi kisaaraadhaaf wabii kennamu .....	96
Kwt.363 Iyyannoo Fuudhuu .....	96
Kwt.364 Beeksisa kennuu .....	97
Kwt.365 Ajaja dabalataa wabii fi qabsiisa baasiitiif kennamu.....	97
Kwt.366 Akkaataa ajajichaatin raawwachuu dhabuu.....	97
Kwt.367 Iyyannich hanga dhaga‘amutti ajaja kennamu.....	97
Kwt.368 Wabiin yookan qabsiisni dabalataa akka kennamu gochuu .....	98
Kwt.369 Haala ajajni yookan murtoon dhaddachaa itti raawwatamu .....	98
Kwt.370 Raawwachiisa .....	98

KITAABA 7 RAAWWACHIISA MURTII

**BOQONNAA 1. MURTIIWWAN DAANGAA ITOOPHIYAA KEESSATTI  
KENNAMAN RAAWWACHIISUU KUTAA 1. MURTII MANNEEN MURTII  
RAAWWACHIISAN**

Kwt.371 Qajeeltoo.....	99
Kwt.372 Murtiin akka raawwatamu ajaja dabarsuu .....	99
Kwt.373 Yeroo ajajni raawwachiisa murtii kennamu adeemsa hordofamu .....	99
Kwt.374 Murtii akka raawwachiisuuf manni murtii ajajame aangoo qabu .....	100
Kwt.375 Mana murtii murticha raawwachiisuun wantoota ilaalamani .....	100
Kwt.376 Raawwachiisa murtii dhorkuu .....	100
Kwt.377 Murtii abbaa mirgaa irratti himannaan dhiyaate hanga murtii argatutti ajaja dhorka murtii kennamu KUTAA 2	
<b>IYYATA MURTII RAAWWACHIISUUF DHIYAATU FI ADEEMSA RAAWWACHIISA MURTII</b>	
Kwt.378 Qabiyyee iyyatni raawwii murtii of keessatti qabatu.....	101
Kwt.379 Qabeenyi akka kabajamuuf iyyata dhiyaatu irratti wantoota ibsaman .	101
Kwt.380 Murtii namoota tokkoo ol ta‘aniif kennname raawwachiisuuf iyyata dhiyaatu	102
Kwt.381 Namni faayidaan murtiidhan murtaa‘e dabarfameef iyyata dhiyeessu..	102
Kwt.382 Wabiin yookan qabsiifni dirqama seene akka raawwatu gochuu.....	102
Kwt.383 Iyyannoo bulchitoota qabeenyaa yookan dhaaltota irratti murtiin akka raawwatamu dhiyaatu .....	103
Kwt.384 Raawwachiisni murtii haala darbiinsa yeroon dhorkamu .....	103
Kwt.385 -- Adeemsa kenniinsa murtoo iyyata raawwii .....	103
Kwt.386 -- Murtii abbaa idaa qorachuu .....	103
Kwt.387 -- Haala ajajni hidhamiinsaa itti kennamu.....	104
Kwt.388 --Wantoota ajaja hidhamiinsaa irratti raawwataman .....	104
Kwt.389 -- Haala ajajni mana turmaataa itti kennamu.....	104
Kwt.390.-- Hidhaa irraa gadi dhiisuu .....	104

Kwt.391-- Qabiinsa fi qabamanii gadhiifamuun bu‘aa hordofsiisu .....	105
Kwt.392 -- Murtiin akka raawwatamuuf ajaja kennamu .....	105
Kwt.393 -- Ibsa/ Addeessa/ Raawwii .....	105
<b>KUTAA 2 MALA RAAWWII</b>	
<b>KUTAA XIQQAA 1. TUMAALEE WALIIGALAA</b>	
Kwt.394-- Maallaqni akka kaffalamuuf murtoo yookan murtii kennamu .....	105
Kwt.395 -- Haala/Mala/ maallaqni itti kaffalamu .....	106
Kwt.396 –Mana murtiin alatti murtii abbaa mirgaatif kaffaluu .....	106
Kwt.397-- Gareewan walfalmitoota lamaanuu murtii abbaa mirgaa yeroo ta‘anitti adeemsa raawwatamu.....	106
Kwt.398 – Himanna tokko keessatti gareen walfalmitootaa lamaanuu murtii abbaa mirgaa yeroo ta‘anitti adeemsa raawwatamu.....	106
Kwt.399 -- Qabeenya socho‘aa adda bahee barame irratti murtoo kennamu .....	107
Kwt.400 – Murtoo fi dhorka adda bahee raawwatamu.....	107
Kwt.401 – Sanadni barreffamaa akka mallattaa‘u yookan mirkanaa‘u yookan sanadootni maallaqaa naanna‘anii fi daddabarsaman irratti akka mallattaa‘an murtii yookan ajaja kennamu .....	107
Kwt.402 -- Qabeenya hin sochoone irratti murtoo kennamu .....	107
Kwt.403. --Qabeenya quoduu .....	108
<b>KUTAA XIQQAA 2. KABACHIISA QABEENYAA</b>	
Kwt.404. -- Qabeenya hin kabajamnee fi sababa raawwiif hin fudhamne.....	108
Kwt.--405 Maallaqni kaffalamu murtaa‘ee kan hin beekamne yoo ta‘e hanga qabeenya kabajamu .....	108
Kwt.406.-- Biqila maasii qonnaa irra jiruutin ala haala qabeenyi socho‘aan biraat qabsiifamu fi kabajamu .....	109
Kwt.407 -- Biqilli maasii irraa haala itti kabajamu fi qabsiifamu .....	109

- Kwt.408 -- Biqilawwan qabsiifaman yookan kabajaman irratti tumaalee raawwataman 109
- Kwt.409 -- Qabeenyi murtii abbaa idaa harka hin jirre haala itti kabajamu yookan qabsiifamu ..... 110
- Kwt.410 -- Mirga qabeenya socho‘aa keessaa qooda qabu kabachiisuu fi qabsiisuu 111
- Kwt.411—Mindaan haala itti qabsiifamu ..... 111
- Kwt.412 -- Sanadni maallaqaa daddabarsamu haala itti qabsiifamuu fi kabajamu 111
- Kwt.413 -- Qabeenyi mana murtii yookan mana hojii mootummaa harkatti argamu 111  
haala itti qabamuu fi kabajamu ..... 111
- Kwt.414 -- Qabeenyi hin sochoone haala itti qabamuu fi kabachiifamu ..... 111
- Kwt.415 -- Qabeenyi qabame yookan kabajame haala itti gadi dhiifamu ..... 112
- Kwt.416 -- Maallaqa callaa yookan qarshiin akka kaffalamuuuf ajaja kennamu .... 112
- Kwt.417 -- Iyyata qabeenyi akka qabamuuf dhiyaatu irratti murtii kennamu ..... 112
- KUTAA XIQQAA 3**
- IYYANNOO GAREE MIRGAN QABA JEDHEE IYYATEE FI MORMII**  
**WALFALMITOONNI MIRGUMA KANA IRRATTI DHIYEESSAN**  
**QORACHUU**
- Kwt.418.-- Qabeenya qabame yookan kabajame irraa mirgan qaba warri jedhan maganata dhiyeessan qorachuu 112
- Kwt.419 -- Iyyaticha yookan mormicha dhiyaate irratti murtii kennamu ..... 112
- Kwt.420. --Qabeenya qabamu yookan kabajamu irratti mirga gareewwan sadaffaan qaban akkuma  
eegametti ta‘ee,sirni qabiinsaa yookan kabachiisuu haala itti fufamu..... 112
- Kwt. 421 -- Qabeenya qabame yookan kabajame irraa mirga qabu beeksisuuf himannaa dhiyaatu ..... 112
- KUTAA XIQQAA 4**
- RAAWWACHIISA MURTIITIIF ADEEMSA GURGURTAQABEENYAA**
- Kwt.422 -- Qabeenyi qabame yookan fuudhame akka gurguramu ajajuu ..... 113

Kwt.423 -- Gurgurtaan caalbaasii godhamuu isaa uummata beeksisuu.....	114
Kwt.424 – Gurgurtaan akka godhamu iyyata dhiyaatu.....	114
Kwt.425 -- Haala beeksisni itti kennamu .....	114
Kwt.426 – Yeroo gurgurtaan itti raawwatamu .....	115
Kwt.427 – Haala gurgurtaan caalbaasii itti dhaabbatu yookan addaan citu.....	115
Kwt.428 -- Beeksisni caalbaasii lammafaan haala itti bahu.....	115
Kwt.429- Qabeenya caalbaasiidhaan bitate gatii isaa osoo hin kaffalin yookan dirqama isaa osoo hin raawwatin bitataa hafe qabeenyichi caalbaasii lammataan yoo gurguramu maallaqa hir‘ateef itti gaafatatummaan haala itti gaafatamu .....	115
Kwt.430 -- Murtii abbaan mirgaa qabeenya caalbaasiidhaan gurguramu eeyyamsiisa malee bituu kan hin dandeenye ta‘uu isaa .....	116
Kwt.431. – Gurguraan caalbaasii yookan abbaan aangoo murticha akka raawwachiisu ajajame kamiiyuu caalbaasiidhaan dorgomuu fi qabeenyicha bituun kan dhorkame ta‘uu .....	116
<b>KUTAA XIQQAA 5 QABEENYA SOCHO‘AAN HAALA ITTI GURGURAMU</b>	
Kwt.432.-- Midhaan maasii irraa haala itti gurguramu .....	116
Kwt.433 -- Tumaalee addaa midhaan biqila ta‘aniif raawwatamu.....	117
Kwt.434 – Waa‘ee sanadoota maallaqaa naanneffamanii fi Aksiyoonota dhaabbata daldalaa .....	117
Kwt.435.--Adeemsi gurgurtaa sirnaan raawwatamuu dhabuun haala itti gurgurticha hambisu .....	117
Kwt.436 –Qabeenya socho‘aa,idaa fi Aksiyona bitataadhaf fuudhanii dabarsuu .	117
Kwt.437 -- Sanadoonni maallaqaa daddabarsamanii fi Aksiyoononni haala itti naanna‘an .....	118

Kwt.438 -- Qabeenyi biraan kamiyyuu haala itti dabarsamu .....	118
<b>KUTAA XIQQAA 6. HAALA QABEENYAN HIN SOCHOONE ITTI GURGURAMU</b>	
Kwt.439 – Murtii abbaan idaa maallaqa isatti murtaa‘e hanga qopheessutti gurgurtaa tursiisuu .....	118
Kwt.440 --Qabsiisa bitataan lafa kaa‘uu fi maallaqa guutuu kaffaluu dhabuu isaatiin gurgurtaa godhamu.....	119
Kwt.441 --Yeroo gatichi guutummaan itti kaffalamu .....	119
Kwt.442 -- Gatichi osoo hin kaffalamin yeroo hafetti adeemsa raawwatamu .....	119
Kwt.443 -- Qabeenya hin sochoone irraa mirga kamiiyyuu nama qabuuf mirga dursaa kennamu .....	119
Kwt.444 -- Gurgurtaan akka kabajamuuf yookan akka hafuuf iyyata dhiyaatu.....	119
Kwt.445 --Adeemsi gurgurtichaa karaa sirrii hin taanen yookan gowwoomsaa/sobaan/ raawwatameera jechuudhan akka diigamu yookan akka dhorkamuuf iyyata dhiyaatu .....	119
Kwt.446 -- Qabeenya gurgurame irraa murtii abbaa idaan mirga kan hin qabne ta‘uun isaa yeroo barametti haala gurgurtaan sun itti diigamu .....	120
Kwt.447 – Gurgurtaan sun haala itti ragga‘u yookan itti haqamu .....	120
Kwt.448 -- Qabeenya murtii abbaa idaa harka jiru irraa fuudhuu.....	120
Kwt.449 -- Qabeenya Kireeffataa harka jiru irraa fuudhuu .....	120
<b>KUTAA 4.</b>	
<b>DABARSANII KENNUU MORMUU YOOKAN DIDUUDHAN OFIRRAA DHOOWWUU</b>	
Kwt.450. – Qabeenya hin sochoone dabarsuu diduu fi gufachiisa uumuu .....	121
Kwt.451.-- Gufachiisaa fi gocha mormii murtii abbaan idaa uumu.....	121
Kwt.452 --Laphee qulqulluudhan ani abbaa mirgaati jechuun nama dabarsee kennuu mormu .....	121

Kwt.453 -- Murtii abbaa mirgaatin yookan bitataadhan gocha qabiyee gadi dhiisisuu raawwatamu.....	121
Kwt.454 --Dubbichi murtiidhan hanga murtaa‘utti garee mirgi dabarsameef irratti tumichi kan hin raawwatamne ta‘uu isaa .....	121
Kwt.455 – Raawwatiinsa ajajichaa.....	122
<b>BOQONNAA 2</b>	
<b>MURTIIN YOOKAN AJAJNI BIYYA ALAATTI KENNAME HAALA ITTI RAAWWATAMU</b>	
Kwt.456 – Qajeeltoo.....	122
Kwt.457 – Qabiyee iyyannichaa.....	122
Kwt.458 –Haalawan iyyannichi itti eeyyamamu.....	123
Kwt.459 -- Adeemsa raawwii isaa.....	123
Kwt.460- Murtoo.....	123
Kwt.461. – Araaraan yookan waliigalteedhan biyya alaatti ajaja murtii jaarsummaatiin kennname haala itti raawwatamu.....	123
<b>KITAABA 8. BAASII FI</b>	
<b>KISAARAA KUTAA 1.</b>	
<b>TUMAALEE WALIIGALAA</b>	
Kwt.462 – Aangoo mana murtii.....	123
Kwt.463 – Tarreffama baasii fi kisaaraa.....	123
Kwt.464 – Haala herreegni baasii itti qoratamu.....	124
Kwt.465 – Beenyaan sababa itti kaffalamu .....	124
Kwt.466 -- Ol‘iyyannoo .....	125
<b>BOQONNAA 2.</b>	
<b>ABBAAN SEERUMMAA OSOO ITTI HIN KAFFALAMIN HIMANNAA</b>	
<b>BILISAAN DHIYAATU/ HIMANNAA HIYYEESSAN DHIYAATU/</b>	

Kwt.467 – Himannoowwan bilisaan banaman.....	125
Kwt.468 –Firiwwan dubpii iyyannoo dhiyaatu irratti ibsaman.....	125
Kwt.469 – Haala iyyataan yookan bakka bu‘aan isaa itti gaafatamu.....	125
Kwt.470– Haala iyyannichi fudhatama itti dhabu.....	125
Kwt.471-- Kaffaltiin abbaa seerummaa osoo itti hin kaffalamin gal mee himanna bilisaa banuuf	
gaaffii dhiyeesse haala manni murtichaa itti qoratu .....	126
Kwt.472 – Adeemsa fuudhiinsa ragaa.....	126
Kwt.473 –Himanni bilisaan dhiyaatu fudhatama yeroo argatee adeemsa raawwatamu	126
Kwt.474 – Yeroo turmaataa waraqaa ragaa mana murtiin kennamee.....	126
Kwt.475 --Hiyyeessi kaffaltii abbaa seerummaa osoo hin kaffalin akka falmatu eeyyamameef haala	
mirga bilisaan falmachuu itti dhabu.....	127
Kwt.476 —Hiyyeessi bilisaan akka falmatu eeyyamameef yeroo falmicha mo‘ate adeemsa raawwatamu.....	127
Kwt.477— Abbaa seerummaa osoo hin kaffalin bilisaan falmachuuf iyyannoon lammata dhiyaatu fudhatama kan hin qabne ta‘uu isaa .....	127
Kwt.478 -- Namni abbaa seerummaa bilisaan akka falmatu eeyyamameef qabeenya yookan maallaqa yeroo argatetti adeemsa raawwatamu.....	128
Kwt.479 – Baasiwwan adda addaa.....	128
Kwt.480- Mana murtii kabachiisuuf aangoo kennamu .....	128
Kwt.481- Dhimmoota biroo kallattiin murtaa‘uu danda‘an .....	128
Kwt.482- Dambiwwan .....	128
Kwt.483-Aangoo dambiwwan baasuu ministeerichi qabu.....	130

-----  
-----  
**SAGANTAAWWAN BU'UURA SEERA ADEEMSA HARIIROO  
HAWAASAATIIN BAHAN KEESSATTI UNKAALLEE ARGAMAN**

Sagantaa tokkoffaa - unkaalee dhiyeessa  
himanna Sagantaa lammaffaa  
unkaalee raawwii adeemsaa Sagantaa  
sadaffaa                  unkaalee akaakuu adda  
addaa Sagantaa afraffaa                  unkaalee  
raawwii ajajaa fi murtii  
Sagantaa shanaffaa      unkaalee tarkaanfiwwan  
dabalataa raawwachuuuf Sagantaa jahaffaunkaalee  
ol'iyyannoo

KEEWWATTOOTA SEERAAN UNKAALEEF BU'UURA TA'AN



Keewwata seerichaa	Lakkoofsa sagantaa fi unkichaa	Dhimmicha
40(2)	Sagantaa 2ffaa,unka 1	Nama himataatti dabalamuuf beeksisa
40(5)	sagantaa 2ffaa,unka 2	darbu Nama himatamaatti dabalamuuf
50	sagantaa 2ffaa,unka 3	beeksisa darbu Bakka bu‘aa himatamaa
70	sagantaa 2ffaa,unka 4	du‘eef waamicha ergamu Beeksisa
80	sagantaa 1ffaa,unka	himatamaaf
92	A-D sagantaa	Qabiyyee falmii barreffamaa
94	1ffaa,unka E sagantaa	Jecha himannaa dhiyaate
96(1)	2ffaa,unka 5	mirkaneessuu Waamicha himatamaan
104	sagantaa 2ffaa,unka 6	akka dhiyaatuf ergamu
107(1)	sagantaa 2ffaa,unka 7	Sirreffamaa yookan miseensa humna waraanaa akka qaqqabuuf ajaja
	sagantaa 2ffaa,unka 8	waamichaa ergamu
109		Waamichi yeroo deebi‘utti teessoo waamichaa
111 fi 114	sagantaa 2ffaa, unka 9	wajjin ergamu,mallattoo,jecha kakuu
118(2)	sagantaa 2ffaa, unka	Waamicha aangoo mana murtii biraa jala iddo
120(2)	10 sagantaa 2ffaa,	jirutti kennuuf ajaja darbu
121	unka 11 sagantaa	Waamichi tajaajilaa uummataa akka qaqqabuuf
122	2ffaa,unka 12	ajaja darbu Waamicha naqaashiidhaf ergamu
127	sagantaa	Naqaashiin akka qabamuuf ajaja
132 fi 134	2ffaa,unka 13	darbu Nama mana sirreessaa
	sagantaa 3ffaa,	turuuf ajaja darbu Nama mana
	unka 1 sagantaa	sirreessaa turuuf ajaja darbu
147	3ffaa, unka 2	Xalayaa gaaffii
148	sagantaa	Jecha naqaashii fuudhuuf aangoo
149	3ffaa,unka 3	kennamu Dhimmichi iddo jirutti akka

		qoratamuu fi qorannoon herreegaa akka godhamuuf aanoo kennamu
150	sagantaa 2ffaa, unka	
151 fi 152	14 sagantaa 3ffaa,unka	Ajaja murtiin dura nama qabamuu
151	4 sagantaa 2ffaa, unka	Namni mana murtiin qabame akka dhiyaatuuf
154	15	qabsiisa kenu Wabummaan isaa akka irraa bu‘uuf wabiin iyyata yeroo dhiyeessetti
166	sagantaa 2ffaa,	himatamaan akka dhiyaatuf ajaja waamichaa
168	unka 16 sagantaa	Ajaja nama mana sirreessaa turuu
202	3ffaa,unka 5	Qabeenya murtiin dura qabamu
223	sagantaa 3ffaa,	Qabsiisa qabeenya kabachiisuuf
240	unka 6 sagantaa	kennamu Ajajoota dhorkaa yeroof
252	3ffaa, unka 7	kennaman Fudhataa muuduu
261 fi 262	sagantaa	Sanada mirkaneessa idaa fudhataan
265	3ffaa,unka 8	kenu Qabsiisa baasii ol‘iyyannoof
281	sagantaa 3ffaa,	kennamu Tarreeffama miiltoowwanii
285	unka 9 sagantaa	Jecha amansiisa sanadootaa akka kenu beeksisuu
	3ffaa, unka 10	Ijoowan murtiin ilaalamaniif waliigaltee
335	sagantaa 1ffaa,F	abbootiin dhimmaa taasisan
336	sagantaa	Haala dhiyeessa naqaashii fi jecha kennuu
338	3ffaa,unka 11	Daangaa aangoo mana murtii gadhiisee deemuuf
	sagantaa 3ffaa,unka 12	naqaashiin dhiyaate akka gaafatamu beeksisa
372	sagantaa	abbootii dhimmaaf kennamu Maallaqa mana
	3ffaa,unka 13	murtiitti kaffalameef beeksisa darbu
	sagantaa 3ffaa,	Himannaan bu‘uura sanada naanna‘aaf dhiyaateef
	unka 14	waamicha darbu
		Ajajni dhorkaa raawwii murtii akka darbuuf

	<p>sagantaa 3ffaa, unka 15 sagantaa 2ffaa,unka 17</p> <p>sagantaa 3ffaa,unka 16 sagantaa 3ffaa,unka 17 sagantaa 2ffaa,unka 18</p> <p>sagantaa 4ffaa,unka 1</p>	<p>qabsiisa kennamu Dhimmichi ol‘iyyannoo irra osoo jiruu qabsiisa kennamu Ol‘iyyannoonaan akka dhaga‘amuuf guyyaa murtaa‘etti akka dhiyaatuf deebii kennaabeksisu Ajaja mana murtii akka raawwachiisu mana murtii biraatif</p>
--	--	---



		ajaja darbu
373	sagantaa 4ffaa,unka 2	Murtiin raawwatamuu dhabuun mirkaneessa
381(3)	sagantaa 4ffaa,unka 3	kennamu Murtiin sababni hin raawwatamneef yoo jiraate akka ibsamu beeksisu
382	sagantaa 4ffaa, unka 4 sagantaa	Qabsiisa bu‘uura murtichaan idaa gaafatamuutif beeksisa ergamu
388	4ffaa,unka 5	Ajaja mana murtii namni hin raawwanne akka
389	sagantaa 4ffaa,unka 6	qabamu ajaja kennamu
390	sagantaa 4ffaa, unka 7 sagantaa	Murtii abbaan idaa mana sirreessaa akka turuuf ajaja darbu
393	4ffaa, unka 8 Sagantaa 4ffaa, unka 9	Sababa raawwii murtiitiin namni hidhame akka gadhiifamu ajaja darbu
396(2)	sagantaa 4ffaa,unka 10	Mirkaneessa murtiin raawwii dhabuun kennamu
399	Sagantaa 4ffaa,unka 11	Raawwii murtiif qabeenyi socho‘aan akka qabamuuf ajaja darbu
401(2)	Sagantaa 4ffaa, unka 13 Sagantaa	Maallaqni kaffalame yookan herreegni sirreeffame kaffalamuu isaa yookan
402	4ffaa, unka 14 sagantaa	sirreeffamuun isaa mirkanaa‘ee sababni hin galmoofnef yoo jiraate akka ibsamuuf beeksisa ergamu Qabeenya socho‘aa murtiin irratti
409	4ffaa,unka 15	kennname akka qabamuuf ajaja darbu
411	Sagantaa 4ffaa,unka 16 sagantaa 4ffaa,	Sababni mormii wixinee sanadaa yoo jiraate akka ibsamuuf beeksisa darbu Lafa yookan qabeenya hin sochoone biraa akka

412	unka 17	kennisiisu raawwachiisaa murtiif ajaja darbu
413	sagantaa 4ffaa, unka 18	Qabeenyi murtii abbaa idaa harka hin jirre akka qabamuuf ajaja darbu
414		Mindaan akka qabamuuf ajaja darbu
416	sagantaa 4ffaa, unka 19 Sagantaa	Sanadni naanna‘aan akka qabamuuf ajaja darbu
418	4ffaa,unka 20	Qabeenya harka mana murtii yookan abbaa aangoo mootummaa jiru akka
422	sagantaa 4ffaa,	qabamuuf ajaja darbu Qabeenyi hin
423	unka 21 sagantaa	sochoone akka qabamuuf ajaja darbu
425	4ffaa,unka 22	Maallaqni nama sadaffaa harka jiru akka kaffalamu ajaja darbu Abbaa mirgaa qabeenya qabsiisef beeksisa darbu
429	sagantaa 4ffaa, unka 23	Qabeenyi qabame akka gurguramuuf ajaja darbu Ibsa haala gurgurtaa
436	sagantaa 4ffaa,unka 24	Haalli gurgurtaa akka ibsamuuf ajaja darbu
439	sagantaa 4ffaa,unka 25	Waraqaa ragaa qabeenyichi yeroo guguramu gatiin hir‘ateef kennamu
447	sagantaa 4ffaa,unka 26	Qabeenya socho‘aa raawwii murtiif gurgurame nama qabatee jiruuf beeksisa ergamu
448	sagantaa 4ffaa,unka 27	Qabeenyi qabsiisa yeroo dheeraan akka qabamu,akka kireeffamu yookan guguramu yeroo eeyyamamutti waraqaa ragaa kennamu
	sagantaa 4ffaa,unka 28	Gurgurtaan akka hin dhorkamne sababni mormii yoo jiraate akka ibsamuuf beeksisa ergamu

		<p>Qabeenyaan hin sochoone gurgurame bitataadhaaf akka darbu</p>
--	--	--

450	sagantaa 4ffaa,unka 29	ajajuu Raawwii murtii gufachiisuun namni himatame
451	sagantaa 4ffaa,unka 30	dhiyaatee deebii akka kenuuf waamicha ergamu
468	sagantaa 4ffaa,unka 31	Ajaja nama mana sirreessaa turuu
471	sagantaa 3ffaa,unka 18	Dambii hiyyummaatin himanna dhiyeessuuf
	sagantaa 3ffaa,unka 19	iyyata dhiyaatu Ragaa himanna dambii hiyyummaatin dhiyaate dhaga‘uuf guyyaa murtaa‘e beeksisuu

## Unkaalee Dabalataa

Tartiiba lakkoofsaa	Dhimmicha
1ffa	Dhaamoon akka mirkanaa‘u fi qabeenyi akka qoodamuuf
a	maganata dhiyaatu Dhaaltota seeraa ta‘un isaanii akka
2ffa	mirkanaa‘u fi ajajni qoodinsa qabeenyaa akka
a	raggaasifamuuf maganata dhaaltonni dhiyeessan
3ffa	Dhaaltummaa dhaamoof manni murtii qulqulleessaa
a	herreegaa akka muuduuf iyyata dhiyaatu
4ffa	Dhaaltummaa dhaamoo maleef manni murtii qulqulleessaa
a	herreegaa akka muuduuf maganata dhiyaatu
5ffaa	Mormiin yoo jiraate akka dhiyaatuf beeksisa darbu

**SAGANTAA 1FFAA - UNKA DHIYEESSA HIMANNAA (KWT.80)**

**A) Mata duree himanna**

Mana murtii ..... tiif

Himataan: Obbo/Aadde (yookan maqaa kabajaatin) (Ibsa barbaachisaa fi teessoo jirenyaa itti dabaluu)

Himatamaan: Obbo/Aadde (yookan maqaa kabajaatin)...(ibsa barbaachisaa fi teessoo jirenyaa itti dabaluu)

**B) Dhimmoota adda bahanii beekaman irratti ibsa gareewwan**

walfalmitootaa adda baasu Mootummaa Itoophiyaa.....

Abbaa Alangaa Waliigala.....

Waldaa Aksiyoonaa..... mana galmeessaa tti galmaa‘eef

Obbo /Aadde (yookan maqaa kabajaatin).....qondaala kubbaaniyyaa tif

Obbo/Aadde (yookan maqaa kabajaatin) mataa isaa fi kanneen biroo... maqaa maallaqa  
biraa qabaniin

ta‘ee ( Ibsa barbaachisaa fi teessoo jirenyaa itti dabaluu)

Obbo/Aadde(yookan maqaa kabajaatin).....mataa isaa fi kanneen biroon itti gaafatamummaan isaa murtaa‘ee kubbaaniyyaa.....qooddi qabaniif waraqaan ragaa maqaa kenneef ta‘ee (Ibsa barbaachisaa fi teessoo jirenyaa itti dabaluu)

Obbo/Aadde (yookan maqaa kabajaatiin)....guddistuu nama umuriin gaa‘ila hin geenye Obbo/Aadde (yookan maqaa kabajaatin) (Ibsa barbaachisaa fi teessoo jirenyaa itti dabaluu)

Obbo/Aadde (yookan maqaa kabajaatin) (Ibsa barbaachisaa fi teessoo jirenyaa itti dabaluu)

Obbo/Aadde (yookan maqaa kabajaatin) Dubbi fixaa dambiidhan beekame (Ibsa barbaachisaa fi teessoo jirenyaa itti dabaluu)

Waldaa daldalaa..... hojii daldala shaarikummaa tti hojjatuuf

Obbo/Aadde (yookan maqaa kabajaatiin).....raawwachiisaa dhimma du‘aa (Ibsa barbaachisaa fi teessoo jirenyaa itti dabaluu)

Obbo/Aadde (yookan maqaa kabajaatiin).....dhaaltuu du‘aa... (ibsa barbaachisaa fi teessoo jirenyaa itti dabaluu)

**C)IYYANNOO HIMANNAA**

**LAKK-1. MAALLAQALIQAADHAAN KENNAME**

Himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata;:-

1ffaa. Gaafa guyyaa.....bara....B.F kaffaluuf gaafa

guyyaa.....bara.....B.F himatamaadhaf qarshii....liqeessefii ture.

2ffaa. Himatamaan gaafa guyyaa...bara ....B.F qarshii.... kaffaleen ala liqicha hin kaffalle. (Himatichi darbiinsa yeroo kamiiyuu irraa ani bilisa jedha yoo ta‘e,kunumti haa ibsamu)

3ffaa. Himataan gaafa guyyaa....bara...B.F irraa hanga gaafa guyyaa.....bara....tti

umuriin isaa itti gaafatamummaaf hin qaqqabne (yookan sammun isaa sirrii hin turre) ture.

4ffaa. Yeroo himanna dhiyeessuun barbaachisaa itti ta‘ee fi manni murtii dhimmicha ilaaluuf aangoo kan qabu ta‘uu ragaalee ibsan)

5ffaa. Dhimmi himannaan irratti dhiyaate aangoo mana murtiif jedhamee yoo herreegamu qarshii....,abbaa seerummaaf jedhamee yoo herreegamu immoo qarshii .....dha.

6ffaa. Himataan gaafa guyyaa....bara.... B.F irraa eegalee dhala herreegaa... dhibbaa wajjin ....akka kaffalamuuf ni gaafata.

#### **LAKK-2 MAALLAQI IRRA DARBEE KAFFALAME**

Himataan armaan olitti maqaan isaa ibsame kan kanatti iyyata;—

1ffaa. Gaafa guyyaa....bara....B.F ... himataan buna farasullaa... gatiin farasullaa tokkoo herreega

maallaqa Itoophiyaatin qarshii callaa....tin bituuf himatamaanis gurguruuf waliigalan.

2ffaa. Gatii madaalchisaa himatamaan kaffalee dabiloota obbo (yookan maqaa kabajaatin)...tokko tokkoo farasullaa madaaluun 100Kg ta‘uu isaanii yoo ibsu bu‘uruma sanaan himataan qarshii..... himatamaadhaf kaffale.

3ffaa. Madaalli tokko tokkoo farasullaa 90Kg qofa ta‘e,kanas himataan yeroo maallaqa kaffalu kan hin barre ture.

4ffaa. Haala kanaan maallaqa irra darbee kaffalame himatamaan hin deebifne. (Bu‘ura unka 1,tartiiba laccoofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu fi gaafficha iyyachuu)

#### **LAKK-3 GATII MURTAAN MI‘OOTA GURGURAMANII FI BITATAAN FUDHATE**

Himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata.

1ffaa. Gaafa guyyaa....bara....B.F Obbo (yookan maqaa kabajaatin).....himatamaa Obbo (yookan maqaa kabajaatin).....tti (barmeela dhibba tokko yookan kana waliin walqabatanii sagantaa jiraniin mi‘oota

caqasaman yookan mi‘oota akaakuu adda addaa) gurgureera fudhateera.

2ffaa. Himatamaan mi‘oota akka fudhatee (yookan guyyaa himanni dursee gaafa guyyaa...bara...B.F ) gatii mi‘ootaa qarshii...kaffaluuf waadaa galee ture.

3ffaa. Maallaqicha hin kaffalle.

4ffaa. Obbo(maqaa kabajaatin) gaafa guyyaa....bara...B.F du‘e. Dhaamuu dhumaatin himataa obboleessa isaa kana raawwachiisaa dhimmaa godhe.

(Bu‘uura unka 1,tartiiba lakkoofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu fi gaafficha iyyachuu)

5ffaa. Obbo (yookan maqaa kabajaa).....raawwachiisaa dhimmaa ta‘uu isaatiin himataan gaaffii isaa ni dhiyeessa. (Gaafficha ibsuu)

#### **LAKK-4 GATII MADAALAWAATTI MI‘OOTA GURGURAMANII FI BITATAAN FUDHATE**

Himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata.

1ffaa. Gaafa guyyaa....bara....B.F himataan himatamaatti (mi‘oota mana keessaa adda addaa) gurgure,fudhateeras. Haa ta‘u malee,waa‘ee gatii waliigalteen ifaan godhame hin turre.

2ffaa. Mi‘oonni sun gatii madaalawaa ta‘een qarshii....ni baasu ture. 3ffaa. Himatamaan maallaqicha hin kaffalle.

(Bu‘uura unka 1,tartiiba lakkofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu fi tarreeffama gaaffichaa iyyachuu) LAKK-5 GAAFFII HIMATAMICHAATIN MI‘OOTA HOJJATAMANII FI HOJJACHIISAAN HIN FUDHANNE  
Himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata.

1ffaa. Gaafa guyyaa....bara....B.F himataan Obbo (yookan maqaa kabajaatin) (minjaalota jahaa fi

teessoowwan kudha shan) akkan hojjadhuuf Obbo (yookan maqaa kabajaatin) mi‘oota sana yoo

fudhatan gatii isaanii qarshii....kaffaluuf waliigalan.

2ffaa.Himataan mi‘oota sana hojjatee qopheessee gaafa guyyaa....bara... B.F irraa eegalee eegaa ture.

3ffaa.Obbo (yookan Maqaa kabajaatin)....mi‘oota sana hin fudhanne.(Gatii isaaniis hin kaffalle) (Bu‘uura unka 1,tartiiba lakkofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu fi tarreeffama gaaffichaa iyyachuu) LAKK-6 MI‘A IRRA DEEBIIN GURGURUUN HIR‘INA HERREGAA QAQQABE ( MI‘OOTA CAALBAASIIDHAAN GURGURAMAN

Himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata.

1ffaa. Gaafa guyyaa....bara...B.F himataan mi‘oota akaakuu adda addaa caalbaasidhaan gurguruuf dhiyeesse. Kunis yoo ta‘u miini kamiiyuu erga gurgurameen booda guyyaa kudhan keessatti gatii isaa kaffalee osoo hin fudhatin yoo hafe, herreega caalbaasii nama bitateetin caalbaasiin bahee ni gurgurama akeekkachiisa jedhu himatamaanis akka beeku ta‘ee ture.

2ffaa. Caalbaasichaan himatamaan (baattuu mi‘aa tooqee tokko) qarshii tin bite.

3ffaa. Himataan himatamaadhaf ennaa gurgurtaa mi‘ootaa fi sana boodas hanga guyyaa kudhaniitti dabarsee kennuuf qophaa‘aa fi eeyyamamaa ture.

4ffaa. Himatamaan gurgurtaan booda guyyoota kudhan keessatti,sana boodas yoo ta‘e mi‘oota bitate hin fudhanne,gatii isaaniis hin kaffalle.

5ffaa.Gaafa guyyaa.....bara.... B.F himataan tooqicha baattuu mi‘aa herreega caalbaasii himatamaatin baasuudhaan qarshii...tti gurgure.

6ffaa,Mi‘ichi irra deebiin gurguruuf baasiin qaqqabe qarshii...ta‘e.

7ffaa. Haala kanaan hir‘ina herreegaa qaqqabe qarshii....himatamaan hin kaffalle.  
(Bu‘uura unka 1,tartiiba lakkofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu fi tarreeffama gaaffichaa iyyachuu LAKK-7 GATII MADAALAWAA TA‘EEN  
**TAJAAJILOOTA RAAWWATAMAN**

Himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata.

1ffaa. Gaaffii himatamichaatin gaafa guyyaa....bara....B.F fi gaafa guyyaa...  
bara... B.F himataan (Fakkiwwan,suuraawwan,bobbocaa fi safakawwan)  
himatamaadhaf hojjatee qopheesse. Haa ta‘u malee,gatii tajaajiloota kanaaf  
kaffalamu waliigalteen ifaan godhame hin turre.

2ffaa. Tajaajiloonni kun gatiin madaalawaa ta‘een qarshii... ni baasu

ture. 3ffaa.Himatamaan gatica hin kaffalle.

(Bu‘uura unka 1,tartiiba lakkofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu fi  
tarreeffama gaaffichaa iyyachuu LAKK-8.KAFFALTII MADAALAWAA  
**TA‘EEN TAJAAJILOOTA RAAWWATAMANII FI MI‘OOTA**

## GURGURAMAN

Himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata.

1ffaa. Gaaffii himatamaatin himataan gaafa guyyaa....bara....mana lakk....ta‘een beekamu....dhan hojjate. Hojichaaf mi‘a barbaachisu hunda dhiyeesse. Haa ta‘u malee,maallaqa hojii kanaa fi mi‘ootaaf kaffalamu waliigalteen ifaan godhame hin turre.

2ffaa.Hojiin hojjatamee fi mi‘oонни kennaman gatii madaalawaa ta‘een qarshii ni baasuture.

3ffaa. Himatamaan maallaqicha hin kaffalle.

(Bu‘uura unka 1,tartiiba lakkoofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu fi tarreeffama gaaffichaa iyyachuu) **LAKK-9. QABIYYUMMAA FI ITTI FAYYADAMA**

Du‘aan Obbo (yookan maqaa kabajaatin)....dhaamoo raawwachiisaa kan ta‘e himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata.

1ffaa. ( karaa...tin mana lakkoofsa ....tti argamu) himatamaan eeyyama Obbo (yookan maqaa kabajaatin)....tin gaafa guyyaa....bara...B.F irraa hanga gaafa guyyaa....bara....B.F tti itti fayyadaman. Haa ta‘u malee,gatii qabeenyichaatti fayyadamanifi maallaqa kaffalamu waliigalteen ifaan godhame hin turre.

2ffaa. Yeroo kanaaf ilaalameen tilmaamni herreega qabeenyichatti fayyadaman gatii madaalawaa ta‘een qarshii.... ni baasa.

3ffaa. Himatamaan maallaqicha hin kaffalle.

(Bu‘uura unka 1,tartiiba lakkoofsa 4 fi 5 tin ibsa barbaachisu )

4ffaa. Himataan Obbo (yookan maqaa kabajaatin)...dhimma raawwachiisaa ta‘uu isaatiin wanti isaaf malu akka godhamuuf ni gaafata. (Gaafficha tarreessuun iyyachuu)

#### **LAKK-10 SABABA MURTIIN FALMII KA‘E**

Himatamaan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata.

1ffaa. Barneelota zayitaa kudhan gatii himataan gaafateen himatamaan sababa hin kaffalu jedheen himataa fi himatamaan osoo walii hin galle yoo hafan Obbo (yookan maqaa kabajaatin).... akka walitti araarsuuf falmicha akka dhiyeessaniif himataa fi himatamaan gaafa guyyaa....bara....B.F waliigaltee barreeffamaa godhanii sanada haadhoon kana waliin walqabatee argama.

2ffaa. Gaafa guyyaa... bara...B.F himataan himatamaadhaf qarshii....akka kaffaluuf araarsitoonni murteessan.

3ffaa.Himatamaan maallaqicha hin kaffalle.

(Bu‘uura unka 1,tartiiba lakkoofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu fi

tarreeffama gaaffichaa iyyachuu) LAKK-11 MURTII BIYYA ALAATTI

#### KENNAME

Himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata.

1ffaa. Mana murtii.....tti himannaan himataa fi himatamaa gidduutti dhiyaatee  
ture ibsuudhan himatamaan himataadhaf qarshii...gaafa guyyaa...bara...B.F irraa  
eegalee dhala dabalatee akka kaffalu gaafa guyyaa....bara... B.F...dhan murtaa'e.  
2ffaa. Himatamaan maallaqicha hin kaffalle.

(Bu'uura unka 1,tartiiba lakkoofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu fi tarreeffama  
gaaffichaa iyyachuu) LAKK.12 WABII KAFFALTII KIRAA MANAA

Himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata.

1ffaa. Gaafa guyyaa.....bara....B.F Obbo(yookan maqaa kabajaatin)....himatamaa  
irraa (mana lakk... ta'ee karaa...tti argamu ) ji'aan ji'aan kan kaffalamu kira  
waggaatti qarshii...ta'e baroota....f kireeffate. 2ffaa. Manni kun Obbo(yookan  
maqaan kabajaatin)....f kireeffamuu isaatiin itti gammadee himatamaan kiricha  
yeroon akka kaffalamuuf wabii ta'e.

3ffaa. Kiraan ji'a...bara... B.F qarshiin... hin kaffalamne.

(Bu'uura waliigaltichaan wabii sanaaf akeekkachiisa kennun ni barbaachisa yoo  
ta'e haa ibsamu) 4ffaa. Kiraan sun waan hin kaffalamneef himataan  
himatamaadhaf gaafa guyyaa...bara.... B.F beeksisa kennuudhan akka kaffaluuf  
gaafate.

5ffaa. Himatamaan maallaqicha hin kaffalle.

(Bu'uura unka 1,tartiiba lakkoofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu fi  
tarreeffama gaaffichaa iyyachuu) LAKK-13 WALIIGALTEE LAFA BITUUF  
TAASIFAME DIIGUUF

Himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata.

1ffaa. Gaafa guyyaa.....bara....B.F himataa fi himatamaan waliigaltee waliif  
mallatteessanii sanada haadhoon kana wajjin walqabatee argama.

( Yookan Lafa heektaara afurtama naannoo....tti argamu himataan himatamaatti gurguruuf himatamaanis himataa irraa bituuf gaafa guyyaa...bara...B.F himataa fi himatamaan waliigalan)

2ffaa. Himataan yeroo kana raawwatee abbaa qabiyee qabeenyichaa waan turee fi qabeenyichis himatamaadhaf haala kennameen itti gaafatamummaa kamiifyuu irraa bilisa waan tureef( qabeenyicha

waljijiiruuf ragaa gahaa ta‘e himatamaadhaf dhiyeesseeif) (yookan qabeenyicha  
ragaa gahaa ta‘een himatamaatti naannessuuf qophaa‘aa fi eeyyamamaa ture.

Ammas qophaa‘aa fi eeyyamamaa dha. Kanas ibseefii ture)

3ffaa. Himatamaan maallaqicha hin kaffalle.

(Bu‘ura unka 1,tartiiba lakkofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu fi  
tarreffama gaaffichaa iyyachuu) LAKK-14 MI‘ONNI GURGURAMAN  
BITATAA OSOO HIN QAQQABIN YOO HAFAN

Himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata.

1ffaa. Himataan gaafa guyyaa.... bara....B.F himatamaatti( daakuu barmeela  
dhibba tokko) dhiyeessuuf himataanis qarshii.....kaffaluuf himataa fi  
himatamaan gaafa guyyaa....bara...B.F waliigalan.

2ffaa.Himataan guyyaa murtaa‘etti mi‘oota akka fudhateen maallaqicha  
himatamaadhaf kaffaluuf qophaa‘aa fi eeyyamamaa ture. Kanumas  
himatamaadhaf ibseefii ture.

3ffaa. Himatamaanis mi‘oota hin dhiyeessine,himataanis mi‘onni sun isa  
qaqqaban osoo ta‘ee bu‘aan argatu ture jalaa hafe.

(Bu‘ura unka 1,tartiiba lakkofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu fi  
tarreffama gaaffichaa iyyachuu) LAKK-15 SEERAN ALA HOJIIRRAA NAMA  
GAGGEESSUU

Himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata.

1ffaa. Himataan himatamaadhaf (hojjataa herreegaa) ta‘ee akka tajaajiluuf  
himatamaanis kanuma hojjachiisuuf (ji‘aan) qarshii....kaffaluuf gaafa  
guyyaa...bara...B.F himataa fi himatamaan waggaa tokkoof waliigalan.

2ffaa. Gaafa guyyaa... bara....B.F himataan himatamaaf tajaajila isaa eegale.

Guyyaa sanarraas eegalee waggaa hanga guututti tajaajila kanaan itti fufuuf  
maaluma iyyuu yoo ta‘e qophaa‘aa fi eeyyamamaa ture. Ammas akkasuma. Kanas  
himatamaan yeroo yeroon akka beeku godhameera.

3ffaa. Gaafa guyyaa....bara...B.F seeran ala hojii irraa gaggeesse.

Kanaan olitti akka ibsameen akkan tajaajilu eeyyamuu yookan gatii tajaajila isaa hin kaffalu jedhe. (Bu‘uura unka 1,tartiiba lakkoofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu fi tarreeffama gaaffichaa iyyachuu) **LAKK.16 TAJAAJILAAF**

#### **WALIIGALTEE SEENAN DIIGUU**

Himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata.

1ffaa. Himataan himatamaa (waggaatti) mindaa qarshii...hojjachiisuuf himatamaanis (artistii)himataa ta‘ee tajaajiluuf gaafa guyyaa...bara...B.F himataa fi himatamaan (waggaa tokkoof) waliigalan.

2ffaa. Himataan gama isaatin waliigalticha raawwachuuf yeroo kamiyyuu yoo ta‘e,qophaa‘aa fi eeyyamamaa ture. (Kanumas gaafa guyyaa....bara...B.F ibseera).

3ffaa. Himatamaan tajaajila isaa himataadhaf kana dursee guyyaa ibsame (eegale). Garuu,san booda gaafa guyyaa....bara....B.F akka olitti ibsametti himataa tajaajiluu dide.  
(Bu‘uura unka 1,tartiiba lakkoofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu fi tarreeffama gaaffichaa iyyachuu) **LAKK-17 HANQINNI WAAN IRRATTI**

#### **MUL‘ATEEF HIMANNAA IJAARAA IRRATTI DHIYAATU**

Himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata.

1ffaa. Gaafa guyyaa....bara...himataa fi himatamaan waliigalan. Sanada haadhoonis kana waliin qabatee argama.(yookan firii dubpii waliigaltichaa ibsuudha)

2ffaa. Himataan gama isaatiin dirqamoota waliigaltichaa guutummaa fi sirriitti raawwate. 3ffaa.Himatamaan (waliigaltichaan mana caqasame balleessee fi akka hin beeknetti hojjate)

(Bu‘uura unka 1,tartiiba lakkoofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu fi tarreeffama gaaffichaa iyyachuu) **LAKK-18 QABSIISA AMANSIISA**  
**BARREESSAAF KENNAMU**

Himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata.

1ffaa. Gaafa guyyaa....bara...himataan Obbo (yookan maqaa kabajaatin).....n  
barreessadhaan qacare. 2ffaa. Kunis yoo ta‘u Obbo (yookan maqaa  
kabajaatin)...dalagaawwan barreeffamaa amanamtummaadhan yoo gaggeessuu  
baate yookan himataadhaf bu‘aa maallaqaa fuudhe kamiiyuu namoota idaan isaan  
irra jiru ragaa dirqamaa yookan qabeenyi biroo karaa himataatin itti  
gaafatamummaa isaa osoo hin raawwatin yoo hafe,himataan sababa kanaan waan  
isarra gahu kamiiyuu kisaaraa qarshii...hin caalle himatamaan himataadhaf  
kaffaluuf gaafa guyyaa...bara...B.F himataan himatamaa waliin waliigalan.

Yookan 2ffaa. Obbo (yookan maqaa kabajaatin)...himataadhaf dalagawwan barreessaa fi qabaa maallaqaatin amanamummaadhan gaggeessuu fi himataadhaf abbaa imaanaa ta‘ee maallaqa,ragaa dirqama abbootii idaa yookan qabeenya kameeyuu qabsiisuun itti gaafatamummaa isaa himataa biratti kan raawwate yoo ta‘e,qabsiisni himatamaa akka bu‘u godhamee,kan balleesse yoo ta‘e garuu himatamaan qarshii....kaffaluuf guyyaa kanaan olitti caqasame qabsiisa mallatteesseen hojjataa qacaruuf dirqama seeneera.

Yookan 2ffaa. Hojjatichi yoo qacaramu qabsiisa ta‘uun guyyaa kanaan olitti caqasame himataan himatamaaf sanadni mallatteesse haadhoon isaa kana waliin walqabatee dhiyaateera.

3ffaa. Gaafa guyyaa...bara... B.F fi gaafa guyyaa...bara... B.F gidduu yeroo jiru Obbo (yookan maqaa kabajaatin)...himataatti kennee himataa biratti hangi maallaqaa fi qabeenya biroo itti gaafatamummaa isaa hin raawwanne qarshii....dha. Kanas kan itti gaafatamuu fi hin kaffalamneedha.

(Bu‘ura unka 1,tartiiba lakkofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu fi tarreeffama gaaffichaa iyyachuu) **LAKK-19 KIREEFFATAAN KISAARAA ADDAA AKKA KAFFALUUUF KIREESSAA IRRATTI HIMANNAADHIYEESSU**

Himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata.

1ffaa. Gaafa guyyaa....bara...B.F (karaa...tin mana lakk...tti argamu ( himatamaan himataadhaf barreeffama galmaa‘een bara....tif yoo kireessu yeroo kana keessatti himatamaa fi bakka bu‘oonni seeraa isaa tasgabbiidhan akka keessa jiraataniif himataadhaf waadaa galeefii ture.

2ffaa.Waliigalteewwan raawwatamanii turan,himataanis himanna kana akka dhiyeessuuf wanti dirqisiisu mudatan.

3ffaa. Gaafa guyyaa...bara...B.F yeroo kanaa olitti caqasame keessatti abbaa mirga seera qabeessa manichaa kan ta‘e Obbo (yookan maqaa

kabajaatin)....himaticha mana sana keessaa baasee manicha harka ofii galfateera.

4ffaa. Himataan sababa kanaan (hojii hodhaa huccuu iddo sana ture akka itti hin fufne dhorkamee achi irraa naannassudhan qarshii....baasii gochuuf dirqame,kanarraa ka‘uudhan maamilummaa Obbo (yookan maqaa kabajaatin).... fi...dhabe.

(Bu‘uura unka 1,tartiiba lakkofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu fi tarreeffama gaaffichaa iyyachuu) **LAKK-20 ITTI GAAFATAMUMMAA IRRA BARAARAMUUUF WALIIGALTEE GODHAMU**

Himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata.

1ffaa. Moggaasa..... fi ... jedhamuun shaarikoota ta‘anii himataa fi himatamaan daldala turan gaafa guyyaa...bara... B.F shaarikicha diiganii himatamaan qabeenya shaarikichaa guutummaan akka fudhatuu fi qabatu idaa daldala waldichaa guutummaan akka kaffaluu fi waldaan daldala idaa gaafatamuu danda‘u kamiifuu himataan baraarsa/inshuraansii/akka qabaatuf (bilisa) akka godhuuf waliigalan.

2ffaa. Himataan gama isaatin bu‘uura waliigaltichaan waan isarra barbaadamu raawwate. 3ffaa.Gaafa guyyaa...bara....B.F waldaa daldala irraa idaa Obbo (yookan maqaa kabajaatin)....f kaffalamu mana murtii ol‘aanaa....tti himataa fi himatamaa irratti murtii murtaa‘e kabajuudhan himataan qarshii....kaffale.

4ffaa. Himatamaan maallaqa kana himataadhaf hin kaffalle.

(Bu‘uura unka 1,tartiiba lakkofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu fi tarreeffama gaaffichaa iyyachuu) **LAKK.21 MI‘A WALIIN DHAWUUN/GOWWOOMSAAN/ FUDHATAME**

Himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata.

1ffaa. Himataan himatamaatti mi‘a tokko akka itti gurguruuf himatichaan

waliigaluuf jedhee (qabeenya gahaan qaba,qabeenyi koos idaa koo guutummaan kaffalee qarshii...ni baasa) jedhee gaafa guyyaa  
....bara...B.F himatamaan himataatti hime.

2ffaa. Himataan haala kanaan waliigalee himatamaadhaf mi‘oota gatiin isaanii qarshii...ta‘e itti gurgure(dabarseeraas).

3.Himatamaan sobni inni dubbate (yookan waan soba ta‘e addatti maal akka ta‘e ibsuudhan) ture. Himatamaan dubbichi soba ta‘uu isaa ni beeka ture.

4ffaa.Himatamaan gatii mi‘ootaa hin kaffalle.(yookan mi‘oota hin fudhanne) Kana ta‘ee immoo himataan mi‘oota isaa qopheessuu fi geejjibsiisuf itti aansee deebisee harka isaa galfachuuf qarshii...baasii godhe. (Bu‘uura unka 1,tartiiba lakkoofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu fi tarreeffama gaaffichaa iyyachuu)

**LAKK-22 GOWWOOMSAAN/WALIIN DHAWUUN/DUUBEE NAMNI BIRAA  
FUDHATE**

Himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata.

1ffaa. Obbo (Yookan maqaa kabajaatin)...qabeenya gahaa fi galii gaarii qaba.

Qabeenyichis idaa isaa guutummaan kaffalee Qar.....ni baasa.(yookan Obbo(maqaa kabajaatin)...yeroo sana bakka itti gaafatamummaa qabatee haala gaarii irra kan jiru ta‘uu isaatiin mi‘icha duubeen osoo kennameefii amanamuu kan danda‘uddha jedhee gaafa guyyaa...bara...B.F himatamaan himataatti hime.

2ffaa. Himataan haala kanaan waliigalee duubee ji‘oota....kaffalamu daakuu qamadii....qarshii...itti gurgure.

3ffaa.Himatamaan kan dubbate soba ture,sobichis karaa himatamaa mataa isaatin kan beekame ta‘ee himataan gowwoomsuunii fi waliin dhahuuf yookan himaticha gowwoomsuu fi miidhuuf yaadamee kan godhame ture.

4ffaa.....gatii mi‘ootaa osoo hin kaffalin guyyaan duubee murtaa‘e dhume yookan gatii daakuu qamadii sanaa hin kaffalle,himataas gatiin isaa guutummaan jalaa hafe.

(Bu‘ura unka 1,tartiiba lakkofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu fi tarreeffama gaaffichaa iyyachuu) **LAKK-23 BISHAAN LAFA HIMATAA  
KEESSA JIRU FAALUU**

Himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata.

1ffaa. Himataan yeroo kanaan gaditti ilaalameen duraa fi sana boodas lafa... jedhamuu fi ...tti argamu abbaa qabiyyee bishaan bool‘aa keessatti argamuu fi bool‘a bishaanii ture. Bool‘chaa fi bishaan bool‘icha keessatti argamus itti gargaaramuu fi fayyadamuuf,akkasumas bool‘icha keessa kan guutamaa darbanii fi burqituwwan fi yaa‘i bishaanii tajaajilan osoo hin xuraa‘in yookan osoo hin faalamin akka yaa‘an yookan darban abbaa mirgaa ture.

2ffaa. Gaafa guyyaa...bara...bool‘ichaa fi bishaan keessa jiru,akkasumas

burqituwwan fi yaa‘awwan bishaanii gara bool‘ichaa himatamaan seeran ala xureessuun faaleera.

3ffaa. Kanaan kan ka‘e bishaan bool‘icha keessa ture xuraa‘ee manaa fi dhimma birootiif hin kan tajaajille ta‘e. Himataa fi maatiin isaas tajaajilaa fi bu‘aa argachaa turan,akkasumas bool‘ichaa fi bishaan dhaban.

(Bu‘uura unka 1,tartiiba lakkofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu fi tarreeffama gaaffichaa iyyachuu) LAKK-24 MIIDHAA KARAA

#### **WARSHAATIN QAQQABE**

Himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata.

1ffaa. Himataan yeroo kanaan gaditti caqasame hunda...jedhamuuf qabiyyee lafaa qaba  
ture.

2ffaa. Himatamaan seeran ala gaafa guyyaa...bara...B.F warshaa sibiila baqsu mataa isaatiin gaggeessu kan aara namatti hin tollee fi badaa,dafqaa fi waan nama miidhu baay‘inaan baasu lafa olitti caqasame irratti tamsaasudhaan qilleensi akka faalamuu fi lafa sana irratti ititee akka hafu godhe.

3ffaa. Sababa kanaan biqiltooni,dallaawwan,margawwan dheedichaa fi sanyiin maasii irraa miidhamanii gatiin isaanii gadi adeemaa ta‘e,loowwan isaas kan fayyaa hin qabnee ta‘uu isaaniin ol baay‘een isaanii summaa‘anii du‘an.

4ffaa. Sababuma kanaan himataan lafa isaa irra loowwan fi hoolota isaa deechisuu waan hin dandeenyef loowwan,hoolota fi horiwwan qonnaa achi naannessuuf dirqame. Abbaa qabiyyummaa fi tajaajilli laficharraa argachaa ture jalaa hafe.

(Bu‘uura unka 1,tartiiba lakkofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu fi tarreeffama gaaffichaa iyyachuu) LAKK-25 KARAA DARBIINSAA CUFUU  
Himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata.

1ffaa. Himataan yeroo kanaan gaditti caqasame abbaa qabiyyee  
(qubsuma/mandara....tti mana argamu) qaba ture, ammas ni qaba.

2ffaa. Himataan waggaadhan yeroo kamiyyuu yoo ta‘e,(konkolaataadhan yookan miilan) mataa isaanii fi hojjattoota isaanii mana.... irraa karaa guddaa,akkasumas karaa guddaa irraa hanga mana isaatti karaa darbiinsaa ittiin deddeebi‘u qaba ture.

3ffaa. Gaafa guyyaa....bara...B.F himatamaan seeran ala karaa darbiinsaa waan itti cufeef himataan (konkolaataan yookan miilaan yookan immoo haala kamiiniyyuu yoo ta‘e) karaa sanaan darbuuf darbuu dadhabuun ol (ammas karichi seeran ala akka cufameettidha).

4ffaa. (Cufamiinsi karichaa haala addaa kan qabu yoo ta‘e haa ibsamu)  
(Bu‘uura unka 1,tartiiba lakkofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu fi  
tarreeffama gaaffichaa iyyachuu) **LAKK-26 KARAA GUDDAA CUFUU**  
Himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata.

1ffaa. Himatamaan ....irraa hanga....tti cufuuf jedhee seeran ala bool‘a qotee  
biyyee fi dhagaa irra tuule. Himataan karaa guddaa kana irra darbaa osoo jiruu  
biyyee fi dhagicha (yookan bool‘icha keessatti) kufee harki isaa cabe,miidhama  
guddaan isarra gahe. Sababuma kanaan yeroo dheeraaf hojii isaa hojjachuu osoo  
hin danda‘in ture,akkasumas baasiin maallaqaa mana yaalaa isarra gahe.  
(Bu‘uura unka 1,tartiiba lakkofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu fi tarreeffama  
gaaffichaa iyyachuu)

### **LAKK-27 BO’OO/YAA’A/ BISHAANII JIJJIRUU**

Himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata.

1ffaa. Himataan yeroo kanaan gaditti caqasame ....jedhamu kan  
mandara/qubsuma....Aanaa....tti argamu (lolaa bishaanii) irra mana baaburaa  
dhaabbateef abbaa qabiyyee qaba ture,ammas qaba.

2ffaa.Sababa qabiyyee kanaan baabura hojjachiisuuf himataan abbaa mirgaa bo‘oo bishaanii  
ture.

3ffaa. Gaafa guyyaa...bara....B.F himatamaan cinaa lagichaa kutuun seeran ala  
bo‘oo bishaanii waan jijiireef gara baabura himataatti bishaan yaa‘u hir‘ate.

4ffaa. Yaa‘insi bishaanichaa osoo hin jijiiramin dura guyyaatti qalqalloo...  
daaka kan ture himataan sana booda guyyaatti qalqalloo... ol daakuu f hin  
dandeenye.

(Bu‘uura unka 1,tartiiba lakkofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu fi tarreeffama  
gaaffichaa iyyachuu)

### **LAKK-28 MIRGA BISHAAN OBAASA JALLISIITTI TAJAAJILAMUU**

#### **GUFACHIISUU**

Himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata.

1ffaa.Himataan yeroo kanaa gaditti caqasame iddoo...jedhamutti qabiyyee lafa argamuu,akkasumas lafa sana irratti jallisii obasuuf yaa'a bishaanii gartokkeen akka itti tajaajilamu mirga qaba ture,ammas qaba. 2ffaa. Gaafa guyyaa....bara...B.F himatamaan seeran ala yaa'insa bishaanichaa gufachiisuu fi jijiiruun himataan haala armaan olitti ilaalameen gartokkeen akka hin fudhannee fi itti hin tajaajilamne isa dhorke. (Bu'uura unka 1,tartiiba lakkoofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu fi tarreffama gaaffichaa iyyachuu) **LAKK-29 DAANDII**

### **BAABURAA SABABA DAGANNOON MIIDHAA QAQQABE**

Himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata.

1ffaa Gaafa guyyaa. ....bara...B.F himatamtoonni geejjibsiistota imalootaa...fi ... gidduu ta'anii ture. 2ffaa. Guyyaa sana himataan imalaa baaburicha sanaa ta'ee imalaa ture.

3ffaa. Akka armaan olitti ibsame imalaa ta'ee ...irratti yookan iddoo buufata...argamu cinaatti yookan buufataawan... fi ... gidduu yoo qaqqabu (daganno fi osoo hin beekin hojjattoota himatamtootatiin sababa walitti bu'iinsa baaburicha irra gaheen himataan) miila isaa cabsuudhan,mataa isaa bubburuqsuun fi haala kanafafakkaatun ( miidhaan sanarraa adda ta'es qaqqabee yoo ta'e ibsuudhan) baay'ee miidhame,yaalumsaaf maallaqa baay'ee baase,( gurguraa ta'ee) hojii hojjataa ture akka itti hin fufne naafa ta'e.

(Yookan 2ffaa. Guyyaa sana himatamtoonni karaa hojjattoota isaanii motoraa fi kutaawwan isa waliin walitti hidhaman baaburri daganno fi osoo hin beekin himataan hadiida himatamtoota irra haala seera qabeessan ce'uuf osoo jiruu himatamtoonni baaburicha irra waan oofaniif motorri isaa fi baaburichi himataatti bu'an. Sababuma kanaan....lakk.3ffaan kan jedhame tarreessuu)  
(Bu'uura unka 1,tartiiba lakkoofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu fi tarreffama gaaffichaa iyyachuu)

## LAKK-30 MIIDHAA DAGANNOON KONKOLAACHISUUN QAQQABE

Himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata.

1ffaa. Himataan hojii.....gaggeessuuf kophee hodhaadha. Himatamaan daldala....ti.

2ffaa. Himataan gaafa guyyaa....bara....magaala Finfinnee keessatti hadiida baaburaa irraa karaa kibbaatti waaree booda sa‘aatii 9:00 irratti miillan deemaa ture. Kallattiidhan daandii....gara buufata baaburaa qaqqabsiisu qaxxaamuruuf dirqame. Karaa kana osoo qaxxaamuraa jiruu fi gama irraa daandii miillaa irra qaqqabuuf xiqloon yoo isa hafu konkolaataa Gaarii himatamaa fardeen lamaan harkifamuu fi

hojjattoota himatamaatin oofamu dagannoodhan tasa of eeggannoo tokko malee deemsa ariifataa fi balaa qabuun daandii.....irraa gara buufata baaburaa seene. Mukni gaarii sanaa himataatti bu‘uudhan rukutee kuffise. Sana booda fardeenis baay‘ee dhidhiitan.

3ffaa. Itti bu‘iinsa sanaan kufuu fi dhidhiitamuu isaatin ciqileen bitaa himataa cabe,dugdi isaa madaa‘ee miidhame. Kana malees,qaamni keessoo isaa miidhame. Kana irraa kan ka‘e himataan ji‘a afur guutuu dhukkubsate,gidirfame. Hojii isaas hojjachuu hin dandeenye. Yaala fi kanneen biraafis baasiin maallaqaa guddaan irra gahe.Hojii isaas waan dhaabeef kisaaraa guddaan isarra gahe.

(Bu‘uura unka 1,tartiiba lakkofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu fi tarreffama gaaffichaa iyyachuu)

### **LAKK. 31 GOWWOOMSAAN HIISISUU**

Himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata.

1ffaa. Himataan gaafa guyyaa...bara...himatamaa sobaan yakkee abbaa seeraa irratti himanna dhiyessee himataan akka qabamu ajaja baasise. Himataanis qabamee guyyaa kudhan hidhame. (akka gadhiifamuuf qarshii.....qabsiise)

2ffaa. Himatamaan kana kan godhe gowwoomsaan malee sababa amansiisaa fi isa dandeessisu hin qabu. 3ffaa. Gaafa guyyaa...bara... abbaan seeraa maganata himatamaa kufaa godhee himaticha gadhiise.

4ffaa. Gama himataatin namoonni baay‘een maqaan isaanii hin beekamne qabamuu himataa dhaga‘anii akka yakkamaatti waan lakkaa‘aniif isa biraahojii kamiiyuu dhaabaniiru. Yookan sababa qabamuu isaatiin himataan hojii Obbo (maqaa kabajaatin)..... biraah qabu dhabe. Yookan sababa kanaan himataan qaama fi sammuudhan gidirfame,hojii isaa gaggeessuu dhaabe,galii isaaniis miidhame,hidhaa irraa hiikamuu fi himanna isarratti dhiyaate ofirraa ittisuuf

baasiin maallaqaa isarra gahe.

(Bu‘uura unka 1,tartiiba lakkoofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu fi tarreeffama gaaffichaa iyyachuu)

### **LAKK. 32 MI’OOTA SOCHO’AA SEERAN ALA QABAMAN**

Himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata.

1ffaa. Gaafa guyyaa....bara....himataan abbaa qabeenya sagantaa kanaan miiltoo ta‘e irratti kan ilaalaman gatiin isaanii qarshii....ta‘ee tilmaamameef mi‘oota (yookan mi‘oota tarreessudhaan) ture. (abbaa qabiyyees yoo ta‘e ragaa barbaachisu tarreessuu)

2ffaa.Guyyaa sana irraa eegalee hanga himannaan kun eegalutti himatamaan mi‘oota kanneen himataa irraa fuudheera.

3ffaa, Himataan himannaan osoo hin eegalin dura jechuun gaafa guyyaa...bara....himatamaa irraa gaafatee ture. Haa ta‘u malee,hin deebisu jedhee dhoowwate.

(Bu‘uura Unka 1,tartiiba lakkoofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu ) 6ffaa. Kanaaf.....

7ffaa. Mi‘oota akka deebisu ,yoo sana hin taane mi‘oota deebisuu yoo hin dandeenye qarshii....akka kaffalu.

8ffaa. Mi‘oonni waan qabamaniif beenyaa qarshii..... akka kaffalamuuf himataan ni gaafata.

### **LAKK. 33 WALIIN DHAWUUN MI’A KAN BITEE FI WANTICHA OSOO BEEKUU MI’ICHI KAN DABARFAMEEF**

Himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata.

1ffaa. Mi‘oota tokko tokko akka itti gurguruuf himataan waliigaluuf jecha himatamaan obbo (yookan maqaa kabajaatin).....(qabeenya gahaan qaba,qabeenyi koos idaa koo guutummaan kaffalee qarshii...ni baasa) jedhee himataatti gaafa guyyaa....bara....dubbate.

2ffaa.Kanaan waliigalee gatiin isaa ....ta‘e (buna farasullaa dhibba tokko) itti gurgure,fudhateeraas. 3ffaa. Obbo (maqaa kabajaatin).....kan dubbate soba ture,soba ta‘uu isaas mataa isaa ni beeka ture.

4ffaa.Sanaan booda obbo (yookan maqaa kabajaatin).....mi‘oota isaa gatii malee (yookan sobaan kan argaman ta‘uu isaanii kan beeke) himatamaa.....dhaf dabarsee kenne.

(Bu‘uura Unka 1,tartiiba lakkofsa 4 fi 5 tin waan  
barbaachisaa ibsuu ) 7ffaa. Kanaaf.....

8ffaa. Mi‘oonni isaa akka kennamaniif yookan mi‘oonni sun kennamuu yoo hin dandeenye qarshiin....akka kaffalamu.

9ffaa. Mi‘oonni waan qabamaniif beenyaa qarshii.....akka kaffalamuuf himataan ni gaafata.

## **LAKK. 34 DOGOGGORRI WAAN KEESSATTI ARGAMEEF WALIIGALTEE DIIGAME**

Himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata.

1ffaa.Himatamaan lafa .....tti argamu kan dhuunfaa koo (wantaa sadi) dha jedhee himataatti hime.

2ffaa. Himataan jechi kun dhugaa isatti fakkaatee dubbichaan waliigalee laficha qarshii bite.

Waliigaltee kanaaf mallatteesesse haadhoon isaa kana waliin walqabatee argama.

Haa ta‘u malee,lafichi maqaa isaatti hin naanneffamne.

3ffaa.Himataan gaafa guyyaa.....bara.... gatii bittaa irraa qarshii himatamaadhaf kaffale.

4ffaa. Bal‘inni lafichaa inni sirriin (wantaa tokko) qofaadha.

(Bu‘uura Unka 1,tartiiba lakkoofsa 4 fi 5 tin waan

barbaachisaa ibsuu ) 7ffaa. Kanaaf.....

8ffaa. Qarshiin.....gaafa guyyaa...bara....irraa eegalee dhala waliin akka kaffalamu. 9ffaa. Waliigaltee olitti caqasame akka dhiyaatu fi akka haqamu himataan ni gaafata. **LAKK. 35 QABEENYI AKKA HIN QISAASOFNE DHORKA AJAJUU**

Himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata

1ffaa. Himataan gonkumaa abbaa qabeenyaa (akaakuu qabeenyichaai ibsuu)ti.

2ffaa.Himatamaan bu‘uura waliigaltee himataa waliin qabuun abbaa qabiyyee qabeenyichaati. 3ffaa.Himatamaan eeyyama himataan ala mukkeen faayidaa qaban baay‘ee gurguruuf mureera. Irra deebi‘ees dabalataan mukkeen baay‘ee muruuf yaada.

(Bu‘uura Unka 1,tartiiba lakkoofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu )

6ffaa.himatamaan qabeenya iddo sanarra jiru akka hin qisaasessine yookan akka qisaasofne ajajni dhorku akka qaqqabuuf himataan ni gaafata.

(Beenyaa maallaqaas gaafachuu ni danda‘a)

### **LAKK.36 AJAJA DHORKA JEEQUMSA NAANNOO**

Himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata.

1ffaa. Yeroo kanaan gaditti caqasame himataan karaa...tin Addis Ababaatti kan argamu mana lakk....gonkumaa abbaa qabeenya ture,ammas akkasuma.

2ffaa.Himatamaan yeroo kanaa gaditti caqasame (achuma karaa....tin lafa argamu) gonkumaa abbaa qabeenya ture,ammas akkasuma.

3ffaa. Gaafa guyyaa...bara....himatamaan lafa kana irratti iddo qalma horii dhaabe. Yeroo sana irraa eegalee hanga ammaatti horii gaanfaa gara sanatti fiduudhan akka qalaman gochuu irraa hin dhaabne. ( Dhiignis mana himataa fuulduratti akka gatamu godheera).

4ffaa. Sababa kanaan himataan mana sana gatee bahuuf dirqame,namni biraas kireessuu hin dandeenye. (Bu‘uura Unka 1,tartiiba lakkoofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu )

7ffaa. Himatamaan kanaan booda gocha jeequmsa raawwachuu irraa yookan ajaja raawwachuu irraa dhorku akka qaqqabsiifamu himataan ni gaafata.

### **LAKK. 37 AJAJA DHORKA HAWAASA JEEQUU**

Himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata.

1ffaa. Himatamaan daandii darbiinsa uummataa cufuun uummataa Qabbanaa jedhamu irratti gocha seeran alaa raawwateera,ammas itti fufeera.

2ffaa. Himataan himannaa kana dhiyeessuuf Abbaa Alangaa waliigalaa irraa eeyyama barreffame argateera.

( Bu‘uura Unka 1,tartiiba lakkofsa 4 fi 5 tin waan  
barbaachisaa ibsuu ) 5ffaa. Kanaaf...

6ffaa.Himatamaan daandii darbiinsa uummatni jedhame irra deddeebi‘u cufuuf mirga kan hin qabne ta‘uu isaa ifaan haa ibsamu.

7ffaa. Himatamaan darbiinsa daandii uummataa jedhame akka hin cufne akka dhorkamuu fi seeran ala dhagaa fi biyyee tuule akka kaasuu himataan ni gaafata.

### **LAKK 38 AJAJA YAA’INSA BISHAANII AKKA HIN JIJJIRAMNE DHORKU**

Himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan  
kanatti aanu iyyata. ( Unka 26‘n akka jedhametti)

Akkuma olitti ibsame himatamaan yaa‘insa bishaanii jijiiruu irraa ajajni dhorku akka isa qaqqabu himataan ni gaafata.

**LAKK. 39 AJAJA QABEENYA SOCHO’AAN AKKA BADU GODHAME DEEBISUU FI BALLEESSICHIS AKKA HIN RAAWWATAMNE DHORKU**

Himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata.

1. Himataan yeroo asiin gaditti tuqame ( ogeessa suuraa beekamaadhan kan kaafamee fi waraabbichi waan biraatin yookan qabeenyichi maallaqaan kan bakka hin buunedha sababni jechisiisu yoo jiraate haa ibsamu.....(suuraa akaakayyuu isaa) abbaa qabeenyichaa ture, ammas akkasuma.
2. Gaafa guyyaa...bara....himatamaa bira imaanaadhaan kaa‘e.
3. Gaafa guyyaa...bara....mi‘uma kana akka kennuuf himatamaa gaafate. Mi‘ichis achi turuu isaatiin gatii isaaf malu kan kaffalu ta‘uu isaa ibse.
4. Himatamaan mi‘icha himataaf deebisuuf hin eeyyamu jechuu isaatin ol deebisii ketti jedhamaan yoo ta‘e, dhoksuuf,gurguruuf,jijiiruuuf,kukkutuuf yookan miidhuu yaadeera.
5. Himataan (suuricha) kan dhabu yoo ta‘e,beenyaan maallaqaa gahaa ta‘e hin argamu. (Bu‘ura Unka 1,tartiiba laccoofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu )

**8.Kanaaf-**

1. Himatamaan (suuricha) gurguruu irra,jijiiruu irra,miidhuu irra yookan dhoksuu irraa akka dhorkamu akka ajajamu
2. Himatamaaf akka dabarsee kennuuf akka dirqisiifamu himataan ni gaafata.

**LAKK. 40 FALMII WALIIN WALIINII**

Himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata.

- 1.Gaaffiin kanaan gaditti tuqame osoo hin dhiyaatin dura obbo (yookan maqaa kabajaatin).....himataa bira (akaakuu qabeenyichaa ibsuu) (imaanaadhaan) kaa‘e.
- 2.Obbo (yookan maqaa kabajaatin .....na saaxileera jechuun himatamaan obbo (yookan maqaa kabajaatin)....miini kun akka kennamuuf gaafateera.
- 3.Akkasumas himatamaan Obbo (yookan maqaa kabajaatin)....obbo (yookan mqaa kabajaatin)...isaaf akka kennamu bu‘uura ajajeen miini kun akka kennamuuf gaafateera.
- 4.Himatamoonni gama isaanitiin mirga qabna jedhan himataan hin beeku.
- 5.Himataan qabeenyicha lafa kaa‘ee turuudhan baasii fi gatii gaafatamu malee qabeenyicha irraa na ilaallata jedhee gaaffii dhiyeessu hin qabu. Mi‘ichas namoota manni murtii ajajeef kennuuuf qophaa‘aa fi eeyyamamaadha.
- 6.Himannaan kan dhiyaate himatamtoota keessaa walitti bu‘iinsa isa tokkootin miti. ( Bu‘uura Unka 1,tartiiba lakkoofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu )
9. Kanaaf-

1. Himatamtooni dhimma kanaan himataa irratti himannaa dhiyeessuu irraa akka dhorkaman akka ajajaman
2. Sababa qabeenya kanaatin gama isaanitiin gaaffii dhiyeessan waliin ta'anii akka falman
3. Falmiin hanga xumuramutti qabeenya kana namni fuudhu tokko akka ajajamu
4. Himataan nama ajajameef qabeenyicha dabarsuudhan gama qabeenya kanaatin himatamtoota kamiifiyyuu yoo ta'e, itti gaafatamaa ta'uu irraa bilisa akka ta'u himataan ni gaafata.

**LAKK. 41 ABBA MIRGAA IDAAN HIN KAFFALAMNEEF MATAA  
ISAA FI ABBOOTII MIRGAA BIROOFIS TA'EE QABEENYA BULCHU**

Himataan maqaan isaa armaan olitti ibsame kan kanatti aanu iyyata.

1. Obbo (yookan maqaa kabajaatin)...du'aan.....yeroo du'etti idaa hangi isaa....ta'e irra ture. Qabeenyi isaas hanga ammaatti idaan kun irra jira. (akaakuun liqaa fi qabsiisnis yoo jiraate haa ibsamu)
2. Obbo (yookan maqaa kabajaatin).....gaafa guyyaa.....bara....yookan dhiyeenya sana du'e. Gaafa guyyaa....bara....dhaamoo xumuraa godheen Obbo(yookan maqaa kabajaatin)....dhimma raawwachiisaa godhee muude .(yookan qabeenya isaa imaanaadhaan kennee yookan osoo hin dhaamin du'e yoo ta'e yookan haalli bira yoo jiraate haa ibsamu)
3. Dhaamicha Obbo(yookan maqaa kabajaatin)....mirkaneessiseera.(yookan bulchaa qabeenyatti xalayoonni kennisiifameera)
4. Himatamaan Obbo (yookan maqaa kabajaatin)..... qabeenya socho'aa (yookan hin sochoone) yookan gurgurtaa qabeenya hin sochoone irraa maallaqa argame) harka isaa godhateera;himataadhaf idaa hin kaffalle.

(Bu‘uura Unka 1,tartiiba lakkoofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu )

7.Himataan du‘aa obbo (yookan maqaa kabajaatin)..... herreegni qabeenya socho‘aa (akkasumas hin sochoone) akka qabamuu fi bu‘uura murtii mana murtiitin akka bulu ni gaafata.

### **LAKK. 42 BU’UURA DHAAMOO QULQULLAA’EEN QABEENYA BULCHAMU**

**(Unka Lakk. 40 kanaan jijiiruu)**

(Tartiiba Lakk.1ffaa hambisuudhan tartiiba lakk.2ffaan jalqabuu) Obbo (yookan maqaa kabajaatin).....gaafa guyyaa....bara....yookan dhiyeenya sana du‘e. Gaafa guyyaa....bara.....dhaamoo xumuraa godheen Obbo(yookan maqaa kabajaatin).....dhimma raawwachiisaa godhee muude. Himataafis (maaltu akka dhaamameef ibsuun) dhaameef.

Lakk.4 bakka isaa:-

Himatamaan obbo(yookan maqaa kabajaatin).....qabeenya socho‘aa baay‘ee keessaa xiqqoo(qabeenyi dhaamodhaan ajajame ibsamee).....harka isaatti galfateera.

Lakk.7ffaa kutaa jalqabaa bakka isaa:-

Himatamaan kan olitti ibsame (qabeenya dhaamodhaan ajajame ibsee) himatamaan akka dabarsee kenu ajajamuuf....ni gaafata.

### **LAKK. 43 NAMNI DHAALA DHAAMOO ARGATE QABEENYA BULCHU**

**(Unka Lakk. 40 kanaan jijjiiruu)**

(Tartiiba Lakk.1ffaa hambisuudhan tartiiba lakk.2ffaan jalqabuu)

Obbo(yookan maqaa kabajaatin).....du'aan.....gaafa guyyaa.....bara.....dhaamoo dhumaa yookan xumuraa taasiseen Obbo.....dhimma raawwachiisaa godhee muude. Himataadhafis dhaala qarshii....dhaameef.

Tartiiba lakk.4ffaa irratti —Idaalisa jedhu —dhaalaalisa jedhuun bakka buusudha.

**UNKA AKAAKUU BIRAA**

Himataan maqaan isaa olitti ibsame kan itti aanu iyyata.

1ffaa. Obbo (yookan maqaa kabajaatin).....gaafa guyyaa.....bara...du'e. Dhaamoo dhumaa gaafa guyyaa...bara....taasiseen himatamaa fi ( dhaammataan osoo lubbuun jiruu kan du'e) obbo.....dhimma raawwachiisaa godhee isaan muude. Akkasumas qabeenya isaa socho'aas ta'ee kan hin sochoone dhimma raawwachiistonni abbaa imaanaa ta'anii kira fi galii qabeenyicha irraa argamu himataadhaf hanga umuriisaa guutuutti akka kaffalaniif dhaameef. Himataanis erga du'een booda ilma dhiiraa umuriin isaa wagga digdamii tokko guute yookan ilmoor durbaa umurii kana kan geesse yookan heerumte kan hin qabne yoo ta'e,qabeenya isaa hin sochoone namoota dhaaltota seeran ajajaman ta'aniif,akkasumas qabeenya isaa hin sochoone himataan yeroo du'e abbaan qabeenyichaa dhaamoo dhiise yoo argamuu baate fi olitti akka ilaalametti himataan ilma yoo hin qabaanne dhaammataan firoota isaa ta'anii kan dhiyaatan hundaaf dhaame.

2ffaa. Dhaamicha gaafa guyyaa....bara...himatamaan mirkaneessiseera. Himataan hin fuune.

3ffaa. Dhaammataan yeroo du'e qabeenya hin sochoone fi socho'aa qaba ture.

Himatamaan kira fuudhaa qabeenya isaa hin sochoone ta‘e. Qabeenya socho‘aa tokko tokko isaanii gurgureera.

(Bu‘uura Unka 1,tartiiba lakkofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu )

**6. Kanaaf:-**

1. Qabeenya socho‘aa fi hin sochoone mana murtii kana keessatti akka eegamuu fi kana godhuufis qajeelfamni barbaachisu kamiiyuu akka kennamuu fi herreeginis akka qabatamu
2. Kanaan olitti yookan kana malees murtoon dhimmichaaf barbaachisu akka kennamu himataan ni gaafata.

**LAKK. 44 RAAWWANNAA ABBAA IMAANUMMAA**

Himataan maqaan isaa olitti ibsame kan itti aanu iyyata.

1ffaa. Abbaa fi haati himatamaa Obbo.....fi Aadde.....n yeroo walfuudhan gaafa guyyaa....bara... yookan sanaan booda waliigaltee walii mallatteessaniin ( qabeenyi fi mi‘i dhuunfaa obbo.....himatamaa obbo.....fi kanneen biroofis obbo.....irraa bu‘aa maallaqaa qabaniin akka ta‘u abbaan qabeenyummaa bu‘uura sanada itti naanna‘eetin himataan abbaa imaanawwanii keessaa isa tokkoodha.

2ffaa. Obbo..... dirqama abbaa imaanummaa olitti ilaalam fudhachuudhan bu‘uura sanadichaatin qabeenya socho‘aa fi hin sochoone naanneffame (yookan galii gurgurtaa isarraa argame) harkasaatti galfateera.

3.Obbo (yookan maqaa kabajaatin).....bu‘uura sanadichaan bu‘aan dhalaan na ilaallata jechuun ni gaafata.

(Bu‘uura unka 1,tartiiba lakkoofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu )

6.Himataan abbaa imaanaa ta‘uu isaatiin kira fi bu‘aa qabeenya hin sochoone harka isaa jiru kamiiyyuu

,akkasumas qabeeyaa sanarraa yookan qabeenyicha keessaa walakkaa gurgurtaa yookan qabeenya socho‘aa yookan qabeenya socho‘aa keessaa gurgurtaa walakkaa yookan herreega bu‘aan argame dhiyeessuun waan wayyuuf manni murtiitti qabeenyi imaanaa kanaa akka herreegamuu fi qabeenya imaanaa guutummaan bu‘aa himatamaa.....fi namoota biroo seera qabeessummaa qabaniirra haala ooluun mana murtiitti akka eegamu obbo.....fi kanneen biroos seera qabeessa ta‘uu isaanii nmoota manni murtii beekeef iddo jiranitti akka murtaa‘uf,saniin ala garuu obbo(yookan maqaa kabajaatin)....sababa kanaan faallaa yoo qabaate akka hubachiisu himataan mana murtii ni gaafata.

## **LAKK. 45 GURGURTAAN**

Himataan maqaan isaa olitti ibsame kan itti aanu iyyata.

1.Himataan lafa himatamaa qabsiisa idaa yeroo dheeraan qabateera.

2. Haaloni qabsiisa idaa yeroo dheeraas kan itti aanan kanaadha.

- a) Guyyaa fi bara
- b) Maqaa nama qabsiisa qabsiisee fi qabsiisa qabatee
- c) Maallaqa kaffalame
- d) Herreega dhala isaa
- e) Qabeenya qabsiisa idaa yeroo dheeraan qabame
- f) Hanga maallaqaa amma barbaadamu

- g) Qabsiisni idaa yeroo dheeraa kan biraan irraa kan darbeef yoo ta‘e,haala  
kamiin akka darbeef haa ibsamu
  - h) Himataan qabeenya qabsiisa idaa yeroo dheeraan qabate harka isaatti  
galfateera yoo ta‘e haa ibsamu
3. Himataan qabeenya qabsiisa idaa yeroo dheeraan qabame harkatti kan galfate gaafa  
guyyaa.....bara...ti.

Qabeenya harka isaa jiru qabsiisa idaa yeroo dheeraan ta‘uu isaatin yeroo sanarraa  
eegalee herreega isaa herreenguuf qophiidha.

(Bu‘uura Unka 1,tartiiba lakkofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu )

#### **6. Kanaaf:-**

1. Maallaqni isaa akka kaffalamuuf, sanaan ala qabeenyichi akka gurguramu
2. Gurgurtaa qabeenyichaa irraa maallaqa argamu gahee himataa kaffaluuf kan hin  
geenye yoo ta‘e,isa hafe himataan iyyachuuf kan eeyyamamuuf ta‘uu isaa akka  
mirkanaa‘uuf himataan ni gaafata.

#### **LAKK. 46 QABEENYA QABAME GADI LAKKISIISUU**

Himataan maqaan isaa olitti ibsame kan itti aanu iyyata.

1. Himataan lafa himatamaa qabsiisa idaa yeroo dheeraan qabsiiseera.
2. Haaloni qabsiisa idaa yeroo dheeraas kan itti aanan kanaadha.

- a) Guyyaa fi bara
- b) Maqaa nama qabsiisa qabsiisee fi qabsiisa qabatee
- c) Maallaqa kaffalame
- d) Herreega dhala isaa
- e) Qabeenya qabsiisa idaa yeroo dheeraan qabame
- f) Qabsiisni idaa yeroo dheeraa kan bira irrhaa kan darbeef yoo ta'e, haala  
kamiin akka darbeef haa ibsamu
- g) Himataan qabeenya qabsiisa idaa yeroo dheeraan qabate harka isaatti  
galfateera yoo ta'e gabaabinaan haa ibsamu

3. Himatamaan qabeenya qabsiisa idaa yeroo dheeraan qabame harkasaatti  
galfateera yookan kiraa isaa fudhateera.

(Bu'uura Unka 1,tartiiba lakkofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu )

#### 6. Kanaaf:-

1. Qabeenyi kun akka gadhiifamuu fi irra deebi'ee maqaa isaatti akka  
naanna'u (harkasaattis akka galfatu) himataan ni gaafata.

#### LAKK. 47 DIRQAMA QULQULLAA'E (LAKK.1)

Himataan maqaan isaa olitti tuqame kan itti aanu iyyata.

1ffaa. Gaafa guyyaa....bara....waliigaltee barreeffamee fi himatamaan  
mallatteessen achi irratti qabeenya hin sochoone tarreeffame himataa irrhaa  
qarshii.....bituuf (yookan himataadhaf kennuuf) waliigale.

2ffaa.Himataan gama isaatiin himatamaa waliigaltee isaa akka raawwatu  
gaafatee ture. Himatamaan garuu hin raawwanne.

3ffaa. Himataan gama isaatiin waliigalticha sirriitti raawwachuuf yeroo kamiyyuu yoo ta'e

qophaa‘aa fi eeyyamamaadha. Kanas himatamaadhaf ibseefii jira.

(Bu‘uura Unka 1,tartiiba lakkoofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu )

6 ffaa Himatamaan waliigaltee isaa sirriitti akka raawwatuu fi qabeenyichaaf himataan abbummaa guutuu akka qabaatuuf (yookan qabeenyicha fudhatee akka qabatu) waan barbaachisu hunda akka godhu akkasumas baasii himannichaa akka kaffalu manni murtii akka qabu himataan ni gaafata.

#### **LAKK.48 DIRQAMA QULQULLAA’E (LAKK.2)**

Himataan maqaan isaa olitti tuqame kan itti aanu iyyata.

1ffaa. Himataa fi himatamaan gaafa guyyaa....bara....waliigaltee barreffamaa waliigalan,sanada haadhoon isaas kana wajjin walqabatee argama. Himatamaan abbaa qabiyyee qabeenya hin sochoone waliigaltee irratti ilaalamee ture.

2ffaa.Gaafa guyyaa...bara....himataan qarshii.....himatamaadhaf akka kaffaluu fi ragaa gahaa ta‘een qabeenyicha maqaa isaatti akka naannessuuf gaafate.

3ffaa. Gaafa guyyaa.....bara...himataan qabeenyichi maqaa isaatti akka naanna‘uuf irra deebiin gaafate.(yookan himatamaan qabeenyichi himataaf akka naanna‘u osoo hin eeyyamin hafe)

4ffaa. Himatamaan sanadni naannessa qabeenyaaa dhiyesse homaatuu hin jiru.

5ffaa. Himataan maallaqa bittaa himatamaadhaf kaffaluudhaf ammas qophaa‘aa fi eeyyamamaadha. (Bu‘uura Unka 1,tartiiba lakkoofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu )

8ffaa. Kanaaf:-

1ffaa Qabeenyicha ragaa sanadaa gahaa ta‘een himatamaan himataadhaf (bu‘uura waliigaltichaatin) maqaa isaatti akka naannessuuf.

2ffaa. Qabeenyicha qabatee waan jalaa tureef beenyaan qarshii.....akka kaffalamuuf himataan ni gaafata.

## **LAKK. 49 SHAARIKUMMAA**

Himataan maqaan isaa olitti tuqame kan itti aanu iyyata.

1ffaa. Himataa fi himatamaa obbo.....waggoottan (yookan ji‘oottan)darban dambii waldaa barreeffamaan irratti waliigalan bu‘uura (yookan waliigaltee waliif mallatteessan yookan waliigaltee afaaniin) tokkummaadhan hojii daldalaahojjachaa turaniiru.

2. Himataa fi himatamaa gidduu yeroo turanitti jibbaa fi waliigaluu dhabuun waan mudateef shaarirummaadhan bu‘aa waliinii isaanii waliin hojjachuuf hojii shaarikummaa isaanii itti fufuuf kan hin danda‘amne ta‘e.( yookan himatamaan dambii shaarikummaa keessaa dirqamoota itti aanan diigeera)

1.

2.

3.

(Bu‘uura Unka 1,tartiiba lakkoofsa 4 fi 5 tin waan barbaachisaa ibsuu )

5. Kanaaf:-

1. Shaarikummaan akka diigamu
2. Herreegni qoratamee akka beekamu
3. Qabaan maallaqaa akka muudamu

Hubachiisa: Shaarikummaan akka dhaabbaatuuf himanni dhiyaatu shaarikummaan akka diigamu gaaffii jedhu hambisee shaarika diigamee ragaalee barbaachisan tarreessudha.

#### **D. FALMII ITTISAA**

##### **ITTISAWWAN WALIIGALAA**

**Haaluu/waakkachuu:** Himatamaan(wanticha tarreessuun) ganeera.

Himatamaan(wanticha tarreessuun)hin  
amanu. Himatamaan....ni  
amana,garuu....ibsa.

**Mormuu:** Himatamaan waldaa shaarika daldalaa diigame...ta‘uu isaa ni haala.

Himatamaan waliigaltee caqasame yookan waliigaltee kamiifyuu himataa waliin  
waliigaluu isaa  
ni haala.

Himatamaan olitti akka ilaalames ta‘ee yookan haala biraatin himataa waliin  
waliigaluu isaa ni  
haala

Himatamaan waldicha keessaa qabeenya qaba jedhame jiraachuu ni amana  
garuu gaafii himataan na ilaallata jedhee dhiyeessee hin  
amanu.

Himataan maganata irratti mi‘oota himatamaatti gurgureera jedhu yookan  
isaan keessaa kamiifyuu yoo ta‘e,himatamaan bituu isaa  
ni haala.

**Daangaa :** Himannichi seera adeemsa falmii hariiroo hawaasaa kwt.....tin  
daangeffameera. Aangoo: Sababa...tin (sababa ibsuudhan) manni murtichaa  
himannicha dhaga‘uuf aangoo hin qabu.

Himanna jedhame hambisuuf gaafa guyyaa...bara...himatamaan amartii  
diyaamandii  
himataadhaf kenneera.

**Hiyyoomuu:** himatamaan hiyyoomuu isaa mana murtiin mirkanaa‘eera.

Himanni osoo hin dhiyaatin dura himataan kasaaruun mirkanaa‘ee  
himanna dhiyeessuuf mirga kan qabu fudhataa maallaqaa ta‘uu  
isaa murtaa‘eera.

**Umurii :** Waliigaltee caqasameen yeroo waliigalu himatamaan umuriin isaa ijoollee ture.

**Mana murtiitti kan kaffalame:**

Himatamaan maallaqa gaafatame guutummaan (yookan kan gaafatame keessaa qarshii...) mana murtiitti waan kaffaleef himataan na ilaallata kan jechu yookan kan gaafate keessaa) kan kaffalame gahaa ta‘uu isaa ni agarsiisa.

**Dirqama isaa osoo hin raawwatin akka hafu waan godhameef;**

Gaafa guyya...bara... dirqama isaa raawwachuun akka hafu godhameera.

**Waliigalteen akka diigamu waan godhameef:-**

Himataa fi himatamaan waliigalanii waliigaltichi akka diigamu godhaniiru.

**Dhimma ammaan dura murtiin irratti kenname:-**

Gaaffii himataa.....tin himanna.... caqasame.....irratti murtii kennameen dhorkameera. Himannaan erga dhiyaateen as haalota ittisa dhiyaatanii; Himannaan dhiyaatee bara.....as waan ta‘e tarreessuu

**LAKK. 1 ITTISA HIMANNAA SABABA MI‘OOTA GURGURAMANII  
BITATAAN FUDHATEE**

1. Himatamaan mi‘oota hin ajajne.
2. Mi‘oota himatamaan hin fudhanne.
3. Gatiin qarshii....hin turre. Yookan

4. Himatamaan mi‘a qarshii...olii hin ajajne.
5. Himatamaan mi‘a qarshii....olii hin fudhanne.
6. Himatamaan ( yookan Obbo.....bakka bu‘aan himatamaa) himannicha dursee gaafa guyyaa...bara....himataaf yookan bakka bu‘aa himataatti waan isaaf malu kaffaluudhan waan isarraa barbaachisu raawwateera.
7. Himatamaan himannaan erga dhiyaateen booda gaafa guyyaa....bara.....waan isaaf malu kaffaluudhan waan barbaachisu raawwateera.

### **LAKK.2 ITTISA HIMANNAA QABSIISAF DHIYAATE**

1. Qabsiisni kan himatamaa miti.
2. Himatamaan bu‘uura dirqama qabsiisatiin maallaqa isaa guyyichatti kaffaleera.
3. Himatamaan guyyaa himataaf caqasame booda fi himannaan dura qabsiisa keessatti maallaqa haadhoo fi dhala caqasame kaffaleera.

### **LAKK. 3 ITTISA HIMANNAA WABII IRRATTI DHIYAATE**

1. Abbaa idaa dursaan himannaan dura waan isarraa eegamu raawwateera.
2. Bu‘uura waliigaltee dirqisiisummaa qabuutin abbaa idaa haadhoof yeroo kennuudhan himataan wabummaa himatamaa irraa buuseera.

### **LAKK. 4 ITTISA HIMANNAA SABABA IDAATIN DHIYAATE**

1. Qarshii 800 gaafatame himatamaan mi‘oota himataatti gurguree kenneen herreegee hambifachuuf himatamaan mirga qaba.

Tarreeffamni isaanii kan kanatti aananiidha:

Amajjii 25,bara 1960 Qur.500

Guraandhala 13,bara 1960

Qr.300

Qr.800

2ffaa.Himatamaan himannaan osoo hin dhiyaatin dura maallaqa gaafatame guutummaan (yookan kan gaafatame keessaa qarshii.....) nan kaffala jedhee ture. Maallaqa kanas mana murtiitti kaffaleera.

**LAKK.5 ITTISA HIMANNAA SABABA MIIDHAA DAGANNOON OOFUUTIIN  
QAQQABEEN DHIYAATEE**

1. Fardi Gaarii maganata irratti caqasame himatamaan kan dhuunfaa isaa ta‘uu isaa fi hojji hojjattoonni himatamaa itti gaafataman yookan hordofan ta‘uu isaa himatamaan haalera. Gaarichi jireenyi isaa Addis Ababaa.....ta‘etti fardeen akka dhiyeessuuf dallaa himatamaa kan ta‘e abbaa manaa tursiisa kotte duudaa ta‘ee farda gaarii....ti. Kanaaf itti gaafatamaa fi to‘ataan gaarichaa hojjataa nama kanaa ture.
2. Gaariin caqasame daandii....jedhamu gadhiisee kan bahe dagannoodhan tasa yookan of eegganno malee yookan ariitiin yookan tarkaanfii balaa qabuun ta‘uu isaa himatamaan hin amanu.

3. Himataan of eeggannoo fi dammaqiinsa seera qabeessa osoo godheera ta‘ee ennaa gaariin isatti dhufu arguudhan miidhaan tokko akka isarra hin geenye gochuu kan danda‘u akka ture himatamaan ni ibsa.

4. Maganata lakkofsa sadaffaa irratti kan wanta jedhame himatamaan hin fudhatu.

**LAKK. 6 ITTISA HIMANNAA KAMIYYUU BALLEESSADHA JEDHAMEE DHIYAATEE**

1. Dhimma himannaan irratti dhiyaate guutummaan ganuu

**LAKK. 7 ITTISA HIMANNAA MI’OOTA QABAMANIIF DHIYAATEE**

1. Mi‘oonni kan himatamaa hin turre.

2. Mi‘oonni kan qabamaniif herreegni himatamaaf kaffalamuu qabu waan hin kaffalamneefidha. Tarreffamni herreegichaa kan kanatti aanudha.

Caamsaa,bara 1960 mi‘oota kanneen Addis Ababaa irraa Dirre Dawaatti gatiin itti geejjibaman kiiloo 60 tokko tokkoon isaanii herreega Qr.5 tin qarshii.....

**LAKK. 8 ITTISA HIMANNAA MIRGA BARREESSAA CABSUUN DHIYAATEE**

1. Barreessaan himataa miti.(yookan abbaa amaanaa barreessichaa miti).

2. Kitaabichi kan galmaa‘e

miti. 3. Himatamaan mirga

irra hin darbine.

**LAKK. 9 ITTISA HIMANNAA MIRGA MALLATTOO DALDALAA CABSUUN DHIYAATEE**

1. Mallattoon daldalaa kan himataa miti.

2. Mallattoo daldalaati kan jedhame mallattoo

daldalaa miti. 3.Himatamaan mirga mallattoo  
daldalaa irra hin darbine.

**LAKK. 10 ITTISA HIMANNAA JEEQUMSI GODHAMEERA JECHUUN  
DHIYAAATEE**

1. Ibsaawan himatamaa kan dullooman miti (yookan mirgoota biroo nan qaba jedhu ganuu)
2. Ijaarsawwan himatamaa ibsaawan himataa haala hanqina hin qabneen akka hin ifne hin godhan.
3. Himatamaan mataa isaas ta‘ee yookan hojjattooni isaa bishaan faalaniiru kan jedhame (yookan wanti maganatni irratti dhiyaate) ganeera. (Himatamaan wanta himannaan irratti dhiyaate gochuuf seeran kan beekame yookan haala biraatin mirgan qaba kan jedhu yoo ta‘e,kan seeran beekameef yookan eeyyamameef yookan.....ta‘uu isaa adda bahee haa ibsamu).
4. Himataan waan gochuu qabu osoo hin godhin hafuu isaatiin balleessaa ta‘uu isaa haalonni kanatti aanun tarreffaman ni hubachiisu;

Bara 1950, himataan hojji baaburaa  
eegale Bara 1952,himataan harkatti  
galfate

Bara 1960,maganata jalqabaa dhiyeesse

5. Kisaaraa himataan gaafate ittisawan himatamaan olitti tarreesse bu‘uura godhachuun haalonni maganatni irratti dhiyaate himataa irratti miidhaan kan hin qaqqabsiifne ta‘uu isaanii ni ibsama.

(Kan biraas haalonni ittisaaf bu‘uura ta‘an .....fakkeenyaf miidhaa darbeef darbiinsa yeroo yoo qabaate.....ibsuu barbaachisa)

**LAKK. 11 ITTISA HIMANNAA QABSIISNI IDAA YEROO  
DHEERAAF QABEENYA QABAME /ITTISA DHALAA/**

1. Himatamaan waliigaltee qabsiisa idaa yeroo dheeraa hin mallatteessine.
2. Qabsiisni idaa yeroo dheeraa himataadhaf hin dabarre. (Naanneffamni tokkoo ol ta‘e godhameera jedhame yoo ta‘e, waan ganame ibsuudha)
3. Himannaan seera adeemsa falmii hariiroo hawaasaa bara 1965 bahe kwt tin hafaa ta‘eera.
4. Herreegni kanatti aanee tarreffame kaffalameera. Gaafa guyyaa....bara.....qarshii.....  
Gaafa guyyaa.....bara.....qarshii....
5. Himataan qabeenyicha gaafa guyyaa....bara...harka erga galfatee eegalee kiraajiru fudhateera.
6. Himataan idaa gaafatu gaafa guyyaa buuseera.
7. Himatamaan bu‘aa isaa guutummaan Obbo (yookan maqaa kabajaatin)....gaafa guyyaa....sanada barreffameen dabarseera.

**LAKK. 12 ITTISA HIMANNAA QABEENYA GADHIISISUUF DHIYAATEE**

1. Himataan qabeenyicha gadhiisisuuf mirga nan qaba jedhu seera adeemsa falmii

hariiroo hawaasaa bara 1965 kwt tin hafaa ta‘eera.

2. Himataan qabeenyicha irraa bu‘aa qabu guutummaan Obbo.....dabarseera.

3. Himatamaan sanada gaafa guyyaa...bara...barreffameen idaa qabsiisa yeroo dheeraa fi qabsiisa qabeenyaa yeroo dheeraa irraa bu‘aa qabu guutummaan obbo.....dabarseera.

4. Himatamaan qabeenya qabsiisa idaa yeroo dheeraan qabame harka isaatti galfatee yookan kiraa isaa fudhatee hin beeku.

(Himatamaan qabeenyicha yeroo tokkotti harka isaa seenuu kan amanu yoo ta‘e, kanuma ibsee yeroo sanaan alatti harka isaa akka hin seenne haa mirkaneessu)

### **LAKK. 13 ITTISA HIMANNAA DIRQAMA MIRKANAA’E RAAWWACHUUF DHIYAATEE**

1. Himatamaan waliigalticha hin taasisne.

2. Obbo (yookan maqaa kabajaatin) bakka bu‘aa himatamaa hin turre. ( Himataan ture jedhe yoo ta‘e)

3. Himatamaan waliigalteewwan itti aanan hin  
raawwanne. (Waliigalteewwan)

4. Himatamaan dirqama isaa keessaa wantoota ittiin gaafatame tarreessuu

5.Qabeenya akka gurguramuuf waliigalteen irratti godhame abbaa qabeenyummaa himataa hinatamaan fudhachuuf bifaa itti dirqisiifamuun miti. (sababa isaa ibsuu)

6.Sababoota itti aananiin waliigaltichi kan mirkanaa‘e miti.(sababa isaa tarreessuu) 7.(yookan himataan dhimmicha tursiisuu isaatiin balleessaadha.

8.(yookan himataan waliindhaheera(yookan waan hin taane ta‘eera jedhee dubbateera). 9.Waliigaltichi kan isa ilaallatu miti.

10.(yookan) waliigaltichi kan godhame dogoggoraanidha.

11. Kan lakk.7,8,9,10,(yookan achi keessaa kutaan barbaadame) haalonni tarreeffaman isaan itti aananiidha.

12. Waliigalteen gurgurtaa bu‘uura lakk.11 tin (yookan gareen lachuu waliigalanii) waliigaltichi akka hafu ta‘eera. (Kisaaraan gaafatamee himatamaan ani abbaa idaa kisaarichaa miti jedhe yoo ta‘e) waliigalticha yookan waliigaltee diigeera kan jedhame haaluu yookan bu‘uura ittisa isaatin falmii godhe kamiiyyuu dhiyeessuu. Fakkeenyaf, seera hariiroo hawaasaa bara 1960 baheen akkaataa ilaalamien himataan waan itti waliigale,itti gammade itti gaafatamummaa himatamaa akka irraa bu‘uuf waliin dhaheera kan jechisiisuu fi haaluma kanafafakkaatu yoo jiraate ibsuutu irra jira).

#### **LAKK. 14 ITTISA HIMANNAA DHAALTUUN MAALLAQAA DHAAMOO TA’E BULCHAA QABEENYA DHAAMICHAARRATTI DHIYEESSEE**

1.Obbo (yookan maqaa kabajaatin).....idaan dhaamoo jiraachuu ibseera. Yeroo du‘u qabeenya gahaa hin qabu. Yeroo du‘utti kan qabu qabeenya hin sochoone himatamaan gurguree kan argate maallaqni qulqullaa‘e qarshii.....ture. Akkasumas, qabeenya dhaammataa kan ture qabeenyi socho‘aa himatamaan harka isaatti galfatee maallaqni irraa argate kan qulqullaa‘e qarshii.....ture.

2.Himatamaan maallaqa jedhame guutummaan fi qabeenya hin sochoone irraa himatamaan kiraadhan kan fuudhe qarshii.....awwaalcha fi raawwachiisa dhaamootiif,akkasumas idaa dhaammataa gartokkee kaffaluuf baasii godhe.

3.Himatamaan herreega isaa hojjatee garagalcha isaa himataadhaf gaafa guyyaa....bara.....erguudhan nagaheewwan mataa isaatin sakatta‘ee herreega mirkanoeffachuu kan danda‘u ta‘uu isaa ibseefii ture.

Haa ta‘u malee,gaaffii himatamaa osoo hin fudhatin hafe.

4.Kanaaf baasii himanna kanaa himataan kaffaluun kan isarra jiru ta‘uu isaa himatamaan ni ibsa.

## **LAKK. 15 MATA DUREE**

### **DHAAMOO ADEEMSA GUUTUUDHAAN RAAWWATAMU**

1ffaa. Dhaamoo fi fooyya‘iinsi du‘aa tuqaman bu‘ura seera hariiroo hawaasaa bara 1960 baheetin kan raawwataman miti.

2ffaa. Dhaamichaa fi fooyya‘iinsi godhameera yeroo jedhametti sammuun du‘aa yaaduu,yaadachuu fi qalbeeffachuuf gahaa hin turre.

3.Dhaamichaa fi fooyya‘iinsa dhaamichaa kan raawwatan seeran ala himataa fi kanneen birootinis yeroodhaaf ma qaan isaanii himatamaa biratti hin beekamne deeggara himataa ta‘aniin ture.

4. Dhaamoo fi fooyya‘insi kan raawwatame waliin dhahuu himataatin yoo ta‘u, haalli waliin dhahuus himataan yeroof akka hubatetti (haala isaa ibsuun) ....dha.

5. Dhaamoo fi fooyya‘iinsi tuqame yeroo gaggeeffamutti du‘aan waan barreeffame beekee itti walii hin galle. (yookan keewwata osoo hin fooyya‘in hafeen kan barreeffame beekee ittiin walii hin galle.

6. Du‘aan dhaamoo dhugaa isaa dhumaa gaafa guyyaa....bara....godhee bu‘uura sanaan himatamaa qofa raawwachiisaa dhaamoo godhee muudeera.

Kanaaf:-

1. Dhaamoo himataan dhiyeesse akkasumas fooyya‘iinsa isaa manni murtii kufaa akka godhu
2. Du‘aan gaafa guyyaa....bara....dhaamoo taasise manni murtii karaa guutuu seera qabeessa ta‘een tumaa mirkaneessu akka baasu himatamaan ni gaafata.

#### LAKK. 16 TARREE HAALOTAA

Kan itti aanan tarree haalota.....(haalonni tarreeffaman akka dhiyaatan dhimma ajajame ibsuudhan)

Bu‘uura ajaja gaafa guyyaa....bara..... kennameetiin .....( kanaan olitti akka dhiyaatan haalota tarreeffaman barbaachisuus baatu keewwatoota fudhatama addaa qaban tuquudhan ibsuudha)

#### E / JECHA MIRKANEESSAA HIMANNAA YOOKAN FALMII DHIYAATEE

Ani....himanna ( yookan falmii) kana keessatti wanti ilaalam hundi kanan ani beekuu fi hangan amanutti dhugaa ta‘uu isaa nan mirkaneessa.

(Guyyaa .....)

(Mallattoo fi eenyummaa nama jecha mirkaneessa isaa kennee )

**MIILTOOWWAN –KWT.223**

Mana murtii .....f

Himataan.....

Himatamaan.....

Tarreeffama sanadoota himataan (himatamaan ) deebii ittin kenna jedhanii

Himanna (yookan falmii) armaan olitti caqasamee ragummaadhaf sanadoota itti  
aananii tarreeffaman kanan dhiyeessu ta‘uu koo nan mirkaneessa.(Sanadan  
dhiyeeffadhu hin qabu)

A. Sanadoota harka koo jiran yookan isaan argachuu danda‘u

1ffaa.Himataan (yookan himatamaan) kan mallatteesse xalaya gaafa  
guyyaa...bara...B.F barreeffame 2ffaa. Gaafa guyyaa..bara.B.F kan barreeffame  
waliigaltee himataa fi himatamaan waliif mallatteessan  
3ffaa. Gaafa guyyaa...bara...B.F himataaf (yookan himatamaaf) garagalcha ani xalayaan  
barreessee fi mallatteessee

B. Himataa(yookan himatamaa yookan nama biroo) harkatti sanada argamu

1ffaa. Kanaan olitti qabee A lakk.3ffaa jalatti xalayaa ilaalam  
haadhoo isaa 2ffaa. Ibsa herreegaa odiitarooni .... Dhiyeessan.

3ffaa. Ajaja Ministeerri muummee biyyaa kennee fi achuma mana galmee  
ministeerichaatti kan argamu 4ffaa, Ani akkan beekutti (yookan akkan amanutti)  
himatamaa yookan nama biraa kan harka kan jiru:-

Gaafa guyyaa....bara...B.F dhaamoo barreeffame

Dhimma olitti caqasameef naqaashiin kanan dhiyeessu (naqaashii homaayyuu  
dhiyeessuu kanan hin dandeenye) ta‘uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa fi teessoo naqaashii.....

Dhimma naqaashiin jecha ragummaa irratti  
kennu..... Kanaan olitti kanan tarreesse guutuu  
ta‘uu isaa nan mirkaneessa. Guyyaa.....

Mallattoo

## SAGANTAA 2FFAA - ADEEMSA

**Lakk. 3 Himanni gara mana murtii biraatti jijjiiramee akka ilaalamuuf iyyannoo dhiyaateef beeksisa darbu (kwt.31)**

.....tif

(Maqaa,ibsa fi teessoo)

Galmee lakk.....gaafa guyyaa....mana murtii....tif dhiyeessaniin  
himanna himataan.....himatamaa..... ta'an irratti .....gara  
argamutti gara mana murtii.....tti jijjiiramee akka ilaalamu.....ta'e mana murtii  
kanatti iyyannoo waan dhiyeesseef;

Iyyannichi gaafa guyyaa....bara dhaga‘amuuf waan beellamameef mormii yoo qabaattan  
guyyaa sana  
dhiyeeffachuu akka dandeessan isin beeksisna.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

**Lakk.1 Manni murtii nama miiltoo himataa ta'ee dabalamuu barbaachisa jedhuuf beeksisa ergamu (Kwt.40(2))**

.....tif

(Maqaa,tarree adda baafanna fi naannoo jirenyaa ibsuu)

.....himanna olitti ilaalame karaa....tin irratti waan dhiyeessee fi wanti  
walfalmisiisu guutummaan

manni murtichaa qoratee haala sirrii fi guutuu ta‘een murteessuu fi murtoo kennuu  
akka danda‘uuf isin akka himatummaan akka dabalamtan barbaachisaa ta‘ee waan  
isatti mul‘ateef dabalamuuf eeyyamamoo yoo ta‘an gaafa guyyaa.....yookan

gaafa guyyaa....bara...dura mana murtii kana akka beeksisan barbaachisaa akka ta‘e ni beeksifna.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

**Lakk.2 Nama himatamummaan himatamaatti dabalamuuf beeksisa ergamu.(kwt.40(5)**

..... tif

(Maqaa,ibsa eenyummaa fi naannoo jirenyaa ibsuu)

.....himanna olitti ilaalamme karaa.....tin.....irratti dhiyaatee wanti walfalmisiisu guutummaan manni murtichaa qoratee haala sirrii fi guutuu ta‘een murteessuu fi murtoo kennuu akka danda‘uuf isin himatamummaan akka dabalamtan barbaachisaa ta‘ee waan isatti mul‘ateef falmichatti dabalamuuf beellama qabame gaafa guyyaa....bara... sa‘aatii....dura mana murtii kanatti dhiyaadhaa. Guyyaa fi sa‘aatii jedhametti kan hin dhiyaanne yoo ta‘e,falmichi bakka isin hin jirretti kan dhaga‘amu ta‘uu ni beeksifna.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

**Lakk.3 Bakka bu’aa himatamaa du’eef waamicha ergamu (Kwt.50)**

..... tiif

(Maqaa,ibsa eenyummaa fi naannoo jirenyaa ibsuu)

Himataan .....mana murtii kanatti gaafa guyyaa...bara....B.F himatamaa ..... du‘e irratti himanna dhiyeessen isin bakka bu‘aa seeraa himatamaa du‘ee ta‘uu keessanii fi bakka isaa akka buutan ibsuudhan mana murtii kanatti iyyata dhiyeessaniiru.

Himannicha ofirraa ittisuuf mana murtii kanatti gaafa guyyaa...bara....ganama keessaa sa‘aatii...akka dhiyaatan waamichi kun isiniif ergameera. Guyyaa jedhame kana yoo dhiyaachu baatan garuu himannichi bakka isin hin jirretti dhaga‘amee ni murtaa‘a.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

#### **Lakk.4. Himatamaan akka dhiyaatu beeksisuu (Kwt.70)**

..... tiif

(Maqaa,ibsa eenyummaa fi naannoo jirenyaa ibsuu)

Guyyaan kun himanna olitti ilaalamet dhaga‘uu kan murtaa‘e fi waamichi isiniif ergamee ture. Himataan mana murtii kanatti dhiyaatee,isin immoo osoo hin dhiyaatin haftaniittu. Garuu,qondaalli/ogeessi/ qaqqabsiisaa waamichaa kan deebise irraa waamichi jedhame isin qaqqabu manni murtii mirkanoeffatee garuu guyyaa waamicha irratti murtaa‘etti dhiyaachuuf kan isin dandeessise miti.

Beeksisni kun kan isiniif ergame guyyaan dhaga‘aa har‘aa beellamamee gaafa guyyaa...bara...tti dhaga‘uuf ta‘ee guyyaa qabame kanatti osoo hin dhiyaatin kan haftan yoo ta‘e,himannichi bakka isin hin jirretti dhaga‘amee murtaa‘a.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

### Lakk.5 Himatamaan akka dhiyaatuuf waamicha (Kwt.94)

.....tiif

(Maqaa,ibsa eenyummaa fi naannoo jirenyaa ibsuu)

.....jechuudhan himanna waan isin irratti dhiyeesseef gaafa guyyaa...bara...sa‘aatii....tti himannichaaf deebii kennuuf mana murtii.....qaaman akka dhiyaattan yookan qajeelfama seera qabeessan kennamee fi gaaffilee haadhoo himannichaa hunda deebisuu kan danda‘u yookan gaaffilee kanneen deebisuu nama danda‘u,dubbi fixaa isa waliin jiru akka dhiyaatu akka godhaniif waamichi kun isiniif ergameera. Guyyaa sanas ittisaaf bu‘uura kan ta‘an;

- a) Ibsa deebii
- b) Tarree naqaashota waamuu barbaadduu,teessoo isaanii fi dhimma irratti isaan waamuu barbaaddu
- c) Tarree sanadoota irratti deebii kennuu barbaaddu qopheeffachuu qabdu.

Guyyaa olitti caqasame osoo hin dhiyaatin yoo hafan himannichi bakka isin hin jirretti dhaga‘amee kan murtaa‘u ta‘uu beekaa.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

**Lakk.6 Sirreeffamaa yookan miseensa loltoota waraanaa waamicha qaqqabsiisuf ajaja darbu (Kwt.96(1))**

.....tif

Ajajaa mana sirreessaa .....tif

Ajajaa qondaalaa .....tif

Seera adeemsa falmii hariiroo hawaasaa bara 1965 bahe kwt.96(1) jalatti bu‘uura tumameen sirreeffamaa mana sirreessichaa kan ta‘e (yookan isa jalattin kan tajaajilu) himatamaa.... jedhamu akka qaqqabu waamicha barbaachisu waraabbii lamaan kana waliin isiniif ergameera.

Garagalchi waamicha kanaa himatamaa akka qaqqabu gochuudhan haadhoo isaa himatamaan erga irratti mallatteesseen booda qaqqabuu isaaf mirkaneessa keessan itti barraa‘ee mana murtii kanaaf akka deebisan ni gaafatamu.

Abbaa seeraa

**Lakk.7 Jecha kakuu qondaala qaqqabsiisaa waamichaa yookan beeksisaan deebi‘ee ergamu (Kwt.104)**

Jecha kakuu...., ilma.....

Ani .....jecha kakuu koo yookan jecha mirkaneessaa koo kennuudhan kan kanatti aanuu nan ibsa. 1ffaa. Ani qondaala qaqqabsiisaa waamichaa mana murtii kanaati.

2ffaa. Gaafa guyyaa ...bara....waamicha(beeksisa) mana murtii....lakk.Galmee....tin kennname gaafa guyyaa...bara...qaqqabsiisuf fuudheera.

3ffaa. .... yeroo sana isan (isheen) beeka ture. Waamichas (beeksisichas) gaafa guyyaa...bara...waaree.....naannoo sa‘aatii....garagalcha isaaf (isheef) kennuuni fi

waamicha(beeksisa) haadhoo isa(ishee) mallatteessisuun waamicha(beeksisicha) isa (ishee) qaqqabsiiseera.

- a) Namni ergameef barreffamaan mallatteessuu isaa yookan didee osoo hin mallatteessin hafuu isaa,kunis ennaa ta‘u eenu akka ture haa ibsamu
- b) Mallattoo qondaala qaqqabsiisaa

waamichaa Yookan :-

3ffaa. .... Ani waanan hin beekneef ....ana waliin deemee kun isa jedhee nama tokko natti agarsiise. Waamichas (beeksisichas) gaafa guyyaa....bara....waaree...sa‘aatii...tti garagalcha isaaf (isheef) kennee waamicha(beeksisa) haadhoo irratti isa (ishee) mallatteessisee isa (ishee) qaqqabsiiseera.

- a)
- b)
- a) Namni barreffamichi ergameef mallatteesseera yoo ta‘e yookan hin mallatteessu jedhe yoo ta‘es kun yoo ta‘u eenu akka ture haa ibsamu
- b) Mallattoo qondaala qaqqabsiisaa

waamichaa Yookan:-

3ffaa . Ani..... fi mana inni dhaabbiidhaan keessa jiraatu waanan beekuuf mana inni keessa jiraatu kana gaafa guyyaa...bara ....waaree....sa‘aatii... deemee achitti hin arganne.

a)

b)

a) Haala fi adeemsa kenniinsi itti raawwatame kwt.**101,102(2) fi 103**

bu‘uura godhachuun guutummaa fi sirreessuun tarreessii ibsi.

b) Mallattoo qondaala qaqqabsiisaa

waamichaa Yookan:-

3ffaa. .....namni jedhamu na waliin deemee dhaabbidhaan manni.....keessa jiraatu isa kana jedhee mana tokko natti agarsiise. Gaafa guyyaa...bara ....waaree....sa‘aatii...achitti hin arganne.

c)

d)

c) Haala fi adeemsa kenniinsi itti raawwatame kwt.**101,102(2) fi 103**

bu‘uura godhachuun guutummaa fi sirreessuun tarreessii ibsi.

d) Mallattoo qondaala qaqqabsiisaa

waamichaa Yookan :-

Haala kanaan dura ibsameen osoo hin taane bakka buusuucn kenniinsi waamichaa biraa ajajamee yoo ta‘e,ajaja kun akka ta‘uuf kennname adda baastee caqasuudhan haala waamichi ittiin kennname guutummaa fi sirreessuun ibsi.

Ana duratti gaafa guyyaa...bara...jecha kakuu (jecha mirkaneessaa),seera adeemsaa falmii hariiroo hawaasaa bara **1965** bahe,kwt.**206** aangeffamee kennname.

**Lakk.8 Waamicha aangoo mana murtii biraa jala iddo jirutti kennuuf ajaja darbu (Kwt.107(1)**

Himatamaan (naqaashiin).....jedhamu amma kan jiraatu....ta‘uu isaa himannaa olitti ilaalameen ibsamee waamichi waraabbii himannichaa waliin himatamichaaf (yookan naqaashichaaf) qaqqabsiifamee gaafa guyyaa...bara... akka deebi‘uuf ... tti kan argamu, mana murtii .....tif akka darbu ajajni kun ergameera.

Guyyaa.....bara.....

Abbaa seeraa

**Lakk.9 Waamichi tajaajilaa yookan hojjataa hawaasaa akka qaqqabuuf ajaja darbu (Kwt.109)**

.....tiif

(Maqaa,ibsa adda baastuu fi naannoo jirenyaa ibsuu)

Bu‘uura seera adeemsa falmii hariiroo hawaasaa bara 1965 bahe,kwt.109 jalatti dubbatameen himatamaa.....isin jalatti tajaajila jedhame akka qaqqabuuf waamicha barbaachisu kana waliin waraabbii lamaan isiniif ergineera. Garagalchi waamichaa himatamaa akka qaqqabu godhamee haadhoo isaa himatamichi erga irratti mallatteessen booda qaqqabuu isaa mirkaneessa keessan irratti barreessuun mana murtii kanaaf akka deebistan ajajamtaniittu.

Abbaa seeraa

**Unka 10. Waamicha Naqaashiidhaaf Ergamu (kwt.111 fi 114)**

.....tiif

(Maqaa,ibsa adda baastuu fi teessoo ibsuu )

Dhiyaachuun keessan kan barbaadameef himanna olitti caqasameef jecha ragummaa keessan akka kennitan ( yookan sanada (sanadicha ibsuu) akka dhiyeessitaniif) gaafa guyyaa...bara...sa‘aatii... dura mana murtii kanatti qaaman akka dhiyaattan,akkumas...qabattanii akka dhiyaattan (yookan mana murtii kanaaf akka ergitan) isin beeksifna. Baasii geejjibaa fi kan birootif guyyaa tokko qofaaf kan ta‘u qarshii....kana waliin isiniif ergameera. Sababa seera qabeessa osoo hin qabaatin ajaja kana osoo hin raawwatin yoo haftan seera adaba yakkaa 1957 bahe kwt.442 jalatti akka tumametti argamuu dhabuu keessaniin adabbiin barbaachisaan irratti raawwatama.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

Hub:

1. Waamichi kan isiniif ergame ragaa bahuuf osoo hin taane sanada dhiyeessuu qofaaf ta‘ee guyyaa fi sa‘aatii gaafatamtanitti sanada mana murtii kana akka qaqqabu yoo gootan ajajni waamichaa akka raawwatameetti lakkaawwama.

2. Guyyaa jedhamee ol as kan turtan yoo ta‘e,guyyaa murtaa‘en ol guyyaa turan tokko tokkoof qarshii...isiniif ni kaffalama.

### **Unka 11. Naqaashiin akka qabamuuf ajaja darbu (kwt.118(2)**

.....tiif

.....Ajaja waajjira poolisii fi qondaala poolisii biroo

Waamichi.....qaqqabsiifamee osoo hin dhiyaatin waan hafeef (yookan waamicha fuudhuu diduuf jecha dhokachuu fi waan baqatuuf).....qabuun gara mana

murtiitti akka fiddan ajajamtaniittu. Akkasumas guyyaa fi haala ajajichi itti raawwatame yookan sababa hin raawwatamneef ibsitani mallatteessuun ajaja kana gaafa guyyaa.... yookan guyyaa...bara... dura deebistanii akka ergitan ajajamtaniittu.

Mallatoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

**Unka 12. Mana sirreessaa nama tursiisuuf ajaja darbu (Kwt.120(2))**

Bulchiinsa mana sirreessaa..... tiif

.....gaafa guyyaa.....bara...dhiyaatee jecha ragummaa isaa kennuuf (yookan sanada akka dhiyeessuuf) qabsiisa akka qabsiisu jechuudhan himanna olitti ilaalameen himataa (yookan himatamaa) kan ta‘e mana murtii kanatti waan iyyateef manni murtiis qabsiisa akka qabsiisu .....gaafatee waan dideef kanuma.....ofitti fuudhuun mana amala sirreessaa galee akka eegamu akka godhamuu fi guyyaa murtaa‘e kana sa‘aatii....tti fi yeroo kamiiyuu gara fuulduraatti ajajametti gara mana murtii kanatti akka dhiyeessan ajajameera.

Mallatoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

### Unka 13. Mana sirreessaa nama tursiisuuf ajaja darbu (Kwt.121)

.....tiif

Bulchiinsa Mana sirreessaa.....

..... gara mana murtiitti dhiyaatee jecha ragummaa isaa akka kenu (yookan sanada akka

dhiyeessu ) gochuuf qabamee to‘atamee gara mana murtiitti erga dhiyaateen booda himataan (yookan himatamaan) sababa hin jirreef ragaan kun jecha ragummaa isaa kennuuf (sanadicha dhiyeessuuf) dadhabuu isaatiin manni murtii gaafa guyyaa...bara...sa‘aatii...tti akka dhiyaatuuf qabsiisa akka qabsiisu gaafatee hin qabsiisu waan jedheef...ofitti fuutanii mana amala sirreessaa siiviliitti eegamaa akka turu akka godhanii fi gaafa

guyyaa....bara...sa‘aatii....gara mana murtii kanatti akka dhiyeessitan ajajameera.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

### Lakk.1 Xalayaa gaaffii (kwt.122)

Pirezidaantii mana murtii ..... tif

Himataan Obbo (maqaa kabajaatin).....himatamaan obbo (maqaa kabajaatin).....mana murtiitti waan dhiyaataniif himanna kanaanis himataan....jechuun waan iyyateef

(Firii dubpii dhimma iyyatamee)

Hojiin abbaa seerummaa sirriidhan akka gaggeeffamuu fi wanti gareewwan walfalmitootaa irratti walfalmaa jiran haala barbaadamuu akka murtaa‘u gochuuf namoota maqaan isaanii itti aanee tarreffaman dhimma kanaaf jecha ragummaa

isaanii jecha kakuutin akka kennan barbaachisaadha jedhamee mana murtii kanaaf waan ibsameef;

Maqaa naqaashotaa fi teessoo isaanii  
Obbo(yookan maqaa  
kabajaatin).....  
Obbo(yookan maqaa  
kabajaatin).....  
Obbo(yookan maqaa  
kabajaatin).....

Naqaashonni kunniin kan jiraatan daangaa aangoo mana murtii keessanii keessaa waan jedhameef;

Kana waan ta‘eef,sababoota olitti tarreeffaman ilaaludhaan kanuma mana murtii gargaaruuf jedhanii naqaashonni kun bakka fi yeroo isin murteessitanitti tokkoo keessaniin yookan tokkoo ol taatanii bakka argamtanitti yookan bu‘uura adeemsa mana murtii keessaniin jecha naqaashotaa gaafatee fuudhuuf nama aangoo qabu fuulduratti akka dhiyaatan akka ergitanii fi naqaashota kanneen xalayaa kana waliin bu‘uura gaaffiwwan ergamaniitiin (yookan jecha afaaniin bakka bu‘oonni himataa fi himatamaa yookan bu‘uura beeksisa isaan qaqqabuun iddo itti argamanitti eenu iyuu fuulduratti jecha isaanii akka kennan akka gootan manni murtii.....ta‘uu kootin.....ani .....kabajaan nan yaadachiisa.

Kana malees,jecha naqaashota kanneenii barreeffamaan qopheessitanii fi yeroo gaaffii kanatti kitaabolii,xalayoota,barreeffamoota fi sanadoonni dhiyaatan akka adda bahan mallattoon akka isaan irratti godhamu ,akkasumas qorannichas chaappaa mana murtichaa keessaniitin yookan gama keessaniin adeemsa baratameen mirkaneessuun,dabalataan naqaashonni biroo dhaga‘aman yoo jiraatan manni murtii

kun akka isaan gaafatu barreeffama yaadachiisu waliin barreeffama kana deebistanii akka ergitan kabajaan nan yaadachiisa.

Yaadannoo: Gaaffichi kan dhiyaatu mana murtii biyya alaatif yoo ta‘e unka kana sarara xumura irratti

—deebistanii jecha jedhutti aanee Impaayera Itoophiyaatin karaa ministeera dhimma alaatin॥ jechoota jedhan keessa galchuu barbaachisa.

### Lakk. 2 Naqaashii bira gaafachuuf aangoo kennamu (kwt.127)

..... tif

(Maqaa,ibsa fi teessoo)

Yookan (akka haala dhimmichaatti)

Mana murtii ..... tif

.....jecha ragummaa isaa akka kenu himanna olitti caqasameen....waan gaafateef

.....kanneen.....jecha naqaashii jedhamee qorannoodhan (yookan jecha afaaniin) akka fuudhamu gaafataniiru. Hojiidhuma kanaaf abbaa aangoo taatanii muudamtaniittu. Abbootiin dhimmaa yookan bakka bu‘onni isaanii kan dhiyaatan yoo ta‘e jechichi bakka isaan jiranitti akka fuudhamu ta‘ee ijoowwan adda bahanii ibsam an irratti naqaashota gaafachu ni dandeessu. Jechicha fuitanii akka xumurtaniin bu‘aa isaa akka nu beeksistan gaafatamtaniittu. Bu‘uura iyyannoo isin dhiyeessitaniin himatamaan dirqamee akka dhiyaatuf manni murtii aangoo qabu kamiyyuu ajaja dabarsuu ni danda‘a. Hojii olitti isin dalagdaniif gatii keessan akka ta‘uuf qarshii kana waliin isiniif ergameera.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

**Lakk. 3 Dhimmichi bakkuma isaatti akka qoratamu yookan qorannoon herreegaa akka godhamuuf aangoo kennamu (kwt.132 fi 134)**

.....tif

.....dhaf qorattoota muuduun himanna kanaaf barbaachisaa ta‘ee waan mul‘ateef;

.....qoratu taatanii muudamuu keessan isin beeksisna.

Jecha fuudhuuf naqaashota barbaachisan kamiyyuu yookan sanadoota qorachuun barbaachisu kamiyyuu isin bira fiduuf waamichawwan dirqisiisan beeksisa keessaniin manni murtii aangoo qabu kamiyyuu baasuu ni danda‘a. Gatii hojii keessan olitti ilaalametif qarshii kana waliin isiniif ergameera.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

**Lakk.16 Qabeenya gooduuf aangoo kennamu (kwt.134)**

.....tif

Manni murtii kun murtii gaafa guyyaa....bara.... kenne irratti qabeenya ilaalam bu‘ura mirga murtiidhan murtaa‘eetiin bakka bu‘aa qoqqoodu muuduun himanna kanaaf barbaachisaa ta‘ee waan mul‘ateef dhimma kanaaf itti gaafatamaa taatanii muudamuu keessaniin qorannoo barbaachisu hunda

gochuuf qooda/gahee murticha irratti tarreeffaman yaada fi beekkumsa keessaniitiin qabeenya kana qoqqooduuf gahee tokko tokkoo isaaniis murteessuuf aangoon kan isiniif kennname ta‘uu isin beeksisna.

Gaheen tokkoo tokkoos gatii walqixaa kan qabu akka ta‘uuf gareen tokko kan biraatif maallaqa kaffalu murteessuuf aangoon isiniif kennameera. Naqaashii jecha isaa fuudhuun yookan sanadoota qorachuun barbaachisu kamiyyuu gara keessanitti dhiyeessisuuf waamichawwan dirqisiisan iyyannoo keessaniin manni murtii aangoo qabu kamiyyuu baasuu ni danda‘a.

Gatii hojii keessanii olitti ilaalameetiif qarshii kana waliin isiniif ergameera.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

#### **Unka 14. Murtiin dura ajaja nama qabamuu (Kwt.147)**

.....tiif

Raawwataa ajajaa mana murtii

Himanna olitti caqasame himataa ....kan ta‘e...hangi isaa qarshii....ta‘e naaf kaffalamuu qaba waan jedheef himatamaan.....dhaf qaqqabeera sababni jechisiisu jiraachuu isaa mana murtii haalan waan hubachiiseef gaaffiin himataa akka raawwatuuf ...kana irraa qarshii....gaafattanii akka fuitanii fi qarshii ...jedhame yookan ariitiin ....yoo kennname malee ....kana harkatti akka qabatu gochuudhan himannaan kun guutummaa fi murtiin dhumaan hanga itti kennamutti fi murtiin itti murtaa‘u yoo jiraates murtiin hanga raawwamatutti mana murtii kanatti akka dhiyaatuuf qabsiisa qarshii....sababni hin qabsiifnef yoo jiraate akka hubachiisuuf gara mana murtii kanaatti akka dhiyeessitan ajajameera.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

**Unka 15. Namni mana murtiin qabame akka dhiyaatuuf qabsiisa kennu (Kwt.148)**

Falmii olitti caqasame himataa kan ta‘e bu‘uura gaaffii.....tin himatamaan.....qabamee mana murtii kanatti waan dhiyaateef,

Gara mana murtii kanatti akka dhiyaatuuf sababa qabsiisa hin qabsiisnef yoo jiraate akka hubachiisu gaafatamee himatamichi osoo hin hubachiisin hafuu isaatiin manni murtii qabsiisa waan ajajeef;

Kana waan ta‘eef ani.....fedhii kootiin wabii ta‘un himannichi hanga ilaalamaa jirutti fi tarii himatamaa irratti yoo murtaa‘e murtiin hanga raawwatutti yeroo kamuu yoo ta‘e yoo waamame akka dhiyaatu gochuudhof mataa koo,dhaaltota koo fi dhimma raawwachiistota kootin mana murtiif dirqama seeneera. Himatamaan waamamee osoo hin dhiyaatin kan hafe yoo ta‘e,himanna kanaan himatamaan akka kaffalu maallaqa itti murtaa‘u kamuu yoo ta‘e,bu‘uura ajaja mana murtiin mana murtichaaf kaffaluuf mataa koo,dhaaltotakoo fi dhimma raawwachiistota koo dirqama seensiseera.

Guyyaa.....bara.....

(mallattoo)

Ragoolii

1.....

.....

2.....

**Unka ---- Wabummaan isaa akka irraa bu'uuf wabiin iyyata yeroo  
dhiyeessetti himatamaan akka dhiyaatuf ajaja waamichaa (Kwt.149)**

.....tif

Sababa himannaa olitti caqasameef akka dhiyaattan gaafa guyyaa...bara....wabii kan  
ta'an..... dirqamni  
isaanii akka irraa bu'uuf mana murtii kanatti iyyata waan dhiyeessaniif;

Iyyanni kun dhaga‘amee yeroo murtaa‘utti gaafa guyyaa....bara....qaaman akka  
dhiyaattan waamichi isiniif ergameera.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

**Unka ---- Mana sirreessaa nama tursiisuuf ajaja darbu (kwt.150)**

.....tiif

(Maqaa,ibsa adda baastuu fi teessoo ibsuu )

Himatamaan himannaa olitti caqasameen yoo itti murtaa‘ee fi  
himatamaan.....jedhaman kun wanti hubachiisan yoo jiraate akka dhiyaatan  
gochuuf qabsiisa haa qabsiisan jedhuudhan himataan....jedhaman mana murtiif  
iyannoo waan dhiyeessaniif manni murtiis himatamaan qabsiisa akka qabsiisu  
yookan maallaqa gahaa akka qabsiisu isa gaafatee osoo hin godhin waan hafaniif  
himannichi murtii hanga argatutti yookan kan isaanitti murtaa‘es yoo ta‘e,murtiin  
hangi raawwatamutti himatamaan....jedhaman kun mana sirreessaa siivilii akka  
turu ajajameera.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

**Lakk. ----- Qabeenya murtiin dura kabachiisuu (kwt.151 fi 152)**

.....tif

Murtii raawwachiisaa mana murtii

Himannaa kanaan isaan irratti kan murtaa'e yoo ta'e, qabsiisa herreegaa raawwachiisa murtiif gahu himatamaan....jedhaman akka qabsiisan akka gaafataman jechuudhan himataan....jedhaman mana murtiif iyyata waan dhiyeessaniif manni murtiis qabsiisa kana akka qabsiisan himatamaa gaafatee osoo hin qabsiisin waan hafaniif qabeenya ....jedhamanii kan ta'an.....akka qabaniif fi gara fuulduraatti mana murtiin hanga ajajamutti haala amansiisaa ta'een eegamaa akka turu akka godhan ajajameera. Akkasumas ajajni kun guyyaa fi haala ittiin raawwatame yookan osoo hin raawwatamin kan hafe yoo ta'e sababa isaa ibsuun mallatteessitanii gaafa guyyaa....bara....yookan sana dura deebistanii akka ergitan ajajameera.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

**Lakk.--- Qabsiisa kabachiisa qabeenyaf kennamu (Kwt.151)**

Sagantaa kana waliin walqabatee argamuun qabeenya ilaalamme dhiyeessuu fi mana murtiif dhiyeessuuf himatamaan qarshii....tif qabsiisa akka qabsiisan himannaa olitti caqasameen himataa kan ta'an.....bu'uura iyyannoo dhiyeessaniin manni murtii himatamaa waan ajajeef;

Kana waan ta'eef ani.....fedhii kootiin wabii ta'uudhan himatamaan kun sagantaa oliin qabeenya ilaalamme yookan tilmaama isaa yookan tilmaama isaa irratti herreega isatti murtaa'e hanga gahu yeroo gaafatametti dhiyeessisee mana murtiitti akka dabarsu gochuuf mataa koo,dhaaltota koo fi dhimma raawwachiistota koo mana murtiif dirqama seensiseera. Kanas osoo hin godhin yoo hafan yeroo manni murtii ajajetti qarshii....yookan manni murtii waan murteessu maallaqa duraan dursee ilaalammeen ol kan hin taane mana murtii kanaaf kaffaluuf mataa koo,dhaaltota koo fi dhimma raawwachiistota koo dirqama seensiseera.

Guyyaa.....bara.....

(mallattoo)

Ragoolii

1.....

.....

2.....

**Lakk. Qabsiisa raawwachiisa murtiif ta'u akka kennuuf ajaja  
barbaachisu waliin qabeenya murtiin dura qabamu (kwt.152)**

.....tif

Murtii raawwachiisaa mana murtii

Himannaa olitti caqasameen himatamaan .....ta'uu isaanii.....mana murtii sirriitti waan hubachiisiif himatamaan kun yeroo gaafatamanitti qabsiisa

qarshii.....dhiyeessanii mana murtii kanatti kennan yookan gatiidhuma sana yookan kan isaanitti murtaa‘e yoo ta‘e,gatichi murtiidhan herreega isaanitti murtaa‘een qooda gahu akka qabsiisan yookan sababni hin qabsiifnef yoo jiraate dhiyaatanii akka hubachiisan gaafa guyyaa....bara... yookan sanaan dura akka isaan beekistan ajajameera.

Kanaan olitti kanneen.....akka qabamanii fi gara fuulduraatti mana murtii irraa hanga ajajamutti haala amansiisaa ta‘een eegamaa akka turu akka godhan ajajameera. Akkasumas ajajni haala fi guyyaa itti raawwatame yookan osoo hin raawwatamin kan hafe yoo ta‘e sababa isaa ibsuun mallatteessuun gaafa guyyaa....bara..... yookan sanaan dura deebistanii akka ergitan ajajameera.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

**Lakk..... Qabsiisa osoo hin kennin hafuun yeroo mirkanaa’etti qabeenya qabamu (kwt.152)**

.....tif

Murtii raawwachiisaa mana murtii

Himannaan kan isaanitti murtaa‘u yoo ta‘e, qabsiisa herreega raawwachiisa murtiif gahu himatamaan....jedhaman akka qabsiisan haa gaafataman jechuudhan himataan...jedhaman mana murtiitti iyyannoo waan dhiyeessaniif mana murtiis qabsiisa kan akka qabsiisan himatamaa gaafatee osoo

hin qabsiisin waan hafaniif qabeenya....jedhamuu ta‘e .....akka qabdaniif fi gara fuulduraatti mana murtii hanga ajajamutti haala amansiisaa ta‘een eegamaa akka turu akka gootan ajajameera.

Akkasumas ajajni haala fi guyyaa itti raawwatame yookan osoo hin raawwatamin kan hafe yoo ta‘e sababa isaa ibsuun mallatteessuun gaafa guyyaa....bara..... yookan sanaan dura deebistanii akka ergitan ajajameera.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

### **Lakk. 7 Ajajoota dhorkaa yeroof kennaman (Kwt.154)**

Bu‘uura himannaa himataa obbo (maqaa kabajaatin) Abukaatoon (Yookan dubbi fixaan) ..... gaafa guyyaa....bara...galmee saaqee maganata dhimma kanaaf dhiyeessen (yookan gaafa guyyaa...bara....galmee falmii kanaatif iyyata himannaa saaqame yookan gaafa guyyaa...bara...iyyata barreeffamaa himataan saaqe) akkasumas hubachiise ilaaluun kanumas deeggaruudhan jecha ragummaa... fi.... kennan dhaga‘un (beeksini ergameefii himatamaan osoo hin dhiyaatin hafe yoo ta‘ee fi akkaataa beeksisa kanaatiin beeksisichi obbo( yookan maqaa kabajaatin)....f kennameera jechuudhan jecha ragummaa....kenne yoo jiraate ibsi)

Manni murtii kun himatamaan Obbo (maqaa kabajaatin)....hojjattoonni isaa,bakka bu‘oonni isaa,ogeessonni isaa iyyata himataa irratti (yookan iyyata yookan maganata barreeffamaa himataa fi beeksisa kanaaf jecha ragummaa dhaga‘amee ) kan ilaalamo mana Aanaa....lakk.... karaa...tin argamu akka hin diigne yookan akka diigamu godhee akka hin miine yookan wanta manichi irraa ijaarame kamuu irraa akka hin gurguramne himanni kun hanga dhaga‘amutti yookan gara fuulduraatti mana murtii kanaan hanga ajajamutti dhorki akka isin qaqqabu ajajneera.

Guyyaa....bara....

Abbaa seeraa

**(Kaffaltii maallaqaatif yookan gama herreegaan waliigaltee gochuuf haasaa qabameef ajaja dhorkaa darbu yoo ta'e ,kutaan ajajichaa akka kanatti aanu ta'uu danda'a)**

Falmii ammaatif ka'uumsa kan ta'e gaafa guyyaa...bara...yookan sanaan booda kan barraa'e iyyata yookan maganata himannaa himataatin fi yeroo falmii kanaatti jecha ragummaa dhaga'ameen sanada mirkaneessaa idaa ilaalam (yookan sanada kaffaltii idaa) harka keessanii akka hin baafne yookan harka eenyuu iyyuu harkaa akka hin baane yookan nama biraatiif akka hin kaffalamne akka hin mallatteessine yookan kan nama biraa akka hin taasifne yookan haasaa waliigaltee akka hin taasifne himatamtoonni.... fi..... jedhaman himanni kun hanga dhaga'amutti yookan mana murtii kanaan gara fuulduraatti hanga ajajamutti dhorki akka isaan qaqqabu ajajameera.

**(Falmiiwan mirga maxxansaan ka'an**

Himanni kun hanga murtaa'utti yookan mana murtii kanarraa hanga ajajamutti kitaaba... jedhamu yookan keessa isaa keessaa kutaa kamiyyuu yoo ta'e akka hin maxxansine,maxxansiisuun akka hin baafne yookan akka hin gurgurre himatamaa obbo (maqaa kabajaatin).... hojjattoota isaa,bakka bu'oota isaa,ogeessota isaa dhorki akka isaan qaqqabu ajajameera.

**(Kan dhorkamu kitaaba keessaa kutaa tokko qofa yoo ta'e)**

Himatamaan maxxansiisee baasiseera jedhamee iyyata himannaa (yookan maganata fi jecha naqaashii) ilaalamdeen kitaaba....jedhamu keessaa ....kan jedhu,kutaa (fuula....irraa hanga fuula dhumaatti jiru)

himanni kun hanga murtaa‘utti yookan mana murtii kanaarraa hanga ajajamutti himatamaa obbo (maqaa kabajaatin).... hojjattoonni isaa,bakka bu‘oonni isaa,ogeessotni isaa akka hin maxxansine,maxxansiisun akka hin baafne yookan akka hin gurgurre yookan dhimma kamiifuu akka hin oolchine dhorki akka isaan qaqqabu ajajameera.

**(Mirga kalaqaa irratti falmiiwwan ka’an)**

Himanni kun hanga murtaa‘utti yookan gara fuulduraatti mana murtii kanaan hanga ajajamutti iyyata himanna himattootaa (yookan maganata fi ...kan kana fakkaatan yookan jecha barreffamaan kennamee fi kan isafafakkaatan) ilaallatu hojii himattootaa yookan hojii akaakuu kamiiyuu kalaqa himattootaa fakkaatan cuubeewwan uraa qaban (hojii biraas yoo ta‘e,akaakuu isaa ibsuun) iyyata himanna himattootaa (yookan....) ilaalamen mirga kalaqaa murtaa‘e keessaa tokko tokkoon isaanii yeroon isaan hanga xumuramutti hojjatanii akka hin gurgurree fi hojii kalaqaa kanneen yookan isaan keessaa kamiiyuu akka hin garagalchine, akka hin waraabne yookan fakkeessuun akka hin hojjanne,daballii yookan hir‘ina kamiiyuu akka hin goone dhorki isaan qaqqabu ajajameera.

**(Falmiiwwan mallattoolee daldalaa irratti ka’an)**

Iyyata himanna yookan maganata himataa Obbo (Maqaa kabajaatin)...irratti akkuma ilaalamen mallattoo jiru qaruuraa irratti maxxansuudhan mallattoo himataan hojii kooti jedhan keessaa boca yookan dibaa kamiiyuu yookan immoo bocas ta‘ee dibaa himataan Obbo(maqaa kabajaatin)....gurgure yookan bocas ta‘ee dibaa hallunis ta‘ee haala biraatin hojii kana fakkeessuun hojjachuu himanni kun hanga murtaa‘utti yookan mana murtii kanarraa hanga ajajamutti himatamaan obbo (ma qaa kabajaatin)... hojjattoonni isaa,bakka bu‘oonni isaa,ogeessotni isaa akka hin gurgurre,gurguraaf gabaa akka hin baasne yookan gurgurtaaf akka waliigaltee hin goone dhorki akka isaan qaqqabu ajajameera.

**(Hojii nama shaarika ta'ee keessa haala kamiinuu akka hin seenamne ajaja dhorka darbu)**

Himanni kun hanga murtaa'utti yookan gara fuulduraatti mana murtii kanaan hanga ajajamutti maqaa waldaa shaarikaa.... fi....tin himatamaan Obbo (maqaa kabajaatin)....bakka bu'oони isaa fi tajaajiltoonni isaa waliigaltee kamiiyuu akka hin taasisne,sanada maallaqaa kamiiyuu yookan qabsiisa barreffamaa akka hin fuune,akka hin qopheessine,akka hin mallatteessine yookan waadaa akka hin galle fi dirqama idaa kamiiyuu akka waliigaltee hin goone,mi'a kamiiyuu akka hin bitnee fi hin gurgurre, akkasumas Obbo (yookan maqaa kabajaatin).... fi maqaa waldaa shaarikaatin yookan maallaqa funaanaa ta'anii waadaa barreffamaa yookan afaanii akka hin goone yookan kanuma akka hin gochisiisne yookan waldaan shaarikaa kun maallaqa kamiiyuu akka hin kaffalle,abbaa idaa yookan waadaa kamiiyuu yookan dirqamni akka raawwatamu abbaa dirqamaa waan isaan taasisu akka hin goone yookan akka hin gochisiisne dhorki akka isaan qaqqabu ajajameera.

**Lakk.8. Fudhataa Muuduu (Kwt.166)**

.....

Himannaan olitti ilaalam...murtaa'efii raawwachiisa murtii akka ta'uufitti...akka qabamu gaafa guyyaa...bara... ajajni waan darbeef qabsiisa manni murtii gahaadha jedhee fudhatu qabsiisuun bu'uura seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa bara 1965 bahe kwt.166 tin fudhataa qabeenya taatanii keewwata kanaan aangoo guutuu ilaalam waliin muudamtaniittu.

Gama galii fi baasii qabeenya kanaatif herreega seera qabeessaa fi sirrii gaafa guyyaa...bara...akka dhiyeessitan barbaadamtaniittu.

Muudama keessan kanaan qabeenyicha yeroo fudhatan parsantii...isiniif kaffalama.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa  
guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

**Lakk.11 Jecha amansiisa sanadootaa akka kennamu  
beeksisuu (Kwt.240)**

Himannaan kanaan himataan (yookan himatamaan) miiljalee kana jalatti sanadoota tarreeffaman ragummaadhaf kan caqase ta‘uu isaa waan ibseef isaanis.....irratti gaafa guyyaa... bara...sa‘aatiiwwan.... fi...gidduu yeroo jiru keessatti himatamaadhan (himataan) yookan dubbi fixaa yookan bakka bu‘aa isaan sakatta‘amuu waan danda‘aniif sanadoonni haadhoo jedhaman kun akka jedhamanitti kan barraa‘anii fi mallattaa‘anii fi raawwataman ta‘uu isaanii, akkasumas garagalchoota kan jedhamanis garagalchoota sirrii ta‘uu isaanii ,akkasumas kan ergaman jedhamanis ergamuu isaanii fi qaqqabuu isaanii, isaan keessaa ragummaadhaf dhiyaachuu kan hin dandeenye adda baasuun tarreessuun sa‘aatii dhumaal yeroo olitti caqasamee irraa jalqabee sa‘aatii afurtamii saddeet keessatti himatamaan (yookan himataan) jecha amansiisaa isaa akka kennu ajajamuu ni beeksifna.

Obbo (yookan maqaa kabajaatin)... dubbi fixaa(bakka bu‘aa)  
himataa Obbo(yookan maqaa kabajaatin)...dubbi fixaa(bakka  
bu‘aa) himatamaatif

(Tarreeffamani sanadoota tokko tokkoon isaanii haadhoo yookan garagalcha ta‘uu isaa adda baasii ibsi)

**Lakk. 12 Ijoowwan murtiin ilaalamaniif waliigaltee abbootiin dhimmaa taasisan**

Nuti dhimma himannaan olitti caqasamee irratti walhimanne keessatti falmii

ragaa(yookan seera) murtiidhan ilaalamuu qabu waliigalteedhan murteessineera. Ijoon falmii keenyaas gaafa guyyaa...bara...kan mallattaa'e fi igzibiitii ..jedhamuun sanada mirkaneessaa abbaa idummaaf galmeen baname murtii seeraa darbiinsa yeroottin ala ta'uu isaa fi ta'uu dhabuu isaa adda baasuu ture. (Ijoon isaa kan biraaj yoo ta'es haa ibsamu)

Kana waan ta'eef manni murtii kun ijoo miti (yookan ijoodha) jechuun bu'uura murtii godhamuun gama keenyan qarshii...(yookan maallaqa manni murtii murteessu) kaffaluuf tokko tokkoon keenya dirqama seennera. Anis.....kanuma qarshii....(yookan maallaqa manni murtii murteessu) herreega sanada olitti caqasame ilaalameen kaffaltii guutuu raawwadhee nan fudhadha. (yookan bu'uura murtiitin ani.....nan godha yookan .....hin godhu)

Ragoolii	Himat
1.....	aa
.....	Himata
2.....	maa
..... Guyyaa...bara.....	

### **Lakk. 13 Unka raawwannaa kakuu**

**(Kwt.261 fi 262)**

Jecha kakuu naqaashii

—Mana murtii kana fuulduratti jechi dhugaa ani kenu dhugaa dhugaadha malee waan biraaj akka hin taane nan kakadha.(Yookan nan mirkaneessa)

Jecha kakuu hiiktuu afaanii

—Mana murtii kana fuulduratti ragaa natti kennamu (yookan falmii mana murtii kanatti dhiyaate) dhugaa fi hanga dandeettii kootitti hiikuuf kan kakadha. (yookan nan mirkaneessa).

**Lakk.14 Daangaa aangoo mana murtii gadhiisee deemuuf naqaashiin  
dhiyaate akka gaafatamu beeksisa abbootii dhimmaaf kennamu (Kwt.265)**

..... tif

.....kan jedhame.....kan lakkaawwate.....ragaan jedhame ariitiin akka gaafatamuuf....mana murtiif iyyata waan dhiyeessaniif ragaan kun daangaa aangoo mana murtii kanaa gadhiisee bahuuf kan qaqqabe ta‘uu isaa manni murtii sirriitti akka hubatu waan godheef (yookan sababni gahaa fi faayidaa qabeessi yoo jiraate ibsuu) ragaa....jedhamu gaafa guyyaa....manni murtii....jechicha kan fuudhu ta‘uu isaa ni beeksifna.

Guyyaa...bara.....

Abbaa seeraa

**Lakk. 15. Maallaqa mana murtiitti kaffalameef beeksisa darbu (kwt.281)**

Himatamaan mana murtiitti qarshii....kaffaluu isaa fi maallaqa kanas himataan herreega gaafateen k\*affaltii guutuudha jechuun kan ibse ta‘uu isaa isin beeksifna.

..... Dubbi fixaa himatamaa

..... tif dubbi fixaa himataa

**Lakk. 16 Ajajni dhorkaa raawwii murtii akka darbuuf qabsiisa kennamu (kwt.335)**

.....f

Qabsiisa dhorka raawwii murtiif ta‘u.....dirqama kanatti aanu mallatteesseera. Himataan....jedhamu gal mee lakk.....irratti himatamaa....jedhamu mana murtii kanatti waan himateef gaafa guyyaa....bara...himataaf waan murtaa‘ef himatamaanis murtii manni murtii....murteesse ol‘iyannoo jedhee ol‘iyannichi reefu waan hin murtoofnef;

Himataan murtaa‘ef murtichi akka raawwatamuuf iyyatee osoo jiruu himatamaan garuu raawwiin murtii akka dhorkamuuf iyyata dhiyessee qabsiisa akka qabsiisu gaafatameera. Bu‘ura kanaan ani sagantaa

kana waliin walqabatee argamu irra qabeenya ilaalam qabsiisan qabsiisuuf qarshii....f fedhii kootiin qabsiisa ta‘uu koon murtii kana manni murtii ol‘iyannoo kan cimse yookan kan jijiire yoo ta‘e,himatamaan kun murtoo mana murtii ol‘iyannoo sirriitti akka raawwatu,akaataa murtichaatin waan kaffalamu hunda akka kaffalu,kana osoo hin godhin yoo hafe garuu haala kanaan maallaqa kaffalamu akkaataa sanada kanaatin qabeenya ittisa dhalaan qabame irraa akka kaffalu gurgurtaa qabeenya kanaa irraa maallaqa argamu herreega murtaa‘e kaffaluuf kan hin geenye yoo ta‘e garuu haftee isaa anii fi bakka bu‘onni seeraa koo mataa keenyaan kaffaluuf abbaa idaa ta‘uu koo nan mirkaneessa.

Dirqama qabsiisaa kana gaafa guyyaa....bara... mallatteesseera.

Mallattoo

Ragoolii

1.....

2.....

**Lakk. 17 Dhimmichi ol'iyyannoo irra osoo jiruu qabsiisa kennamu (kwt.336)**

.....tiif

Qabsiisa dhorka raawwii murtiif ta'u....sanada dirqamaa kanatti aanu mallatteesseera. Himataan....jedhamu gal mee lakk.....irratti himatamaa....jedhamu mana murtii kanatti waan himateef gaafa guyyaa....bara...himataaf waan murtaa'ef himatamaanis murtii manni murtii....murteesse ol'iyyannoo jedhee ol'iyyannichi reefu waan hin murtoofnef;

Himataan murtaa'ef murtichi akka raawwatamuuf iyyatee qabsiisa akka qabsiisu gaafatameera. Bu'uura kanaan ani....sagantaa kana waliin walqabatee argamu irra qabeenya ilaalam qabsiisan qabsiisuuf qarshii....f fedhii kootiin qabsiisa ta'uu koon murtii kana manni murtii ol'iyyannoo kan jijiire yoo ta'e, akkaataa murtichaatin qabeenya fudhatamee ture kamiiyuu himataan akka deebisu fi murtoo mana murtii ol'iyyannoo sirriitti akka raawwatu, akaataa murtichaatin waan kaffalamu hunda akka kaffalu, kana osoo hin godhin yoo hafe garuu haala kanaan maallaqa kaffalamu akkaataa sanada kanaatin qabeenya ittisa dhalaan qabame irraa akka kaffalu gurgurtaa qabeenya kanaa irraa maallaqa argamu herreega murtaa'e kaffaluuf kan hin geenye yoo ta'e garuu haftee isaa anii fi bakka bu'ooni seeraa koo mataa keenyaan kaffaluuf abbaa idaa ta'uu koo nan mirkaneessa.

Dirqama qabsiisaa kana gaafa guyyaa....bara... mallatteesseera.

Mallatoo

Ragoolii

1.....

.....

2.....

**Lakk. 18 Dambii hiyyummaatin himanna dhiyeessuuf iyyannoo dhiyaatu (kwt.468)**

Mana murtii .....tif

1. Ani .... mallatteesesse hiyyummaan himachuuf iyyata mana murtii kanatti dhiyeffadheera.
2. Tarree himanna koo (sababooni himanna koo) ;
  - Qarshii . liqaan kennameef
  - Abbaa qabiyyummaa lafa iddo....bal‘ina...tilmaama qarshii....baasu
  - Beenya miidhaa hojiirratti narra gaheef
3. Himanni koo himatamaa.....teessoon isaa      ta‘e irratti kan dhiyaatudha.
4. Himanna koo deeggaruuf kanan qabu:-
  - a) Sanada barreffamaa garagalchi isaa iyyata kana waliin walqabatee argamu yookan
  - b) Naqaashota armaan gadii

1.....2.....3  
..... (Maqaa,ibsa addaa  
fi teessoo)

1. Jecha kakuu gaafa guyyaa.... iyyata kanaan walqabatee irraa akka hubatamutti ani kaffaltii abbaa seerummaa yookan kaffaltii biraa mana murtii yookan baasii biraa falmii kana keessatti himannaa kootin walqabatan guutummaan (yookan gartokkeen) kaffaluu hin danda‘u.

Mallattoo

Guyyaa.....bara.....

**Akkaataa seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa kwt..... jecha kakuu kennamu**

Ani.....umuriin koo....teessoon koo....jecha kakuu koo akka itti aanutti nan ibsa.

1. Hojiin (ogummaan) koo..... dha.
2. Galiin koo ji‘atti qarshii Itoophiyaadha yookan (2) galii kamuu hin qabu (Asitti madda galii kee (fakkeenyaaaf hojjataa....ta‘uudhan mindaa, yookan kiraan manaa yookan midhaan maasaa..... argatta yoo ta‘e ibsi)
3. Qabeenya hin sochoone hin qabu yookan (3) Qabeenya hin sochoone kanatti aanee tarreeffame qaba ( Qabeenyichi ganda itti argamu,iddoo addaa itti argamu,tilmaama isaa ibsuu)
4. Qabeenya socho‘aa hin qabu,horii gaafaa hin qabu yookan maallaqa baankii kaa‘ame yookan harka kootii hin qabu ,warqii,faaya miidhaginaa yookan qabeenya biraa gatii qabu akaakuu kamiiyuu hin qabu.  
Yookan (4) qabeenya socho‘aa kanatti aanee tarreeffame nan qaba. (Qabeenyichi horii gaanfaa,maallaqa baankii kaa‘ame yookan maallaqa harka isaa jiru, warqii,faaya miidhaginaa yookan qabeenya biraa ta‘uu isaa adda bahee gatii isaa dabalatee ibsuu)
5. Manan keessa jiraadhuf qarshii....kaffala. yookan (5) manan keessa jiraadhuf homaa hin kaffalu.
6. Fuudheera.Daa‘imman yookan hirkattoota kanatti aanee tarreeffamanin bulcha.  
Yookan (6) Hin fuune. Hirkataan bulchus hin qabu yookan kanaan kan walfakkaatu

ibsuu)

7. Dambii hiyyummaatin himannaa akkan dhiyeessu iyyatan gaafadhe irratti akka ilaalamme waanan ittiin falmadhuun ala ( akkasuma qabeenya olitti caqasameen ala ) qabeenya biraan hin qabu.

Mallattoo

iyyataa Jechi kanaan olitti jiru iyyataa.....dhaf erga dubbifamee fi ibsameefiin booda har'a gaafa guyyaa.....bara....ana duratti kakuun raawwatameera.

Mallattoo muudamaa

### **Lakk.19 Ragaa himannaa dambii hiyyummaatin dhiyaate dhaga'uuf guyyaa murtaa'e beeksisuu (kwt.471)**

..... tif

(Maqaa,ibsa adda baastuu,teessoo)

.....mana murtii kanatti akkaataa seera adeemsa falmii hariiroo hawaasaa bara 1965 bahe kwt.467 tin hiyyummaan himachuuf waan iyyateef; manni murtiis sababa iyyannicha hin fuunef waan hin qabneef ragaa iyyanno hiyyummaa dhiyaate mirkana ta'uu isaa fi ragaa iyyanno dhiyaate dogoggora ta'uu isaa hubachiisu dhaga'uuf gaafa guyyaa.....bara....beellamameera.

Beeksisni kunis kan isiniif ergame gaafa guyyaa .....bara....jedhametti bu'uura seera olitti caqasame kwt.471(2) jalatti ragaa iyyata hiyyummaa dhiyaate dogoggora ta'uu isaa hubachiisu akka dhiyeffattaniif ta'uu isin beeksisna.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

**Lakk.20. Maganata dhaamoon akka mirkanaa'uu fi qabeenyi akka qoqqodamuuf dhiyaatu**

Mana murtii

.....ti

f

Iyyattoonni.....

.....

Dhaamoo du'aa ..... mirkaneessuu

**Maganata (Petition)**

Iyyattoonni maqaan isaanii olitti ibsame kan kanatti aanu iyyatu

1).....gaafa guyyaa.....bara....sa'aatii....tti du'e. Yeroo du'uttis iddoon jirenyaa duree isaature.

2)Du'aan dhaamoo ( ifaan beekame, harka ofiitiin barreesse ,afaanii (jechaan)).... kan

kaa'ame yookan

...qabatee argamu ture) dhiisee ture.

3) Dhaamoo raawwachiisaa akka ta'uuf....muuduu isaa dhaamoo sanarratti ibsameera. (yookan nama dhaamoo raawwachiisaa ta'u dhaamicha irratti hin ibsine).

4)Dhaaltonni du'aa lubbuun jiran.....,...,...,...,....fa'aadha.

Akkasumas.....fi dhaaltota seeraa ta'uu isaanii dhaamichaan ibsameera.

5)Dhaamichi gaafa guyyaa.....idoo.....tti bakka... jiranitti saaqame.

6)Yaa'i gaafa guyyaa.....dhaaltonni seeraa yookan dhaamoo eenu faa akka ta'anii fi dhaaltummaanis gahee tokko tokkoo isaanii qaqqabu adda bahee murtaa'e.

Akkasumas, bu'uura seera hariiroo hawaasaa kwt.**971** tin dhaamoo abbootiin dhimmaa kun irratti mallatteessan akkaataa sanada maganata kana waliin walqabatee argamuun haala fedhii qoodinsa ibsee .....abbootii dhimmaatif guutummaan beeksise.

7) Seera hariiroo hawaasaa bu'uura kwt.**937** tin dhaamichi yookan kutaan dhaamichaa kamuu kufaa akka ta'u yookan qoodiinsi dhaalaa akka darbu ajaja.....(qulqulleessituu herreegaa) hubachiise mormuun namni iyyate hin jiru. Kanaafuu, iyyattoonni kan kanatti aanu gaafatu.

- a) Dhaamoo gaafa guyyaa.....du'aan( ) raawwate manni murtii akka nuuf mirkaneessu
- b) Bu'uura dhaamootin dhaaltota ta'uun isaanii akka mirkanaa'uu fi
- c) Qoodinsa dhaalaatiif ajaja... akka darbu hubachiise akka ragga'u.

**Lakk.21. Dhaaltota seeraa kan ta'an dhaaltota seeraa ta'uu isaanii akka mirkanaa'uu fi ajajni qoodinsa qabeenyaa akka ragga'uuf maganata dhiyaatu**

Mana murtii .....tif

Iyyattoonni.....

..... Dhimma qabeenyaa  
du'aa.....

**Iyyannoo (Petition)**

Iyyattoonni maqaan isaanii olitti ibsame kan kanatti aanu iyyatu.

1. ....gaafa guyyaa....bara....sa‘aatii....tti du‘e. Yeroo du‘uttis iddoon jireenyaa duree isaa..... ture.
2. Du‘aan kun dhaamoo hin dhiifne.
3. Dhaaltonni seeraa kan du‘aa lubbuudhan jiran bu‘uura seera hariiroo hawaasaa kwt.**842,843 fi 844**  
tin firooma sadarkaa duraa yookan firooma sadarkaa 2ffaa yookan kan biraan  
kan qaban  
.....fa‘aadha.
4. Qulqulleessituun qabeenyaa....yookan qulqulleessitooni qabeenyaa ....fa‘aadha.
5. Du‘aan qabeenyota socho‘aa fi hin sochoone kanatti aananii tarreeffaman  
dhiisee du‘e. Tarreeffama qabeenyichaa (Qabeenyichi eenu harka akka  
jiru tilmaama isaa dabalatee ibsuu)

(yookan maganata iyyannoo waliin miiltoo ta‘ee sagantaa dhiyaate irratti tarreeffamee yoo  
ta‘e ibsuu)

.....  
.....  
.....  
.....  
.....  
.....

6. Qulqulleessituun herreegaa bu‘uura seera hariiroo hawaasaa kwt.**972** tin  
dhaalmaan akkaataa sanada abbootiin dhimmaa maganata iyyannoo waliin  
walqabatee argamu irratti mallatteessaniin akka qooduuf haala mijatu ibsuun  
abbootii dhimmaa beeksiseera.
7. Qoodinsa dhaalmaatiif qulqulleessituun herreegaa ajaja dabarse mormuudhan  
namni bu‘uura seera hariiroo hawaasaa kwt.**973** tin namni iyyate hin jiru.

8. Kanaafuu,iyyattoonni kan kanatti aanu iyyatu.
  - a) Bu‘uura seera hariiroo hawaasaa kwt.**842,( 843),(844)** tin dhaaltota seeraa du‘aa ta‘un isaanii akka mirkanaa‘uuf
  - b) Qoqqodiinsa dhaalaatiif ajaja qulqulleessituun herreegaa dabarse akka ragga‘u.

**Lakk. 22 Manni murtii qulqulleessituu herreegaa akka muuduuf  
iyyannoo dhiyaatu ( Dhaala dhaamoo)**

Mana murtii ..... tif

Iyyattoonni.....  
..... Dhimma qabeenyaa  
du‘aa.....

**Maganata**

Iyyattoonni maqaan isaanii olitti ibsame kan kanatti aanu iyyatu.

1).....gaafa guyyaa.....bara....sa‘aatii....tti du‘e. Yeroo du‘uttis iddoon jirenyaa duree isaature.

2)Du‘aan dhaamoo ( ifaan beekame, harka ofiitiin barreesse ,afaanii (jechaan)).... Gaafa guyyaa..... barrefffame .....kan kaa‘ame yookan ...qabatee argamu ture) dhiisee ture.

3) Dhaamichi gaafa guyyaa.....iddoo.....tti walga‘ii.....(walga‘icha irratti maqaa namoota argamanii tarreessuu) faa irratti argamanitti saaqame.

4) Namadhaamoo raawwachiisaa ta‘u jecha dhaamoo sana irratti hin ibsamne.

- 5) Walgahii sanarratti qulqulleessituun herreegaa eenuu akka ta‘u abbootiin dhimmaa waliigaluu hin dandeenye. (yookan seera hariiroo hawaasaa kwt.**951** jalatti dhimma caqasame kamiiyyuu ibsuu)
- 6) Du‘aan qabeenyota socho‘aa fi hin sochoone kanatti aananii tarreeffaman dhiisee du‘e. (Qabeenyichi eenuu harka akka jiru haa ibsamu)
- .....  
.....  
.....  
.....  
.....  
.....  
.....  
.....

- 6) Kanaafuu, herreegni dhaalaa akka qulqulla‘uf manni murtii haala isatti mul‘ateen bulchaa qabeenya du‘aatif qulqulleessituun herreegaa mana murtii kanaan akka muudamuuf iyyattoonni ni gaafatu.

**Lakk. 23 Manni murtii qulqulleessituu herreegaa akka muuduuf iyyannoo dhiyaatu**

**( Dhaala dhaamoo malee)**

Mana murtii

..... ti

f

Iyyattoonni.....

.....  
Dhimma qabeenyaa du‘aa.....

### Maganata

Iyyattoonni maqaan isaanii olitti ibsame kan kanatti aanu iyyatu.

1).....gaafa guyyaa.....bara....sa‘aatii....tti du‘e. Yeroo du‘uttis iddoon jirenyaa duree isaature.

2)Du‘aan dhaamoo hin dhiisne.

3) Dhaaltonni seeraa kan du‘aa lubbuudhan jiran bu‘ura seera hariiroo hawaasaa kwt.**842,843 fi 844** tin firooma sadarkaa duraa yookan firooma sadarkaa 2ffaa yookan kan biraan kan qaban.....fa‘aadha.

4)Du‘aan qabeenyota socho‘aa fi hin sochoone kanatti aananii tarreeffaman  
dhiisee du‘e.

Tarreeffama qabeenyichaa (Qabeenyichi eenu harka akka jiru tilmaama isaa dabalatee ibsuu)  
.....  
.....  
.....  
.....  
.....  
.....  
.....  
.....  
.....  
.....

5) Gaafa guyyaa.....iddoo.....tti abbootiin dhimmaa kanatti aanan argamanitti walgalhiin godhamee ture.

Maqaa abbootii dhimmaa

.....  
.....  
.....

**Lakk. 24 . Mormiin yoo jiraate akka dhiyaatu beeksisa darbu**

( unka waliigalaa)

.....maqaan isaa olitti caqasame mana murtii kanatti.....jechuun waan iyyateef  
iyyannicha irratti mormiin yoo jiraate beellama gaafa guyyaa.....dura sa‘aa....tti  
mana murtii kanatti mataa keessaniin dhiyaattanii yookan karaa dubbi fixaa ajajni  
barbaachisaan kennameefitiin akka hubachiistan, kana yoo hin goone garuu  
iyyannichi dhaga‘amee bu‘uura jecha iyyatichi kennuutin kan murtaa‘u ta‘uu isaa  
akka beektan isin akekkachiisna.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

## SAGANTAA 4. RAAWWII

### Lakk. 1. Murtoon kennname raawwii akka argatuuf mana murtii biraaf yoo ergamu ajaja darbu (kwt.372)

Murtii abbaan mirgaa ajajni murtii olitti caqasame murtaa‘ef (kennnameef) mana murtii .....tti mirkaneessi murtii akka ergamuuf waan iyyateef ,murtii abbaan idaa daangaa aangoo mana murtii.... keessa kan jiraatu yookan qabeenya achii kan qabu waan ta‘eef ;manni murtii sun akka raawwachiisuuf mana murtichaaf bu‘uura seera adeemsa hariiroo hawaasaa bara 1965 bahe kwt.**373** tin mana murtii sanaaf mirkaneessa murtii erguufiin barbaachisaa fi seera qabeessa ta‘ee waan mul‘ateef;

Garagalcha ajaja kanaa murtii fi garagalcha ajajaa kanuma raawwachuuf kennamee kamiiyuu waliin,akkasumas mirkaneessa murtiin kun kan hin raawwatamne ta‘uu ibsu itti dabaluun mana murtii tif akka ergamu ajajameera.

Guyyaa.....bara.....

Abbaa seeraa

### Lakk. 2 Murtiin raawwatamuu dhabuuf mirkaneessa kennamu (Kwt.373)

Himanna gaafa guyyaa.....bara.... galmee lakk.....irratti dhiyesse kana waliin murtiin ergame kan hin raawwatamne ta‘uu isaa karaa mana murtii kanaa mirkanaa‘eera.

Guyyaa.....bara.....

Abbaa seeraa

(Osso hin raawwin kan hafe guutummaan osoo hin taane gartokkeen yoo ta‘e haa ibsamu)

**Lakk.3 Sababni murtiin hin raawwatneef yoo jiraate akka ibsuuf beeksisa ergamu  
(kwt.381(3))**

..... tif

Himanna gaafa guyyaa.....bara dhiyaatef murtii kennname akka raawwachiiusuuf kan bakka bu‘e ta‘uu

isaa.....ibsee murtii kun akka raawwatamuuf mana murtii kanaaf iyyata waan dhiyeesef gaafa

guyyaa....bara....mana murtii kanatti dhiyaattanii sababa murticha hin raawwanneef yoo jiraate akka hubachiistan beeksisni kun isiniif ergameera.

Mallatoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa....bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

**Lakk.4 Qabsiisa bu’uura murtiin idaa gaafatamuutif beeksisa ergamu (kwt.382)**

.....tif

Himanna olitti ilaalameen himatamaa....irratti murtii kennamu raawwachuuf

gaaf

a guyyaa....bara....dirqama waan seentaniif; himatamaan qarshii.....akka kaffaluuf gaafa guyyaa.... waan isinitti murtaa‘eef; murtiin kun akka isin irratti raawwatamuuf iyyanni waan dhiyaateef;

Kana waan ta‘eef murtiin kun narratti hin raawwatamu sababa jettaniif yoo qabaattan gaafa guyyaa....bara....yookan sanaan dura ragaa keessan akka dhiyeeffattan;yeroo murtaa‘e keessatti mana murtiitti ragaa gahaa ta‘e kan hin

dhiyeeffanne yoo ta‘e garuu akkaataa iyyannicha irratti gaafatameen yerooma sana murtichi akka raawwatamu kan ajajamu ta‘uu isaa isin beeksifna.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

**Lakk.5 Ajaja raawwii mana murtii namni hin raawwanne akka qabamuuf ajaja darbu  
(Kwt.388)**

.....tif

Raawwachiisaa murtii

Himanna gaafa guyyaa....lakk. galmee.....irratti dhiyaateen.....irratti  
murtii

gaafa guyyaa....kennameen .....dhaf qarshii.....akka kaffalu waan itti  
murtaa‘eef qarshii murtiidhan isaanitti murtaa‘e murtii abbaa mirgaatif waan hin  
kaffalleef murtii abbaa idaa kan ta‘an... qabdani fi  
akkasumas qarshii.....sana murtii kana raawwachiisuuf baasii barbaachisu  
qarshii....waliin murtii abbaan idaa isinitti yoo kaffale malee himatamicha hanga  
danda‘ameen ariitiidhaan gara mana murtiitti akka dhiyeessitan ajajni kun isiniif  
ergameera.

Kana malees,ajajni kun haala fi yeroo kam akka raawwatame mirkaneessudhaan  
yookan kan raawwachiisne yoo ta‘es sababa hin raawwachiisneef ibsuudhan  
mallatteessitanii gaafa guyyaa...bara...yookan sana dura deebistanii akka ergitan  
ajajameera.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

**Lakk. 6 Murtii abbaan idaa mana sirreessaa akka turuuf ajaja darbu (Kwt.389)**

.....tif

Ajajaa mana sirreessaa.....

Bu'uura ajaja raawwii murtii .....tin gaafa guyyaa.....bara....mana murtii kanatti akka dhiyaatu ta'ee, manni murtii kun tumaa gaafa guyyaa.... dhageessisee fi murteesse kan hin kabajne yookan qabamee eegamuu irraa bilisa ta'uu isaa mana murtii kan hin hubachiisne ta'ee waan argameef ....ofitti fuutanii mana sirreessaatti akka galchitanii fi yeroo hin caalleef yookan murtichi hanga guutummaan

raawwatamutti yookan bu'uura seera hariiroo hawaasaa bara 1965 bahe kwt.**399** tin gadhiifamuun kan isarra jiru ta'uun isaa hanga ibsamutti achitti hidhuun akka tursiistan ajajameera.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

### **Lakk.7 Sababa raawwii murtiin namni hidhame akka gadhiifamuuf ajaja darbu (Kwt.390)**

.....tif

Ajajaa mana sirreessaa.....

Akkaataa ajaja har'a darbeetin harka keessanitti kan argamu murtii abbaa idaa.....jedhamu akka gadhiiftan ajajni kun isiniif ergameera.

Abbaa Seeraa

### **Lakk. 8. Raawwii murtiif qabeenyi socho'aan akka qabamuuf ajaja darbu (Kwt.394)**

.....tif

Raawwachiisaa murtii

Murtii abbaan idaa murtii mana murtii kanaan murtii gaafa guyyaa....bara....galmee lakk .....irratti murtaa‘en qarshii....murtii abbaa mirgaatif akka kaffaluuf ajajamee qarshiin....jedhame waan hin kaffalamneef;  
Qabeenya socho‘aa murtii abbaa idaa..... jedhamee kana sagantaa kana waliin walqabatee argamu irra ilaalamo yookan kanneen ..... isinitti agarsiifame hanga murtii abbaan idaa qarshii jedhame... baasii sababa raawwii kanaatif bahe qarshii....waliin kaffalanitti ,qabeenyota kabajaman manni murtii gara fuulduraatti hanga ajaja biraa itti kennutti qabdani akka tursiistan ajajameera.

Kana malees,ajajni kun haala fi yeroo kam akka raawwatame mirkaneessudhaan yookan kan raawwachiisne yoo ta‘es sababa hin raawwachiisneef ibsuudhan mallatteessitanii gaafa guyyaa...bara...yookan sana dura deebistanii akka ergitan ajajameera.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

**Lakk.9 Maallaqni kaffalame yookan herreegni sirreeffame kaffalamuu isaa yookan sirreeffamuun isaa mirkanaa‘ee sababni hin galmoofnef yoo jiraate akka ibsamuuf beeksissa ergamu (kwt.396(2)**

.....tif

(Maqaa ,ibsa fi teessoo)

Bu‘uura himanna olitti caqasameen ajaja kennameen maallaqni.....ta‘e akka ajajametti waan kaffalamneef (herreegni isaa waan sirreeffameef)

kaffalamuu isaa (herreegichi  
sirreeffamuu isaa)

mirkanaa‘ee sababni hin galmeeffamneef yoo jiraate hubachiisuuf gaafa guyyaa....bara.....mana murtii kanatti akka dhiyaattan isin beeksifna.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

**Lakk.10 Qabeenya socho‘aa murtiin irratti kennname akka qabamuuf ajaja darbu  
(kwt.399)**

.....tif

Raawwachiisaa murtii

Himanna gaafa guyyaa....bara....dhiyaateen murtii mana murtii kanaan gaafa guyyaa....bara....Lakk. galmee.....irratti kennameen murtii abbaan idaa.....sagantaa miiltoo kanaa ta‘e irratti qabeenya socho‘aa ilaalam (qabeenya socho‘aa keessaa... (murtii abbaa mirgaatif akka dabarsu) ajajamee waan tureef;qabeenyicha (yookan qabeenyicha keessaa.....) isa murtaa‘ef waan hin kennineef qabeenya socho‘aa sana (yookan qabeenya socho‘aa sana keessaa akka qabanii fi murtii abbaa mirgaatif yookan nama inni bakka bu‘aa isaa godhee muudeef akka dabarsitan ajajni isiniif ergameera.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

**Lakk. 11 Sababni mormii wixinee sanadaa yoo jiraate akka ibsamuuf beeksisa darbu  
(kwt.401(2))**

.....tif

(Maqaa,ibsa fi teessoo)

Wixinee qabeenya hin sochoone (qabeenya dhaabbataa) armaan gaditti ilaalame kana waliin waliigaltee.....walqabate isin ta‘ee manni murtii raawwachuu kan danda‘u ta‘uu isaa ibsuudhan gaafa guyyaa...bara.....himannaa olitti caqasameen murtaa‘eef mana murtii kanatti iyyannoo kan dhiyeesse ta‘uu isaa fi iyyannicha dhaga‘uuf gaafa guyyaa.....bara....tti waan beellamameef guyyaa sana dhiyaattanii mormiin wixinicha irratti qabdan yoo jiraate barreeffamaan ibsachuu kan dandeessan ta‘uu keessan isin beeksifna.

Ibsa akaakuu qabeenyichaa

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

**Lakk.12 Lafa yookan qabeenya hin sochoone biraak akka kennisiisu  
raawwachiisaa murtiif ajaja darbu (kwt.402)**

.....tif

Raawwachiisaa murtii

Kanaan gaditti kan ilaalame qabeenya.....harkatti argamu dhimma kanaan himataa kan ta‘e.....dhaf waan murtaa‘eef murtii abbaa mirgaa kanaaf akka dabarsitan ajajameera. Namni kamiiyuu qabeenya kana gadi hin dhiisu yoo jedhe akka irraa kaastan isiniif eeyyamameera.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

**Lakk. 13 Qabeenyi murtii abbaa idaa harka hin jirre akka qabamaniif ajaja darbu  
(kwt.409)**

.....tif

(Maqaa,ibsa fi teessoo)

Himanna gal mee lakk.....gaafa guyyaa....dhiyaateen .....qarshii..... akka kaffaluuf murtii isatti murtaa'e osoo hin kaffalin waan hafeef gara fuulduraatti mana murtii kanarraa hanga ajajni isin qaqqabutti himatamaa.....jedhamu maallaqa isin irraa qaba jedhame akka hin fudhanne ajaja kanaan dhorkameera. Isinis mana murtii kanarraa garafuulduraatti hanga ajajni isin qaqqabutti nama kamiifuu yoo ta'e mana murtii kanatti yoo ta'een ala maallaqa kana yookan maallaqa kana keessaa homaa akka hin kaffalle ajaja kanaan dhorkameera.

(yookan kanatti aanee kan ilaalam qabeenyi....harkatti argamu jechuun qabeenyichi kan himatamaa ta'ee osoo jiruu .....irratti falmii godhu himatamaan... irraa hin fudhanne ajaja kanaan dhorkameera.

.....nis mana murtii kanarraa ajajni biraa hanga isin qaqqabutti qabeenyi kana

nama kamiittuu yoo ta'e akka hin kennine ajaja kanaan dhorkameera.) (yookan aksiyoonni waldaa olitti caqasame keessaa homaa akka hin naannessine yookan aksiyoonicha irraa gahee homaatuu akka hin fudhanne isinis barreessaa duree waldaa.....naannessa aksiyona kamiyyuu yookan kaffaltii qoodaa akka hin eeyyamne ajaja kanaan dhorkameera.) (waan hin barbaachifne hambisuudha)

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

**Lakk.14. Mindaan akka qabamuuf ajaja darbu (kwt.411)**

.....tif

(Maqaa,ibsa fi teessoo)

Murtii abbaan idaa.....jedhamu kutaa .....hojjachaa mindaa (durgoo) isaa harka keessan irraa waan fudhatuuf,akkasumas murtiin abbaan mirgaa....jedhamu mindaa (durgoo) isaa irraa bu‘ura murtichaatin waan argachuu qabu.....akka qabamuuf mana murtii kanaaf iyyanno waan dhiyesseef .....ajajameera.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

**Lakk.15 Sanadni naanna'aan akka qabamuuf ajaja darbu (kwt.412)**

.....tif

Raawwachiisaa murtii

.....akka qabamuuf manni murtii kun gaafa guyyaa....ajaja waan dabarseef ....kanneen futanii gara mana murtii kana akka fiddan ajajameera.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

**Lakk. 16 Qabeenya harka mana murtii yookan harka abbaa aangoo**

**mootummaa jiru akka qabamuuf ajaja darbu (kwt.413)**

kabajamoo .....tif

(Maqaa,ibsa fi teessoo)

Maallaqni amma harka keessanitti argamu (maallaqichi haala maaliin achitti argamuu akka danda‘e ibsuun) akka qabamuuf himataan bu‘uura seera adeemsa hariiroo hawaasaa bara 1965 bahe kwt.413 tin iyyannoo waan dhiyeesef gara fuulduraatti mana murtii kanarrraa hanga ajajni isin qaqqabutti maallaqa kana akkuma qabattanitti akka tursiistan kabajaanan beeksissa.

Abbaa seeraa

Gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

**Lakk.17 Qabeenyi hin sochoone akka qabamuuf ajaja darbu (kwt.414)**

.....tif

(Maqaa,ibsa fi teessoo) Himatamaa

Himannaal gal mee lakk.....gaafa guyyaa....dhiyaateen qarshii.....akka kaffaltaniif murtii gaafa guyyaa....isinitti murtaa‘e osoo hin raawwatin waan haftaniif gara fuulduraatti mana murtii kanarrraa ajajni hanga isin qaqqabutti sagantaa kana waliin walqabatee ergame irratti qabeenya ilaalam gurguruudhan,kennaadhan yookan haala biraatin akka hin naannessine ajaja kanaan dhorkameera.

Akkasumas, nama kamiiyuu yoo ta‘e bittaadhan,kennaadhan yookan haala biraatin qabeenya kana akka hin fudhanne ajaja kanaan dhorkameera.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

**Lakk.18 Maallaqni nama sadaffaa harka jiru akka kaffalamu ajaja darbu (kwt.416)**

.....tif

(Maqaa,ibsa fi teessoo)

Himannaa galmee lakk.....gaafa guyyaa....dhiyaateen qarshii....akka kaffalaniif murtii gaafa guyyaa..... murtaa‘e raawwachuuf qabeenyi kanatti aanee jiru akka qabamu waan murtaa‘ef maallaqa haala kanaan qabame qabeenya qarshii callaan..... akkasumas maallaqa waraqaatin qarshii.....ta‘e yookan isa keessaa raawwii murtichaaf maallaqa gahu.....dhaf akka kaffaltan ajajameera.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

**Lakk. 19 Abbaa mirgaa qabeenya qabsiisef beeksisa darbu (kwt.418)**

.....tif

(Maqaa,ibsa fi teessoo)

Himannaa gal mee lakk.....gaafa.....dhiyaateen raawwachiisa murtii murtaa‘ee bu‘ura iyyanno keessaniitin .....akka qabamuuf ajajni kennamee ture akka ka‘uuf.....mana murtii kanaaf iyyanno waan dhiyeesseef mataa keessaniin yookan gaafficha deebisuuf karaa nama ajajni barbaachisaan itti kennamee gaafa guyyaa.....bara.....gara mana murtii kanatti akka dhiyaattan beeksisni kun isiniif ergameera.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

### **Lakk. 20 Qabeenyi qabame akka gurguramuuf ajaja darbu (kwt.422)**

.....tif

(Maqaa,ibsa fi teessoo) caalbaasii dhiyeessaa

Himannaa gal mee lakk.....gaafa guyyaa.....dhiyaateef murtii murtaa‘e raawwachiisuuf bu‘ura ajaja gaafa guyyaa.....mana murtii kanarraa kennameen qabeenya ( socho‘aa yookan hin sochoone) qabame yookan qabeenya kana keessaa qarshii.....murtii irratti murtaa‘e fi baasii hanga ammaatti hin kaffalamne kaffaluuf hanga gahu beeksisa mana murtii kanatti maxxansuudhan gaafa guyyaa....dursa beeksisa erga baasanii fi seera qabeessan akka beekamu erga godhaniin booda caalbaasiidhaan akka gurgurtan ajajni kun isiniif ergameera.

Kana malees,ajajni kun haala kamiin akka raawwatame mirkaneessudhaan yookan kan raawwatamne yoo ta‘es sababa hin raawwatamneef ibsuudhan mallatteessitanii gaafa guyyaa...bara...yookan sana dura deebistanii akka ergitan ajajameera.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

**Lakk. 21 Haala gurgurtaa ibsa godhuuf guyyaa murtaa'etti beeksisa darbu (kwt.423)**

.....tif

Murtii abbaa idaa

Himannaal olitti ilaalamee murtaa'ef.....akka gurguramu iyyanni waan dhiyaateef haalli gurgurtaa isaa gaafa guyyaa.....tti akka murtaa'u beellamamuu isaa isinn beekisisna.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

**Ibsa haala gurgurtaa**

Himannaal gal mee lakk.....gaafa guyyaa....dhiyaateen himataa.... akkasumas himatamaa..... ta'e erga dhaga'ameen booda hanga guyyaa gurgurtaatti kisaaraa fi dhala waliin qarshii jedhamee himannaal  
murtii argate murtii abbaa mirgaal murtii murtaa'ef raawwachiisuuf sagantaa kana waliin walqabatee argamu irratti qabeenyi ilaalamme akka gurguramu manni murtii kun bu'uura seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa bara 1965 bahe kwt.422 tin ajaja kan dabarse ta'uu isaa nan beeksisa.

Gurgurtichi caalbaasiidhaan raawwatama. Qabeenyichis gurgurtaaf kan dhiyaatu bu'uura qoqqoodama sagantaa irratti ibsameetiinidha.

Kan gurguramu kanaa gaditti sagantaa argamu irratti akka ilaalamame qabeenya murtii abbaa idaawwanii olitti maqaan isaanii caqasameeti. Kana malees,haalli idaa gaafatamaa fi gahee gaafataa adda bahee hanga beekame saganticha irratti gama kaffaltii tokko tokkoo isaatiif idaa fi gahee ilaalamaniidha.

Gurgurtaan akka darbu yoo ajajameen ala gaafa guyyaa.....sa‘aatii....irraa eegalee .....ji‘a ji‘aan itti fufa. Haa ta‘u malee, qabeenyichi irraa homaa gurguruun dura idaa fi baasii gurgurtaa olitti ibsame akka kaffalu gaafatame kan kaffalame yoo ta‘e gurgurtaan ni dhaabbata.

Uummatni waliigalaan mataa isaatin dhiyeessaa ta‘ee yookan karaa bakka bu‘aa aangoo barbaachisaan kennameefitiin caalbaasicha akka bitatu affeerameera. Haa ta‘u malee,murtii abbaa mirgaawan olitti caqasaman mataa isaanitiinis ta‘ee yookan karaa nama biraatin caalbaasiin dhiyeessaan fuudhuun hin danda‘amu. Akkasumas,duraan dursee eeyyamni mana murtii yoo jiraateen ala gurgurtaan kamiiyuu isaaniin godhame hin ragga‘u.

### **Hubachiisa waa‘ee ggurgurtichaa**

1. sagantaa kanaan gaditti argamu keessatti haala tarreffamanii ilaalamaman bu‘ura ragaa guutuu manni murtii argateen kan ibsamaniidha. Haa ta‘u malee,ibsa kana keessatti kan argamu dogoggora kamiiyuu,ragaa dogoggoraa yookan wanta osoo hin ibsamin hafeef manni murtii itti hin gaafatamu.

2.Gatii caalbaasii irratti daballiiwan taasifaman kan murtaa‘an muudamaa gurgurticha gaggeessuunidha. Gatii caalbaasii yookan sababa caalbaasichaan falmiin yoo ka‘e,qabeenya falmiin irratti ka‘e kaffaltiin isaa irra deebi‘ee caalbaasiidhaaf dhiyaata.

3. Caalbaasiidhaan kanneen biroo irra caala baasan gatii ol‘aanaa dhiyeesse hanga ittiin caala baasen bitataa ta‘a. Kuni kan ta‘u garuu bu‘ura seeratiin caalbaasii

bitachuuf gahaa ta‘ee kan argame manni murtii yookan muudamaan gurgurtaa gaggeessu bu‘uura aangoo murteessuu qabaniin gatiin caalbaasii baay‘ee ol‘aanaa yoo ta‘es gatii hin geenye ta‘uu isaa ibsee kana ta‘uu isaa irraa kan ka‘e gurgurtichi hin fayyadu jechuudhan kan hin fudhanne ta‘ee kan hin argamne yoo ta‘aniidha.

4. Yeroo kamiiyyuu yoo ta‘e, seera adeemsa hariiroo hawaasaa bara 1965 bahe kwt.**427** jalatti murtoowwan tumaman osoo hin hir‘atin sababa sirriitti ibsameen yeroo gurgurtaa dabarsuuf muudamaan gurgurticha gaggeessu aangoo qaba.

5. Qabeenyichi socho‘aa yoo ta‘e, gatiin tokko tokkoo yeroo gurgurametti yookan sanaan boodas yoo ta‘e muudamaan gurgurtaa gaggeessu yeroo ajajetti kaffalamuu qaba. Osoo hin kaffalamin yoo hafe garuu qabeenyichi irra deebiin dhiyaatee gurguramuu qaba.

6. Qabeenyichi kan hin sochoone yoo ta‘e, namni bitataa ta‘uun isaa ibsameef gatii bitaa irraa qabsiisaf harka dhibba keessaa digdama battaluma sana muudamaa gurgurtaa gaggeessutti kaffaluu qaba. Qabsiisa kana osoo hin kaffalin kan hafe yoo ta‘e garuu, qabeenyichi yerooma sana irra deebiin dhiyaatee gurguramuu qaba.

7. Maallaqa gatii gurgurtaa guutuu ta‘e qabeenyichi erga gurgurameen booda guyyaa kudha shanaffaatti manni murtii osoo hin cufin dura yookan guyyaa kudha shanaffaan dilbata yookan guyyaa ayyaanaa biraa yoo ta‘e, guyyaa kudha shanaffaa booda guyyaa hojii duraatti bitataan kaffaluu qaba.

8. Gatii gurgurtaa irraa maallaqa haftee ta‘e yeroo murtaa‘e keessatti osoo hin kaffalin yoo hafe, beeksisi gurgurtaa haaraan erga baheen booda qabeenyichi irra deebiin gurguramuu qaba. Maallaqni qabsiifame mana murtiin barbaachisaa ta‘ee yoo isatti mul‘ate baasiin gurgurtaa erga irraa hir‘ifameefii booda mootummaaf galii ta‘uu ni danda‘a. Bitataan gatii yeroodhaan osoo hin kaffalin hafe qabeenyichaafis ta‘ee yookan sanaan booda maallaqa itti gurguramu irraa gaaffiin

qaba jedhu kamiyyuu dhiyeessuuf mirga hin qabu.

## Sagantaa qabeenyaa

Lakkoofsa kaffaltii	Tarreeffama akaakuu qabeenya gurguramu; m urtii abbaa idaaww an tokkoo ol yoo jiraatan maqaa tokkoon tokk oo isaanii	Qabeenyi gurguramu laf a mootummaaf gibirri itti kaffalamu yookan walakkaa lafa a keessatti argamu yo o ta‘e, laficha yookan walakkaa lafichaa Gibira argamu	Tarreeffama dirqamoota qabeenyichi ida a itti ta‘ee	Waa‘ee qabeenyichaa gaaffii dhiyaa te kamiyyuu  yoo jiraate akaakuu biraas ta‘ee yookan gama gatii isaatin tarreeffama haalota seer a qabeessummaa qabanii
------------------------	--	--	---	--

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

**Lakk.22 Gurgurtaan labsamu akka beekamu akka godhuuf raawwachiisaa  
murtiif ajaja darbu (kwt.425)**

.....tif

Raawwachiisaa murtii

Sagantaa kana waliin walqabatee argamu irratti murtii abbaa idaa ilaalam  
qabeenyi akka gurguramu ajajni waan kennameef gurgurtaan qabeenya kanaas  
gaafa guyyaa.....bara....akka ta‘u waan murtaa‘eef garagalchoonni labsii  
gurgurtaa ajaja kana waliin waan isiniif ergameef qabeenyota saganticha irratti  
ilaalam tokko tokkoo isaanii keessa labsichi kabaroodhan akka dhaga‘amu akka  
godhan,qabeenyota kanneen tokko tokkoo isaanii keessaa naannoo guddatee  
mul‘atutti ,akkasumas mana murtiitti garagalchi labsichaa akka maxxanfamu,sana  
boodas labsichi haala fi guyyaa itti ibsame ibsuudhan mana murtii kanaaf gabaasa  
akka dhiyeessitan ajajameera.

Gaafa

guyyaa.....

Sagantaa

Abbaa seeraa

**Lakk. 23 Bitataan gatii isaa yeroodhaan osoo hin kaffalin hafuu isaatiin  
qabeenyichi irra deebiin gurguramee hir’ina gatii qaqqabeef muudamaan  
gurgurticha gaggeessu waraqaa ragaa kennu (kwt.429)**

Bitataan.....gatii isaa yeroodhaan osoo hin kaffalin hafuu isaatiin himanna olitti  
ilaalameen murtii murtaa‘e raawwachiisuuf qabeenyichi irra deebiin yoo  
gurguramu qarshii.....kan hir‘ate ta‘uu isaa fi akkasumas, haala kanaan  
qabeenyicha irra deebiin gurguruuf baasiin godhame qarshii..... ida‘uudhan  
bitataan gatii isaa yeroodhaan osoo hin kaffalin hafe kan kaffalu qarshii.....ta‘uu  
isaa nan mirkaneessa.

Gaafa guyyaa.....

Muudamaa gurgurtaa gaggeesee

**Lakk. 24 Qabeenya socho'aan raawwii murtiif gurgurame nama harka jiruuf  
beeksisa ergamu (kwt.436)**

.....tif

(Maqaa,ibsa fi teessoo)

Murtii olitti caqasame raawwachiisuuf gurgurtaa ifatti godhamee amma harka keessan jiruuf ..... waan  
bitaniif isaan kanneen.... f yoo ta'e malee ....kana nama kamiif iyyuu yoo ta'e  
akka hin dabarsineef ajaja kanaan dhorkameera. (Idaa...dhaf isin irra jiru isaan  
kanneen..... f yoo ta'e malee,nama  
kamiif iyyuu  
akka hin kaffalle yookan maallaqairraa qabdan akka hin fudhanne ajaja kanaan  
dhorkameera.)

**Lakk. 25 Murtii raawwachiisuuf aksiyoononni gurguraman bitataadhaf  
akka hin naanneffamne ajaja dhorku (kwt.412 )**

.....tiif

Falmii olitti caqasameen murtii murtaa'e raawwachiisuuf gurgurtaa ifaan  
taasifame waldicha keessatti maqaa keessaniin aksiyoonota jiran .....waan  
bitaniif .....kana waan ta'eef bitaa olitti caqasame f  
yoo ta'e malee aksiyoonota kanneen maqaa nama kamiittuu yoo ta'e akka hin  
naannessine yookan bu'uura askiyoonota kanneenitiin gahee herreega isaanii akka  
hin fudhanne ajaja kanaan dhorkameera. Akkasumas,isin... barreessaa duree  
waldichaa yoo taatan aksiyoonota olitti caqasamaniif bitataa olitti  
caqasameef yoo ta'e malee nama kamiifiyyuu naannessuu akka hin eeyyamne  
yookan maallaqa akka hin kaffalle ajajameera. (Dhimmichaaf kutaa hin  
barbaachifne keessaa hambisuudha.)

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

**Lakk.26 Namni murtii abbaa idaa ta'e qabeenya isaa qabsiisa idaa yeroo  
dheeraatiin akka qabsiisu,akka kireessu yookan akka gurguru eeyyamuudhan  
waraqaa ragaa kennamu (kwt.439)**

..... tiif

Falmii olitti caqasameen murtii kenname raawwachiisuuf qabeenya murtii abbaa  
idaa kanaan gaditti ilaalamu gurguramu gaafa guyyaa...bara....ajajni waan  
kennameef ;murtii abbaan ideas qabeenya kana yookan qabeenya kana keessaa  
gariin qabsiisa idaa yeroo dheeraatiin qabsiisuun kireessuun yookan gurguruudhan  
maallaqa murtichaa argachuu akka danda'uuf bu'uura iyyannoo murtii abbaan idaa  
dhiyeesseen manni murtii gurgurticha waan dabarseef;

Kana waan ta'eef ,kira qabsiisa idaa yeroo dheeraatiin yookan maallaqa  
kamiiyuu gurgurticha irraa argamu mana murtiitti kaffalamuun kan isarra jiru  
ta'uun isaa beekamee qabsiisa idaa yeroo dheeraa kana qabsiisuu, kireessuu  
yookan gurguruuf waraqaan ragaa kun guyyaa barreffame irraa eegalee  
yeroo.....keessatti akka raawwatamu murtii abbaa idaatiif manni murtii kan  
eeyyame ta'uu isaatiif waraqaan ragaa kun kennameefira.

Tarreffama akaakuu qabeenyichaa

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

**Lakk. 27 Sababa gurgurtaan hin dhorkamneef yoo jiraate akka  
ibsamuuf beeksisa ergamu (kwt.447)**

.....tiif

(Maqaa,ibsa fi teessoo)

Falmii olitti ilaalamuef murtii kenname raawwachiisuuf qabeenyi kanaan gaditti  
ilaalamu

gaaf

a guyyaa...bara....gurguramee waan tureef;

Beeksisni gurgurtichaa yeroo bahetti (yookan gurgurtichi yeroo  
gaggeeffamutti).....gochuudhan haala hir‘uu ta‘een (yookan waliin dhahuun)  
seeran ala hojjatameera jechuun gurgurtaan qabeenyichaa akka dhorkamuuf murtii  
abbaan mirgaa ..... jedhamu (yookan murtii abbaa idaa) mana murtii  
kanatti waan

iyyateef;

Iyyannoo kana manni murtii fuudhuu hin qabu sababa jechisiisu yoo qabaattan  
iyyannichi dhaga‘amee guyyaa murtaa‘utti ,gaafa guyyaa....bara.... tti mana  
murtii kanatti ragaa keessan waliin akka dhiyaattan beeksisni kun isiniif ergameera.

Tarreffama akaakuu qabeenyichaa

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

**Lakk. 28 Sababa gurgurtaan hin dhorkamneef yoo jiraate akka ibsamuuf  
beeksisa ergamu (kwt.423 fi 426)**

Murtii falmii olitti caqasamee raawwachiisuuf kanaan gaditti ilaalamuef gaafa

guyyaa....bara... qabeenya gurgurame kan bitate.....murtii abbaan idaa qabeenya kana irratti gurgurtaadhaf mirga isa dandeessisu hin qabu jechuudhan gurgurtaan qabeenya kanaa akka dhorkamuuf mana murtii kanatti iyyannoo waan dhiyeesseef;

Iyyannoo kana manni murtii fuudhuu hin qabu sababa jechisiisu yoo qabaattan iyyannichi dhaga‘amee guyyaa murtaa‘utti ,gaafa guyyaa....bara.... tti mana murtii kanatti ragaa keessan waliin akka dhiyaattan beeksisni kun isiniif ergameera.

Tarreeffama akaakuu qabeenyichaa

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

### **Lakk. 29 Waraqaa ragaa gurgurtaa lafaa (kwt.447)**

Falmii kanaan murtii kenname raawwachiisuuf caalbaasii gurgurtaa gaafa guyyaa.....bara..... godhameen .....Obbo (yookan maqaa kabajaatin).....kan bitee fi gurgurtichi mana murtii kanaan kan mirkanaa‘e ta‘uu isaa waraqaan ragaa kun kennameera.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

### **Lakk. 30 Murtii raawwachiisuuf lafa gurgurame bitataadhaf akka kennu ajaja darbu (kwt.448)**

.....tif

# Murti-raawwachiisaa mana murtii

Himanna galmee lakk.....gaafa  
guyyaa....dhiyaateen murtii murtaa‘e  
raawwachiisuuf

.....gurgurameef.....bitataa mirkanaa‘eef waan ta‘aniif ;

.....kana ..... jedhame abbaa qabiyyee akka taasistan ajajameera.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

**Lakk. 31 Raawwachiisa murtii gufachiisuun namni himatame dhiyaatee akka deebii kennuuf waamicha ergamu (kwt.450)**

.....tif

Falmii olitti caqasameen kan murtaa‘ef .....abbaa qabiyyee akka ta‘uuf ajaja kenname akka hin raawwachiisne muudamaa ajajame mormitaniittu (yookan gufachiistaniittu) jechuun mana murtii kanatti maganatni waan dhiyaateef;

Maganata kanaaf deebii kenuuf gaafa guyyaa....bara....mana murtii kanatti akka dhiyaattan waamichi kun isiniif ergameera.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

**Lakk. 32 Nama mana sirreessaa tursiifamuuf ajaja darbu (kwt.451)**

...tif

Ajajaa mana sirreessaa.....

Qabeenyi kanaan gaditti ilaalamme himataa kan ta‘e dhaf murtaa‘ee waan tureef sababa quubsaa osoo

hin qabaatin ,abbaan qabiyee akka hin taane waan mormeef (yookan gufachiiseef ) ammas mormuu isaa (yookan gufachiisuu isaa) waan itti fufuef .....mana sirreessaa siivilii akka turu jechuudhan.....mana murtii kanatti maganata waan dhiyeesseef ..... qabdaniii mana sirreessaa Siivilii

akka seensistanii fi hanga guyyaa.....tti achuma akka tursiistan ajajni kun isiniif ergameera. Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

### **Lakk. Iyyannoo ol’iyyannoo (kwt.328)**

Himanna galmee lakk..... gaafa guyyaa....dhiyaateen murtii kenname irratti ....ol’iyyannoon akka ilaalamuuf ol’iyyachaa murtii ol’iyyanni irratti dhiyaatees sababa mormuuf kanatti aansee ni ibsa.

### **Lakk. 4 Baasii ol’iyyannoof qabsiisa kennamu (kwt.202)**

.....

Baasii ol‘iyyannoof qabsiisa kan ta‘e .....sanada dirqamaa kanatti aanee jiru mallatteesseera. Ol‘iyyataan kun himanna gal mee lakk....bara....dhiyaatee murtii murtaa‘eef deebii kennaa irratti ol‘iyyannoo waan dhiyeesef qabsiisa akka qabsiisu gaafatameera. Bu‘uura kanaan ani.....sagantaa kana waliin walqabatee argamu irratti qabeenya koo ilaalam qabsiisa idaa yeroo dheeraan qabsiisuun baasii ol‘iyyannichaaf fedhii kootiin itti wabii ta‘eera.

Qabeenya kana yookan himanna keessatti maqaa nama biraatin homaa hin naannessu. Ol‘iyyataan waan isarraa barbaadamu osoo hin raawwatin yoo hafe,kaffaltii baasii ol‘iyyannoo ajaja kamiyyuu naaf darbu nan raawwadha. Maallaqa kamiyyuu haala kanaan kaffalamu bu‘uura sanada kanaatin qabeenya qabsiisa idaa yeroo dheeraan qabame irraa kaffalama. Gurgurtaa qabeenya kanaa irraa maallaqni argamu herreega murtaa‘e kaffaluuf hin gahu yoo ta‘e garuu ana, dhaaltonni koo fi bakka buutonni seeraa koo mataa keenyaan akka kaffallu abbaa idaa ta‘uu koo nan mirkaneessa.

Dirqama qabsiisaa kana gaafa guyyaa....bara....mallatteesseera.

Sagant

aa

Mallatt

oo

Ragoolii : 1ffaa.....2ffaa.....

### **Lakk. 5 Ol‘iyyannoonaan dhiyaachuu manni murtii jalaa akka beeku gochuu (kwt.338)**

Himanna olitti caqasameef ....kan ta‘an gaafa guyyaa.....murtii murteessitan mana murtii kanatti ol‘iyyannoo kan dhiyeessan ta‘uu isaanii isin beeksisna. Waraqaaawan himannichaaf barbaachisaa ta‘an hunda saffisa danda‘ameen akka ergitan gaafatamtaniittu.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

**Lakk.6 Ol'iyyannoon akka dhaga'amuuf guyyaa murtaa'e beeksisuuf deebii  
kennaaf beeksisa ergamu (kwt.338(1)**

Guyyaa.....bara.....

Manni murtii.....kennee..... irratti ol'iyyannoo dhiyaate

..... tif

Himannaan kanaan manni murtii.....kenne irratti ol'iyyanni kan dhiyaatee fi  
ol'iyyannichis mana murtii kanaan galmaa'uun, akkasumas ol'iyyannichi kan  
dhaga'amu gaafa guyyaa...bara.... akka ta'u manni murtii kun murteessuu isaa  
isin beeksisna.

Mataa keessaniin osoo hin dhiyaatin yoo haftan yookan dubbi fixaan keessan  
ta'anii ol'iyyannoo kanaan akka isiniif dubbatan namni seeran eeyyamameef osoo  
hin dhiyaatin kan hafan yoo ta'e,bakka isin hin jirretti dhaga'amee murtaa'a.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

Hubachiisa: Raawwachiisni murtii akka dhorkamuuf gaafatameera yoo ta'e  
wantichi beeksisa kanaan ibsamuu barbaachisa.

**Lakk.7 Himannichaaf garee falmii kan turee fi ol'iyyannoo irratti garuu  
garee falmii osoo hin ta'in manni murtii deebii kennaadhan miiltoo akka ta'u  
garee taasiseef beeksisa ergamu (kwt.40(5)**

.....tif

Himannaal gal mee lakk....gaafa guyyaa....mana murtii....tti dhiyaateef  
gareewwan walfalmitootaa waan turtaniif,himannaal sanaan murtii isitti murtaa'e  
....mana murtii kanaaf ol'iyyannoo dhiyeessee bu'aan ol'iyyannichaa kan isin  
ilaallatu ta'ee mana murtii kanatti waan mul'ateef;

Ol'iyyannoo kanaan deebii kennitoota akka taatan manni murtii kun kan isin ajaje  
ta'uu isaa fi guyyaan ol'iyyannichi itti dhaga'amus gaafa guyyaa  
.....bara....sa'atii.....tti darbe ta'uu isaa isin beeksisna.

Guyyaa fi sa'atii sanatti karaa keessaniin namni osoo hin dhiyaatin yoo  
haf,ol'iyyannichi bakka isin hin jirretti dhaga'amee ni murtaa'a.

Mallattoo koo fi chaappaan mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

**Lakk. 8 Iyyannoo mormii qaxxaamuraa (kwt.340)**

Himannaal gal mee lakk....gaafa guyyaa... dhiyaateen murtii....gaafa  
guyyaa....kenne irratti ....mana murtii....tif ol'iyyannoo dhiyeessee ol'iyyannichi  
akka dhaga'amuuf guyyaa itti murtaa'e .....f gaafa guyyaa....bara....beeksisni  
qaqqabee waan tureef, bu'uura seera adeemsa hariiroo hawaasaa bara 1965 bahe  
kwt....tin iyyannoo mormii qaxxaamuraa kana yoo dhiyeessu murtii ol'iyyannoos  
irratti jedhame sababa mormuuf haala kanatti aanuun tarreesseera.

**Lakk. 9 Murtii ol'iyyannoos kennamu (kwt.348)**

Manni murtii.....gaafa guyyaa...bara....murtii kenne irratti gal mee  
lakk.....gaafa guyyaa....tin ol'iyyannoo dhiyaate.

Iyyannoo

ol'iyyannoo

Himataan.....

Himatamaan.....

.

.....maqaan olitti caqasame himannaq caqasame mana  
murtii.....murtii kenne irratti sababoota itti aananii tarreeffaman mana murtii....  
ol'iyyannoo ni dhiyeessa.

Sababoondiisaas:

Ol'iyyannoonaun kun gaafa guyyaa.....bara....., .....fuulduuratti  
ol'iyyataan.....deebii kennaan.....bakka argamanitti dhaga'amuuf dhiyaatee akka  
itti aanutti ajajameera.

Tarreeffamni isaa qarshii.....kanaan gaditti kan ibsame baasii ta'e .....akka  
kaffalu,baasii himannaq jalqabaa .....akka kaffalu.

Mallattoo koo fi chaappaan mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

### **Baasii Ol'iyyannoo**

Ol‘iyataa	hanga maallaqaa	Deebii kennaa hanga maallaqaa
1. Baasii ol‘iyyannoof		1. Aangoo kennuuf
2. Gatii temberii		2. Gatii temberii
3. Aangoo kennuuf gatii temberii		3. Gatii temberii maganata iyyannoo
4. Waamichaaf		4. Waamichaaf
5. Herreega Qar. Itoo.tin durgoo Abukaatoo		5. Herreega Qar. Itoo.tin durgoo Abukaatoo
Ida‘ama:		Ida‘ama:

#### **Lakk.10 Dambii hiyyummaatin ol‘iyyannoof jechuuf iyyannoof dhiyaatu (kwt.....)**

Ani maqaan koo kanaan olitti caqasame .....iyyannoof kana waliin walqabatee argamu dhiyeeffachaa dambii hiyyummaatin ol‘iyyannoof dhiyeessuun akka naaf eeyyamamu nan iyyadha.

Kana waliin walqabatee kan dhiyaate qabeenya socho‘aa fi hin sochoone ani qabu tilmaama isaanii waliin sagantaa agarsiisudha.

Hubachiisa: Iyyannicha kan dhiyeesse iyyataadha yoo ta‘e, mana murtii jalqaba himanna itti dhiyeeffatettis dambii hiyyummaatin himanna dhiyeessuuf iyyatee kan eeyyamameef ta‘uu fi ta‘uu dhabuu isaa ibsuu barbaachisa. Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

**Lakk. 11 Ol'iyyannoo dambii hiyyummaan dhiyaateef beeksisa darbu (kwt.....)**

Himanna olitti caqasameen gaafa guyyaa....bara....murtii kenname irratti dambii hiyyummaatin ol'iyyannoo dhiyeessuuf akka eeyyamamuuf .....iyyatee iyyannicha gaafa guyyaa....bara... dhaga'uuf waan beellamameef iyyataan dambii hiyyummaatin ol'iyyannoo akka dhiyeeffatu eeyyamamuufiin irra hin jiru sababa jechisiisu yoo qabaattan hubachiisuuf beellama olitti kenname irratti kana gochuu akka dandeessan isin beeksisna.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa  
guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Muudamaa  
galmee

**Lakk. 12 Murtiin irra deebiin akka hin ilaalamne kan mormu yoo jiraate  
sababa isaa akka hubachiisuuf beeksisa darbu (kwt.6(3))**

.....tif

Falmii olitti caqasameen murtii gaafa guyyaa....kenne irra deebiin akka ilaalamuuf ....mana murtii kanatti iyyannoo dhiyeesseera. Murtiin irra deebiin naaf haa ilaalamu jechuun gaaffii dhiyeesse manni murtii akka hin fudhanne sababa mormitaniif yoo qabaattan gaafa guyyaa....bara.....dhiyaattanii akka hubachiistan murtaa‘uu isaa isin beeksisna.

Mallattoo koo fi chaappaa mana murtiin gaafa guyyaa...bara...B.F kan darbe.

Abbaa seeraa